


# BARNOOTA DHUGAA WANGEELAA

EDITED BY: TAGESU ABDISA

SOURCE: QUESTION.ORG



---

*Fiixaan ba'eera/its finished/tetelestai/paid in ful*

*John 19:30*

## **Waa'ee Waaqayyoo**

### **1.1.Waaqayyo jiraa? Jiraachuu Waaqayyootiif ragaan jiraa?**

Jiraachuuun Waaqayyo mirkaneessuu yookiin mirkaneessuu dhiisuun hin danda'amu. Macaafni Qulqulluun jiraachuu Waaqayyoo amantiin fudhachuun akka nurra jiru nutti hima. "Amantiin malee immoo Waaqayyoon gammachiisuun hin danda'amu. Eenyu illee Waaqayyotti dhiyaachuu yoo barbaade inni akka jiru, warra isa barbaadaniifis gatii isaanii akka kenuuf amanuun isa irra jira" (Ibroota 11:6). Waaqayyo utuu sana barbaadee gara biyya lafaa dhufee nutti mul'ata ture. garuu inni is asana gochuu hin barbaadne utuu isa kana godhe amantiin hin barbaachisu ture. "Yesus immoo , 'yaa Toomaas waan ana agarteef amantee? Utuu ana hin argin kan amanan, attam haa gammadan!'" ittiin jedhe (Yohaannis 20:29).

Haa ta'u malee jiraachuu Waaqayyootiif ragaan hin qabnu jechuu keenya miti. Akka Macaafni Qulqulluun labsutti, "Bantiiwan waaqaa ulfina Waaqayyoo himaa jiru. Waanti bantii waaqaa jelaan mul'atus hojji arka isaa ni labsa. Guyyaan guyyaa isatti aanutti kana ni dabarsa. Waa'ee kana ni beeksisa. Isa kanaaf jechi, dubbiinis hin jiru, sagaleen isaaniis hin dhaga'amu, haa ta'u iyyuu malee waanti isaan dabarsan guutumma biyya lafaatti ni ba'e, waanti isaan himanis handaara lafaa ni ga'e

gooftichi achii bantii Waaqaa keessatti bifuu dhaaf godoo ni dhaabe." (Faarsaa 19:1-4). Urjiwwan yeroo ilaallu bali'ina samii yeroo ilaallu, uumamaa dinqii kana yeroo ilaallu, biiftuun yeroo lixxu miidhagine ishee yeroo ilaallu, waantonni kun hundinuu gara Waaqayyoo kan agarsiisanii dha. Kun yoo ga'aa ta'uu dhabaates garaa keenya keessatti ragaa qabna. Macaafa Lallabaa 3:11 irraa akkas jechuun nutti hima, "... hawwii waanta bara dheeraa booddee ta'u beekumsa yaada ilma namootaa keessa kaa'eera." Jirenya kanaan ala kan biraan biyyaa lafaa kanaan ala kan biraan akka jiru keessa keenyatti nutti dhaga'ama.

Yaada kana sammuun keenya fudhachuun dhiisuun danda'a. jiraachuuun Waaqayyoo garuu nurraa jiraata. Akkasumas ta'ee garuu jiraachuu Waaqayyoo kan ganan akka jiran Macaafni Qulqulluun nu akeekkachiisa, Gowwoonnii garaa isaatti Waaqayyo hin jiru ni jedhu (Faarsaa 14:1). Seena keessatti addaa hundumaanuu qaroominaafi ardiwwan addaa addaa keessa namoota jiraatan keessa dhibbeentaa sagaltamii saddeetti kan ta'an Waaqayyo tokko akka jiru ni amanu. Kanaaf amantii kana namoota keessa kan bulche waanti ta'e jira.

Ragaalee kan Macaafa Qulqullutiin kan bir a waa'ee jiraachuu Waaqayyoo fi waantota amansiisaa ta'an kaa'uu falmuun ni danda'ama. Jalqaba falaasama waa'ee jirenyaa qo'atu irraa kan ta'e kan ittiin falman dhiyeessuu ni danda'ama. Baay'ee kan jaallatamaa ta'e falmiin falaasama waa'ee jirenyaa qo'atu irraa kan ta'e jiraachuu Waaqayyoo mirkaneessuuf yaada Waaqayyoo dhiyeessa, jalqabattis Waaqayyoon, "waan isa caalu yaaduu kan hin danda'amne" jechuun ka'a. itti aansees jiraachuun jiiraachuu dhiisuu irraa waan caaluuf qaamni hunduma irra caalu jiraachuu qabna. Waaqayyo hin jiru yoo jenne garuu Waaqayyo hunduma irra kan caalu Waaqayyo hin jiru yoo jenne garuu Waaqayyo hunduma irra kan caalu eenyummaan hin jiru jechuudha. Kun immo ibsa Waaqayyo kan mormu ta'a.

Falmiin inni lammaffaan 'teleological' yookiin uumamni hundinu 'design' saxaxa akka qabu kan agarsiisudha. Falmiin kun akka jedhu uumamni hundinu ogummaa uumamaa waan agarsiisuudhaaf ogummaa dinqii kana kan qabu uumaan jirraachuu qaba. Fakkeenyaaft lafti nuyi irra jiraannu aduutti kiilomeetirii xinnoo utuu dhiyattee yookiin fagaatteetti ta'e waata lubbuu qabu jiraachisuu hin dandeessu ture. biyya lafaa irra kan jiran elementoonni kan jarri wal irraa hojjetaman uttu qabxii xinnoodhaan gad yookiin ol jedheera ta'ee lubbu qabeeyyiin hundinuu salphaatti ni du'a ture. Uumamuun pirootiinii tokko akka carraa uumamuun isaa isaa molokiulii tokko irraa kan gad ta'eetha. 10243 1 keessaa (innis 10 itti aansuun 243 zeros dhaan).

Egaa seeliin tokko immoo molokulii miiliyonan lakkaa'aman irraa kan hojjetameedha. Falmiin inni sadaffaan immoo falmii 'cosmological' kosmoolojii yookiin ta'umsi hundinuu sababa qaba kan jedhudha. Ta'umsi hundinuu sababa qaba. Wayyabni kunii fi waanti hundinuu akka ta'u kan isa taasise jira. Waanti kam iyyuu akka ta'u kan isa taasise waanti tokko duubaan jira jedha. Kan ahundumaa kan uume "Uumaama kan hin taane" jiraachuu qaba . "Waanti hin uumamne" kun Waaqayyo dha. Falmiin inni afuraffaan immoo kan naamusaaati "moral" seenaa keessa kan jiran adaawwanni seera adda addaa qabu. Namni kamii iyyuu gaarii fi hamaa beeka. Ajjeesun, sobuun, hatuun hojiawan namusa garii of keessaa hin qabaanne hundinuu kan fudhatama hin qabneedha. Maarree gaarii fi hamaa addaan baasanii beekuun Waaqayyo isa qulqulluu biraan utuu hin taanee eessaa dhufuu danda'aa?

Ta'us namoonni jiraachuu Waaqayyoo isa shakkii hin qabne kana akka ganan sobaattis akka amanan Macaafni Qulqullun nutti hima. Roomaa 1:25, "Isaan dhugumaan waa'ee Waaqayyo sobatti diddiraniiru, Waaqayyoon isa hunduma huume dhiisanii uumamaaf sagadan hojjetaniif. Waaqayyo garuu bara baraan galateffamaadha ameen" Namoonni Waaqayyotti amanuu dhiisuudhaaf sababa barbaaduudhaaf akka hin dandeeenyne Macaafni Qulqullun akkasitti labsa, "Bifni isaa ijaan hin argamne; garuu humni isaa inni bara baraa waaqayyumaan isaa eergi biyyi lafaa uumamee jalqabee waan inni uume irratti qalbifatamee yaadatti argamuu ni

danda'akanaafis waan itti qabatan hin qaban" (Rooaan 1:20).

Namoonni sababni jarri Waaqayyotti hin amanneef, "Saaynsaawaa waan hin taaneef" yookiin ragaa waan hin qabneedhaaf jedhu. Sababni isaanii inni dhugaan garuu al tokko Waaqayyotti amanuu yoo jalqaban isaan itti gaafatamummaa akka qabani fi isa irra dhiifama barbaaduun akka isaan irra jiru waan isanitti waan argamuuf (Roomaa 3:23, 6:23).

Waaqayyo yoo jiraate, waanta goonu hundumaadhaaf itti gaaftamummaa qabna. Waaqayyo hin jiru taanaan waanta barbaanne yoo goone nutti faradama kan jedhu yaaddoo hin qabaannu. Sababa kanaaf nattoi fakkaata falaasamni evooluushinii namoota heedduu duratti kan itti amanamu Waaqayyotti amanuu irra filannoo kan biraa argachuuf. Waaqayyo jira jiraachuu isaas hundinuu beeka. Tokkoo tokko Waaqayyo akka hin jirre amansiisuudhaaf cimsanii falmuun isaanii jiraachuu isaatiif ragaa ga'aa

## **1.2.Waaqayyo dhugadhumaa? Waaqayyo dhugaa akka ta'e akkamiinan sirriitti beekuu danda'aa?**

Waaqayyo dhugaa akka ta'e ni beekna sababni isaas inni karaa saditiin ofii isaa nuuf mul'iseera: Uumamaan, sagalee isaatiin akkasuma karaa ilma isaa, Yesus Kiristoos.Karaan ittin jiraachuu waaqayyoo ittiin mirkanoeffannu salphaadhumatti waanta inni hojjetedha. "Bifni isaa ijaan hin argamne; garuu humni isaa inni bara baraa waaqayyumaan isaa eergi biyyi lafaa uumamee jalqabee waan inni uume irratti qalbifatamee yaadatti argamuun ni danda'a; kanaafis waan itti qabatan hin qaban"

dha.Akka Waaqayyo jiru akkamiin beekna? Akka kiristaanaatti, akka Waaqayyo jiru ni beekna guyaa guyyaatti isatti dubbanna.

Dhugumaan deebisee yeroo dubbatu sagaleen hin dhaga'amu, ta'us jiraachuun isaaf geggeesummaan isaa nutti dhaga'ama jaalalli isaas nutti beekama. Jirenya koo keessatti kan mudatan waantota tokkoof Waaqayyoon malee sababa kan biraa qabaachuu hin danda'u.Waaqayyo dinqii isaatiin na fayyiseera jirenya koos geddareera. Kanaaf argamuu isaa amanuu fi galateeffachuun natty kan xinnaatuudhan jedha. Kanneen ani dhiyeesse falmiwwan kun kophaa isaanii kan hin amanne amansiisuudhaaf ga'a dha hin jedhu. Gara dhumaatti jiraachuu Waaqayyo amantiin duwwaa fudhachuuutu nurra jira (Ibroota 11:6). Waaqayyoniitti amanuu dukkanatti utaaluu jechuu miti gara mana nagaa qabeessa namoonni harki caalaan itti seenanitti bakka ifaatti galuu jechuudha malee.

(Rooaan 1:20). "Bantiiwwan waaqaa ulfina waaqayyoo himaa jiru, wanti bantii waaqaa jalaan mul'atus hojji harka isaa in labsa" (Faarsaa 19:1).Yoo sa'atii harkaa bakkee keessatti argatte, inni akkuma tasa eessumatti iyyuu "mul'ate" jettee hin yaaddu yookiin inni yeroo hunduma jira jettee.

Booca sa'atii harkaa irratti hundaa'uudhaan, inni kan isa booce akka jiru yaadda. Garuu addunyaa nannaa keenyaa kanaaf dogoggoramaleessummaa fi booca guddaatu caalaatu jira. Lakkaa'uun yeroo kan inni irratti hundaa'ee sa'atii harkaa keenya irratti utuu miti, garuu hojii Waaqayyoo irrattinaanna'uu lafaa yeroo hundumaa irratti. Wayyabni saxaxa guddaa agarsiisa, inni kunis kan saxaxe guddaan akka jiru falma.

Ergaa icitiin dabarfame yoo argatte, ergaa icitii isana cabsuudhaaf yaalta. Tilmaammiin kees kan ergaa kana erge kormeen tokko akka jirudha. Ergaa iccitiin DNA akkam walxaxaadhaa kan nuyi lubbiyyoo (cell)qaama keenyaa hundumaa keessatti baannee jirru? Walxaxaa ta'uun fi barbaachisummaan DNA ergaa iccitii ta'ae kan dabarse barreessaan kormeen tokko akka jiru hin falmuu?

Waaqayyo adunyaa ijaan ilaalamu kana walxaxaa fi kan gaariitti sirroofte duwwaa godhee hin uumne; hawwii wanta bara dheeraa booddee ta'u beekuus gara namaa keessatti kaa'eera(Lallaba 3:11). Sanyiin dhala namaa ijaan arguu caalaa jireenyaaaf caalaan akka jiru akkaataa waanta tokko itti hubatani wajjin dhalate, aadaa biyya lafaa kana caalaa jirenyi caalu akka jiru. Bara baraaf kan nutti dhaga'amu kan mataa isaa mulisa yoo xiqqte karaa lamaan: Seera tumuu fi waqaeffanna.

Uummanni kami iyyuu seenaa keessatti seera safuu amma ta'e kan ulfina qabeessa ta'e qaba, karaa nama dinquudhaan adaa fi adaa gidduutti kan walfakkaatan. Fakkeenyaaaf, yaadi jaalalaa guutummaatti

kan kabaja qabuudha, garuu immoo hojiin sobaa guutummaatti kan faradamedha.

Safuun waliigalaa kun-hubannoон hamaa fi gaarii kan addunyaa guutuu- safuu kan qabu olaanaa kan ta'e kan waa gargar baafachuu akkasii nuuf kenne akka jiru agarsiisa.karaa tokkichaan, namoonni guutumma addunyaa irra, adaaf xiyyeffannoo utuu hin laatin, yeroo hundumaa sirna waqeeffannu walitti dhufeeyna qabu qabu. kan waqaeffammu tarrii gara gara ta'uu danda'a, garuu "humna olaanaan" namatti dhaga'amuun kan ganuu hindanda'amne kutaa nama ta'uuti. Waaqeffannaaf fhedii waanta tokko gochuu keenyaa dhugaa Waaqayyo "akka fakkenyaa isaatti" nu uumuu isaatii wajjin walii gala (Seera Uumamaa 1:27).

Waaqayyos mataa isaa karaa sagalee isaa, Macaafa Qulqulluu, nutti mul'iseera. Caaffata qulqullaao keessatti, Waaqayyo akka dhugaa ofiin kan of mirkaneessutti kan kaa'amee jiru (Seera Uumamaa 1:1; Seera Ba'uu 3:14). Namni tokoo seenaa mataa isaa yeroo barreessu akka jira tiretti of mul'isuudhaaf yeroo isaa hin balleessu. Akkasuma Waaqayyo macaafa isaa keessatti ofii isaa jiraachuu isaa mirkaneessuudhaaf yeroo isaa hin balleessu.

Amanlli jirenya jijjiru kan Macaafa Ququlluu, amanamummaa isaati, dinqiin barreeffamuu isaa duukaa turanis ariifannaadhaan ilaaluu mirkaneessuudhaaf ga'adha.Karaan sadaffaan Waaqayyo ofii isaa mul'ise karaa ilma isaa, Yesus Kiristoos (Yohaannis 14:6-11). "Sagalichi jalqaba waan hundumaa dura ture; sagalichi Waaqayyo bira ture sagalichi ofii isaa

Waaqayyo ture. sagalichi nama foonii ta'ee nu gidduuus buufate.

Ulfina isaa isa ayyaanaa fi dhugaadhaan guutames argine ulfinni isaas isa ilmi tokkichi abbaa isaa irraa argatu ture (Yohaannis 1:1,14; dabalaanis Qolaasaayii s 2:9 ilaali). Jirenyaa dinqisiisaa Yesuus keessatti, Inni seera kakuu Moofaa giuutumma isaa sirriitti eegee raajii Masihicha ilaachisee dubbataimes raawwatte (Maatewoos 5:17). Gaarumma lakkofsaan gararraa fi mallattoo nama duratti hojjete ergaa isaa mirkaneessuu fi waaqayyummaa isaatiif dhugaa ba'uudhaaf (Yohaannis 21:24-25).

Achumaan ajjeefamuu uisaa guyyaa sadii booda, du'aa ka'e, dhugaa namoota dhibbeentaan lakkaa'aman kan ijaan argan (1 Qorontoos 15:6).

Galmeen seenaa "mirkaneeffannoodhaan" kan guuteedha. Akkuma ergamaan Phaawuloos jedhetti, "kana hundumaa keessaa waanta suuqatti hojjetame waan hin ta'iniiif" (Hojii Ergamootaa 26:26). Yeroo hundumaa kan shakkan akka jiran ni yaadna Waaqayyoon ilaachisee yaada mataa isaanii kan qaban kana ilalatees haaluma kanaan raga ni dubbisna. Ragaan ammamii ilee kan jara hin amansiiifne namoonni murtaa'an jiraatu (Faarsaa 14:1). Hundu amantiidhaan gara isaatti dhiyaata (Ibroota 11:6).

### 1.3. Amalli Waaqayyoo Maal Waaqayyoo Maal Fakkataa?

Macaafni Qulqulluun, sagaleen Waaqayyoo, Waaqayyo maal akka fakkaatuu fi maal akka hin fakkaanne nutti hima. Aboo Macaafa Qulqulluun ala, amala Waaqayyoo ibisuudhaaf yaaluun ilaalcha irra kan wayyu hin ta'u, isaa mataan isaa yeroo baay'ee sirrii hin taane, kessumaa iyuu Waaqayyoon hubachuu irratti (Iyyob 42:7). Sana jechuudhaaf nuyiif barbaachisaadha waanta Waaqayyo fakkaatu hubachuuf yaaluun gadi xiqqeessanii yaaduu guddaadha. Sana gochuun akka nuyi waanta haaraa kan biraa akka jalqabnu, akka faana buunu, karaa fedha isaan mormuun, waaqalii sobaa akka waaqefannu nu taasisuu danda'a. (Seera Ba'uu 20:3-5).

Waaqayyo waa'ee ofii isaa waan mulisuudhaaf barbaade duwwaatu beekamaadha. Amallawan Waaqayyo keessaa inni tokko "Ifa" jechuunis waa'ee

odeeffannoo ofii isaa ofuma isaa mulisuu isaati (Isayaas 60:19; Yaaqoob 1:17). Dhugaan inni Waaqayyo beekumsa mul'ate kan mataa isaa qabaachuun isaa waan irraanfatamu qabu miti (Ibroota 4:1). Uumama, Macaafa Qulqulluun fi sagalee foon ta'a (Yesus Kiristoos) Waaqayyo maal akka fakkaatu akka beeknu nu gargaara.

Waaqayyo uumaa keenya ta'uu isaa hubachuu irraa mee haa jalqabnu nuyis kutaa uumama isaa akka taane (Eera Uumamaa 1:1; Faarsaa 24:1) bifa isatiinis uumamne. Namni uumama kan biraa garraa ta'e aboonis kennameef (Seera Uumamaa 1:26-28). Uumamni kufatiin hanqinni irratti argameera garuu amma iyuu hojii Waaqayyuu akka libsuutti mulisaa jira. (Seera Uumamaa 3:17-18; Roomaa 1:19-

20). Bali'ina uumamaa yaada keessa galfachuudhaan, walxaxaa ta'uu isaa, miidhagina isaa, tartiiba qabaachuu isaa, kabajaamummaan Waaqayyoo nutti dhaga'amamuu danda'a.

Maqoolii Waaqayyoo tokko tokko hiikuun Waaqayyo maal akka fakkaatu ilaaluu keenyaa keessatti kan gargaaru ta'uu danda'a.

- ❖ Jarri kanatti aananii kan jiraniidha: Elohiim - Waaqayyummaa isa jabaa (Seera Uumamaa 1:1).
- Adoonayi - Gooftaa, walitti dhufeenya gooftaa fi hojjeta gidduu jiru kan agarsiisu(Seera Ba'uu 4:10, 13)
- El Eliyon - hunda gararraa,isa jabaa (Seera Uumamaa 14:20)El Ro'ii – kan ilaalu isa jabaa (Seera Uumamaa 16:13)
- El Shaadaayi – Waaqayyo hunda danda'u (Seera Uumamaa 17:1)
- El Olaam – Waaqayyo bara baraa (Isaayas 40:28)
- Yaahweh - GOOFTAA "Ani Ana," jechuun Waaqayya bara baraa kan kophaa isaa jiraatu (Seera Ba'uu 3:13, 14).

Waaqayyo kan bara baraati, jechuun innni jalqaba hin qabu jiraachuun isaas dhuma hin qabu. Inni hin du'u xumuras hin qabu (Seera keessa Deebii 33:27; Faarsaa 90:2; 1 Xiimootewos 1:17). Waaqayyo hin du'u, jechuunis hin jijiiramu, garagalchaan kun

jechuun Waaqayyo kan amanamuu fi kan guutummaatti irratti of gataniidha (Milkiyas 3:6; Seera Lakkoofsa 23:19; Faarsaa 102:26, 27). Waaqayyo kan ittiin madaalamu hin jiru; jiraachuunis hojiidhaanis kan isa fakkaatu tokko iyyuu hin jiru. Hanqina kan hin qabnee fi kan qixxaattii hin qabneedha (2 Saamu'uul 7:22; Faarsaa 86:8; Isaayas 40:25; Maatewoos 5:48). Waaqayyo hubachuf yookiin beekuuf kan nama rakkisu dha, gad fageenya kan qabu, barbaachuun kan hin danda'amne, hubannaan gararraa fagoo guutummaa guutuutti isa hubachuun kan hin danda'amne (Isaayas 40:28; Faarsa 145:3; Rooma 11:33, 34). Waaqayyo tolaadha, nama gidduutti wal caalchisummaa agarsiisuudhaan eenuunuu kan kabaju miti (Seera Keessa Deebii 32:4; Faarsaa 18:30). Waaqayyo hunda danda'aadha; inni abbaa humnaa fi waan isa gammachiise hundumaa gochuuf ni danda'a, garuu kan inni godhu hundumti amala isaa warreen kaanii wajjin karaa walii galuun (Mul'ata Yohaannis 19:6; Eermyias 32:17, 27). Waaqayyo bakka hundumaatti argama, kun jechuunis Waaqayyo waanta hunumaadha jechuu immoo miti (Faarsaa 139:7-13; Ermyias 23:23).

Waaqayyo hundumaa beeka, jechuunis innni isa darbe, isa amma jiru fi waanta dhufuuf jiru, waanta nuyi yaadnu dabalatee yeroo nuuf kennname hundumaatti kan yaadnu. Inni waan hundumaa erga beekee, firdiin isaa yeroo hundumaa sirriitti geggeeffama (Faarsaa 139:1-5; Macaafa Fakkeenyaa 5:21). Waaqayyo tokko; kan biraat jru jechuu duwwaa miti, dheebuu fi barbaacha garaa keenyaa isa gad fageenya qabu hundumaa arguuf inni inni isa tokkicha dha. Waaqeffannaan keenya keenya kennuun kan

ta'uuf isaaf (Seera Keessa Deebii 6:4). Waaqayyo qajeelaadha, jechuun Waaqayyo yakka godhame irra darbuu hin danda'u. Innis sabababni isaa qajelinn fi haqa Waaqayyooti, cubbuun keenya akka nuuf dhiifamuudhaaf, Yesus dheekkamsa Waaqayyoo shaakale yeroo cubbuun keenya isa irra kaa'ame (Seera Ba'uu 9:27; Maatewoos 27:45-46; Roomaa 3:21-26).

Waaqayyo hundumaa gararraadha jechuun inni hunda caalaadha. Uumamni hundinuu walitti dabalamanii beekanis beekuudhaabaatins kaayyoo isaa gufachiisuu hin danda'an (Faarsaa 93:1; 95:3; Ermiyas 23:20). Waaqayyo hafuura jechuunis innni ijaan kan mul'atu miti (Yohaannis 1:18; 4:24). Waaqayyo sadani Waaqa tokkicha. Inni sadii tokkichaan. Ulfinaan kabajaan eenyummaan wal fakkaata. Waaqayyo dhugaadha, inni mudaa hin qabu sobuus hin danda'u (Psalm 117:2; 1 Samuel 15:29).

Waaqayyo qulqulluudha namuusa kufe kamiinuu irraa kan of eege kan raawwatee jibbuudha. Waaqayyo hammeenya hundumaa ni ilaala isa nii haarsas. Macaafa Qulqulluu keenya keessatti ibiddi qulqullinaa wajjin caqasamee argina Waaqayyo akka ibidda xaphi godhuutti caqasameera (Isaayas 6:3; Inbaaqoom 1:13; Seera Keessa deebii 3:2, 4-5; Ibroota 12:29).

Waaqayyo araara qabeessa. Kunis gaarummaa isaa gara laafummaa isaa fi

#### **1.4.Waa'ee sadan waaqa tokkichaa Macaafni Qulqulluun maal barsiisa?**

Dhimmi yaada kiristaanaa sadan waaqa tokkichaa hunda irra waanti ulfataan isa sana ifatti ibsuudhaaf karaan umtuu dhabamuu isaati. Yaadni sadan waaqa tokkicha

jaalala isaa haammata. Jechoonni kunneen gaarummaa isaatiif hiika gaarii kan ibsaniidha. Ayyaanni Waaqayyoo utuu hin jiraanne ta'e amalli isaa warri kaan isa irraa adda nu baasu turan. Kunis waan narratti hin taaneedhaaf galanni isaaf haa ta'u. sababni isaa inni tokkoon tokkoon keenya dhuunfaadhaan beekuu barbaada (Seera Ba'uu34:6; Faarsaa 31:19; 1 Pheexroos 1:3; Yohaannis 3:16, 17:3).

Waaqayyo hundumaa gararraadha jechuun inni hunda caalaadha. Uumamni hundinuu walitti dabalamanii beekanis beekuudhaabaatins kaayyoo isaa gufachiisuu hin danda'an (Faarsaa 93:1; 95:3; Ermiyas 23:20). Waaqayyo hafuura jechuunis innni ijaan kan mul'atu miti (Yohaannis 1:18; 4:24). Waaqayyo sadani Waaqa tokkicha. Inni sadii tokkichaan. Ulfinaan kabajaan eenyummaan wal fakkaata. Waaqayyo dhugaadha, inni mudaa hin qabu sobuus hin danda'u (Psalm 117:2; 1 Samuel 15:29).

Waaqayyo kan daarii fi dhuma hin qabne waan ta'eef gaaffii Waaqayyo ammam akka ta'ee kana deebisuun hin danda'au, garuu karaa dubbi Waaqayyoo, Waaqayyo eenu akka ta'e fi maal akka fakkaatu caalaa hubachuu dandeensa. Hundumti keenya mee isa beekuudhaaf garaa guutuun isa haa barbaadnu(Ermiyas 29:13).

guutummaatti hubachuudhaaf ilma namaa kamiifuu hin danda'amu, kophatti

ibsuudhaaf. Waaqayyo nuun irraa ammamtaan gararraa guddaadha; sababa kanaatiif, guutummaatti isa hubachuu dana'u hin eegnu. Macaafni Qulqulluun abbaan Waaqayyon akka ta'e, Yesus Kiristoos Waaqayyon akka ta'e Hafuurri Qulqulluunis Waaqayyon akka ta'e ni barsiisa. Macaafni Qulqulluun dabalataanis Waaqayyo tokkichi akka jiru ni barsiisa. Ta'us waa'ee walitti dhufeenyaa namummaa gara garaa sadan waaqa tokkichaah gidduu jiru dhugaa muraasa hubachuu dandeenya, inni sammuu namootaatiin hubachuuf kan nama rakkisuudha. Haa ta'u malee inni kun sadan waaqa tokkichaah dhugaa miti jechuu miti yookiin barsiisa Macaafa Qulqulluu irratti kan hundaa'e miti jechuu miti.

Sadan waaqa tokkichaah jechuun Waaqayyo namummaa(person) sadiidhaan jiraachuu isaati. Inni kun karaa kamiinuu waqaqayyoo sadii akka hin mul'isne hubadhu. Jechi "sadan waaqa tokkoo (trinity)" jedhu kun caaffata Qulqulaa'oo keessatti akka hin argamne yaadatti qabadhu. Inni kun jecha Waaqayyoo isa akkaataa sadiidhaan mul'ate agarsiisuudhaaf itti dhimma ba'ameedha, qaama sadan walqixxee ta'an kan Waaqaayyo ta'an. Waanti qabatamaan barbaachisaan yaadi jecha sadan waaqa tokkichaatiin agarsiifame caaffata qulqulaa'oo keessatti hin argamu.

❖ *Kanatti aananii kan jiran sagaleen Waaqayyoo waa'ee sadan Waaqa tokkichaah kan inni jedhuudha.*

1) *Waaqayyo tokkichatu jira* (Seera Ba'uu 6:4; 1 Qorontoos 8:4; Galaatiyaa 3:20; 1 Ximootewoos 2:5).

2) *Sadan Waaqayyo tokkichi namummaasadii qaba* (Seera Uumamaa 1:1, 26; 3:22; 11:7; Isaayaas 6:8, 48:16, 61:1; Maatewoos 3:16-17, 28:19; 2 Qorontoos 13:14). Seera Uumamaa 1:1 keessatti, jechi Ibrootaa Elohim jecha danoomaa (plural) ittii gargaaramameera. Seera Uumamaa 1:26, 3:22, 11:7 fi Isaayaas 6:8 keessatti maqadhaalli (pronoun) "nuyi" jedhutti gargaaramameera. Jechi Elohim jedhui fi maqadhaalli "nuyi" jedhu lamaan isaanii bifa danoomaatiin jiru, kallattiin jecha Ibrootaa isa lamaa oli kan ta'e isa agarsiisuu. Ta'us inni kun sadan Waaqayyo tokkichaatiif falmii ifa ta'e miti, innis Waaqaqayyo baay'ee ta'uu isaa kan agarsiisu miti. Jechi Ibroota Waaqayyoodhaaf, Elohiim sadan Waaqayyo tokkichaatiif ni ta'a.

Isaayaas 48:16 fi 61:1, Ilmi Abbaa fi Hafuura Qulqulluu utuu eeruu dubbachaa jira. Ilmi dubbachaa akka jiru ilaaluudhaaf Isaayaas 61:1 Luuqaas 4:14-19 wajjiniin walbira qabii ilaali. Maatewoos 3:16-17 ta'umsa cuubamuu Yesus dubbata. Keeyyata kana keessatti kan ilaalamme Waaqayyo Hafuura Qulqulluu Ilma irratti utuu gad bu'uu Waaqayyo Abbaan immoo ilma isaatti gammaduusaa dubbachuu isaati. Maatewoos 28:19 fi 2 Qorontoos 13:14 sadan waaqayyo tokkichaah keessatti qaama adda addaa sadii jiraachuu isaaniif fakkeenyoota.

3) *Keeyattoota garaa garaa keessatti keessatti miseensonni sadana Waaqa tokkichaah gara biraan irraa addatti baafamaniiru.* Kakuu Moofaa Keessatti, "GOOFTAA" kan jedhu "Gooftaa" irraa adda adda. (Seera uumamaa 19:24; Hose'aa 1:4). Gooftaan ilma qaba (Faarsaa 2:7, 12; Fakkeenyaa 30:2-4).

Hafuurri “GOOFTAA” irraa addatti baadamee jira (Seera Lakkofsaa 27:18) akkasuma “Waaqayyoon” irraas (Faarsaa 51:10-12). Waaqayyi Ilmi Waaqayyo Abbaa irraa addatti baafamee jira (Farsaa 45:6-7; Ibroota 1:8-9). Kakuu Haaraa keessatti, Yesuus waa’ee isa namaaf dubbatuu, Hafuura Qulqulluu erguu Abbaatti dubbata (Yohaannis 14:16-17). Inni kun Ilmi Abbaa yookiin Hafuura Qululluu ta’uu isaatti akka of hinfudhanne agarsiisa. Yeroo kan biraas bakka Yesus Abbaa wajjin dubbate isaa wangeela keessaa ammas ilaali. Inni waa’ee ofii isaa dubbachaa jiraa? Lakkii. Inni sadan Waaqayyo tokkicha keessaa waa’ee qaama gara biraab dubbachaa jira- Abbaa.

4) *Tokkoon tokkoon miseensa Sadan Waaqayyo tokkicha Waaqayyoodha.* Abbaan Waaqayyoodha (Yohaannis 6:27; Roomaa 1:7; 1 Pheexroos 1:2). Ilmi Waaqayyoodha (Yohaannis 1:1, 14; Roomaa 9:5; Qolaasaayis 2:9; Ibroota 1:8; 1 Yohaannis 5:20). Hafuurri Qulqulluun Waaqayyoodha (Hojii Ergamootaa 5:3-4; 1 Qorontoos 3:16).

5) *sadaan waaqayyoo tokkichaa Waaqayyoodha gidduu sadarkaan jira.* Caaffatni Qulqulaa’oon Hafuurri Qulqulluun Abbaa fi Ilmatti aanee akka jir, Ilmi immoo Abbaatti aanee akka jiru isa sana ni agarsiisa. Inni kun walitti dhufeenyara baraa jara gidduu jiruu dha innis Waaqayyummaa qaama sadan Waaqayyo tokkichaatiin kan mormu miti. Inni kun salphaadhumatti bakka sammuun keenya inni daangaa qabu Waaqayyoon isa daangaa hin qabne hubachuu hin dandeenyeedha. Waa’ee Ilmaa ilaachisee Luuqaas 22:42, Yoohaannis 5:36, Yoohaannis 20:21, fi 1 Yoohaannis 4:14 ilaali. Hafuura Qulqulluu

ilaalichisee Yoohaannis 14:16, 14:26, 15:26, 16:7, fi keessattuu Yoohaannis 16:13-14 ilaali.

6) *Miseensi Sadan Waaqayyo tokkicha mataa mataa isaaniitti hojii adda addaa qabu.* Abbaan burqaa isa xumuraa fi ka’umsa wayyaba kanaati (1 Qorontoos 8:6; Mul’ata Yohaannis 4:11); ); mul’ata Waaqayyummaa (Mul’ata Yohaannis 1:1); fayyina (Yoohaannis 3:16-17); hojii namummaa Yesuus (Yoohaannis 5:17, 14:10). Abbaan waantota kana hundumaa fi ka’umsa. Ilmi karaa Abbaan waantota kanaa gad jiran ittiin raawwateedha: Umamuu wayyabaa kanaa fi eegamuu isaa (1 Qorontoos 8:6; Yoohaannis 1:3; Qolaasaayiis 1:16-17); Mul’ata waaqayyummaa (Yoohaannis 1:1, 16:12-15; Maatewoos 11:27; Mul’ata Yohaannis 1:1); fi fayyina (2 Qorontoos 5:19; Maatewoos 1:21; Yoohaannis 4:42). Abbaan kana hundumaa karaa Ilma isaa raawwata, akka ergamaa isaatti kan hoijetu.

Hafuurri Qulqulluun karaa Abbaan waantoota kanaa gad jiran ittiin hojjeteedha. Uumuu fi eeguu wayyanbaa (Seera Uumamaa 1:2; Iyoob 26:13; Faarsaa 104:30); Mul’ata waaqayyummaa (Yohaannis 16:12-15; Efesoos 3:5; 2 Pheexroos 1:21); fayyina (Yohaannis 3:6; Titoos 3:5; 1 Pheexroos 1:2); hojii Yesus (Isaayaas 61:1; Hojii Ergamootaa 10:38). Kanaaf Abbaan hojii kana hundumaa kan hojjete humna Hafuura Qulqullutiin.

Sadan waaqayyo tokkichaa fakkeenyaan cimisanii agarsiisu yaaliin baay’een ni jiraatu. Haa ta’u malee, faakkeenyaalee

beekamoo kana keessaa guutummaatti kan sirrii ta'an hin jiran.

Hanqaaquun yookiin (poomii) kan kufuuf qolli isaa, inni addiinii fi waakkaan kutaa hanqaaquuti, mataan isaanii hanqaaquu sana miti, akkuma qolli, foonnii fi friin kutaa poomii sanaatii malee poomii sana akka hin taane. Abbaan Ilmi Hafuurri Qulqulluun kutaa Waaqayyoo akka hin taanee; tokkoon tokkoon isaanii Waaqayyoodha.

Fakkeenyi bishaanii kana irraa caalaa gaariidha, garuu amma iyyuu sadan Waaqayyo tokkichaa ibsuudhaaf ga'aa miti. Dhangala'aan, hurka(vapor) fi cabbiin bifa bishaaniiti. Abbaan Ilmii fi Hafuurri Qulqulluun bifa Waaqayyoo miti, tokkoon tokkoon isaanii Waaqayyoodha. Kanaaf, fakkeenyaleen kunniin tarii fakkeenyia sadan waaqayyo tokkichaa nuuf kennuu danda'u ta'a, fakkeenyi guutummaan sirrii miti. Waaqayyo inni daangaa hin qabne fakkeenyia daangaa qabeessa ta'een guutummaatti hin agarsiifaamu.

Barnootin sadan waaqayyo tokkichaa seenaa waldaa kiristaanaa keessatti dhimma walii

### **1.5.Waantoonni hamoon namoota gaarii irra akka ga'an Waaqayyo maaliif hayyame?**

Barnoota hafuuraa hunduma keessaa inni kun gaaffii baay'ee ulfaataa dha. Waaqayyo kan bara baraa, daangaa kan hin qabne, hunda beekaa, bakka hundumatti al tokkicha kan argamu, fi hunda danda'aadhaa. Ilmni nammaa maaliif (kan bara baraa, daangaa kan hin qabne, hunda beekaa, bakka hundumatti al tokkicha argamu, fi hunda danda'aa kan hin taane) karaa Waaqayyo duwwaa guutummaatti hubachuu akka danda'u isa irraa eegamaa? Macaafni Iyyob dhimma

hin galamne ta'ee tureera. Ta'us ijoon waa'ee sadan waaqayyo tokkichaa sagalee Waaqayyoo keessatti ifatti dhiyaateera, gama tokko tokkoon sirriitti ifa miti. Abbaan Waaqayyoodha, Ilmi Waaqayyoodha, Hafuurri Qulqulluun Waaqayyoodha-garuu Waaqayyo tokkicha duwwatu jira. Inni barnoota Sadan waaqayyo tokkichaa kan Macaafa Qulqulluuti. Isa sana gararraa, dhimmooleen kunniin amma ta'een, kan falmii kaasan fi barbaachisaa kan ta'an miti. Sammuu keenya daangaa'aa kanaa sadan waaqayyo tokkichaa ibsuudhaaf yaaluu manna, guddina Waaqayyoo fi uumama gararraa ta'uus isaa irratti xiyyeffannoo taasisuudhaan taajaajilamuu keenya wayya. "Badhaadhummaann araara Waaqayyoo ammam guddata! Oogummaan isaa fi beekumni isaa hammam guddaa fagaata! Akka inni itti murtoo godhu, namni qoree bira hin ga'u! karaa isaas namnni faana dha'ee hin hubatu! Caaffata keessatti iyyuu, eenyutu takkaa yaada garaa Waaqayyoo beeka ree? Yookiin eenyutu gorsa kennuufii danda'e ree? " (Roomaa 11:33-34).

kana ilaallata. Waaqayyo waanta barbaade hundumaa akka rawwatu garuu isa ajjeesuu akka hin dandeenye seexanaa hayyamee ture. Deebiin Iyoob maal ture? "Waaqayyo yoo na ajjeese iyyuu ani isuman abdadha" (Iyoob 13:15). Waaqayyotu kenne

Waaqayyotu fudhate maqaan Waaqayyoo haa eebbifamu (Iyoob 1:21). Waaqayyo

maaliif kana hayyamee akka ture Iyyoob hin hubanne garuu Waaqayyo gaarii akka ture nni beeka sababa kanaatiif isa abdachuu fi amanachuu itti fufe. Dhuma irratti, akkasuma nuufis deebii ta'uu qaba.

Waantoonni hamoon namoota gaarii irra maaliif ga'u? deebiin kan Macaafa Qulqulluu namoonni "gaariin" hin jiran kan jedhudha. Hundumti keenya cubbuudhaan akka faalamne Macaafni Qulqulluun baay'isee ifa taasisuudhaan nutti hima. (Lallaba 7:20; Romaa 6:23; 1 Yohaannis 1:8). Rooma 3:10-18 namoonni "gaariin" akka jiraachuu hin dandeenye ifa hin taasisu:

"Namni qajeelaan hin jiru lakkii tokko illee hin jiru namni tokko iyyuu hin hubatu namni tokko illes Waaqayyoon hin barbaadu; namoonni hundinuu karaa Waaqayoo irraa goraniiru ergaan-takkaan warra dhimma hin baafne ta'aniiru; namni gaarii hojjetus tokko illee hin jiru, afaan isaaniitiin gara awwaala banamaatti nama geessu, arraba isaaniitiin ni gowwomsu; hadhaan mar'aataa hidhii isaanii jela jira, afaan isaanii abaarsaa fi dubbii hadhaa'aadhaan guutuudha, miilli isaanii dhiiga dhangalaasutti a riifataadh. Karaa isaan irra darban irra diiguu fi gadadachuutu jira; isaan karaa nagaas immoo hin beekan, Waaqayyoon sodaachuun yaada isaanii keessa hin jiru." yeroo ammaa kanatti namni kam iyyuu plaaneetii kana irra kan jiru gara Si'oollitti darbatamuutu ta'aaf. Sakandiin tokkoon tokkoon ishee kan nuyi dabarsinu araaraa fi ayyanaa isaatiin duwwaadha. Waanti rifachisaan hamaan plaaneetii kana irratti shaakallu si'ool kan bara baraa isa kuufama ibiddaa keessaa wajjin yeroo walbira qabnee

ilaallu illee araaraan guutamaadha. Gaaffiin irra wayyu "Waantoonni hamoon namoota gaarii irra akka ga'an Waaqayyo maaliif hayyame?" kan jedhu ta'a. Romaa 5:8 "Waaqayyo garuu, utuma nuyi cubbamoota taanee jirruu, Kristos nuu du'uu isaatiin hammam akka nu jaallate ni argisiisa." Jechuun agarsiisa. Bakka waan gadhee, haminaa, amala cubbuummaa namoota biyya lafaa kan irraa, Waaqayyo amma iyyuu nu jaal'ata. Gatii cubbuu keenya fudhachuudhaaf amma nuuf du'uttis baay'ee nu jaal'ate (Roomaa 6:23). Yesus Kiristoosiin akka fayyisaa keenyaatti yoo simanne (Yohaannis 3:16; Roomaa 10:9), dhiifama arganee waaqa keessatti abdiin mana jirenya bara baraa nuuf kennama (Roomaa 8:1). Kan nuuf ta'u si'ooliidha. Kan nuuf kennamu immoo waaqa keessa jirenya bara baraati yoo amantiidhaan gara Kiristoos dhufne.

Eeyyee, alii alii waanti hamaan namoota irra ni ga'a kana jaraaf waan hin taane fakkaatu. Garuu Waaqayyo dhimma ofii isaatiif waantonni tokko tokko akka ta'an ni hayyama, hubannus hubachuudhabaannus. Hunduma gararraa, haa ta'u malee, Waaqayyo gaarii, tolaa, kan jaal'atu fi araaraani guutuu akka ta'e hubachuu qabna. Yeroo baay'ee waantonni nuyi hin hubanne nu irra ga'u. Haa ta'u malee gaaarummaa Waaqayyo shakkoo manna deebiin keenya isa amanachuu ta'uu qaba. "Garaa kee guutuu Waaqayyoon amanadhu, hubanna ofii keetiitti hin hirkatin; karaa kee hundumaatti isa yaadi, innis daandii kee siif ni qajeelchaa" (Fakkeenya 3:5-6).

## 1.6.Waaqayyo hamaa uumee?

Jalqaba irratti erga Waaqayyo waanta hundumaa uumee hamaas waan Waaqayyoodhaan huumame fakkaata. Haa ta'u malee, hamaan akka dhagaa yookiin akka elektrikii waanta miti. Hamaa huuroo guutuu qabaachuu hin dandeessu. Hamaan ofii isaa jiraachuu hin danda'u; inni

dhugaadhumatti dhabamuu Waaqayyooti. Fakkeenyaaf, waanti urataan tokko dhuguma garuu waanta tokkoo irratti argama. Waaqayyo yeroo uume, inni dhuguma kan inni uume hundinuu gaariidha. Waanta gaarii Waaqayyo uume keessa inni gaariin tokko uumama gaarii filachuudhdaaf fedhii qabu uumuu isaati. Filannoo dhugaa ta'e qabaachuudhaaf, gaarii biratti kan filatamu waanta tokko achi kaa'un hayyamee ture, kanaaf, Waaqayyo bilsa kana namootaa fi ergamootaa gaarii akka filatanuuf achi kaa'e yookiin gaarii akka didanu (hamaa filachuu). Yeroo walitti dhufeenyi hamaan waantota gaarii lama gidduutti argamu isa sana hamaa jennee waamna, garuu inni kan uumuudhaaf Waaqayyo isa barbaachise "waanta" ta'uu hin danda'u.

Tarii ibsa kana irra darbe ni gargaara. Yoo namni tokko yoo "qorri jiraa"? jedhamii gaafatame deebiin isaa tarii "eeyyee" kan jedhu ta'a. haa ta'u malee, inni kun sirrii miti. Qorri jiraachuu hin danda'u. Qorrii dhabamuu hoo'inaati. Karaa walfakkaatuun, dukkannni hin jiraatu; dhabamuu ifaa agarsiisa. Hamaan dhabaiinsa gaariiti, yookiin caalaa, hammeenyi dhabamuu Waaqayyooti. Waaqayyo hamaa uumuun isa

irra hin jiru, garuu sana manna dhabamuu Waaqayyootiif duwwaa hayyamama.

Waaqayyo hamaa hin uumne, garuu inni hamaa ni hayyama. Hamaanii fi gaariin akka jiraatu Waaqayyo utuu hin hayyamne ta'e namni fi ergamonni utuu hin barbaadiin dirqamanii Waaqayyoon tajaajilu, filannoo malee. Inni "roobootiin" hin barbaadne utuu hin jaal'atiin waanuma

"*saganteeffamaniidhaaf*" kan inni barbaade kan raawwatan. Waaqayyo hammeenyi akka jiraatu hayyame sababni isaa kanaaf dhugaadhumatti isa tajaajiluu fi dhiisuudhaaf fedhii bilisa ta'e qabna. Akkuma sanyii namaa daangaa qabeessa ta'uu keenyaatti, Waaqayyoon isa daangaa hin qabne kana guutummaatti hubachuu hin dandeenyu (Roomaan 11:33-34). Alii alii Waaqayyo maaliif waanta tokko tokko akka hoijetu waan yaadne nutty fakkaata, isa nuyi duraan yaadne irraa kaayyoo gara biraatiif akka ture dhuma irratti murteessina. Waaqayyo qulqullina, ilaalcha bara baraatiin gara waantotaa ilaala. Nuyi ilaalcha cubuun guutamaa, Kan biyya lafaa, fi kan yeroodhaafii kan ta'e irraa kaanee waantota ilaalla. Waaqayyo maaliif Addaamii fi Hewaaniin cubuu hojjechuudhaan akka jarri hamaa, du'a fi rakkina namoota hundumaa irratti akka fidan beekaa lafa irra kaa'e? Inni maaliif samiidhuma irratti nu huumee bakka nuyi guutuu taanuu fi rakkina hin argine achumatti nu hin dhiifne? Gaaffiin kun bara baraa gama kanaatiin ifatti deebii hin argatu. Kan nuyi beekuu dandeenyu kan Waaqayyo hoijete waanti kam iyyuu qulqulluu fi gaarii

ta'uu isaatiifi xumura irratti isa kabajuu isaati. Isa waaqeffachuu filachuu keenya ilaallatee filannoo sirrii nuu kennuudhaaf jecha hamaan jiraachuu isaatiif Waaqayyo hayyama kenneera. Waaqayyo hamaa hin

uumne, garuu inni hayyameera. Inni hamaa hin hayyamne taanaan, fedhii malee isa waaqeffanna turre, filannoo mataa keenyaatiin miti.

### **1.7.Waaqayyo isa Kakuu Moofaa keessaa irra Kakuu Haaraa keessatti maaliif adda adda ta'ee?**

Dhugaadhumatti giddu galli gaaffiin kun kan inni irratti dhaabbatee Kakuun Moofaanii fi Kakuun Haaraan waa'ee amala Waaqayyoo maal akka ibsu karaa sirrii hin taaneen hubachuu irratti hundaa'uudhaan. Yaada bu'uuraa karaan kana ittiin ibsinu garri biraan yeroo namoonni, "Waaqayyo inni Kakuu Moofaa Waaqayyo dheekkamsaan guutuu ti Waaqayyo inni Kakuu Haaraa immoo jaalalaan guutuudha" yeroo jedhaniidha.

Dhugaan inni Macaafni Quqlulluun, karaa ta'umsa seenaa qabeessa fi seenaa keessatti namoota wajjin karaa walitti dhufeenya qabuun Waaqayyoo nuyiif ofii isaa ml'isuu isaa guddachaa kan deemu ta'uun isaa Kakuu Haaraan Kakuu moofaa wajjin walibira qabamee yeroo maadaalamu Waaqayyo maal akka fakkaatu hubbannaasirri hin taane akka qabaannuuf gumaachuu danda'a ta'a.

Haa ta'u malee, namni tokko yeroo Kakuu Haaraa fi Kakuu Moofaa dubbisu, Waaqayyo kakuu tokko irraa kakuu gara biraa keessatti adda adda akka hin taane ni mirakaneeffata, dheekkamsi Waaqayyoo fi

jaalalli Waaqayyoo kakuwwan lamaan keessatti mul'ateera.

Fakkeenyaaf, Kakuu Moofaa keessatti, Waaqayyo "Waaqayyo gara lafaa fi ayyaanaan guutuu dheekkamsaaf suuta kan jedhe dhuga-qabeessa fi araara-qabeessa" akka ta'etti labsameera (Seera Ba'u 34:6; Seera Lakkofsaa 14:18; Seera Keessa Deebii 4:31; Seera Lewootaa 9:17; Faarsaa 86:5, 15; 108:4; 145:8; Yo'el 2:13). Kakuu Haaraa keessattis illee, gaarummaan jaalalli Waaqayyo fi araarri isaa caalaa ifa taasifamaniiru karaa dhugaa isa, "Waaqayyo akkasitti tokkicha ilma isaa hamma kennuufitti biyya lafaa jaallate; kun immoo isatti kan amanu hundinuu jirenya bara baraa haa qabaatuuf malee haa baduuf miti" (Yohaannis 3:16).

Kakuu Moofaa keessatti abbaan jaalaaln guutuu ijoollee isaa wajjin akka ta'u Waaqayyo Israa'eelotaa wajjin ta'eera. Jarri yeroo fedhiidhaan isa irratti cubbuu hojjetan, waaqolii tolfamoo waaqessuu yeroo jalqaban, Waaqayyo jara adaba ture. Ta'us yeroo jarri cubbuu isaanii irraa qalbii isaanii diddiirratanu isaan fayyisa ture. Inni kun Karaa Waaqayyo Kakuu Haaraa keessti

amantootaa ittiin adabuu wajjin walfakkaata. Fakkeenyaaaf, Ibrookin 12:6 “Gooftichi nama jaal’atu barsiisuuf ni adaba nama akka ilamaatti fudhatus in reeba” jechuun nutti hima.Karaa wal fakkaatuun, Kakuu Moofaa keessatti dheekkamsi Waaqayyoo cubbuu irratti dhangala’uu isaa agarra.

Akkuma kana Kakuu Haaraa keessatti amma iyuu, dheekkamsi Waaqayyoo “Waaqayyoon malee jiraachuuf jal’ina namoota hundumaa irratti waaqa irraa ni mul’ata isaanoo jal’ina isaaniitiin dhugaa gad hin ukkaamsu” (Roomaa 1:18). Kanaaf, ifumatti Waaqayyo kakuu Haaraa keessattii fi Kakuu Moofaa keessatti garaa garummaa hin qabu. Waaqayyo amala isaatiin kan hin duunedha (kan hin geeddaramne). Garuu amala isaa isa tokko isa kaan irra caalaa akkuma keeyyatoota caaffata qulqull’aaoo keessatti mul’atetti ilaaluu dandeenya.Waaqayyo mataan isaa hin jijiiramu.

Macaafa Qulqulluu akka dubbifannee fi akka qo’anneen, Waaqayyo Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraa keessatti isuma sana akka ta’e ifa nuu ta’a. Macaafni Qulqulluun Macaafota gara garaa 66 ta’u illee ardi lama yookiin sadii keessatti barreffamu illee, afaanota adda addaa sadiin barreffamus, tilmaamaan gara waggoottan 1500 fudhatus, barreessitoota 40 caalanuun barreffamus, jalqabaa kaasee hanga dhumaatti inni utuu wal hinfaallessin kan walii galu Macaafa tokkicha. Isaa keessatti Waaqayyo inni araara qabeessi, jaalalaan guutuun nama cubbamaadhaa wajjin haalawwan gara garaa keessatti akkamiin akka ture ilaalla. Dhugaadhumatti, Macaafni Qulqulluun sanyii namootaatiif xalayaa jaalalaati.

Jaalalli Waaqayyoo uumamaafii keessumatt u sanyii dhala namaatiif, Caaffata qulqullaa’oo keessatti ragaadha.Guutummaa Macaafa Qulqulluu keessatti Waaqayyo inni araaran guutuunii fi jaalalaan guutuun isaa wajjin walitti dhufeinya adda ta’e akka qabaatanuuf utuu inni namoota waamuu ilaalla, inni jaraaf waan ta’uuf miti, garuu sababni isaa inni Waaqayyo araaraan guutuu fi ayyaanaan guutuu waan ta’eedhaaf, dheekkamsaaf suuta kan jedhe dhuga-qabeessaa fi araara-qabeessa waan ta’eedhaaf. Ammas darbinee Waaqayyo inni qulqulluunii fi qajeelaan inni kan sagalee isaaf hin abboomamne fi isa waaqeffachuu didanii waaqa ofii isaanii tolfatani kan waqesson irratti kan faradu ta’uu isaa ni ilaalla (Roomaa bqonnaa 1).

Sababa amala Waaqayyoo isa qulqulluu irraa kan ka’e cubbuun darbe, kan ammaa fi inni dhufu itti faradamuu qaba. Waaqayyo jaalala isaa isa daangaa hin qabneen cubbuudhaa fi araarsuudhaaf gatii qopheesseera kanaaf namni cubbamaan dheekkamsa isaa jalaa ba’uu danda’a. dhugaalee dinqisiisaa kana waraabbiilee akka 1 Yohaannis 4:10 faa keessatti ilaalla, “Nuyi Waaqayyoon hin jaallanne inni garuu nu jaal’ate ilma isaas cubbuu keenyaaf furee haa ta’uuf kenne.”

Waaqayyo Kakuu Moofaa keessatti, karaa araarsuun cubbuudhaaf taasifamu sirna aarsaa qopheesseera. Haa ta’u malee, sirini araarsaa kun yeroo gabaabaa fi dhufaatii Kiristoos isa cubbuudhaaf guutummaatti furii ta’uudhaaf bakka bu’uudhaaf fannoo

irratti du'uuf jiru fuula duratti agarsiisa ture. Fayyisaan inni Kakuu Moofaa keessatti abdachiifame guutummaa guutuutti Kakuu Haaraa keessatti mul'ate. Kakuu Moofaa keessatti ilma jaalala Waaqayyoo guutummaatti ka agarsiisu, innis Yesus Kiristoosiin erguun isaa kan samuutti duwwaatti yaadame ture Kakuu Haaraa keessatti ulfina isaa guutuudhaa wajjin mul'ate.

Kakuu Moofaanii fi Kakuun Haaraan lachanuu fayyinaaf akka ogummaa qabaannuudhaaf nuuf kennamanii turan (2 Ximootewoos 3:15). Kakuuwan yeroo itti dhiyaannee qo'annu, Waaqayyon bira "akka gaaddisaa gagaragaluunu akka hin jirre ragaadha (Yaaqoob 1:17).

### **1.8.Waaqayyo jaalala jechuun maal jechuudha?**

Macaafni Qulqulluun akkaataa itti jaalala agarsiisu mee haa ilaallu, isaan booda karaa muraasa waa xiqqoo ni ilaalla kan Jaalalli amala Waaqayyo itti ta'e ilaalla. "Jaalalli danda'aadha, gaarummaas in agarsiisa, jaalalli hin inaafu of hin jeju, waan isatti tolu duwwaas hin barbaadu, hin dallanu, waan hamaas nama irratti hin lakkaa'u. Jaalalli qajeelina dhugaattu gammada malee jal'inatti hin gammadu jaalalli karaa tokko illee nama hin lafafu, hundumaa isaa ni amana hunduma isaa adabata hunduma isaa obsa. Jaalalii yoom iyyuu hin badu" (1 Qorontoos 13:4-8a). Kun ibsa Waaqayyoo kan jaalalaati, sababn isaa Waaqayyo jaalala (1 Yohaannis 4:8) inni kun kan inni fakkaatuudha.

Jaalalli (Waaqayyoo) nama kamiinuu irratti dhiibbaa hin taasisu. Jarreen gara Isaa dhufan jaalala isaatiif deebiidhuma akkasii laatu. Jaalalli (Waaqayyoo) hundumaaf gaarummaa agarsiisa. Jaalalli (Yesus) nama hundumaadhaaf loogii malee gaarii gochuu barbaada. Jaalalli (Waaqayyoo) kan

namoonni kan biraa qabu hin hawwu utuu mormii malee jirenya of gad deebise jiraata. Jaalalli (Yesus) fooniin eenyuun akka turee of hin tuulu, ta'us inni nama gara isaa dhufe kamiinu moo'uu danda'a. Waaqayyo Ilma isaa irraa abboomaamuu hin gaafatu garuu, sana mannaa, Yesus fedhii isaatiin Abbaa isaa isa Waaqa irraaf abboomame.

"Garuu ani Abbaa jaala'achuu koo akka abboommii abbaan anaa kennettis hojjechuu koo biyyi lafaa haa beeku" (Yohaannis 14:31). Jaalalli (Yesus) yeroo hundumaa gara fedhii namoota kan biraa eega ture/eegas.

Jaalalli Waaqayyoo inni guddaan kan nutti mul'ate Yohaannis 3:16 keessatti ibsame: "Waaqayyo akkasitti tokkicha ilma isaa hamma kennuufitti biyya lafaa jaallate; kun immoo isatti kan amanu hundinuu jirenya bara baraa haa qabaatuuf malee haa baduuf miti." Roomaa 5:8 eergaa gosa tokkicha dubbata "Waaqayyo garuu utuma nuyi

cubbamoota taanee jirru, Kiristoos nuuf du'uu isaatiin ammam akka nu jaallate ni agarsiisa." Waraabbiilee kana irraa Smii irratti Mana jirenyaa isaa isa kan bara baraatti isaa wajjin wal arguun keenya fedhii Waaqayyoo isa guddaa akka ta'e ilaaluu dandeenya. Cubbuu keenyaaf gatii kafaluudhaan karichi akka danda'amu taasise. "Cubbuu keenya yoo isatti himanne inni amanamaa fi qajeelaa waan ta'eef cubbuu keenya nuuf hin dhiisa jal'ina keenya hundumaattiis nu qulleessa" (1 Yohaannis 1:9).

Kanaaf, Waaqayyo jaalala jechuun maal jechuudha? Jaalalli amala Waaqayyooti. Amala Waaqayyoo keessaa jaalalli waanta

### 1.9.Har'aas Waaqayyo nutti dubbataa?

Waaqayyo si'a baay'ee namootatti sagalee isaa olfudhatee akka dubbatu Macaafni Qulqulluun ni galmeessa (Seera Ba'u 3:14; Iyaasuu 1:1; Abboota Firdii 6:18; 1 Saamu'eel 3:11; 2 Saamu'u'eel 2:1; Iyob 40:1; Isaayaas 7:3; Ermiyaas 1:7; Hojji Ergamootaa 8:26; 9:15 – kun baay'ee keessa fakkeinya muraasa). Waaqayyo har'a namootatti sagalee isaa olfudhatee dubbachuu akka hin danddeenye kan dubbatu sababni Macaafa Qulqulluu keessa hin jiru. Gara dhibbaan olii kan ta'u Waaqayyo namootatti akka dubbataa jiru Macaafni Qulqulluun ni galmeessa, jarri waggoota 4,000 seenaa namootaa keessatti akka ta'an sana yaadachuutu nirra jira. Waaqayyo sagalee isaa olfudhate dubbachuun isaa darbee darbee kan ta'uudha, seera miti. Galmee Macaafa Qulqulluu keessatti ille fakkeinyaaleen

ijoodha, eenyummaa isaa. Jaalalli Waaqayyoo qulqulluummaa isaa, qajeelina isaa, haqa isaa, yookiin dheekkamsa isaatiin illee alatti hiika hin qabu.

Amalli Waaqayyoo hundinuu waliin adeemu. Waanti Waaqayyo hojjetu kam iyyuu jaalalaan, akkuma waanti inni hojjetu hundinuu siriifi dhugaadha. Jaalala dhugaa dhaaf Waaqayyo fakkeinya isa gaariidha. Kan nama dinqu, Waaqayyo warra Ilma isaa Yesusiin akka fayyisa dhuunfaa jaraatti simataniif akkuma isaa akka jaal'ataniidhaaf karaa humna Hafuura Qulqulluutiin dandeettii kennaaf.

Waaqayyo dubbachaa jiraachuu isaa, yeroo hundumaa ifa miti tarii inni sagalee ol-

jedhaan ta'ee, sagalee keessa hafuuraatti ta'ee yookiin sammuu nammaa keessatti namatti dhaga'amuudhaanis ta'eesaa.

Har'a Waaqayyo namootatti ni dubbata. Jalqaba, Waaqayyo karaa sagalee isaa nuttyi dubbata (2 Ximooteewoos 3:16-17). Isaayaas 55:11 "Akkasuma immoo dubbiin afaan koo keessaa ba'u, waanta ani fedhe hojjeteet, waanta ani itti erges ni raawwata malee, harka duwwaa gara kootti hin deebi'u" jedhee nutti hima.

Macaafni Qulqulluun fayyuudhaaf jirenya kiristaanummaa jiraachuudhaaf kan beekuun nu barbaachisu waanta kamiinuu sagalee Waaqayyoo galmeesseera. 2Pheexroos 1:3, "ulfina isaa fi human isa dinqisiisaan nu

waame beekuu bira ga'uudhaan waanta nu barbaachisu hundumaa arganneera gooftaan humna Humna Waaqayyummaa isaatiin gara jirenyaatti nu geessuuf namoota Waaqayyo nu godhachuudhaaf kana hundumaa nuuf kenneera” jechuudhaan dubbata.

Lammaffaa, Waaqayyo sammuu namaa keessatti, karaa haalawwanii, fi yaadaa ni dubbata. Waaqayyo hamaa gaarii irraa akka adda baafannuudhaaf karaa yaada keenyaa nu gargaara (1 Ximootewoos 1:5; 1 Pheexroos 3:16). Yaada isaa akka yaadnuudhaaf Waaqayyo sammuu keenya mirkaneessuudhaan adeemsa irra jira (Roomaa 12:2). Waaqayyo nu geggeesuudhaaf, nu geedduudhaaf, akka hafuratti guddannu nu gargaaruudhaaf jirenya keenya keessatti haalawwanni tokko tokko akka ta'anuudhaaf hayyama (Yaaqoob 1:2-5; Ibroota 12:5-11). 1Pheexroos 1:6-7 “Amma yeroo gabaabduudhaaf qoroma gara garaatiin gaddisiifamuun keessan kan hin oolle yoo ta'e iyyuu isa sanatti immoo baay'iftanii ni

gammaddu. Warqeen inni baduuf jiru iyyuu ibiddaan in qorama; amantiin keessan inni warqee caalaa gati jabeessi immoo guyyaa Kiristoos itti mul'achuuf jiru sanatti jejamee ulfinaa fi guddina akka arrgatutti qoramee in ilaalamaa” jechuudhaan nu yaadachiisa. Xumura irratti, alii alii Waaqayyo sagalee isaa olfudhachuun namatti ni dubbata. Inni baay'ee shakkisiaadha, ta'us, inni kun yeroo baay'ee ni ta'a akkuma namoonni tokko tokko akka inni ta'u jedhan. Ammas, Macaafa Qulqulluu keessatti illee, Waaqayyo sagalee isaa akka olfuudhatee dubbate darbee darbeeti, waanuma beekamaa miti. Akka Waaqayyo isatti dubbate namni tokko yoo dubbate/dubbatte yeroo hundumaa kan Macaafni Qulqulluun dubbatuu wajjin wal bira qabii ilaali. Waaqayyo har'a dubbachuu qaba taanaan, sagalee isaa isa inni Macaafa Qulqullu keessatti dubbatee wajjin walii galuu qaba (2 Ximootewoos 3:16-17). Waaqayyo ofii isaan deebi'ee hin mormu.

### **1.10. Waaqayyoon eenyutu uumee? Waaqayyo eessaa dhufe?**

Falmiin namoota gantootaa fi warri amantiittii hin qabne yeroo hundumaa waanti hundinuu erga waanta irraa argaman qabaachuun barbaachisaa ta'e, Waaqayyos waanta irraa argame qabaachu qaba kan jedhudha. Goollabbiin isaa erga Waaqayyo waanta irraa argame qabaachuun barbaachisee Waaqayyo Waaqayyoon miti (Waaqayyos Waaqayyoon hin taane taanaa dhugumaan Waaqayyo hin jiru). inni kun salphaadhumatti gaaffiilee isa hundee ta'e “Waaqayyoon eenyutu hojjete” kan jedhuudhaaf kan walxaxaa ta'e dha. Waanti

tokko umaa irraa akka hin argamne namni hundinuu ni beeka. Kanaaf, Waaqayyo “waanta tokko” yoo ta'e inni ka'umsa qaba, sirriidhaa?

Gaaffiichi waan nama gowwomsudha sababni isaa innni tilmaammii sobaa keessa dhokata innis Waaqayyo bakka ta'ee dhufe itti aansuun inni sun tarii eessa akka ta'u gaafata. Deebiin isaa gaafichumt iyyuu illee namaa hin liqimfamu.

Inni “fooliin halluu cuqliisaa maal fakkaata?” jedhanii akka gaafachuuti. Cuqliisini yookiin bifti waaqaa waantota foolii qabaatan keessatti hin ramadamu, kanaaf gaaffichi mataan isaa fudhatama dhabeera.

Karaadhuma tokkichaan, Waaqayyo rammaddii waantota uumamanii yookiin argamanii keessa hin jiru. Waaqayyo kan argame yookiin kan uumame miti- Inni salphaadhumatti jiraata.

Isa kana akkamittiin beekna? Nuyi humaadhma irraa humaan akka dhufu ni beekna. Kanaaf, yeroo utuu guutummaatti humtuu hin jiraatin yeroon illee jira utuu

ta'e, egaa umtuu gara jiraachuutti hin dhufu ture. Garuu waantonni ni jiraatu. Sababa kanaaf, yeroo guutummaatti umtuu iyyuu hin jiraatin waanti tokko yeroo hundumaa jiraataa ture. Inni yeroo hundumaa jiraataa ture sun isa nuyi Waaqayyo jennee waamnuudha. Waaqayyo waanti kami iyyuu akka jiraatu kan taasise ofii isaa immoo takkaa jiraachuu kan dhaabee hin beknedha. Waaqayyo uumaa kan hin uumamne isa wayyaba kanaa fi isa keessa kan jiru waanta kamiinuu uumeedha.

## Waa'ee Yesus Kiristoos

### 2.1. Yesus Kiristoos eenyu?

Akka gaaffiin “Waaqayyo jiraa?” waa'ee jiraachuu Yesus kan shakkan namoota muraasa qofa. Yesus Kiristoos waggoota 2000 dura biyya Israa'eel keessa deddeebi'aa nama ture ta'uu isaa ni fudhatu. Gaaffiin kan ka'u yeroo eenyummaa Yesuus kaasuun jalqabamuudha. Manneen amantaa hundinuu Yesus nama raajii, barsiisaa gaarii fi nama gaarii ta'uu isaas ni barsiisu.

C.S.Lewis kitaaaba isa Mere Christianity jedhu keessatti kanatti aanee kan jiru arganna, “Namoonni heedduun waa'ee isaa (Yesus Kiristoos) kan jedhan jecha gowwummaa hambisuuf yaalaattan jira. Yesus Kiristoosiin akka nama naamusaa isa guddichaatti fudhachuudhaaf qophaa'oodha.

Garuu Waaqayyo ta'uu isaa hin fudhadhu. Isa kana egaa jechuun kan nurra hin jiraanne. Yesus Kiristoos kan hojjetee fi kan barsiise akkuma nama barsiisaa naamuusa gaarii ta'e duwwaatti hojjetamuu kan dand'u miti.

Namni akkasii yookiin maraatuta'uutu irra jira. Yookiin immo Seexana Gaannamaa ta'uu danda'a. filachuutu sirra jira namini kun ilma Waaqayyoo ture. eeyyeen yookiin maraatuu yookiin kan is asana gararraa ture jechuudha. Gowwaadhaa jettee isa bira darbuu, itti tufuu, Jinniidha jettee isa ajjeesuu dandeessa. Yookiinis Waaqa koo tookiin Gooftaa koo jettee milla isa jelatti kufuu dandeessa. Garuu hafuuraa gad aanaa bifaa agarsiisuun barsiisaa guddaa jechuun of

hin jejinu. Inni kun filannoo isaa keessa hin jir. Filannoo akkasii akka qabaannuuf fedhii isaa hin turre.”

Kanaaf ani eenyuudha jedhee labsee? Macaafni Qulqulluun waa'ee eenyummaa isaa maal nuun jedhaa? Duraan dursinee jecha Yesus Yohaannis 10:30, irraa haa ilaallu “Abbaani fi ani tokkicha” irra keessa isaa duwwaa yeroo ilaalamu, labsii Waaqayyummaa fakkachuu dhiisuu danda'a. jecha isaa kanaaf deebii Yihuudotaa duwwaa ilaaluun ga'aadha. “Ati Waqayyoon waan arrabsiteef malee hojii gaarii waan hoijetteef dhagaadhaan kan si dhoofnu miti ati nama taatee utuma jirtuu Waaqayyoon of goota'oo jedhanii deebisaniiif” (Yohaannis 10:33). Yihudoonni jecha Yesus labsii Waaqayyummaa ta'uu isaa galeef.

Waraabbiit itti aanaanitti Yesus Yihudotaan, “Ani akkan Waaqayyo ta'en dubbadhe” jechuun isaan hin sirreessine. Kun kan mirkaneessu Yesus dhugumaan Waaqayyo ta'uu isaa dubbachuu isaati “Abbaani fi ani tokkicha” (Yohaannis 10:30) Yohaannis 8:58 irrattis fakkeenya gara biraajaratti dubbate, “Dhuguma dhuguman isinitti hima, Abrihaam utuu hin dhalatin iyyuu ani jiran ture.” kanaaf Yihuudonni Yesuusitti darbachuudhaaf dhagoota funaannatan (Yohaannis 8:59) Yesuus waa'ee eenyummaa isaa “Ani jira” jedhee dubbachuun isaa kakuu moofaa keessatti Waaqayyo maqaa ittiin waamamaa ture itti gargaaramuu isaa agarsiisa (Seera Ba'uu 3:14). Maarree jarri akka arabsootti kan lakkaa'an labsii Waaqayyummaa isaa ta'uu dhabaannaan Yihudoonni sababa maaliitiin dhagaadhaan isaa rukutuuf ka'anii?

Yoohannis 1:1 akkas jedha...”Sagalichi ofii isaa Waaqayyo ture.” itti fufuudhaanis Yoohannis 1:14 akkas jedha, “Sagalichi nama foonii ta'ee” jedha. Kun sirriitti kan inni ibsu Kiristoos Waaqa foon uffate te'uu isaatii. Bartuun Gooftaa Toomaas, “Gooftaa ko Waaqayyo ko” jechuudhaan Kiristoos Waaqayyo ta'uu isaa dubbate (Yoohannis 20:28). Yesuus isaa hin sirreessine.

Ergamaan Phaawloos akkas jechuudhaan isaa ibsa,...Yesus Kiristoos inni Waaqayyo keenya isaa guddicha fayyisaa keenya (Tiitoos 2:13). Ergamaan Pheexroosis akkauma kana jedha, Waaqayyo keenyaa fi fayyisaa keenyaa Yesus Kirstoos (2 Pheexroos 1:1). Waaqayyo abbaanis waa'ee eenyummaa Yesus guutummaatti akkas jedha, “Waa'ee ilmaa garuu, Teessoon kee yaa Waaqayyo, baraa hamma bara garaatti, uleen mootummaa kees ulee qajelummaatti” Raajiiwan kakuu moofas waaqayyummaa Yesus akkas jechuun dubbatu,

Mucaan nuuf dhalateera, Ilmis nuuf kennameera humni mootummaa isaa gateettii isaa irra jira. Maqaan isaa Gorsaa, Dinqii, Waaqayyo jabaa, Abbaa bara baraa, Angafa nagaa ni jedhama (Isaayyaas 9:6).

Egaa akka C.S. Lewis agarsiisuutti, Yesus Kiristoosiin akka barsiisaa gaarii duwwaatti fudhachuun filannoo miti. Yesus ifatti kara amanamuun Waaqayyoon ta'uu isaa dubbateera. utuu inni Waaqayyo hin taanee, egaa inni sobduudha, egaa raajiis miti, barsiisaa gaarii nama Waaqayyoos miti. Jechawwan Yesus ibsuudhaaf “beektonni” bara si'anaa yeroo yaalii taasisan “Yesus inni dhugaan seenaa keessatti mula'ate” isaa Macaafni Qulqulluun waa'ee isaa dubbatu

amala isaa waan baay'ee inni hin dubbanne jedhu. Sagaleen Waaqayyoo kan waa'ee Yesusiin ilaachisee kan dubbatuu fi kan hin dubbanne mormuudhaaf nuyi eenyuu? "beekaan" tokko, waggoota kuma lama dura isaa wajjin kan jiraatan, tajaajilan, Jesus mataa isaa irraa kan baratan caalaa akkamiin kan beekuu danda'u? (Yohaannis 14:26). Gaaffiin waa'ee eenyumaa Yesuus maaliifii akkas kan barbaachisaa ta'e? Yesus Waaqayyo taus ta'u dhabaatus maaliif dhimma keenya taasifanna? Sababni inni guddaan Yesuus Waaqayyo yoo ta'u dhabaate duuti isaa cubbuu biyyaa lafaa araarsuuf hin ta'u jechuudha. 1Yohaannis

2:2. Waaqayyo duwwaadha adabbii akkasii kan dhuma hin qabne fudhachuu kan danda'u. (Roomaa 5:8; 2 2 Qorontoos 5:21). Yesus Waaqayyo ta'u qaba gatii keenya akka nuuf kaffaluudhaaf. Yesus nama ta'u qaba du'u akka danda'u. fayyuun kan argamu Yesuus Kiristoosiin qofa. Waaqayyummaa Yesuusiitis karaan fayyinaa karaa Yesus duwwaa akka ta'u kan godhe Yesus waaqa waan ta'eedhaaf akkas jedhee kan labseef, "karichi, dhugaan, jireenyis ana; anaan yoo ta'e malee, eenyu iyyuu gara abbaa hin dhufu" (Yohaannis 14:6).

## 2.2. Yesus Waaqayyoodhaa? Yesus Waaqayyo akka ta'e dubbatee beekaa?

Macaafa Qulqulluu keessatti kallattiin Yesus akka "Ani Waaqayyodha" jedhe galmaa'ee hin jiru. Sunis, haa ta'u malee, inni Waaqayyo akka ta'etti hin dubbanne jechuu miti. Fakkeenyaaf jecha Yesus fudhadhu Yohaannis 10:30 irratti, "Abbaaniif ani tokko" jedhe (Yohaannis 10:30). Ilaalcha Yihodoottaa duwwaa ilaaluun ni ga'a yeroo inni jechoota akka ofii isaa Waaqayyo ta'e dubbate waan deebisaniif. Jarri sababa kanaatiif dhagaan isa rukutuu yaalan "...ati nama taatee utuumma jirtu Waaqayyo of goota'oo" (Yohaannis 10:33). Yihudonni waan Yesus jedhe sirriitti hubataniiru-waaqayyummaa. Yesus inni Waaqayyo ta'u isaa dubbachuu hin ganne.

Yesus yeroo "Abbaaniif ani tokko" jedhe (Yohaannis 10:30) dubbatu, inni jechaa kan jiru innii fi Abbaan amala tokkicha fi waaqayyummaa (essense) tokkicha akka

ta'aniidha. Yohaannis 8:58 immo fakkeenya kan biraati. Yesus akkas jedhe, "dhuguma dhuguman isinitti hima Abrihaam utuu hin dhalatin iyyuu ani jiran ture!" deebiin Yihudootaa warra jecha Yesus kana dhaga'anii dhagaan isa rukutuu ture arrabsuu isaatiin, akka seerri Musee akka kana godhaniif jara abboomutti (Seera Lewootaa 24:15). Yohaannis yaada waaqayyummaa Yesus kana irra deebi'a: "sagalichi ofii isa Waaqayyo ture" "sagalichi nama foonii ta'ee nu gidduus buufate" "(Yohaannis 1:1, 14).

Waraabbiin kun ifatti kan inni agarsiisu Yesus Waaqayyodha foon keessaatti. Hojiin Ergamootaa 20:28 akkas jechuun nutti hima, Waldaa Kiristaanaa isa Waaqayyo dhiiga tokkicha ilma isaatiin kan isaa godhatee eegaa." Eenyutu bitee waldaa-waldaa

Waaqayyoo-dhiiga      isaatiin?      Yesus Kiristoosiidha. Hojii Ergamootaa 20:28 Waaqayyo waldaa isaa dhiiga isaatiin akka waldaa isaa bite dubbata. Sababa kanaatiif Yesus Waaqayyodha!

Tomaas bartuun Yesusiin ilaachisee akkas jedhee dubbateera, “Gooftaa koo Waaqayyoo koo”(Yohaannis 20:28). Yesus isa hin sirreessine. Tiitoos 2:13 dhufaatti waaqa keenyaa fayyisaa keenyaa Yesus Kiristoos akka eegnu nu jajjabeessa. (darbees 2 Pheexroos 1:1 ilaali). Ibroota 1:8 irratti, abbaan waa’ee Yesuus akkasitti dubbata “waa’ee ilmaa garuu ‘teessoon kee yaa Waaqayyo, bara hamma baraatti, uleen mootummaa kees ulee qajeelummaa ti.”

Abbaan Yesuus Waaqayyo ta’u uisaa agarsiisuudhaaf “Yaa Waaqayyo” jedhaan Yesusiidhaan.Mul’ata Yohaannis keessatti, ergamaan Waaqayyoo akka Waaqayyo duwwaa waaqeffati Yohaannisiin abbooma (Mul’ata 19:10). Yeroo heedduu caaffata qulqula’oo keessatti Yesus waaqeffanaa fudhateera. (Maatewoos 2:11, 14:33, 28:9, 17; Luuqaas 24:52; Yohaannis 9:38).

Namoonni akka isa hin waaqeffanne gonkumaa hin dhowwine. Yesus utuu Waaqayyoon hin taane ture, namoonni akka isa hin waaqeffanne isaanitti hima ture, akkuma ergaamaan Waaqayyuu Mulla’ataa Yohaannis keessatti godhe.

Caffata qulqullaa’oo keessatti waraabbiilee fi keeyyatota heedduutu jiru waqayyummaa Yesuusiitiif kan falman. Yesus Waaqayyo ta’uu isaatiif sababni baay’ee barbaachisaan inni yoo Waaqayyo yoo ta’uudhaabaate, duuti isaa gatii cubbuu biyya lafaa kaffaluudhaaf ga’aa hin ta’u waan tureef (1 John 2:2). kan uumame, inni Waaqayyo ta’uu utuu dhabaate Yesus kan ta’u, kaffaltii hammamtaan gararraa ta’e kaffaluu hin danda’u ture gatii cubbuutiif kan barbaachisu Waaqayyo dhuma isa hin qabne biratti. Waaqayyo duwwaatuu kaffaluu danda’ a kaffaltii ammamtaa hin qabne akkasii. Cubbuu biyya lafaa kan fuchuu danda’u Waaqayyo duwwadha (2 Qorontoos 5:21), du’u, du’as ka’uu, du’a irrattii fi cubbuu irratti aboo qabus mirkaneessuudhaaf.

### 2.3. Waaqayyummaan Kiristoos Macaafa Qulqullu irraati?

Isa Yesus waa’ee ofii isaa dubbate irratti dabalee, bartoonni isaa akka inni Waaqayyoon ta’e beekaniiru. Inni akka cubbuu dhiisuudhaaf aboo qabu dubbaniiru- isa Waaqayyo duwwaan hojjechuu danda’u- akka Waaqayyo cubbuutti kan isa gaddisiisu(Hojii Ergamootaa 5:31; Qolaasaayis 3:13; Faarsaa 130:4; Ermiyaas 31:34). Dubbii isa dhumaan kanaan kan walitti dhiyeetu, Yesus mataan

isaa kan “warra jiraniif warra du’anti faraduuf kan jiru” ta’uu isaa dubbateera (2 Ximotewos 4:1).

Tomaas Yesusitti, “Gooftaa koo Waaqayyo koo” jedhee iyye (Yohannis 20:28). Phawuloos, “Yesus Kiristoos Waaqayyo keenya isa guddicha” jedhee wame (Tiitoos 2:13) akkasuma foon uffatee utuu hin dhalatin duras akka “bifa

Waaqayyuummaatiin akka ture” tuqeera (Filiphisiyuus 2:5-8). Waaqayyo abbaan ilma isaa ilaallatee akkas jedheera, “Teessoon kee yaa Waaqayyo baraa hamma baraatti” (Ibroota 1:8). Yohannis, “Sagalichi jalqaba waan hundumaa dura ture; sagalichi[Yesus] Waaqayyo bira ture sagalichi ofii isaa Waaqayyo ture. sagalichi nama foonii ta’ee nu gidduu buufate” jechuun kaa’aa.

Kiristoos akka Waaqayyo ture kan barsiisan caaffattooni qulqullaa’oonis jiru fakkeenyaaaf (Mul’ata Yohannis 1:17, 2:8, 22:13; 1 Qorontoos 10:4; 1 Pheexroos 2:6-8; Farsaa 18:2, 95:1; 1 Pheexroos 5:4; Ibroota 13:20 ilaali), garuu Ysus warra isa hordafan biratti akka Waaqayyoon ta’e beekuudhaaf waraabiilee kanneen keessa tokko iyyuu ga’aa dha Yesus ammas maqaa adda ta’e kan kakuu Moofaa keessatti YHWH(maqaa Waaqayyoo) kennamu kennameeraaf. “Fayyisaa” Kakuu Moofaa, (Faarsaa 130:7; Hose’aa 13:14) kakuu Haaraa keessatti Yesusif itti fayyadameera (Tiitoos 2:13; Mul’ata Yohannis 5:9). Yesus Amaanu’el “Waaqayyo nuu wajjin” jedhamee waamameera –Maatewoos 1 keessatti. Zakkaariyas 12:10 keessatti, inni YHWH dha kan, “isaanis isa waaraanan sana ni ilaalu” jedhe. Garuu Kakuu Haaraan fannifamuu Yesusitiif fayyadama (Yohannis 19:37; Mul’ata Yohannis 1:7).

Yoo inni YHWH isa waraanamee fi ilaalmeta’e, Yesus isa waranaamee fi ilaalamet dha, kanaaf Yesus YHWH dha. Phaawuloos Isaayaas 45:22-23 Yesusiin akka ilaallatutti hiika Philippiyuus 2:10-11 keessatti. Kana darbees maqaan Yesus kadhata keessatti Abbaa wajjin wal cinatti itti gargaaramameera, “Waaqayyo abbaa keenya

Gooftaan keenya Yesus Kiristoosis ayyaana, nagaas siniif haa kennu” (Galaatiyaa 1:3; Efesoon 1:2). Utuu Kirstoos Waaqayyoon hin taane kun hunduu arabsoo ta’aa ture.

Maqaan Yesus Kan Waaqayyoo wajjin caqasameera yeroo cuubbaadhaaf Yesus ajaje, “Maqaa [maqoota hin jedhu] Abbaa kan Ilmaa kan Hafuura Qulqullutiin” (Maatewoos 28:19;dabalataan 2 Qorontoos 13:14 ilaali).Kan Waaqayyo duwwaan hoijjetamuu danda’u Yesusifiis kennamaniiru. Yesus du’aa duwwaa hin kaafne (Yohaannis 5:21, 11:38-44) cubbuu qofa hin dhiifne (Hojii Ergamootaa 5:31, 13:38), wayyaba kana huumee akka jiraatus taasiseera (Yohaannis 1:2; Qolaasayiis 1:16-17). Kun duwwaan illee ifa ta’uu danda’aa yeroo namni tokko inni YHWH dha yeroo umaamni uumames ture jedhee yoo amane (Isaayaas 44:24).

Dabalataanis Kiristoos amala Waaqayyo duwwaan qabaachuu qabu qaba: bara baraan jiraachuu (Yohaanis 8:58), bakka hundumatti argamuu (Maatewoos 18:20, 28:20), hunduma beekuu (Maatewoos 16:21), fi hundumaa danda’uu (Yohaanis 11:38-44).Amma, Waaqayyoon ta’uudhaaf dubbachuun waan tokko yookiin akka dhugaa ta’e namni tokko akka amanuudhaaf gowwomsuun, akka inni ta’e guutummaadhaan mirkaneessuudhaaf ammas waanti tokko ni hafa.

Kiristoos akka Waaqayyo ta’e dubbachuun isaa mirkaneessuudhaaf dinqiiwan tokko tokko raawwateera, dinqii Yesus raawwate keessaa muraasni, bishaan gara daadhii wayiniitti geeddareeruu isaa dabalatee (Yohannis 2:7), bishaan irra deemuu

(Matewoos 14:25), waa baay'isuu (Yohannis 6:11), jaamaa fayyisuu, (Yohannis 9:7), naafa fayyisuu (Mark 2:3), dhukkubsataa fayyisuu (Matewoos 9:35; Marquoos 1:40-42), akkasuma namoota du'an du'aa kaasuu (Yohannis 11:43-44; Luuqaas 7:11-15; Marquoos 5:35). Kana caalaas Kistoos mataan isaa du'aa ka'eera. Akka warreen waqaqa ofiin jedhan waaqolii ormaa du'anii du'aa ka'an akka jedhamuu, amantaa kan biraa keessatti kan akka du'a ka'uu jabeesse dubbatame hin jiru, can biraas kan caffata qulqla'oodhaan ragaa qabu kan dubbatamu hin jiru. Seenaadhaan kan dhugoomfame waantoota 12 tu jiru kan kiristaanota hin taane beektoonni ajifatoonni illee kan amanan.

1. Yesuus fannifamee du'e.

2. Inni awwaalamee ture.

3. Duuti isaa bartoonni akka abdii kutaniif akka dhiphathan isaan taasise

4. Guyyoota muraasa booda boolli isaa duwaa ta'ee argamee ture.

5. Bartoonni akka inni du'aa ka'e mul'ate \rguu isaanii amananiru.

6. Kana booda,bartoonni shakkii iraa gara amantoota ija jabeeyyiiti geeddaraman.

7. Ergaan kuun bu'uura lallaba waldaa ishee ganamaa rure.

8. Ergaan kun yerusalemitti lallabameera.

9. Llallaba kanaa irra kan ka'e,waldaan dhalatte guddate.

10. Guyyaan du'aa ka'u dilbatin,sanbata bakkaa bu'e akka guyyaa waaqeffannaatti isa jalqabaatti.

11. Yaaqob inni shakkaa ture,ni geeddarame yeroo du'a ka'uu isaa argu ni amane.

Utuma namni tokko illee kanneen caqasaman kan irrati waa dabalee, du'aa ka'uu mirkaneessuudhaaf fi waangeela hundeessuudhaaf muraasin duwwaan ni barbaachisu: Duuti Yesus, awwalamuun isaa, du'aa ka'uun isaa fi mul'achuun isaa (1 Qorontoos 15:1-5). Yoo ta'es, kan tilmaamaaman muraasni jiru tokko yookiin lama dhugaalee gara oliitti caqasne kana ibsuudhaaf, garuu du'a kauun duwwaan hunduma jaraaf ibsa ta'uu danda'a. Ajifatoonni Kiristoos ka'uu isaa bartoonni isaa akka argan ni amanu. Sobnis ta'e abjuun yookiin waanta hin jirre arguun namoota sodaan guutuu ta'an jijiiree akka ija jabaatan taasisuu hin danda'u karaa du'aa ka'uun isaan taasise.

Jalqaba, maal argachuudhaaf qabu turanii? Kirstaanummaan beekamtummaa kan qabu hin turre, akka jarri qarshii itti argatanis kan jara garagaaru miti. Lammaffa irratti, sobuun namni tokko akka gaariitti wareegamu isa hin taasisu. Bartoonni isaa amantii iaaniitiif akka du'a rifaasisa du'udhaaf fedhii akka qabaatan kan isaan taasise du'aa ka'uu yoo ta'e malee kan caala ibsu hin jiru. Eeyyee namoonni heedduun ni du'u, garuu namoonni waanti jarri du'aniif dhugaa ta'uu isaa utuu hin hubatin hin du'anu.

Xumura irratti, Kiristoos inni akka YHWH ta'e dubbateera, inni Waaqayyoon akka ta'e (akka "waaquma tolfamaa "tokkoo miti garuu Waaqayyo isa dhugaa tokkicha); duukabuutonni isaa (Yihudonni waaqa sobaatiin kan sodaachifamaa turan) isa amananii inni akka Waaqayyoon ta'etti

agarsiisan. Kiristoos karaa mal'attoowan hojjetee Waaqayyummaa isaa agarsiiseera, du'a ka'u biyya lafaa jijjire dabalatee. Yaadi namaa kam iyyu isa kana ibsuu hin danda'u. Eeyyee Waaqayyummaan Kiristoos Macaafa Qulqulluu irraa kan ta'edha.

#### **2.4. Yesus dhugumaan ni jiraa? Yesus jiraachuu isaatiiff ragaan seena qabeessa ta'e jiraa?**

Yeroo heedduu, gaaffiin kun yeroo gaafatamu, namni kana gaafataa jiru gaafficha gaaffii, "Macaafa Qulqulluun alaa" taasise jira. Macaafni Qulqulluun jiraachuu Yesusiif akka madda ragaatti fudhatamuu akka hin dndeenye yaada jedhu kana hin fudhannu. Kakuun Haaraan waa'ee Yesus Kiristoos eertuuwwan dhibbaan lakkaa'aman qabatee jira. Barreffamuu wangeelaa erga Yesus du'ee waggoota 100 booda jaarraa lammaffaa keessa akka ta'e kan dubbatan jiru. Inni kun sababa ta'ee turu illee (isa nuyi jabeessinee ittiin falminu), akkaataa raga bara duriitti, erga ta'umsichi ta'ee booda barreffamoonni waggootta 200 dura ta'an, akka raga amanamoota ta'aniitti ilaalamu.

Darbees, beektonni arki heedduun (kirstaanotaa fi kan kiristaanota hin ta'in) barreffamoonni Phaawloos (jara keessaa tokko tokko) giddu gala jaarra jalqabaa keessa Phaawloosiin barreffamanii turan, Yesus erga du'e waggoottan 40 gad kan ta'anu keessa. Akka ragaalee barreffamoota duriitti, jaarraa jalqabaa keessaa namni Yesus jedhamu Israa'eel keessa jjiraachaa akka ture inni kun raga guddaa cimaadha dha.

Bara 70 keessa warri Roomaa magaalaa Yeruusaaleem akka weeraranii akka diigan jiraattotas Israa'eelota heedduus akka ajjeessan beekun barbaachisaadha.

Guutummaan magaalattii ibiddaan gubatte bade. Ragaaleen Yesus Kiristoos heedduun isaa yoo balleeffameera ta'e egaa dinqifachuun hin qabnu. Yesusiin ijaa isaaniitiin organii kan dhugaa ba'an baay'een jaraa ajjeeffamaniiru ta'a. Dhugaalee kunniin jiraachuu lakkofisa warra Yesusiin ija isaaniitiin organii dhugaa ba'anii tarii daangessaniiru ta'a.

Tajaajilli Yesus akka waanta barbaachisaa hin taaneetti bittaa warra Roomaa golee xinnii keessatti daangeffamee akka ture yaada keessa galfachuudhaan, odeeffannoон dinqisiisaan heedduun galmee seenaa keessaa haqamuu ni danda'a. Jiraachuu Yesusiif ragaalee seena qabeessi caalaa barbaachisaa tan muraasin warra kanatti aananii jiran haammata:

Taktus namni Roomaa jaarraa jalqabaa, namni waa'ee seenaa barreessuu fi qoratu kan baay'ee amanamaa ta'e, nama waanta uumamaan olii ta'e hojjetu "kiristaanna" (Christus irraa isa Laatiiniintti Kiristoos ta'e), bara Xibaariyoos moo'ee turetti Phaanxoos Philaaxoos jalatti rakkina kan

arge eereera. Su'etonus kan jedhamu immoo, Mooticha Hadrianiif barreessaa kan ture, namnio Yesus jedhamee waamaa ture tokko (yookiin Kiristoos) jaarrraa jalqabaa keessaa jiraachaa tureera jechuun barreessera. 2099 (galmeessa 15.44).

Flaviyaas Josefaas qorataa seenaa baakmaa nama Israa'eeliti. Haambaalee isaa keessatti Yaaqoobiin kaa'eera, "Obboleessa Yesus, isa Kiristoos jedhamee ture." Waraabbiin morkii kaasu tokko jira (18:3) innis kan jedhu, "Amma waa'ee yeroo kanaa Yesus, namni ogeessi, nama jedhanii waamuun yoo seera qabeessa ta'eef. Inni hojiin jajjabaan dinqisiisaan akka uumamu taasiisee ture... inni Kiristoos ture... guyyaa sadafaatti jiraataa ta'e lammee jaratti mul'ate akkuma raajonni kan Waaqayyoo kanaa fi waa'ee isaa waantota dinqisiisaan kuma kudhan dursanii dubbatanii turan." Hiikini tokko akkasitti dubbfama, "Yeroo kanatti namni ogeessi tokko kan Yesus jedhamu ture. Amalli isaa gaarii ture [innn] ba'eessa akka ta'etti beekama ture. Yihudoota keessaa fi saboota kan biraan keessaa namoonni heedduun duuka buutuu isaa ta'anii turan.

Philaaxoon akka fannifamuu akka du'u isaratti faradee. Garuu duuka buutuu isaa ta'anii kan turan duuka buutuu isaa ta'uu jaraa hin ganne. Erga fannifamee guyyaa sadii booddee akka isaanitti mul'ate gabaasaniiru, innis akka jiraataa ture; sababa kanaatiif tarii inni Masihicha ture, raajonni isa dinqii dubbatanii."

Julius Afrikanus nama seenaa barreessaa ta'e Thallusiin eereera mare dukkana fannifamuu Kiristos booddee ture irratti (Barreeffa amma iyyuu jiru, 18).

Pliny inni angafni, Xalaya 10:96 keessatti, shaakala waaqeffanna kiristaanota jalqabaa galmeesseera.

Kiristaanoni Yesusiin akka Waaqayyootti waaqeffachuu isaanii dabalatee baay'ee naamusa qabu akka turan, irbaata jaalaatiif irbaata gooftaas keessatti dabaleera.

Barreeffamin warra Baabloonotaas (mana maree 42a) gaafa jelabultii ayyaana faasikaatti fannifamuu Yesusii fi falfala shaakaluu jadhamee akkasuma Yihudonni amantii isaanii akka gananuuf jajjabeessuu isaatiin himatamuu isaa ni mirkaneessa.

Luukiyan kan Samosata barreessaa Giriikii kan jaarrraa lammaffaa keessa ture Yesus kiristaanotaan akka waaqeffatame, barsiisa haaraa akka beeksise, fi jaraafis fannifame akka turekan fudhatu. Barsiisi Yesus obolummaa amantootaa, barbaachisummaa geeddaramuu, fi barbaachisummaa waaqoat gara biraan ganuu ni haammata jedheera. Kiristaanoni akkaataa seera Yesusitti jiraataniiru, ofii isaaniis akka hinduunetti amananiiru, du'a tuffachuus amaleeffataniiru, ofii isaanii kennuuf fedhaqaboota, qabeenyaa lafa kanaa kan ganan.

Maraa Baar-Seraphiyoon Yesus nama ogeessaa fi bayeessa akka tureetti yaadama akka ture, namootaa heedduudhaanis mootii Isaraa'eel ta'uuf akka jedhutti akka ilaalam, Yihodotaan akka ajjeefamee ture, akkaataa barsiisa duuka buutota isaattis akka jiraate ni mirkaneessa.

Achumaanis barreeffamoota warra Gnostikii (beekumsi nama fayyisa jechuun kan amana) hundumaa qabna (Wangeela dhugaa, mul'ata Yohaannis, wangeela Toomaas, barreeffamoota du'a ka'uu irrattii, kanaaf kana kan fakkaatan) sun hundinuu Yesusiin caqasa.

Dhugaadhumatti, wangeela madda kan kiristaanaa kan hin taane irraa gara walitti ijaaruu danda'u geenyeera: Yesus Masiihicha jedhamee waamameera (Joosefas), "falfala" hojjeteera, Israa'eelota gara barsiisa haaraatti geggeesseera, jaraaf gaafa ayyaana faasikaa fannifameera (Barreeffamin warra Baabloonotaa) Yihudaa keessatti (Taakitus), garuu Waaqayyo akka ta'etti dubbateera deebi'uus ni danda'a (Elii'ezar), duuka buutonni isaa kan amanan, akka Waaqayyooniitti isa waaqeffataniiru (Pliiney isa angafa).

Jiraachuu Yesuusiif raga baay'eetu jiru, kan Macaafa Qulqulluu fi kan biyya lafaa keessa.

## 2.5. Du'aa ka'uun Yesus Kiristoos dhugaa dha?

Caaffatini Quqlqulla'oон Yesus Kiristoos dhugumaan akka du'aa ka'e raga goollaba qabu dhiyeessaa. Du'aa kaafamuun Kiristoos Maatewoos 28:1-20; Maarqoos 16:1-20; Luuqaas 24:1-53; fi Yohaannis 20:1-21:25. keessatti galmeeffameera. Darbees du'aa kaafamuun Kiristoos Macaafa Hojii Ergamootaa keessatti mul'ateera (Hojii Ergamootaa 1:1-11). Keeyyatoota kana irraa Yesus Kiristoos akka du'aa kaafame "raga" heedduu ni argatta. Inni jalqaba jijirma dinqii jirenya ergamootaa keessaattiiti. Gartuu namootaa

Tarii akka Yesus jiraachaa ture ragaan inni guddaan jaarraa jalqabaa keessa amantoonni heedduun jiraachuu isaaniiti, ergamoota kudha lamman dabalatee, Yesus Kiristoosiif jirenya jaraa wareegama godhanii kennuu isaaniiti. Namoonni dhugaadha jedhanii waan amananiif lubbuu jaraa dabarssanii kennu, garuu soba ta'uun isaa kan amananiif namni kami iyuu hin du'u.

soddaa keessaa jiraanii, dhokanna keessaa jiranii keessaa gara ciccimoo jajjaboo wangeella biyya lafaatti himuudhaaf dhuga baatuu ta'uutti dhufan. Kiristoos inni du'a ka'e yoo jartti mul'ate malee kan jijiirama dinqisiisa kana jara keessatti uumu waanti kan biraan maali?

Lammaffaan jirreanya ergamaa Phaawloosiiti. Nama waldaa Kiristaanaa diiguu utuu ta'ee jiruu maaltu gara ergamaa waldaa ta'uutti isa jijiire? Inni yeroo karaa Damaasqoo irratti Kiristoos inni du'aa ka'e

itti mul'atee turetti (Hojii Ergamootaa 9:1-6). Ragaan inni nama amansiisu inni sadaffaan boolla duwwaadha. Kiristoos utuu hin kaane ta'e dhagna isaa eessa ture? Ergamoonnii fi namoonni kan bira bakka Yesus itti awwaalamee ture ilaalaniiru. Yeroo jarri deebi'an, dhagni isaa achi hin turre. Ergamoonni akka inni abdii galee ture akka du'aa ka'e dubbataniiru (Matewoos 28:5-7). Arfaffaan, ragaan inni du'aa kaafamuu isaa namoota baay'eetti mul'achuu isaati (Matewoos 28:5, 9, 16-17; Marqoos 16:9; Luqaas 24:13-35; Yohaannis 20:19, 24, 26-29, 21:1-14; Hojii Ergamoota 1:6-8; 1 Qorontoos 15:5-7).

Du'a ka'u Yesusiif ragaan garri biraa ergamonni du'a ka'u Yesusiif ulfina baay'ee guddaa ta'e kenuufii isaanniiti. Keeyyatni ijoon du'a kaafamuu Kiristoos 1 Qorontoos 15. Boqonnaa kana keessatti, ergamaan Phawuloos du'a ka'u Kiristoosittti amanuu fi hubachuudhaaf inni maaliif barbaachisaa akka ta'e ibisa. Dhimmoota kanaa gadiitiif du'aa ka'uun barbaachisaadha: 1) Kiristoos utuu du'aa hin kaafamne ta'e amantoonnis hin jiraatanu (1 Qorontoos 15:12-15). 2) Kiristoos utuu du'aa hin kaafamne ta'e cubbuudhaaf aarsaa taasifaamuun isaa ga'aa miti (1 Qorontoos 15:16-19).

Du'aa kaafamuun Kiristoos duuni Isaa akka cubbuu keenyaaf araarsuutti Waaqayyoon durattti akka fudhatame mirkaneessa. Inni salphaadhumatti du'ee akka du'etti utuu hafeera ta'e aarsaa taasifamuun isaa ga'aa akka hin taane agarsiisa. Sababa kanaatiif, amantoonni cubbuu isaaniitiif dhiifama hin argatanu, erga du'aniis akkuma du'annitti hafu ture (1 Qorontoos 15:16-19). Waanti

akka jirenya bara baraas hin jiraatu ture (Yohaannis 3:16). "Amma garuu Kiristoos warra du'an keessaa kaafameera warra obbaafatan keessaa isatu jalqaba ka'e" (1 Qorontoos 15:20). Xumura irratti, Caaffatin Qulqulluun warri Yesus Kiristoosittti amananakkum isaa jirenya bara baraatiif akka kaaafamanu ifa taasiisa (1 Qorontoos 15:20-23). 1 Qorontoos 15 du'aa kaafamuun Yesus cubbuu irratti moo'icha isaaakkamiin akka mirkaneesse fiakkamiin cubbuu irratti humna qabaannee akka jiraannu itti fufee agarsiisa (1 Qorontoos 15:24-34). Amala dhagna hulfinna qabeessa isa nuyi fudhannu agarsiisa (1 Qorontoos 15:35-49). Sababa du'aa kaafamuun Kiristoos kan isatti amanan hundinuu du'a irratti moo'icha isa xumuraa akka argatan ni agarsiisa (1 Qorontoos 15:50-58).

Du'aa kaafamuun Kiristoos dhugaa ulfina qabeessaaakkamiiti! "Jaal'atamoo obbooloota ko, egaa utuu hin socho'in dhaabbadhaa! Itti dadhabbuun keessan gooftaa biratti akkasumaan akka hin ta'in beektanii, yeroo hundumaa hojii gooftaa caalchisaa hojjedhaa" (1 Qorontoos 15:58). Akkaataa Macaafa Qulqulluutti, du'aa kaafamuun Kiristoos baay'ee sirriitti dhugaadha. Macaafni Qulqulluun du'aa kaafamuun Kiristoos ni galmeessa, namoota 400 olii kan ta'aniin caalaadhaan akka dhugaa ba'ame ni galmeessa, gara dhugaa du'aa kaafamuun Kiristoos irrattis barumsa kirstaanaa isa barbaachisaa hundeessuutti itti fufa.

## 2.5. Yesus ilma Waaqayyooti jechuun maal jechuudha?

Yesuus ilma Waaqayyoo ta'uun isaa akkaataa abbaa fi ilmaa isa kan namaatiin miti. Waaqayyo fuudhee ilma hin godhanne. Waaqayyo Maariyaamii wajjin wal hin aggarre, ilma godhachuuf. Akkaataa Waaqayyo nama ta'ee mul'achuuutiini Yesus ilma Waaqayyootia (Yohaannis 1:1, 14). Yesus karaa Hafuura Qulqulluutiin gadameessa Waaqayyoo keessatti ulfeeffamuu isaatiin ilma Waaqayyooti. Luuqaas 1:35 akkas jedha, "Gabri'eel deebiseefii, "Hafuurri Qulqulluun sirra ni bu'a, humni Aabbaas si golboba kanaaf mucichi si irraa dhalatu kun qulqulluudhaaf ilma Waaqayyoo jedhamee ni waamama."

Geeggeessitoota Yihudootaa duratti yeroo qorame, angafni luba kan Yesuiin gaafate akkas jechuudhaan, "hadaraa Waaqayyo isa jiraataa ati Masihiicha ilma Waaqayyoo yoo taate nutty himi jedheen" (Maatewoos 26:63). 'Atumtuu jette kaa, ' Yesus deebisee ilmi namaa ammaa jalqabee mirga isa aangoo qabeessaa taa'ee duumessoota waaqaa irraa utuu dhufuu arguuf akka jirtan ani isinittan hima jedheen (Maatewoos 26:64)." Angafni lubootaa ariidhaan akka inni Waaqayyon arbsetti deebisaniif (Maatewoos 26:65-66).

Booda, fuula Philaaxoos Pheenxenichaatti, "warri Yihudotaa deebisanii 'nuyi seera tokko qabna inni immoo ilma Waaqayyoo of godheera kanaaf akka seera keenyaa sanatti du'uutu isa irra jira'" jedhan (Yohaannis 19:7). Inni akka ilma Waaqayyotti waa'ee ofii isaa dubbachuun maaliif akka arbsootti fudhatamee du'as itti farachiisee? Gegeessitoota Yihudotaa jecha inni "Ilma Waaqayyo" jedhe sirritti h ubataniiru. Ilma Waaqayyoo ta'uunakkuma Waaqayyoo amala tokkicha qabaachuudha.

Ilmi Waaqayyo kan Waaqayyoti. Ilma Waaqayyoo ofiin jechuunakkuma Waaqayyo amala gosa tokkicha qabaachuun geggeessitoota Yihudaa duratti akka arbsootti fudhatama, Seera Leewotaa 24:15 irra dhaabbachuudhaan duunii Yesuiif akka ta'e mурteesson. Ibrootin 1:3 waraabbii kana karaa baay'ee ifa ta'een ibsa, "Ifni ulfina Waaqayyoo isa irraa ni calaqqisa, Waaqayyoakkuma jirutti isaan ni mul'ata." Fakkeenyi garri biraan Yohaannis 17:12 keessatti argamuu danda'a bakka Yihudaan "ilama badiisaa" jechuudhaan agarsiifame. Yohaannis 6:71 Yihudaan ilma Simoon akka ta'e nutti hima.

Yohaannis 17:12 Yihudaan ilma badiisaati jechuun isaa maal jechuudhaa? Jechi badiisa jedhu balleeffamuu diigamuu dhabamuu jechuudha. Yihudaan jechumaa jechatti kan ta'e ilma badiisaa miti garuu waantonni sun eenyummaa Yihudaa agarsiisu turan.

Yihudaan badiisaaf akka bakka mul'annaat a'e. karaa tokkicha kanaan, Yesus ilma Waaqayyooti. Ilmi Waaqayyoo Waaqayyoodha. Yesus Waaqayyo ofii isaa mul'iiseedha (Yohaannis 1:1, 14).

## 2.6. Durbi da'uun maaliif barbaachise?

Barsiisi durbi da'uun baay'ee barbaachisaadha (Isaayaas 7:14; Maatewoos 1:23; Luuqaas 1:27, 34). Jalqaba, mee caaffanni qulqullaa'oon haalicha akkamiin akka ibsu haa ilaallu. Deebii gaaffii Maariyaamii, "kun akkamitti ta'uun danda'a?" (Luuqaas 1:34), Gabrieel deebiseefii, "Hafuurri Qulqulluun sirra ni bu'a, humni Aabbaas si golboba" (Luuqaas 1:35). Ergamichi Yoseef Maariyamiin fuuchuu akka hin sodaanne jajjabeesse jechoota kanaan:Hafuura Qulqulluudhaan waan ulfoofteef (Maatewoos 1:20). Maatewoos, "Hafuura QULqulluudhaan ulfooftee argamte"(Matthew 1:18) jechuun kaa'a. Darbees Galaatiyaa 4:4 ni barsiisa: "Waaqayyo ilma isaa erge innis yeroo ergame dubartii irraa dhalate."

Keeyyatoota kana irraa, dhalachuun Yesus bu'aa Hafuurri Qulqulluun qaama Maariyaam keessatti hojjechuu isaatiitiif baay'ee ifa. Kana harkaan hin qaqqabatamne (Hafurri) fi kan ijaan argamu (gadameessi

Maariyaam) lachan isaanii itti hirmaataniiru. Maariyaam, dhugaadhumatti, ofii iseetiin hin uulfoofne, akka namaa galutti isheen "qodaa" dha. Hojji dinqisiisaa sagaleen foon uffachuu kan raawwatu Waaqayyoon duwwadha. Haa ta'u malee, walitti dhufeeny Maariyaamii fi Yesusiin ganuun, dhugaadhumatti Yesus nama akka hintaane agarsiisa. Caaffanni qulqullaa'oon Yesus nama guutuu akka ta'e barsiisa,akkuma keenyaa qaama kan qabu. Isa Inni Maariyaam irraa fudhate. Aluma tokkicha, Yesus amala cubbu dhabeeyyii isaatiin kan bara baraa ta'u isaatiinis guutuummaatti Waaqayyodha. (Yohaannis 1:14; 1 Ximootewoos 3:16; Ibroota 2:14-17.)

Yesus cubbuudhaan hin dhalanne; innis, inni amala cubbuu hin qabu (Ibroota 7:26). Inni kun amalli cubbamummaa karaa abbaa dhalootaa gara dhalootaatti akka darbuu fakkaata (Roomaa 5:12, 17, 19). Durbi da'uun amalli cubbuu kun akka akka itti hin dabarre fi Waaqayyo bara baraa akka nama guutuu ta'u eega.

## **2.7. Yesus gaafa guyyaa Jimaataa du'e? yoo akkas ta'e, inni gaafa guyyaa Dilbataa du'aa kaafame ta'e ini akkamiin guyyaa sadii fi halkan sadii boolla keessatti dabarsee?**

Yesus guyyaa kam akka ajjeefame Macaafni Qulqulluun adda baasee hin dubbatu. Ilaalchi lamaan baay'ee geggeefamu Jimaataa fi Roobii dha. Kaan, ta'us, falmii jimaataa fi Roobii walitti fidanii, guyyichi Kamisa akka ta'e agarsiisu.

Yesus Maatewoos 12:40 keessatti, "Akkuma Yoonaas garaa qurxummii isa guddichaa keessa guyyaa sadii fi halkan sadii ture ilmi namaas guyyaa sadii fi halkan sadii garaa lafaa keessa turuuf jira" jedhe. Fannifamuun Jimaata akka ta'e kan falman karaan inni guyyaa sadii fi halkan sadii boolla keesa ture sirriidha jedhu. Akkaataa Yihudootaatti jaarraa jalqabaatti, walakkaan guyyaa akka guyyaa guutuutti fudhatama. Yesus walakkaa guyyaa Jimaataatiif boollaa keessa erga ture, Sanbata duraa guutuu fi walakkaa Dilbataa- inni guyyaa sadiif guutuuf akka boolla keessa ture ni ilaalamu. Jimaataaf falmii inni angafni guddaan Maarqoos 15:42 keessatti argama, Yesus "guyyaa Sanbata dura" akka ajjeefamee ture kan kaa'u. Inni Sanbata isa torbanii turee, fakkeenyaa, Sanbata duraa, dhugaan isaa gara Jimaatin guyyaa fannifamuu isaa akka ta'etti nama geessa.

Falmiin garri biraan kan Jimaataa kan jedhu waraabbileen kan akka Maatewoos 16:21 fi Luuqaas 9:22 Yesuus gaafa guyyaa sadaffaatti akka du'aa ka'u barsiisu; sababa kanaatiif, guyyaa sadii fi halkan sadii guutuu boolla keessa turuun isa hin barbaachisu jedhu. Garuu, hiikoon tokko tokko waraaabbi kanaaf "gaafa guyyaa sadaffaa" kan jedhutti gargaaramu hunduu isa kana hin

godhan, tokkoon tokkoon jaraa hiika inni "gaafa guyyaa sadaffaa" jedhuu waraabbi kana hiikuudhaaf karaa sirrii akka ta'e walii hin galanu. Sana irra dabalee, Maarqoos 8:31 Yesus guyyaa sadii "boodda" akka du'aa ka'u dubbata.

Falmiin Kamisaa ilaalcha Jimaataa irratti babl'ata keessattuu ta'umsi heedduun akka jiranis falma (kaan akka digdamaa ta'an) awwaalamuu Kiristoos fi Dilbata ganama gidduutti kan ta'an Jimaata galgalaa kaasee hanga Dilbata ganamaatti kan ta'an. Ilaalcha Kamisaa kan deeggaranu keessattuu akka rakkinaatti kan kaasanu yeroo guyyaan inni guutuun Jimaataa fi Dilbata gidduu Sanbatduraa qofa ta'edha, innia Sanbata Yihudotaa. Guyyaan dabalataa yookiin rakkinicha xiqqeessuudhaaf. Kamisa kan deeggaranu kana dababeeffachuu danda'u: Wixata ganamaa kaastee michuu kee akka hin arginetti yaadi. Yeroo isa ittaanutti Kamisa ganama argite akkas jetteenis, "goyyoottan sadiidhaaf si hin agarre" ta'us inni sa'a 60 qofa (guyyota 2.5). Yesus gaafa Kamisaa ajjeefameera taanaan fakkeenyi kun akkamiin akka guyyoota sadii ta'uu danda'u agarsiisa.

Roobiidha yaada jedhu kan qaban immoo gaafa torbee sanaa Sanbata lamatu turan jedhu. Isa duraa booda (tokko isa gaafa ajjeefamuu isaa galgalaa ta'e [Maarqoos 15:42; Luuqaas 23:52-54]), dubartoonnni urgooftuu sana bittuun jaraa bittaa isaanii kan geggeessan Sanbata booda ta'uu isaa agarsiisa (Maarqoos 16:1). Ilaalchi guyyaa Roobii "Sanbanni" kun ayyaana Faasikaa

akka ta'etti waliigala (Seera Lewootaa 16:29-31, 23:24-32, 39 ilaali bakka ayyaanni qulqullaa'oon warri gurguddaan dirqama sanbata isa torbee torbeedhaan dhufu ta'u hin qabne). Sanbannni inni ittaanu kan torbee sanaa Sanbaata isa torbeed huma sanaa ture. Luuqaas 23:56 ilaali, dubartoonni warri urgooftuu sana bittanii turan Sanbata isa duraa booda deebi'anii urgooftuu sana qopheessaniiru, sana booda "gaafa Sanbataa boqottanii" (Luuqaas 23:56).

Falmichi kun jarri Sanbata booddee urgooftuu bitachuu akka hin dandeenye dubbata, urgoofticha illee Sanbatinni utuu hin ga'in dura qopheessu-Sanbanni lama jiraachuu yoo dhabaatan. Ilaalcha Sanbata lamaatiin, Kiristoos gaafa guyyaa Kamisaa fannifame, achumaan Sanbatini inni guddichi (ayyaana Faasikaa) Kamisa yeroo aduun lixxu kaasee Jimaata yeroo aduun lixxutti xumuramuu qaba-jalqaba Sanbata isa kan torbee yookiin Sanbat-duraa. Sanbata isa jalqabaatti (ayyaana Faasikaa) dura urgooftuu bituun jarri boqonnaa Sanbataa giddutti gaafa Sanbat-duraa bitan jechuun ni danda'ama.

Sababa kanaatiif, akkaataa ilaalcha warra guyyaa Roobiitti, ibsi inni tokkichi kan galmei Macaafa Qulqulluu kan urgooftutii fi dubartootaatiin hin mormu hubannaajechumaa jechatti ta'e Mateewoos 12:40 wajjinis walii gala, Kiristoos gaafa guyyaa Roobii akka ajjeefamee ture. Sabanni inni ayyaana inni guddaan (Faasikaan) gaafa Kamisaa ta'e ture, dubartoonni orgoofstuun sana (sana booddee) gaafa guyyaa Jimaataa bitan guyyaadhuma sana deebi'anii urgooftuu sana qopheessan, gaafa Sanbat-

duraa boqotan, isa Sanbata kan torbanii ta'etti, achumaan urgooftuu sana Dilbata ganama gara awwaalaa fudhatanii dhufan. Jesus gaafa Roobii yeroo aduun lixxuuf jettutti awwaalamee ture, akkaataa gabatee yeroo kan Yihudotaatti Kamisatti kan lakkaa'amutti. Gabatee yeroo yookiin kalaanderii Yihudotaatti gargaaramuudhaan Kamisa galgala qabda (galgala tokko), Kamisa guyyaa (guyyaa tokko), Jimaata galgala (galgala lama), Jimaata guyyaa (guyyaa lama), Sanbat-duraa galgala (galgala sadii), Sanbat-duraa guyyaa (guyyaa sadii). Yeroo inni itti ka'e yeroo isaa sirriitti hin beeknu, garuu Dilbata utuu hin bar'in dura akka ta'e ni beekna (Yohaannis 20:1, Maariyaam Magdalittiin "utuu dukkanaa'ee jiruu" dhufte), kanaaf Inni bariiakkuma lixa aduu booda Sanbat-duraa galgala ka'uu danda'a, isa torban Yihudootaatiif guyyaa isa duraa eegalutti.

Ilaalcha guyyaa Roobii irratti rakkina ta'uun kan danda'u duukabuutonni karaa Emaa'us irra Yesuusii wajjin deemaa turan du'aa kaafamuu isaatii wajjin "guyyaadhuma tokkicha" ture (Luuqaas 24:13). Duukabuutonni, kan Yesuusiin hin hubanne, waa'ee ajjeefamuu Yesu itti himan (24:31) "kun erga ta'es har'i guyyaa sadaffaa isaati" jedhaniin (24:22). Roobii kaasee hanga Dilbataatti guyyoota afuri. Ibsi ta'uudhaaf qabu jarri tarii Roobii galgalaa kaasee lakkaa'aniiti ta'a awwaalamuu Kiristoosi kaasanii, isa Kamisa Yihudootaa jalqabu, kanaaf Kamisaa jalqabee hanga Dilbataatti akka guyyoota saditti lakkaa'amuu danda'a.

Buu'uura waantota kanaatti, torban sana keessaa gaafa guyyaa kamii akka du'e ture

beekuun amma kana barbaachisaa miti. Inni waanta baay'e barbaachisaa utuu ta'eera ta'e, ittaansuun sagaleen Waaqayyoo ifatti guyyicha nuuf kenna ture. Kan barbaachisaa ta'u inni du'eera dhagna isaatiinis warra du'an keessaa kaafameera kan barbaachisaa ta'e sababaa inni du'e dha-adabbii

cubbamoonni hundi isaanii ta'uf fudhachuudhaaf. Yohaannis 3:16 fi 3:36 lamaanuu isatti amanuun jirenyaa bara baraa akka namaa argamsiisuu labsu! Inni yoo Roobii, Kamisa, yookiin Jimata du'eera ta'es kun waluma qixxee sirriidha.

## 2.8. Yesus du'a isaa fi du'aa kaafamuu isaa gidduutti gara si'ol dhaqeera?

Gaaffii kana ilaachisee waanti waliin dha'aamaa guddaa isaatu jira. yaadin ikun jalqabaa beeksifannaam amantii isa kan Ergamootaa irraa dhufe, "Inni gara si'olitti gad bu'e." Darbees caaffatoonni muraasini jiru, akkaataa jarri hiikaman irratti hundaa'ee, Yesus gara si'ool akka dhaqe kan agarsiisu. Dhimma kana qo'achuu keessatti, jalqaba waa'ee du'aa Macaafni Qulqulluun maal akka barsiuu hubachuun barbaachisaadha. Caaffattoota Ibrootaatiin, jechi bakki warra du'anii agarsiisuuf itt gargaaramu Sheol dha. Inni salphaadhumatti "bakka warra du'anii" agarsiisa yookiin "bakka lubbuu/hafuura adda ba'eeti." Jechii Girikii kan Kakuu Haaraa keessatti si'oolii fi itta gargaarame "qileedha" isa darbees "bakka warra du'anii" ilaallattu. Caaffatoonni Kakuu Haaraa tokko tokko immoo si'ol/qileen bakka yeroo gabaabaadhaaf ta'e bakka lubbuuwwan du'aa kaafamuu fi firdii isa xumuraa argachuudhaaf itti eegamnii jiran akka ta'etti agarsisu. Mul'atin Yohaannis 20:11-15 garaa garummaa jara lamaan gidduu jiru ifa taasisa. Si'ol (kuufama ibiddaa) warra hin fayyineef bakka firdii iddo dhaabbataadhaaf kan xumuraati. Qileen bakka yeroodhaaf ta'edha. Kanaaf, Yesus gara Si'ol hin deemne sababni isa Si'ol bakka isa fuula duraati kan hojii irraa kan

oolchifamu firdii teessoo isa adichaa booddeedha (Mul'ata Yohaannis 20:11-15).

Si'ol/qileen bakka lamatti waan qoodameedha. (Maatewoos 11:23, 16:18; Luuqaas 10:15, 16:23; Hojii Ergamootaa 2:27-31), bakka fayyanii fi warri hin fayyinee. Bakki jirenyaa warra fayyannii "Jannata" jedhama yookiin "bobaa Abraahaam." Bakki jirenyaa warra fayyanii fi hin fayyinee bowwaa guddaadhaan garaa gara qoodamee jira (Luuqaas 16:26). Yesus yeroo gara waaqaatti ol ba'e, Jannata keessa kan jiran (amantoota) ofii isaa fudhateera (Efesoon 4:8-10). Si'ol/qileen garri tokko kan warra hin fayyineeakkuma jirutti hafeera. Warri hin fayyine kan du'anu firdii isaanii isa xumuraa eeggachuudhaaf gar asana deemu. Yesus gara Si'ol/qilee deemeera? Eeyyee, akkaataa Efesoon 4:8-10 fi 1 Pheexroos 3:18-20.

Waantonni bita namatti galan tokko tokko keeyattoota akka Faarsaa 16:10-11 irra ka'u akka hiika Igiliffaan King James itti hike, "Lubbuu koo Si'ooliif hin dhiiftu'oo tolaa kees badiisa haa arguuf hin kennitu'oo...ati karaa jireenyatti nama geessu na barsiifta." "Si'ol" waraabbichaaf hiika sirrii niti. Kan sirri ta'uu qabu,

“boolla” yookiin “sheol” ture. Yesus isa cina isa ture hattichaan, “har’ a galgala anaa wajjin jannata keessa taata” (Luuqaas 23:43). Dhagni Yesus boolla keessa ture; lubbuu isaatii gara jannataa yookii qilee/si’ol gara tokko dhaqe. Achumaan inni amantoota hundumaa kan achi turan gara ofii isatii gara waaqaatti ol fudhate. Kan nama gaddisiisu, hiika Macaafa Qulqulluu heedduu keessatti kan hiikaa turan, akkaataan jarri jechoota “si’ol,” “qilee” fi “sheol” afaan Ibrootaa fi Giriikii hiikaan sirrii hin turre. Kaan Kiristoos cubbuu keenyaaf adabamuudhaaf gara bakka rakkinaa si’ol/qilee akka deemee ture kan yaadan jiru. Yaadni kun guutummaa guutuutti Macaafa Qulqulluu irraa miti. Fayyina keenyaaf duuti Yesus fanno irraati fi bakka keenya rakkinni inni arge ga’adha. Dhiqamuu cubbuu keenya dhiiga isaa inni fanno irraati dhangala’e ni argamsiisa(1 Yohaannis 1:7-9). Akkuma inni fanno irraati fannifameen, inni ba’aa cubbuu nama hundumaa ofii isaa irraati fudhate. Nuuf jedhee cubbuu ta’e: “Isa cubbuu tokko illee hin qabne nuyi karaa isaa qajeelina

Waaqayyoo akka arganutti nuuf jedhee cubbamaa isa godheera” (2 Qorontoos 5:21). Adabbiin cubbuu kun wallaansoo Kiristoos iddo dhaaba wayinii Geeteshimaanii keessattii xoofoo cubbuu wajjin fanno irraati isa irraati dhangala’dhaaf jiru akka hubannu nu gargaara.

Kiristoos fanno irraati “Oh, Yaa Abbaa maaliif na dhifte?” (Matewoos 27:46), jedhee iyye, inni yeroo Abbaa isatii gar gar ba’ee ture sababa cubbuun isa irraati dhangala’e ture irraa kan ka’e. Akkuma hafuura isaa kenneen, inni “yaa Abbaa koo hafuura koo harka keettan kennadha” (Luuqaas 23:46) jedhe. Rakkinni isaa bakka keenya raawwatamee ture. Hafuurri/lubbuun isaa gara kutaa qilee isa jannataa dhaqte. Yesus gara qilee hin dhaqne. Rakkinni Yesus yeroo inni du’e raawwatame. Gatiin cubbuu kaffalamee ture. Inni sana booddee dhagni isaa du’aa kaafamuu fi gara ulfina isatii ol-deebi’uu eggaa ture. Yesus gara si’ol deemeera? Lakkii. Yesus gara qilee/Sheol deemeera? Eeyyee.

## 2.9. Yesus guyyoota sadiidhaaf eessa ture du’a isaa fi du’aa ka’uu isaa gidduu?

1 Pheexroos 3:18-19 akkas jedha, “Kiristoos immoo gara Waaqayyotti isin fiduudhaaf jedhee, yeroo hundumaaf akka ta’utti al tokkicha cubbuu namoota baay’eetiif dhiphateera; inni qajeelaan foon uffatee, qooda warra jal’ootaa ajjeefamee, hafuuraan jiraachifameera. Hafuura sanaanis dhaqee hafuurota warra mana hidhaa keessa jiranitti lallabe.” Gaaleen “hafuura sanaanis” jedhu inni lakkoofsa 18 irraa gaalee isa “fooniin” jedhuu wajjin akkaataa walfakkaatuun

ijaarame. Kanaaf foonii fi hafuurri foonii fi hafuura Kiristoos. Jechi “hafuuraan

jiraachifameera” kan jedhu dhugaa isa Kiristoos cubbuu baachuu fi du’uudhaaf hafuura namuummaa isatiin Abbaa irraa gargar ba’uu isaa agarsiisa (Maatewoos 27:46). Garaagarummaan foonii fi hafuura gidduudha, akkaataa Maatewoos 27:46 fi Roomaa 1:3-4, foon Kiristoosii fi Hafuura Qulqulluu gidduu miti. Yeroo araarsuun Kiristoos cubbuudhaafii raawwatame,



hafuurri isaa gara isa duraan cabee tureetti deebi'ee haareffame.

1 Pheexroos 3:18-22 dhiphina Kiristoos (lakkoofsa 18) fi hulfina isaa (lakkoofsa 22) gidduu kan jiru walitti dhufeenyä barbaachisummaa isaa dubbata. Ta'umsa lamaan kana gidduutti waan ta'e odeeaffannoo adda ta'e kana Pheexroos duwwaatu kenna. Jechi "lallabe" jedhu inni lakkoofsa 19 keessaa kakuu haaraa keessatti wangeela lallabuu ibsuudhaaf jecha beekamaa miti. Jechaa jechatti yeroo ibsamu dhaamsa dabarsuu jechuudha. Yesus fannoo irratti gidiraa argee du'eera, dhagni isaa akka du'u ta'e, yeroo inni cubbuu ta'ee tures hafuurri isaa ni du'e. Garuu hafuurri isaa deebi'ee jiraate Abbaadhaafis isaa dhiyeesse. Akka Pheexroos jedhutti, alii alii du'a isaa fi du'aa ka'uu isaa giddutti labisii adda ta'ee hafuurota warra mana hidhaa keessa jiranitti taasiseera.

Wajjin ta'uudhaaf, Pheexroos akka "lubbuutti" agarsiisa akka "hafuuraatti" osoo hin taane (3:20). Kakuu Haaraa keessatti, jechi "Hafuura" jedhu ergamoota yookiin hafuura seexanaa agarsiisuudhaaf hojii irra oola, sanyii dhala namaaf miti, lakkoofsi 22 hiika kana kan qabatee jiru fakkaata. Dabalataanis, Macaafa Qulqulluu keessatti bakka kamiinittuu Yesuus Si'ooliin akka doo'ate kan nutty himu hin jiru. Hojii Ergamootaa 2:31 gara "boollaa" deemee jedha (Macaafa Qulqulluu isa sadarkaa Ameeriikaa Haaraa), garuu "boolli" si'ool miti. Jechi "boolla" jedhu kan du'an agarsiisa, bakka jarri yeroof turanii du'aa ka'uu eeggatan. Mul'ata Yohaannis 20:11-15 Macaafa Qulqulluu isa sadarkaa Ameeriikaa Haaraa keessatti yookiin Hiikaa

Ammayya isaa haaraa keessatti garaa garummaa lamaan isaanii gidduu jiru ifatti kaa'aa. Si'ool warra badaniif bakka firdii isaa dhaabbataa fi isaa xumuraati. Boolli bakka yeroo gabaabaadha.

Gooftaan keenya hafuura isaa Abaadhaaf dhiyeesse, ni du'e, yeroodhuma tokkotti du'aa fi fu'aa kaafamuu isaa gidduutti, bakka du'aa warra du'anii doo'ate hafuurotaaf ergaa labsuudhaaf (tarii ergamoota kufan; Yihuuda 6 ilaali) jarreen gama ta'een tibbba bidhaan badiisaa bara Nohii wajjin walitti dhufan. Lakkoofsi 20 isaa kana ifa taasisa. Pheexroos hafuurota mana hidhaa keessa jiran kanaaf maal akka labse nutty hin himu, garuu garuu ergaa fayyinaa ta'uu hin danda'u ergamoonni fayyuu waan hin dandeenyeedhaaf (Ibroota 2:16). Tarii Seexana fi ergamoota isaa irratti labsii moo'icha argachuu labsuu isaa ta'uu danda'a (1 Pheexroos 3:22; Qolaasaayiis 2:15). Epheesoon 4:8-10 Kiristoos gara Jannataa deemuu isaa kan dubbatu fakkaata (Luuqaas 16:20; 23:43) du'asa isaan dura warra isatti amanaanii turan gara Samiitti akka fudhate waan dubbatu fakkaata. Keeyyatini kun waanta ta'ee turee tokkoon tokkoon isaa bali'inaan hin kenu, beektoonni hafuuraa heedduun inni "warra hidhamanii turan gadhiisuu isaa" ni amanu. Kanaaf Macaafni Qulqulluun Kiristoos du'a isaa fi du'aa ka'uu isaa gidduutti waanta inni hoijette bal'inaan ifatti hin kaa'u. Ta'us, warra hin amanneedhaaf/ergamoota kufan irratti mo'icha labsaa turuu isaa hin fakkaatu. Amma kan nuyi sirriitti beeknu Yesus namootni akka fayyanidhaaf carraa lammataa akka hin kennineedha. Macaafni Qulqulluun du'a booda firdiin akka jiru nutty hima (Ibroota 9:27), carraan

lammaffaa hin jiraatu. Dhugumaan Yesus du'aa fi du'aa ka'uu isaa gidduutti maal hoijechaa akka ture kan qulqulinatti ibsamuu danda'u deebiin hin jiru. Tarii inni kun

iccittiwwan yeroo gara ulfinaa dhaqnu hubachuu dandeenyuu keessaa isa tokko.

## Waa'ee Hafuura Qulqulluu

### 3.1. Hafuurri Qulqulluun eenyu dha?

Waa'ee eenyummaa Hafuura Qulqulluu yaada dogoggoraa heedduutu jiru. Kaan Hafuurri Qulqulluun humna hafuuraa akka ta'etti yaadu. Kaan immo Hafuurri Qulqulluun Waaqayyo warra Kiristoosiin hordofaniif kan kennu humna dhuunfaa akka ta'etti hubatu. Macaafni Qulqulluun waa'ee eenyummaa Hafuura Qulqulluu maal jedhaa? Salphaatti, Macaafni Qulqulluun Hafuura Qulqulluun Waaqayyo dha jedhee labsa. Macaafni Qulqulluun Hafuurri Qulqulluun eenyummaa waaqayyuma akka qabu, sammuu mataa isaa kan qabu, miiraa fi fedha ofii isaa kan qabu akka ta'etti nutti hima. Dhugaan Hafuurri Qulqulluun Waaqayyo ta'uu isaa caaffata qulqulla'oobaa'yee keessatti ifatti mul'ateera, Hojii Ergamootaa 5:3-4 dabalatee. Anaaniyaasiin yeroo inni Hafuura Qulqulluu maaliif akka sobe isatti himame "ati namoota sobde miti garuu Waaqayyoon sobde malee" ittiin jedhame. Hafuura Qulqulluu irratti sobuun Waaqayyo irratti sobuu ta'uu isaatiif hima ifa ta'edha.

Dabalataanis Hafuurri Qulqulluun Waaqayyoon akka ta'e beekuu daandeenya sababni isaa inni amala Waaqayyoo qaba. Fakkeenyaaf, inni bakka hundumaatti argamuun isaa Faarsaa 139:7-8, irratti mul'ateera, "Hafuura kee duraa eessan dhaqa? Fuula kee duraas eessattan baqadha? Bantii waqaatti yoon ol ba'e ati achi jirta! Iddoo lafa jalaa keessa yoon ciises ati achittis immo ni argamta" Achumaan 1 Qorontoos 2:10-11 keessatti, amala hunda beekuu isaa ilaalla "Waaqayyo garuu Hafuura Qulqulluudhaan isa kana nutti mul'ise; Hafuurri Qulqulluun waan hundumaa, yaada Waaqayyo isa gad fagoo iyyuu qoree bira ni ga'a. waan yaada namaa keessa jiru, hafuuruma namicha keessa jirutu beeka malee namni biraan beekuu hin danda'u akkasuma Hafuura Waaqayyoo malee eenu illee yaada Waaqayyoo hin hubatu." Hafuurri Qulqulluun dhugumaan eenyummaa Waaqayyummaa akka qabu beekuu dandeenya sababni isaa inni sammuu qaba, miiraa fi fedha. Hafuurri Qulqulluun ni yaada ni beekas, (1 Qorontoos 2:10). Hafuurri Qulqulluun ni gadda (Efeesoon 4:30).

Hafuurri nuuf kadhata (Roomaa 8:26-27). Akka fedhii isaatti murtoo taasisa (1 Qorontoos 12:7-11). Hafuurri Qulqulluun Waaqayyodha, Sadan Waaqayyoo tokkicha keessa isa sadaffaa. Akka Waaqayyotti,

Hafuurri Qulqulluun akka jajjabeessaa fi akka gorsaatti hojjechuu akka danda'utti Yesuus waadaa galeera (Yohaannnis 14:16, 26, 15:26).

### 3.2. Yoom/ Akkamiin Hafuura Qulqulluu fudhanna?

Ergamaan Phaawloos bataluma Yesus Kirstosiin akka fayyisa keenyatti fudhannetti Hafuura Qulqulluu akka fudhannu ifa godhee barsiisa. Tokkoffaan Qorontoos 12:13, "Nuyi Yihudoonni, warri Yihudoota hin ta'inis, warri garbummaa jala jiran warri birmaduunis hundumti keenya dhagna tokko ta'uudhaaf hafuura tokkoon cuuphamneerra", nuyi hundumti keenya akka dhugnuufis hafuurri qulqulluun inni tokkichi nuuf kennemeera" jechuudhaan dubbata. Romaa 8:9 namni Hafuura Qulqulluu hin qabne, inni yookiin isheen kan Kiristos akka hin taane nutti hima. "Hafuurri Waaqayyoo yoo dhuguma isin keesssa jiraate isin akka fedha hafuuraatti malee akka fedha fooniitti hin jiraattan; namni hafuura Kirstos of keessaa hin qabne kan Kirstos miti." Efesos 1:13-14 Hafurri Qulqulluun jarreen amanan hundumaaf qabdii fayyinaa akka ta'e nu barsiisa. "Isin immoo erga dhugaa wangeela fayyina keessanii karaa isaa dhageessan; isin warri dhageessanii itti amantan Hafuura Qulqulluu isaa abdachiifameen mal'atteefamtaniittu. Hafuurri qulqulluun immoo warri kan Waaqayyoo ta'an galata ulfina isaatiif yeroo furamanitti waanta nuyi argachuuf jirruuf qabdii keenya."

Keyyattooni sadan kunniin Hafuurri qulqulluun battaluma fayyinaatti akka fudhatamu ifa taasiisu. Utuu amantoonni Qorontoos hafuura tokko qabaachuudhaabatanii Phaawloos nuyi hundumti keenya hafuura tokkoon cuubamneera Hafuura tokkos dhugneerra jechuu hin danda'u ture. Roomaan 8:9 illee baay'ee jabaassee dubbata, yoo namni tokko hafuura Kirstos hin qabaane kan isaa akka hin taane. Sababa kanaatiif, hafuura qabaachuun fayyina qabaachuudhaan kan ittiin adda baafamee beekamuudha. Darbees, Hafuurri qulqulluun "qabdii fayyinaa ta'u" hin danda'u (Efesos 1:13-14) yoo battala fayyinaatti fudhachuun hin danda'amne. Caaffattooni qulqulluun heedduun batala Yesus Kiristos akka fayyisa keenyatti fudhannetti fayyinni keenya akka waabdii qabu baay'isanii ifa taasisu.

Marichi kan wanfalmisiisuudha sababni isaa tajaajilli Hafuura qulqulluu yeroo heedduu kan namaan hin galleedha. Fudhachuun/Hafuurri nama keessa seenuun isaa battala fayyinaatti ta'a. Hafuuraan guutamuun jirenya kiristaanaa keessatti adeemsa itti fufiinsa qabuudha. Isa sana

qabannee akkuma jirruuti Hafuuraan cuuphamuuun battaluma fayyinaatti ta'a, kiristaanoni tokko tokko garuu miti. Inni kuni yeroo tokko tokko hafuuraan cuphamuuun "hafuura fudhachuu" wajjin gochaa fayyinatti aanee ta'u ta'uun isaa akka namaa hingalle taasisa.

Xumura irratti, Hafuura qulqulluu akkamiin fudhanna? Yesus Kiristos akka fayyisaa keenyaatti fudhachuudhaann Hafuura Qulqulluu fudhanna (Yohaannis 3:5-16). Hafuura Qulqulluu yoom fudhanna? Hafuurri Qulqulluun yeroo nuyi amannee kaasee yeroo hundumaa kan nu keessa jiraatu ta'a.

### 3.3. Cuuphaan Hafuura Qulqulluu maalidha?

Cuuphaan Hafuurra Qulqulluu hojii Hafuurri Waaqayyoo yeroo fayyinaatti amanataa gara dhagna Kiristoos keessatti tokkummaa Kiristoosii wajjinii fi amantoota gara biraa wajjin gara qabaachuutti dabaluudhaaf hojjettamutti tarii hiikamuu danda'a.

Tokkoffaan Qorontoos 12:12-13 cuuphaa Hafuura Qulqulluu ilaachisee Macaafa Qulqulluu keessatti iddo giddu galeessa: "Nuyi Yihudoonni, warri Yihudoota hin ta'inis, warri garbummaa jala jiran warri birmaduunis hundumti keenya dhagna tokko ta'uudhaaf hafuura tokkoon cuuphamneerra, nuyi hundumti keenya akka dhugnuufis hafuurri qulqulluun inni tokkichi nuuf kennameera" (1 Qorontoos 12:13). Ta'us Romaan 6:1-4 Hafuura Waaqayyo adatti hin caqasu, bakka amantootin fuula Waaqayyoo duratti qabaatan karaa keeyyata 1 Qorontoosii wajjin walfakkaatuun agarsiisa: "Egaa ayyaanni Waaqayyoo akka baay'atuuf cubbuutti jiraachuu itti fufnaaree? Kun matumaa hin ta'u! Nuyi warri cubbuu jalaa duune, si'achi attamitti cubbuu jala jiraannaree? Yookiis nuyi warri Kiristoos Yesusitti dabalamuudhaaf cuuphamne du'a isaattis isatti dabalamuudhaaf akka

cuuphamne ni wallaaltaniiree? Nuyi cuuphamuudhaan dau'a isaatiin isatti dablamnee isaa wajjin awwaalamneerra; Kiristoos humna abbaa isa hulfin-qabeessaan warra du'an keessaa akkuma kaafame, nus immoo jirenya haaraatti ni jiraanna."

Dhugaaleen kanatti aananii jiran cuuphaa Hafuuraatiif hubanna keenya cimsuudhaaf barbaachisoodha: Tokkoffaa, 1 Qorontoos 12:13 , hunduu cuuphamanii akka turan ifatti ibsa, akkuma hunduu dhuguudhaaf hafuurri kennmeef (Hafuurri keessa namaa jirachuu). Lammaffaa, Caaffata qulqulaa'oo keessatti bakka kamiiinttuu amantoonni akka ittiin cuuphaman itti hin imamne, keessatti yookiin Hafuuraan, yookiin karaa kamiinutiin akka cuuphaa Hafuura Qulqulluu barbaadan. Inni kun amantoonni hundinuu shaakala kana qabu akka turan agarsiisa. Sadaffaa, Efeson 4:5 waan cuuphaa Hafuura Qulqulluu ilaallatu fakkaata. Inni kun sababa taanaan, cuuphaan Hafuuraa amantaa hundumaaf dhugumature, akkuma "amantii tokko" fi "abbaa tokkoo" faa.

Xumura irratti, cuuphaan Hafuura Qulqulluu waanta lama hojjeta, 1) dhagna Kirstoosiitti nu dabala 2) isaa wajjin du'uu keenya dhugoomsa. Dhagna isaa keessa ta'uu jechuun nuyi gara jirenya haaraatti isaa wajjin kaafamneera jechuudha (Roomaa 6:4). Achumaan nuyi dhagni sun sirriitti akka hojjetuuf kennawwan hafuuraa keenya shaakaluu qabna akka qabiyyee 1 Qorontoos 12:13 keessatti dubbatametti.

Cuuphaa hafuura tokkichaa shaakaluun keenya tokkummaa waldaa akka eegnu nu gargaara akkaata qabiyyee Efeson 4:5 keessa jirutti. karaa cuuphaa Hafuuraatiin Kiristoosii wajjiin du'a isaa, awwalamuu isaa fi du'aa ka'uu isaa isaa wajjin walii galuun keenya humna cubbuu nu keessa jiraatu irraa adda baafamuu keenyaaf fi jirenya haaraadhaan deddeebi'uu keenyaaf bu'uura kaa'a (Roomaa 6:1-10; Qolaasayis 2:12).

### 3.4. An akkamiinan Hafuura Qulqulluudhaan guutama?

Hafuura Qulqulluudhaan guutamuu hubachuudhaaf waraabbiin barbaachisaan Yohaannis 14:16, bakka Yesus amanoota keessa Hafuurri Qulqulluun keessa jiraatu fi keessa isaanii jiraachuun sunis dhaabbataa akka ta'e abdii kennee. Hafuura Qulqulluudhaan guutamuu fi Hafuurri Qulqulluun nama keessa ta'uu adda baasuun barbaachisaadha. Hafuuri Qulqulluun dhaabbataan nama keessa jiraachuun amantoota muraasaaf miti, garuu amantoota hundumaaf. Goollabbii kana kan deeggaranu eertuuwwan heedduutu caaffata qulqullaao keessa jiru. Jalqaba irratti Hafuurri qulqulluun daangaa malee kennaa amantoota hundumaaf kennamedha kennaa kanaaf Kiristostti amanuu malee haaldureen umtuu hin jiru (Yohaannis 7:37-39). Lammata, Hafuurri Qulqulluun battala fayyinaa kenname (Efesoos 1:13). Galaatiyaa 3:2, Hafuurri nama keessa jiraachuunii fi qabdii fudhachuun yeroodhuma fayyinaatti akka raawwatame dubbachuudhaan dhugaa kana irratti xiyyeffata. Sadaffaa, Hafuurri Qulqulluun amanataa tokko keessa yeroo

dhaabbataadhaaf jiraata. Hafuurri Qulqulluun amantootaaf akka qabdiitti, yookiin kiristositti ulfina isaanii isa fuulduraa mirkaneessuudhaaf kennameera (2 Qorontoos 1:22; Efesoon 4:30).

Inni kun Hafuuraan guutamuu isa Efesoon 5:18 keessatti agarsiisamee wajjin garaa gara. Nuyi guutummaa guutuutti isa irratti ofgatuu qabna innis guutummaatti akka nu dhuunfatu fi haala sanaan, nu guuta. Roomaa 8:9 fi Efesoon 1:13-14 amantoota hundumaa keessa akka buufatu dubbata, garuu inni gadduu danda'a (Efesoon 4:30), nu keessa jiraachaas dhaamuu danda'a (1 Teseloonqee 5:19). Inni kun akka ta'u yeroo hayyamnu, humni Hafuurri Qulqulluun guutummaatti nu keessattiifi karaa keenyaan akka hojjetu hin shaakallu. Hafuura Qulqulluudhaan guutamuun kutaa jirenya keenya hundumaa akka dhuunfatuu, akka geggeessuudhaa fi toachuudhaaf walabummaa kennaafii agarsiisa. kanaaf humni isaa karaa keenyaan fayyadamee kan nuyi hojjennu Waaqayyoodhaaf bu'aa

buusa. Hafuura Qulqulluudhaan guutamuun gochaa bekkeedhaan ta'u duwwaadhaan hin agarsiifamu; inni darbees yaada keessa namaa, fi fedhii gochaa keenyaatiif hojii irra oola. Faarsaan 19:14, "Yaa Waaqayyo kattaa koo fi furii ko, waanti ani si duratti afaan kooiin dubbadhu, garaa koottis yaadu fudhatamaa anaaf haa ta'u" jedha. Cubbuun Hafuura Qulqulluudhaan guutamuun kan ittisuudha, Waaqayyoodhaaf abboomamuun immo Hafuuraan Guutamuun akkaataa ittiin argamuudha. Efesoosn 5:18 akka nuyi Hafuura Qulqulluudhaan guutamnu abbooma; haa ta'u malee,

Hafuura Qulqulluudhaan guutamuudhaaf kadhachuu miti akka guutamnu kan taasisu. Waaqayyoodhaaf abboomamuun keenya duwwatu walabummaadhaan Hafuurri Qulqulluun akka nu keessatti hojjetu taasisa. Sababni isaa nuyi amma iyyuu cubbuudhaan faalamneera, yeroo hundumaa Hafuura Qulqulluudhaan guutamuun kan danda'amu miti. Nuyi yeroo cubbuu hojjennu, aluma sana Waaqayyoon duratti qalbii diddiirachuu fi amanamummaa Hafuuraan guutamuu fi Hafuuraan geggeeffamuun keenyaa haaressuu qabna.

### **3.4. Hafuura Qulqulluu arbasuun maali?**

Yaadi "Hafuura Qulqulluu arbasuu" Maarqoos 3:22-30 fi Maatewoos 12:22-32 keessatti caqasame. Jechi "arabsuu" jedhu tarii "kabaja malee fuulleetti mormuu" kan jedhamutti hiikamuu danda'a. Jechichi cubbuu kan akka Waaqayyoon abaruu yookiin waantota Waaqayyoo wajjin walqabatan beekaa salphisuu kan jedhuun hojii irraa ooluu danda'a. Inni darbees waantota hamoo kan Waaqayyoo taasisuu yookiin waantota gaarii immoo Isaa kennuu dhiisuu dha. Dhimmi arabsuu kanaa, haa ta'u malee, kan adda ta'edha, Matewoos 12:31 keessatti "Hafuura Qulqulluu arbasuu" kan jedhamu. Matewoos 12:31-32, keessatti, farisonni, ragaa ganamuun hin danda'amne Yesus Kirstos humna Hafuura Qulqullutiin dinqii hojjechaa turuu isaa, Gooftaan humna seexanaatiin akka guutame dubbatan "Beelzebul" (Matewoos 12:24). Maarqoos 3:30 keessatti Yesus waa'ee cubbuu jarri raawwatan "Hafuura Qulqulluu arbasuu" isaaniitiif baay'ee sirri akka ture amma ilaali.

Arabsuun kan bakka Yesus Humna Hafuura Qulqullutiin guutamuun isaa humna seexanaatiin guutamuun isaa himachuudhaa wajjin deema. Sababa kanaatiif, ta'umsi adda ta'e Hafuura Qulqulluu arbasuu kun hara'a babaay'achuu hin danda'u. Yesus Kirstos lafa kana irra hin jiru- Inni mirga Waaqayyo isa hulfina qabeessaa taa'ee jira. Yesus Kirstos akka dinqii hojjetaa jiru dhugaa ba'uudhaan Hafuuraan utuu hin taane humna hafuura hamaatiin hojjete jedhee dhugaa ba'uu hin danda'u. Hri'a fakkeenyi kanatti dhiyaatu dinqii jijiirama nama fayyee tokko Hafuurri Qulqulluun isa keessa jiraachuu isaa irraa kan ka'edha jechuu dhiisanii humna Seexanaatiif kennuu ta'uu danda'a.

Har'a Hafuura Ququlluu arrabsuun, kan cubbu namaa hin dhiifamnee wajjin gosuma tokkicha ta'e, amanuu dhiisuudhaan itti fufanii jiraachuudha. Nama akka ganetti

du'eedhaaf dhiifamni hin jiru. Hafuurri Qulqulluun namni tokoo akka Kirstos amanu isa kadhachuu isaa fudhachuu diduun kan nama hin dhiifane isa arbsuudha. Yohaannis 3:16 keessatti kan dubbatame yaadadhu: "Waaqayyo akkasitti tokkicha ilma isaa hamma kennuufitti biyya lafaa jaallate; kun immoo isatti kan amanu hundinuu jirenya bara baraa haa qabaatuuf malee haa baduuf miti." Darbees

boqonnaadhuma tokkicha keessatti "Namni ilma Waaqayyootti amanu jirenya bara baraa qaba; ilma Waaqayyoof kan hin abboomamne garuu jirenya hin argatu dheekkamsa Waaqayyootu isa irratti hafa male" (Yohaannis 3:36). Haalli namni tokko dhiifama dhabuu keessa ta'uu danda'u yoo inni warra "Isatti amannan" keessaa hin taane duwwaadha, innis isadha kan "Ilmicha gane."

### 3.5. Kennaan Hafuuraa koo maal akka ta'e akkamiiinan beekaa?

Kennaan hafuuraa kee nyaa maal akka ta'an kannutti himuu danda'u qorannaan sirrii ta'e yookiin karaan addaa ta'e hin jiru. Hafuurri Qulqulluun akka barbaadetti kennaa hafuura kenna (1 Qorontoos 12:7-11). Kiristaanotaaf rakkinni beekamaan qorumsa kennaa hafuuraa keenyaan itti hirmaannaa argachuudhaaf kan nuyi duwwaan qabnu bakka nutti dhaga'amu irratti Waaqayyoon tajaajiluudhaaf barbaaduudha. Waaqayyo karaa hundumaan ajajamuudhaan akka tajaajillu nu waama. Hojii inni itti nu waame ittiin akka raawwannuudhaaf kennaa nuuf kenna yookiin Kennaa kanuma ta'een nuhidhachiisa. Kennaa keenya adda baafachuun karaa heedduudhaan taasfama. Qorachuu kennaa hafuuraa yookiin tarreefamuun isaanii, garu guutummatti jara irratti hirkatamuun kan hin qabne, kennaa keenya eessa akka ta'uu danda'u shakkii malee nu gargaaruu danda'a. Darbees dhugaba'insi namootaa biraan dhufus kennaa hafuuraa qabaachuu keenya nuu mirkaneessa. Namoonni kan biraan yeroo ati Gooftaa tajaajiltu kan nu ilaalan yeroo heedduu kennaa hafuuraa hojii irraa jiru

adda baasuu danda'u kan nuyi hin beekne yookiin hin hubanne. Darbees kadhannaanis barbaachisaadha. Kennaa hafuuraa kamiin akka qabnu kan beeku tokkichi isa kennicha nuuf kenne Hafura Qulqulluu mataa isaati. Caalaa ulfina Isaatiif kennaa hafuuraa keenyatti akka gargaaramnuudhaaf kennaa hafuuraa keenya akka nutti agarsiisuu Waaqayyoon gaafachuu dandeenyaa.

Eeyyee, Waaqayyo kaan akka barsiisota ta'an waama kennaa barsiisuus jaraa kenna. Waaqayyo kaan akka hojjettoota ta'an waama kennaa gargaarsaatiinis jara eebbisa. Haa ta'u malee, kenna keenyaan sirriitti beekuun kennaa keenyaan alas bakka ta'e akka hin tajaajillle nu hin dhowwu. Kennaa (kennaawan) hafuuraa kamiin Waaqayyo akka nu kenne beekuun bu'aa qabu? Eeyyee inni akkas. Carraa akka ittiin tajaajillu nuuf kenne dhiisuudhaan kennaa hafuuraa irratti baay'ee xiyyeffachuun dogoggora? Eeyyee. Akka Waaqayyo nutti gargaarammuudhaaf ofii keenya kenninaan, Inni kennaawan hafuuraa nuyi barbaanneen nu hidhachiisa.

### **3.6. Kennaan hafuuraa dinqii hojjechuu har'aafii?**

Jalqaba Waaqayyo har'a illee dinqii hojjechaa jira ta'een issaa inni kun gaaffii akka hin taane hubachuun barbaachisaadha. Waaqayyo har'a akka namoota hin fayyisne, namootatti akka hin dubbanne, dinqii fi milikkita adda addaa akka hin raawwanne dubbachuun gowwummaa fi kan Macaafa Qulqulluu irraa hin taane ta'uun danda'a. Gaaffiin, kennaan hafuuraa dinqii hojjechuu jalqaba kan 1 Qorontoos 12-14, irratti agarsiifaman har'a waldaa keessatti hojjechuu isaaniiti. Darbees inni kun Hafuurri Qulqulluu nama tokkoof kennaa dinqii hojjechuu kennuu ni danda'aa kan jedhuuf gaaffii miti. Gaaffiin, har'a Hafuurri Qulqullun kennaa hafuuraa dinqii hojjechuu kennuu isaatii. Hunduma kana gararraatti, Hafuurri Quqlulluun akka fedhii isaatti kennaa kana akka kenu guutummaatti ni hubanna (1 Qorontoos 12:7-11).

Macaafa Hojii Ergamootaa fi ergawwan keessatti, dinqiin gara garaa harki caalaan kan raawwataman ergamootaa fi warra jaraa wajjin baay'ee walitti dhiyeenya qabaniidha. Phawoloos sababni isaa maaliif akka ta'e kenna: "Ergamaa gooftaa ta'uun koo mul'isuudhaaf milikkinni, dinqiin, hojii aangoos obsa guddaadhaan isin gidduutti godhameera" (2 Qorontoos 12:12). Kirstositti kan amanu namnni kam iyyuu yoo dandeettii dinqii, mal'attoo fi milikkita hojjechuutiin hidhachiisnaaman mal'attoon, milikkinni fi dinqii hojjechuun karaa kamaantuun kan ergamootini ittiin beekamu ta'uun hin danda'u. Hojii Ergamootaa 2:22 Yesus "hojii aangoo dinqiidhaaf fi milikkita

gara garaatiin akka fudhatama argate" nutti hima. Haaluma walfakkaatuun, ergamoonni diqiwwan jarri hojjetaa turaniin dhugumaan ergamoota Waaqayyoon biraan ta'an akka ta'anitti ilaalamani turan. Hojii Ergamootaa 14:3 ergaan wangeelaa akka dinqiwwan Phaawloosii fi Barnaabaas raawwataniin akka "mirkaneeffame" agarsiisa. 1Qorontoos Boqonnaan 12-14 jalqaba dhimma kennaa hafuuraa dubbata. Caaffaticha irraa Kiristaana kamiifuu alii alii kennaa dinqii hojjechuu akka kennaeefii ture waan dubbatu fakkaata (12:8-10, 28-30). Inni kun waanuma yeroo hunda ta'u akka ta'etti nutti hin himamne. Kanaan olittii kan dubbifanne irraa, ergamoonni dinqii fi mal'attoo garaa garaatiin hidhachiifamaniiru, kennaa dinqii hojjechuu kiristaanota kamiifuu kennamuun isaa waan seeraa hordofee ta'aa ture hin fakkaatu, qajeelfamas miti. Ergamootaa fi kan jaratti dhiyeenya qabanitti kan hafe namoonni dhuunfaa isaaniitti kennaa dinqii hojjechuu akka shaakalan Kakuun Haaraan bakka kamiinituu adda baasee hin agarsiisu.

Darbees waldaan kiristaanaa iseen jalqabaa akka keenya har'aa Macaafa Qulqulluu guutummaa isaa hin qabdu akka turte beekuuun barbaachisaadha (2 Ximootewoos 3:16-17). Sababa kanaatiif, kennaa raajii dubbachuun, kennaa beekumsaa fi kanaaf kana kan fakkaatan akka waan Waaqayyo akka jarri raawwatan barbaade akka beekaniidhaaf barbaachisaa ture. Kennaan raajii dubbachuun amantoonni dhugaa haaraa

fi mul'ata Waaqayyoo biraa argachuu akka danda'an jara gargaareera. Amma mul'atini Waaqayyoo Macaafa Qulqulluu keessatti guutuu dha, kennaan mul'ataa kanaan booda hin barbaachisu, yoo xiqaate amma warra Kakuu Haaraa keessa jiranii jabeenya hin qaban.

Waaqayyo guyyaa guyyaatti namoota fayyisaa jira. Waaqayyo har'as nutti ni dubbata, sagalee dhaga'amuunis ta'e, sammuu keenyatti, yookiin akkaataa nutti dhaga'amuun. Waaqayyo har'a dinqii,

mal'attoo gara garaa fi dinqii adda addaa alii alii karaa kiristaanotaa ni hojjeta. Haa ta'u malee, waantonni kun dirqama kennaa dinqii hojjechuu kan hafuuraa miti. Kaayyoon kennaa dinqii hojjechuu wangeelli dhugaa akka ture fi ergamoonni ergamoota Waaqayyo warra dhugaa akka turan mirkaneessuuf ture. Macaafni Qulqulluun kennaa dinqii hojjechuu guutummaatti akka dhaabbate hin dubbatu, garuu jarri sadarkaa akka Kakuu Haaraa keessatti galma'anii turanitti tarii maaliif kana booddee akka itti hin fufneef bu'uura kaa'a.

### 3.7. Kennaan hafaan haaraatiin dubbachuu maal?

Ta'umsi jalqabaa afaan haaraatiin dubbachuun kan ta'e gaafa guyyaa ayyaana shantamaffaa Hojii Ergamootaa 2:1-4 keessatti. Ergamoonni namoota walitti qabamaniif wangeela lallabudhaaf gad ba'an, afaan jarraatiin isaanitti dubbachaa: "isaan kun hojii Waaqayyoo isa dinqisiisaa afaan ofii keenyaan utuu jajanii ni dhageenya!" (Hojii Ergamootaa 2:11). Echi Griikii afaan haaraatti hiikame jachaa jechatti "afaan" jechuudha. Sababa kanaatiif, kennaan afaan haaraatiin dubbachuu jechuun namni sun nama kan biraa tajaajiluudhaaf jecha afaan hin beekneen dubbachuu dha. 1 Qorontoos boqonnaa 12-14 keessatti, Phaawloos kennaa dinqii hojjechuu akkas jechuun dubbata, "Yaa obboolota ko, ani mul'ata tokko yookiis beekumsa yookiis barsiisa tokko utuun hin dubbatin, afaan hin beekamneen duwwaadhaan dubbachaa gara keessan yoon dhufe attamittan isiniif waa'ee baasa ree?" (1 Qorontoos 14:6). Akka Ergamaan Phaawloos jedhutti, fi akkaataa Hojiin Ergamootaa agarsiisutti, afaan haaraadhaan dubbachuu nama ergaa

Waaqayyoo afaan ofii isaatiin dhaga'uudhaaf, garuu yoo hiikame/jijiiramettii kan hafe nama kamiifuu kan bu'aa qabu miti.

Namni kennaa hafaan haaraa hiikuu qabu (1 Qorontoos 12:30) kan namni afaan haaraadhaan dubbatu dubbate ture yoo afaanicha isa ittiin dubbatame sana beekuu dhaabatee iyyuu hubachuu danda'a. Afaanicha haaraa kan hiiku ergaa afaan

haaraan dubbatame sana nama hundumaafuu hiikuudhaan, kanaaf hundumtu hubachuu danda'u. "Kanaaf namni afaan hin beekamneen dubbatu, isa dubbate sana hiikuu akka danda'uudhaaf kadhachuutu isa irra jira" (1 Qorontoos 14:13). Afaan haaraa hin hiikamne ilaalchisee goollabbiin Phaawloos jabaa ture: "Haa ta'u iyyuu malee waldaa kiristaanaa keessatti afaan hin beekmaneen sagalee kuma kudhan dubbachuu irra warra kaan barsiisuudhaaf qalpii kootiin sagalee hiika qabu shan

duwwaa dubbachuu nan jaalladha.” (1 Qorontoos 14:19).

Kennaan afaan haaraatiin dubbachuu har'aafii? 1Qorontoos 13:8 kennaan afaan haaraatiin dubbachuu dhaabbachuuf akka jiru eera, ta'us dhaabbachuu isaa raawwatamuun dhufuu wajjin walitti qabsiisa 1 Qorontoos 13:10 keessatti. Goochima kan Giriikii raajii fi beekumsa “dhaabbachuuf jiru” agarsiisuu fi afaan haaraatiin dubbachuu “dhaabbachuuf jiruu” raawwatamuun utuu hin ga'ain dura akka afaan haaraan dubbachuu dhaabbachuuf jiru qabxii ta'een garaa garummaan ni jira. Ta'us kun barreeffama kana keessa karaa ifa ta'een qulqulluu miti. Kaanis keeyyata kan akka Isaayaas 28:11 fi Iyoo'eel 2:28-29 afaan haaraan dubbachuu akka mal'attoo dheekkamsa Waaqayyo isa dhufaa jiruu akka ta'e kaasu. 1 Qorontoos 14:22 afaan haaraan dubbachuu “warra hin amanneef akka mal'attootti” kaa'a. Akkaataa falmii kanaatti, afaan haaraatiin dubbachuu warra Yihuudotaatiif akka akeekkachiisaati Yesus Kiristoosiin akka Masihiitti fudhachuu waan didaniidhaaf Waaqayyo Israa'eeliitti faraduuf akka jiru agarsiisa. Sababa kanaaf, yeroo Waaqayyo Israa'eeliin irratti farade (bara 70tti warra Roomaatiin Yerusaalemiin diiguudhaan), kennaan afaan haaraatiin dubbachuu kana booddee kaayyoo itti barbaadame sanaaf hin hoaajjetu. Ta'us ilaalchi kun ni danda'ama, barbaachisummaan afaan haaraatiin dubbachuu inni jalqabaa raawwatame jechuun ni dhaabbate jechuu hin ta'u. kennaan afaan haaraatiin dubbachuu akka dhaabbate caaffatni qulqulla'oone ifa taasisee hin mirkaneessu.

Yeroodhumma walfakkaataadhaan, kennaan afaan haaraatiin dubbachuu har'a hojjetaa jiru, caaffata qulqul'aaoodhaa wajjin karaa waliin deemuun hojji irra oolaa jiru. Afaan qabatamaa fi dhugaa ta'uu danda'a (1 Qorontoos 14:10). Kaayyoon isaa nama afaan kan biraan dubbatuuf ergaa Waaqayyoo isaan ga'uudhaaf ta'uu qaba (Hojii Ergamootaa 2:6-12). Abboommii Waaqayyo kara ergamaa Phaawloos kennee wajjin karaa walii galuun ta'uu qaba, “Namni afaan hin beekamneen dubbatu yoo jiraate, lama yoo baay'ate sadii duwwaan tarreedhaan haa dubbatan; namni tokko immoo isa dubbatame hiikuutu irra jira. Namni hiikuu yoo jiraachuu dhabaate garuu inni afaan hin beekamneen dubbatu sun, ofitti Waaqayyoottis haa dubbatu, malee waldaa keessatti hin dubbatin” (1 Qorontoos 14:27-28). 1 Qorontoos 14:33, wajjiniinis karaa waliin deemuun ta'uu qaba, “Waaqayyo ofii isaatii Waaqayyo nagaati malee, Waaqayyo sabirii hin qabnee miti”

Nama afaan kan biraan dubbatu walii galuu akka danda'u yookiin dandeessuudhaaf Waaqayyo siriitti kennaan afaan haaraan dubbachuu kennuu danda'a. Hafuurri Qulqulluun kennaan hafuuraa hiruudhaan hunda gararraadha (1 Qorontoos 12:11). Mee yaadi ammam mishineroota bu'a qabeessa ta'an akka ta'uu danda'amu utuu gara mana barumsaa afaanii dhaquudhabaatanii namootatti afaanuma isaanitiin isaanitti dubbachuu utuu danda'ani. Haa ta'u malee, Waaqayyo waan kana hoijechaa jiru hin fakkaatu. Afaanotini haaraan akkaataa Kakuu Haaraa keessatti mul'ataniin har'a waan mul'achaa jiran hin fakkaatan akka sana ta'ullee hari'a guddaa barbaachisaadha. Amantoonni lakkoofsa

heedduu qaban kennaan afaan haaraatiin dubbachuu akka shaakalan kan dubbatan akkaataa caaffata qulqul'aaoo kanaan olitti caqasamiin karaa walii galuun hin taasisan. Dhugaan kun gara goollabbii kennaan afaan haaraatiin dubbachuu akka dhaabbate yookiin karoora Waaqayyo waldaadhaaf qabu keessatti baay'ee mul'ataa hin jiru kan jedhutti nama geessa.

## Waa'ee Cubbuu

### 4.1. Hiikni cubbuu maalii dhaa?

Cubbuun kitaaba qulqulluu keessatti kan ibsame seera Waaqayyoo akka irra daddarbuutti (1Yoha. 3:4) akkasumas immoo Waaqa irratti ka'uu (Keessa deebii.9:7, IYa. 1:18). Cubbuun kan inni jalqabamee Luusfeeriin, tarii ergamoota baay'ee kan bareedee fi isa cimaa. Taayitaa isaatti waan dheebbu hin baaneef Waaqayyoon ol ta'uuf barbaade, sun kufaati isaa ta'e, jalqabiin cubbuu (Isaayaas. 14:12-15). Seexama jedhamee irra deebiin mogAAFAME, innis cubbuu gara mucaa namaatti fidee, Ganata Edenitti, achis Addaamii fi Hewwaanin hameenya wal fakkaatan isaan qore: "akka Waaqayyoo taatu." Uumama 3 Addaamii fi Heewwaniin Waaqayyoo fi aboommii isaa irratti finciluu mul'isa.Yeroo sanaa kaasee cubbuun dhaloota mucaa namaa hundumaa irratti daddarbe, nus sanyiin Addaam isa irraa cubbuu dhaalle. Roome 5:12 kan inni nutti himuu sababa Addaamiif cubbuun gara biyya lafaa galuu isaati, du'is gara namoota

hundumaati daddarbe, "gatiin cubbuus du'a" sababa ta'eef (Roome 6:23).

Karaa Addaamiin gara cubbuutti jallachuun dhaalaa gara mucaa namaa seene, ijoollen namaas uumama isaanin cubbamtoota ta'an. Addaam cubbuu yeroo hojjetu, uumamni keessa keessan sababa cubbuun jijjirame, isa irrattis du'a hafuuraati fi kufaati safuu fide, kunis isa booda kan dhufan hunda irratti kan daddarbu. Nu cubbamtoota kan taaneef, cubbuu waan hojenneef miti, caalaatti cubbuu kan nu hojjennu cubbamoota waan taaneef malee. Kunis kan daddarbuu kufaati safuu, dhaalaa cubbuu jedhama. Amala foonii maatii keenya irraa akka dhaalle hunda, uumama cubbuus Addaam irraa dhaalleerra. Mootichi Daawiit uumama nama kanaan kufeetti gadda, Faarfannaa 51:5 irratti: "Kunoo, haati koo isheen garaatti na baatte iyyuu cubbamtuu turte anis cubbuudhaan dhalladhe."

Kan biroon fedha gosa cubbuu (kan dhuunfaa) cubbuu jedhamuun beekama. Lamanuun, horii fi karaa seera qabeessa yoomessawwaniin faayidaa irra yeroo oolu, jechi Girikii yeroo hiikamu “kan mattayyaa” jechuun “kan isa tokkoo kan ta’ee fudhachuu fi yaada biraadhaan kaa’uu.” Seerri Musee kennamuu fuula dura cubbuun nama irratti hin lakkaa’amne ture, ammam illee namoonni sababa dhaala cubbuutiin cubbamoota yoo ta’an illee. Seerri erga kennamee boodaa, sababa seera cabsaniif yaadamu (lakka’amuu) jalqabe, isaan irratti (Roome. 5:13). Irra daddarba seeraa dura illee nama irratti lakkaa’e, adabi cubbuu inni dhumaa (du’a) bituu isaa itti fufe (Roome. 5:14). Namootni hundumtuu Addaami hanga Museetti du’a jala turan, seera Musee gocha cubbuu isaaniitit mormuu osoo hin taanee, (isaanis hin qabaanne), haa ta’uu malee kan dhaalan matuma isaanitiin sababa uumama cubbuuti. Seera Musee booda namoonni du’aaf bitamoo ta’aan, lammanuu, Addaam irraa cubbuu dhaalanii fi fedhi isaanitiin sababa seera Waaqayyoo cabsuun.

Waaqayyo qajeelfama irra daddarbaa mucaa namaa fayyaduudhaaf itti fayyadame, cubbuun amantootaa Yesus Kristoos irratti yeroo kaa’amuu, innis gatii cubbuu sanaa kan kaffalee –du’a –fannoo irratti. Cubbuu keenya Yesus irra kaa’uudhaan isa akka cubbamaatti lakkaa’e, innis waan isaaf hin taane innis cubbuu addunyaa hundumaaf du’e (1Yoha. 2:2). Hubachuun kan barbaachiisuu wanti faayida qabeessii cubbuu isa irra kaa’u isaati, inni garuu Addaam irraa hin dhaalle. Adaba cubbuu baateeti malee, raawwatee cubbamaa hin taane. amalli qulqullummaa isaatii raawwatee cubbuudhaan hin xuxuqamne.

Innis sanyii namaa hundumaa irratti cubbuu raawwatameen akka cubbamaati lakkaa’ame, ammam illee waa tokko illee yoo hin raawwannees. Bakka isaa, Waaqayyo tola Kristoos amantoota irra kaa’ee, herrega keenyas tola kenzaan, guute akkuma cubbuu keenya herrega isaa irra kaa’e (2Qor. 5:21).

Gossi cubbuu inni sadaffaan immoo cubbuu dhuunfaati, innis guyyuma guyyaan tokkoon tokkoon ilma namaatiin kan raawwatamu. Uumama cubbuu Addaam irraa dhaaluu keenyaan, kan dhuunfaa, cubbuu mataa keenya ni raawwana, tokkoon tokkoon qulqulluu kan fakkaataan dhugaa kan hin taanee, hanga ajjeechaati. Amantaa isaanii Yesus Kristoos irra kan hin ke’anee adaba cubbuu dhuunfaa kana kaffaluutu isaan irra jiraata, akkasumas dhaalaa fi cubbuu fedhaati wajjin. Ta’us, amantootni adaba cubbuu barabaraa jalaa bilisa ba’aniiru gahanab du’a hafuraa — amma immoo cubbuu dandamachuudhaaf humna qabna. Egaa nutti fillachuu dandeenyaa, cubbuu dhuunfaa hojjechuu dhiisuu, sababi isaa hafuura qulqulluu nurra bulu irraa kan ka’ee cubbuu dandamachuudhaaf humna waan arganuuf, nu qulqulleessuudhaaf fi cubbamaa ta’uu keenya nu yaadachiisuuudhaan yeroo irra daddarbinuu (Rom. 8:9-11). Al tokkoo cubbuu dhuunfaa keenya Waaqayyootti erga himmanee booda dhiifama erga gaaffanne asitti, gara walitti dhufeenyaa tokkummaa mudaa hin qabneeti ni deebina. “Cubbuu keenyaaf yoo qalbi jijirannee, inni cubbuu keenya nu dhiisuudhaaf hameenya hundumaa irraas nu qulqullessuudhaaf amanaama fi tolaa dha” (1Yoha. 1:9).

Nu hundi keenyas yeroo sadii yakkamneera, cubbuu dhaalaan, cubbuu fedhaan, fi sababa cubbuu dhuunfaatiin. Cubbuu kanaaf adabii inni sirriin qofaan isaa du'a (Roome. 6:23), du'a foonii qofa osoo hin taane du'a hafuuraa (Mul'ata 20:11-15). Galanni ha

baay'atuuf, cubbuu dhaalaa, cubbuu fedhaa, fi cubbuu dhuunfaa fannoo Yesus irratti fannifameera, kanaaf amma fayyisu Yesus Kristoos irra amantii jiruun "karaa dhiiga isaan furaamu qabna, dhiifama cubbuu, akka baay'ina ayyaana isaatti" (Efeson. 1:7).

#### 4.2. Kadhannaan cubbamaa maalii?

Kadhannaan cubbamaa kan namni gara Waaqayyootti kadhatus yeroo cubbamaa ta'uu isaanii hubatanii fayyisaa yeroo barbaadan. Kadhannaan cubbamaa kadhachuun ofii isaa humaa hin raawwatu. Kadhannaan cubbamaa inni dhugaan kan namni sun beeku, hubatu, waa'ee,cubbuu isaanii amanuu fi fayyinni akka isaan barbaachisu duwwaa bakka bu'a.

Kutaan kadhannaan cubbamootaa inni jalqabaa undumti keenya cubbamoota akka taane hubachuudha. Roomaa 3:10 kan, "caafanni qulqullaan, namni qajeelaan hin jiru lakkii tokko illee hinjiru" jechuun labsa. Hundumti keenya akka cubbuu hoijenne Macaafni Qulqulluun ni qulqulleessa. Nuyi hundumti keenya cubbamoota Waaqayyo biraaraa fi dhiifama cubbuu kan nubarbaachisu (Titos 3:5-7). Sababa cubbuu keenya badiisa bara baraatu nuuf ta'a (Maatewoos 25:46). Kadhannaan cubbamaa qooda firdii ayyaana gaafachuudha. Qooda dheekkamsaa araara gaafachuudha.

Kallattiin kadhannaan cubbamaa inni lammafaan Waaqayyo haala baduu keenya fi haala cubbuun guutame keenyaatiif gatii baasuuf kan inni hojjete beekuudha.

Waaqayyo foona uffatee nama ta'ee karaa namummaa Yesus Kiristoosiin (Yohaannis 1:1,14). Yesus dhugaa waa'ee Waaqayyoo nu barsiise jirenya qajeelina guutuu ta'ee fi cubbuu malee jiraate (Yohaannis 8:46; 2 Qorontoos 5:21). Yesus fannoo irratti du'uudhaan adabbii nuuf ta'a ture fudhate(Roomaa 5:8). Du'a, si'ool fi cubbuu irratti gooftummaa qabu mirkaneessuudhaaf warra du'an keessaa kaafame (Qolaasaayis 2:15; 1 Qorontoos boqonnaa 15). Sababa kana hundumaatiif, cubbuun keenya nuuf dhiifamuu arganna akkasuma abdii jirenya bara baraa waaqa irratti qabaanna- yoo Yesus Kiristoos irratti amantii keenya taasifanne. Kan nuyi gochuu qabnu hundisaa inni bakka keenya du'uu isaa fi du'a ka'uu uisaa amanuudha (Roomaa 10:9-10). Nuyi ayyaana duwwaadhaan fayyuu dandeena, karaa amantii qofa, Yesus Kiristoos duwwaadhaan.

Efeesoon 2:8 akks jedha, "Inni ayyaana Waaqayyootiin karaa amantii fayyifamtan inni immoo kennaa Waaqayyootii malee gochaa ofii keessanii miti?" Kadhata cubbamaa kadhachuun salphaadhumatti Yesus Kiristoos akka fayyisaa keetiitti amanuu kee karaa ittiin agarsiistuudha. Jechi "tolchaa" ta'e keessa hin jiru kan bu'aa fayyinaa agrgamsiisu.

Du'a Yesusii fi du'aa kaafamuu isaa duwwaatu sifayyisa. Akka ati cubbamaa taate fi karaa Yesus Kiristoos fayyinni akka sibarbaachisu hubbannaan, kadhannaan cubbamaa kunootii gara Waaqayyootti kadh achuu dandeessa.

“Waaqayyo, akkan cubbamaa ta'e bareera. Gatii cubbuu kootii kaffaluun akka ana irra jiraatu bareera. Haa ta'u malee an Yesus Kiristoos fayyisaa kootti nana amana. Duuti

isaa fi du'aa kaafamuun isa akkan dhiifama argadhuuf akka qopheeffame nan amana. Yesusi fi Yesus duwwaatti nana amana Gooftaa fi fayyisaa dhuunfaa kootiitti. Gooftaa sin galateeffadha, waan naffayyistee fi dhiifama waan naa gooteef. Ameen!” Sababa waantota bakka kanatti dubbisteef Kiristoosiif waanta murteeffatte qabdaa? kana taanaan, maaloo, kolbaa isa “An har'a Kiristoosiin simadheerra” jedhu tuqi.

#### **4.5. Jirenya koo keessatti cubbuu akkamiinan moo'uu danda'a?**

Macaafni Qulqulluu cubbuu irratti moo'icha argachuudhaaf yaalii taasfnu irratti nu gargaaruudhaaf maddaalee adda addaa gara garaa dhiyeessa. Jirenya kana keessatti, guutummaatti cubbuu keenya guutummaan moo'icha argachuu hin dandeenyu, (1 Yohaannis 1:8), garuu inni galma keenya ta'uu danda'u. Gargaarsa Waaqayyoottii fi qajeelfama sagalee isaa hordofuudhaan, yeroo yeroodhaan garuu cubbuu irratti moo'umsa argachuudhaan caalaa Kiristoosiin fakkaachuu dandeenyे.

Kan Macaafni Qulqulluun caqasu cubbuu moo'uudhaaf tattaafii taasfnu irratti kan deeggarsa nuuf kennu inni jalqabaa Hafuura Qulqulluudha. Waaqayyo Hafuura Qulqulluu nuuf kenneera kanaaf jirenya kiristaanummmaatti nuyi moo'icha argachuu dandeeny. Waaqayyo Galaatiyaa 5:16-25 irratti hojii foonii firii hafuuraa wajjin waliin madaala. Keeyyata sana keessatti nuyi hafuuraan akka deddeebinu waamamneerra.

Amantoonni hundinuu Hafuura Qulqulluu qabu, keeyyatni kun garu nuyi geeggesa isa fudhachuudhaan Hafaara Qualuudhaan deddeebi'uun akk nubarbaachisu nutti hima.

Kana jechuun jirenya keenyaan foon hordofuu manna yeroo hundumaa kakkaafamuu Hafuura Qulqulluu foo'achuudha.

Hafuurri Qulqulluun garaa garummaan inni hojjechuu danda'u jirenya Pheexroos keessatti mula'ateera, kan utuu Hafuura Qulqulluudhaan utuu hin guutamin dura si'a sadii Yesusiin ganee kan ture-kan amma du'uutti illee Kiristoosiin akka hin ganne dubbatee kan ture. Hafuura Qulqulluun erga guutamee booddee garuu, gaafa guyyaa ayyana shantamaffaa Yihuda tudaratti jabinaaf ija jabummaadhaan dubbate.

Akkauma kakaa'uumsa Hafuura Qulqulluu ukkamsun akka nurra hin jirre yaallu hafuuraan deddeebi'utu nurra nurra jira (akkuma 1 Tasaloonqee 5:19 irratti dubbatu) akkasuma bakka sanaa Hafuura Qulqulluudhaan guutamuutu nurra jira (Efesoon 5:18-21). Namni tokko akkamiin Hafuura Qulqulluudhaan guutamaa? Hunduma dura, inni filannoo Waaqayyootii akkuma Kakuu Moofaatti illee akka ture. Hojii isaa akka fiixaan baafamu barbaadeef namoota dhuunfaatti filatee Hafuura Qulqulluun jara guuta (Seera Uumamaa 41:38; Seera Ba'uu 31:3; Seera Lakkofsaa 24:2; 1 Saamuu'el 10:10). Efesoon 5:18-21 fi Qolaasaayiis 3:16 keessatti ragaan jira Waaqayyo warreen sagalee isaatiin of guutan akka Hafuura isaatiin guutu. inni kun gara isa nugargaaru isa lammataatti nu geessa.

Sagalee Waaqayyoo, Macaafni Qulqulluun, Waaqayyo hojii gaarii hundumaaf akka nu qopheessuudhaaf sagalee isaa akka nuuf kenne dubbata (2 Ximooteewoos 3:16-17). Maal amanuun akka nurra jiruudhaa fi akkamiin akka jiraachuun nurra jiru nu barsiisa, yeroo nuyi karaa dogoggoraan filannu nutti muli'sa. Ibrookini 4:12 sagaleen Waaqayyoo jabaadhaa fi jiraataa akka ta'e, keessa keenya lixee lafee fi ribuu addaan baasee hanga waraanutti jabaa akka ta'e cubbuu keessa lubbuu keenya fi amala hundeedhaa akka buqqisu nutti hima. Faarfatichi waa'ee isaa - Faarsaa 119 keessatti humna jijiiruu danda'u gad fageenya dubbata. Diinota isaa moo'uu irratti furtoon gargaarsa isaa akka hin daganne garuu bakka sanaa halkanii fi guyyaatti afaan isaa keessaa akka

hindhabamne akka isaafis abbumamu isatti himamee ture. kan inni rawwate, yeroo Waaqayyo isa abboomeme illee akka abboommii loltuutti isatti hin dhaga'amne, inni kun moo'ichaaf lola isaa isa biyya kakuuttiif furtoo ture.

Macaafni Qulqulluun nuyi mataan keenya illee yeroo heedduu akka salphaatti kan ilaallu kan nu gargaaru dha. Akka mallattootti baannee gara waldaa dhaquun yookiin guyyaatti yeroo kadhanna keenya irraa dubbisuun yookkiin guyyaattii boqonnaa tokko irraa dubbisna, garuu isa yaadatti qabachuu, afaaniin dubbachuu rakkina qabna yookiin jirenya keenya wajjin akka walfudhatu hin goonu; cubbuu inni nutti mul'isu himachuu yookiin kan inni nutti mul'iseef Waaqayyoon galateeffachuu hin dandeenye. Yeroo inni gara Macaafa Qulqulluutti dhufu, yeroo heedduu akka nama nyaata gar malee nyaachuun dhukkuba irra bu'ee taana. yookiin immoo hafuuratti akka jiraannu amma nu gargaaru irraa fudhanna sagalicha irraa nyaachuudhaan (garuu fayya qabeessa akka taanuudhaaf kiristaana gaariitti gudate ta'uudhaaf amma nuu ga'u irraa hin nyaannu), yookiin calluma jennee nyaanna garuu akk inni jirenyaa keenya wajjin walii galee nyaata hafuura irraa argannutti yeroo kennineefii sammuutti hin qabannu.

Guyya guyyaatti sagalee Waaqayyoo qo'achuu fi sammuutti qabachuu hin amaleeffanne taanaan isa sana hojjechuudhaaf jalqabuun barbaachisaadha. Amma waanta isa irraa argatte barreessitutti sagalicha dhiisuu dhiisuu amala taasifadhu. kaan kadhatawwan gara Waaqayyoottii taasfamee galmeessu, haala naannaa isaanitti

dubbate irraattii geeddarumsaaf akka jara gargaaru gaafachuun. Macaafni Qulqulluun jirenya keenya keessatti meeshaa hafuurri itti gargaaramuudha (Efesoon 6:17), kutaa mi'a waraanaa Waaqayyoo akka diinota keenya ittiin morminuudhaaf nuuf kenne keessaa isa barbaachisaa fi murteessaadha (Efesoon 6: 12-18).

Loliisa keenya isa cubbuu irrattiitiif kan gargaaru inni sadaffaan inni barbaachisaan kadhata. Dabalataanis, inni kiristaannonni yeroo baay'ee kan jarri afaanumaan ittiin ostuulan kan baay'ee immoo itti hin gargaaramne garuu waanta gargaaru dha. Yeroo walga'aii qabna, yeroo kadhataaf wal geenyus qabna kanaaf kana kan fakkaatan. garuu kadhata akkaataa waldaan isheen ganamaa itti fayyadamtetti itti hin gargaaramnu (Hojii Ergamootaa 3:1; 4:31; 6:4; 13:1-3). Phawoloos irra deddeebi'uudhaan wara jara tajaajilaa tureef akka kadhataa ture caqaseera.

Kadhata ilaalchisee Waaqayyoo abdii dinqisiisaa nuuf kenneera (Matewoos 7:7-11; Luuqaas 18:1-8; Yohaannis 6:23-27; 1 Yohaannis 5:14-15), Phaawlosis qophii lola hafuuraa keessatti barbaachisummaa kadhannaan dabaleera (Efesoon 6:18).

Jirenya keenya keessatti cubbuu moo'uudhaaf kadhannaan akkam barbaachisaadha? bakka dhaabaa Geetesemaanee keessatti Pheexroosiif jecha Yesus qabna, ganuu Pheexroos dura, Yesus yeroo kadhatu Pheexroos rafaa ture. Yesus isa damaqse, "Qoramatti akka hin galleedhaaf dammaqaa, kadhadhaa! Hafuurri

illee dhimmaadhaa foon garuu dadhabaadha" (Matewoos 26:41). Nuyiakkuma Pheexroos, waanta gaarii ta'e hojjechuu barbadna garuu ciminni maal akka ta'e beekuu hin barbaadnu. Waaqayyoo barbaachuu itti fufuuf, balbala rukutuu, isa gaafachuu itti fufuuf, akekkachiisa isa hordofuutu nu barbaachisa innis cimina nu barbaadnu nuuf kenna, (Matewoos 7:7). kadhannaan akka hojii tolchaa miti. Kadhannaan salphaadhumatti nuyi kan daangaffamnee ta'uu keenyaa fi Waaqayyo immo humni isaa daanga maleessa ta'uu isaa beekuudhaan cimina sanaaf gara isaatti deebi'uudhaan kan ofii keenyaa hojjechuu barbaadnu hojjechuu utuu hin taane akka nu hojjennu kan inni barbaaduu hojjechuudhaa (1 Yohaannnis 5:14-15).

Waldaa keessatti akka cubbuu moonuudhaaf kan nu gargaaru keessaa inni afuraffaan walitti dhufeenza amantootaaati. Yesus yeroo bartoota isaa erge, lama lama taasissee isaan erge (Maatewoos 10:1). Mishineroonni Hojii Ergamootaa keessaa ala tokko kophaa ta'anii deemanii hin beekan, garuu gurmudhaan lama yookiin isaa ol ta'uudhaan deemu.

Yesus walitti qabama obbolootaa akka hin dhiifne garuu yericha jaalalaa fi hojii gaariidhaaf akka wal jajjabeessuudhaa n akka itti gargaaramnu nu abbooma Ibroota 10:24). cubbuu keenya akka walii keenyatti himnu nutti hima (Yaaqoob 5:16). barreefamoota Ogummaa kan jedhamanu kan Kakuu Moofaa keessatti, sibiilliakkuma sibiila qaru namnis nama biraatti akka qaramu nutti himameera (Fakkeenya 27:17). laccoofsa keessattis ciminatu jira (Lallaba 4:11-12).

Kiristaanonnee heedduun cubbuu nama hin gadhiisne moo'udhaaf michuu itti gaafatamummaan isatti dhaga'amu qabaachuun bu'aa guddaa akka qabu baraniiru. Nama siwajjin haasa'u kan biraa, kan sii wajjin kadhatu, si jajjabeessu, kan si ifatu illee qabaachuun bu'aa guddaa qaba. Hunduma keenyaaf qoramuun beekamaadha (1 Qorontoos 10:13).

Michuu itti gaafatamummaan isatti dhaga'amu qabaachuun yookiin gareen itti gaafatamummaa fudhachuu danda'an cubbuu jabaa illee moo'achuudhaaf jajjeebessa baay'ee cimaa lakkofsa gararraa fi kaka'umsa nu barbaachisu nuuf kennuu danda'a. Alii alii moo'umsi cubbbuu irratti dafee dhufa. yeroo kan biraa, moo'ichi

baay'ee suuta jechuudhaan dhufa. Waaqayyo akkuma nuyi waantota nu gargaaran itti fayadamne jireenyi keenya yeroo yerootti jijjiirama akka fidu waadaa nuuf galeera. Cubbuu irratti moo'umsa argachuudhaaf hojii keenya itti fufuu qabna sababni isaas inni abdii isaatiif amanamaa akka ta'e beekna.

#### **4.6. Macaafni Qulqulluun waa'ee wal-qunnamtii saala gosa tokkicha gidduutti taasifamuu maal jedhaa? Wal-qunnamtii saala gosa tokkicha gidduutti taasifamuu cubbuudhaa?**

Macaafni Qulquluun irra deddeebi'uudhaan wal-qunnamtii saala gosa tokkicha gidduutti taasifamuu cubbuu akka ta'e nutti hima (Seera Uumamaa 19:1-13; Seera Leewotaa 18:22; Roomaa 1:26-27; 1 Qorontoos 6:9). Roomaa 1:26-27 wal-qunnamtiin saala gosa tokkicha gidduutti taasifamuu bu'aa ganuutii fi Waaqayyoof ajajamuu diduu akka ta'e jabeessee ni barsiisa. Namoonni amanuu dhiisuudhaa fi cubbuudhaan yeroo itti fufan, Waaqayyoon malee jireenyi abdii kan hin qabnee fi bu'aa kan hin qabne ta'uu isaa jara agarsiisuudhaaf akka cubbuu gadhee fi hamaa hojjetan illee "caalchisee isaanii kenna". 1 Qorontoos 6:9 namoonni walqunnamtii saalaa seeraan alaa hojjetann akka mootummaa Waaqayyoo h in seenne dubbata.

Waaqayyo nama akka wal-qunnamtii saala gosa tokkicha gidduutti taasifamuu hawwuudhaaf isa hin uumne. Macaafni Qulqulluun namoonni sababa cubbuu irraa kan ka'e wal-qunnamtii saala gosa tokkicha gidduutti taasifamuu akka hojjetan akka ta'an nutti hima (Roomaa 1:24-27) xumura irratti sababa filannoo mataa isaanii. Namni tokko wal-qunnamtii saala gosa tokkicha gidduutti taasifamuuf kan dafee qalbiin isaa booji'amu ta'ee dhalachuu danda'a, akkuma namooni tokko jeequmsaaf yookiin fedhii cubbuu gara birraa dhalatan. Yoo namni tokko aarii/dheekkamsaf kan dafee qalbiin isaa booji'amu ta'ee dhalate, inni sun akka inni gara fedhii sanaatti ofii isaa kennu sirrii taasiisuu danda'aa? Dhugumaan miti. Wal-

qunnamtii saala gosa tokkicha gidduutti taasifamuufis dhugaan isaa akkuma kana.

Haa ta'u malee, Macaafni Qulqulluun wal-qunnamtii saala gosa tokkicha gidduutti taasifamuu cubbuu kanneen biroo irraa akka "guddaatti" isa hin ibsu. Cubbuun hundinuu Waaqayyoon kan gammachiisu miti. wal-qunnamtii saala gosa tokkicha gidduutti taasifamuu waantota 1Qorontoos 6:9-10 keessatti tarreeffaman keessaa isa tokko dha inni nama tokko Mootummaa Waaqayyoo irraa isa ittisuu danda'a. Akkaata Macaafa Qulqulluutti, araarri Waaqayyoo akkuma cubbuu kan akka waaqolii tolfaamuu waaqessuu, ejja, ajjeechaa, hanna fi kan kana fakkaataniif akka argamu wal-

qunnamtii saala gosa tokkicha gidduutti taasifamuufis qophaa'aa dha. Waaqayyo dabalees warra Yesus Kiristoos akka fayyisaa dhuunfaa isaaniitti amananiif cubbuu irratti moo'icha akka kennu waadaa galeera, wal-qunnamtii saala gosa tokkicha gidduutti taasifamuus dabalatee (1 Qorontoos 6:11; 2 Qorontoos 5:17; Filippiisiyuus 4:13).

#### **4.7. Wanti tokko cubbuu ta'uu isaa akkamitti beekuu dandeenyaa?**

Gaafii kana irratti wanti lama ni hordofu, kitaabni qulqulluun adda baasee kan inni eereefi cubbuu akka ta'an kan inni beeksisee fi macaafni qulqulluun kallattidhumaan kan inni hin beeksifne. Qulqulluun sagalee isaa kan inni tarreessuu cubbuu adda addaa kan of keessatti qabatan Fakkeanya 6:16-19, Gal. 5:19-21 fi 1Qor. 6:9-10. Shakkiin tokko illee jiraachuu hin danda'u, dubbifamni kun gocha isaani akka cubbuutti dhi'eessuu isaa, Waaqayyo wanta inni hin fudhanne. Ajjeechaa, ejja, soba, hanna, k.k.f shakkii tokko illee hin qabu. Macaafni qulqulluun wantoota kana cubbuu jehuu isaatiif. Wanti baay'ee rakkisoon macaafni qulqulluun kallattiidhaan kan inni hin ibsinee cubbuu murteessuu dha. kitaabni qulqulluun dhimma tokko tokkoo osoo hin hagugamiin yeroo hafuu, sagalicha irratti qajeelfamni wali gala jira, akka nu geggesaniif.

Duraan dursee, kan murtaa'ee waabii sagalee isaa waa tokko illee kan hin qabne, wanti tokko dogogora jedhe gaaffachuu dhiisu isaatu wayya, ha ta'uu malee caaladhumatti, inni dhugumatti gaarii yoo ta'e. kitaabni qulqulluun ni jedha, fakkeenyaaaf, nutty, "tokkoon tokkoon carraa haala wayyun akka itti fayyadamnu" (Qol. 4:5).

Lafa kana irratti guyyaa muraasni nu qabnu baay'ee gabaabaadhaa fi minyaa dha, kan bara baraa wajjin kan wal qabate, akkasumas wanta dhuunfaatiin yeroo keenya akka hin dabarsinee raawwatee nuuf hin ta'u , ha ta'u malee kan biroo akka fedhii isaanitti ijaaruudhaaf akka gargaaru malee" (Efe. 4:29).

Yaalli gaariidhaa fi murtoon, nu amanamummaadhaan, sammuu gaariidhaan, Waaqayyo akka nu eebbisu kadhachuudha, akkasumas gocha murtaa'ee fi kaayyoo mataa ofiif. "Kanaaf yeroo nyaattanis ta'e dhugdan wanta gootan hundumaa ulfina Waaqayyootiif godhaa" (1Qor. 10:3). Bakka shakki yoo jiraatee, Waaqayyoon ni gammachiisaa/hin gammachiisuu akka ta'ee, egaa dhiisuutu filata. "Amantii irraa kan hin taanee hundumaa cubbuu dha" Roome 14:23). Yaadachuun kan nurra jiru foon keenyas ta'e lubbuun keenyaa kan furamteef Waaqayyoodhaaf akka ta'ee dha. "Yookas fooni keessan Waaqayyo irraa kan fudhatan isin keessa kan jiraatu mana hafuura qulqulluu akka ta'ee hin beektanii? Gatiidhaan bitamtaniitu hook an mataa keessani miti, kanaaf foon keessaniin Waaqayyoon ulfeessaa." (1Qor.6:19-20). Dhugaa guddaa kanaaf gatii amansiisaan kennamuufitu irra jiraata, maal akkahojjennuu fi eessa akka deemnu. Dabalataanis, gocha keenyaan sakkata'uutu nurra jiraata,Waaqayyoo wajjin walitti dhufeinya qabnu qofan osoo hin taanee inni maati keenya irratti, firoota keenya irratti fi namoota biroodhaan walummaa galatti dhiibbaa inni fidu. Ammam illee wanta adda ta'ee dhuunfaatti yoo nu miidhoo baatees, inni bifaa nama miidhuun nama biraa irratti

dhiibbaa yoo geessise yookaan yoo miidhe inni cubbuu dha. "Foon nyaachuu dhiisuun yookaan wayinii dhuguu dhiisuun yookaan obbolessi kee kan itti guffatu waan tokko illee gochuu dhiisuu wayya... fi jaboo kan taanee ba'aa warra dadhabootaa baachuutu nurra jiraata, mataa keenya osoo hin gammachiisiin" (Roome 14:21, 15:1).

Xumura irrattis, Yesus Kristoos gooftaa keenyaa fi fayyisaa keenya akka ta'e yaadadhaa, kanaaf kan biraan kamiinuu fedha isaaf kan qabnu kallatiidhaan dursa akka fudhatu eyyamuun nurra hin jiru. Amala akkami iyyuu yookaan fincila kan kaasu yookaan kakka'umsi jirenya keenya irrati akka bakka qabaatuu eyyamuufiin irra hin jiraatu, Kristoos qofa dha sun aboo kan inni qabu. "Hundu nu iyyamameera, hundumtuu garuu nama hin fayyadu. Hunduu nu iyyamameera, ana irratti garuu wanti kam iyyuu gooftummaa hin qabaatu." (1Qor. 6:12). "Waaqayyo abbaa isaan galateeffachaa, jechaan yoo ta'es yookaan hojiidhaan kan gootan hundumaa maqaa Yesuusiin godhaa." (Qolasiyaas 3:17).

## 4.8. Cubbuwwan nama ajjeessan torban maaliidha isaan?

Cubbuwwan nama ajjeessan torban tarreefamni isaanii ka'umsa irraa faayida irra kan oole barumsa kiristaanaa duriitiin. Duuka buutota barsiisuudhaa fi of eegachiisuuf, nama kufee haala cubbuu nama kufee kan ilalate. Torban "ajjeessan" cubbuwwan irratti kan jiru hubannoo wal dha'e, isaan cubbuwwan kana Waaqayyo akka dhiifama hin goone dha.kitaabni qulqulluun ifa kan inni godhe, Waaqayyo ifa kan inni godhee cubbun itti fufiinsa kan qabu amanuu dhiisuu dha, sababni isaa inni dhiifamni qofaan isaa karaan inni ittiin argamuu waan hin fudhaneef \_Yesus Kristoosi fi bakka isaa du'a fannoo irratti.

Yaadni cubbaawwan nama ajjeessan torbani Kitaaba qulqulluu keessa jiraa? Eeyyees, eeyyees miti, Fakkeenya 6:16-19 ni labsa, "Waaqayyoo kan inni jibbu wantoota jaha dha, torbaffaa immoo lubbuun isaa jabbeesitee ni ciinggaati:

1. Nama waan guddaatti of ilaalu,
2. Arraba sobu,
3. Harka dhiiga nama balleessaa hin qabnee dhangalaasu,
4. Garaa akeeka hamaa yaadee qopheessu,
5. Miila waan hamaa gochuuf ariifatee fiigu,
6. Nama sobaan nama irratti dhugaa ba'uu,,
7. Nama gargar ba'uu obboloota gidduutti facaasuu dha. ta'us, tarreefama kana namoonni baay'een kan hubatan akka dhimma cubbuu

torbaniiti miti.Akka isa guddaa Abune Girigoritti jaarraa 6ffaatti, cubbuun nama ajjeessan torban warra itti fufani jiranii dha:Of jajuu, doqnummaa gar malee nyaachuu, kajeeluu, dheekamsa, gaabbii, fi dhibbaa'ummaa, ammam illee isaan kun cubbuu ta'uun isaanii yoo hin ganamnees, isaan kitaaba qulqulluu keessatti "cubbuu nama ajjeessan torban" ibsa jedhu isaan hin dhowwatu.

Tarreefamni kan baratamee kan cubbuu nama ajjeessan torbanii, kan jiran baay'ee cubbuu adda addaa kan itti Ramadhan karaa ta'ee tajaajilu ni danda'a. madaalin tokkon tokkoon gosa cubbuu ramaddi torban keessaa inni tokko jiraachuu danda'a, baay'ee barbaachiisaa kan inni ta'u, isaan cubbuwwan torban kana kana boodee "kan nama ajjeessu" ta'uu dhiisuu isaaniiti, cubbuu kan biroo irra kan caale.

Cubbuun hundumtuu bu'aan isaa du'a (Roome 6:23). Waaqayyoof ha galatuu, Yesuus Kristoosiin cubbuun keenya hundumtuu, "cubbuu nama ajjeessan torban" dabalatee nuu dhiifamuu danda'a (Mat. 26:28, HoE. 10:43, Efe. 1:7).

#### **4.9. Cubbuun hundumtuu Waaqayyoodhaaf wal qixaa?**

Maattihos 5:21-28 irratti, Yesus ejja raawwachuu fi garaatti kajeeluu fi ajjeechaa raawwachuu fi jibba garaa gochuu wal qixa godheera. Ta’us, kana jechuun cubbuun wal qixa jechuun hin danda’amu. Yesus warra Faarisootaan jechuu kan barbaadee, cubbuun lamiin yoo ta’ee illee cubbuu ta’uu isaati, gochicha raawwachuuf barbaaduun illee, sana utuu gochuu baatee. Yeroo Yesusitti dura buutooni amantaa barsiisaa kan isaan turan waa’ee waan barbaadee yaaduun akka waan ta’eetti ture, isaan hawwiwwan amma hin gooneefitti. Yesus isaan dirqamsiisaa kan inni ture Waaqayyoo yaada mattayyichaa jedhes gocha isaa irratti akka faradu akka hubatan ture. Yesus kan inni labse gochiwwan keenya bu’aa waan laphee keenya keessa jiruuti (Mat. 12:34).

Ammam illee Yesus hawwu fi ejja lamaanuu cubbuu yoo ta’es, sun wal qixxa jechuu miti. Nama ajjeessuun baay’ee kan hamaatee dha, nama akkasumatti jibbuu

caalaa, ammam illee ija Waaqayyootti lammanuu cubbuu yoo ta’es. Cubbuu gochuudhaaf sadarkawwan jiru. Cubbuun

tokko tokkoo kan biroo irra kan hammaataniidha. Bifa wal fakkaataan, lammanuu, ajaja bara baraa fi akka fayyinaati cubbuun hundumtuu wal fakkaataa dha. tokkoon tokkoon cubbuu gara yakka bara baraatti ni geessa (Roome 6:23). Cubbuun hundumtuu, ammam “xiqqoo” yoo ta’ee, daangaa kan hin qabnee fi Waaqa bara baraa mormuu dha, fi kanaaf daangaa kan hin qabnee fi adabi bara baraa ni ta’af. Dabalataanis, baay’ee “guddaa” cubbuun ta’ee hin jiru Waaqayyoo dhiifama kan hin goone. Yesus kan inni du’eef gatii adaba cubbuu kaffaluuf (1Yoha. 2:2). Yesuus kan inni du’eef cubbuu keenya hundumaatiif (2Qor. 5:21). Cubbuun hundumtuu Waaqayyoof wal qixaa? Eeyyees mitis. Gidirsiisaadhaani? Miti. Adabaanii? Eeyyee. *Dhiifama gochuudhaanii? Eeyyee.*

#### **4.10. Kitaabni qulqulluun waa'ee Pornoogiraafi maal jedhaa? Pornoografiil ilaaluun cubbuudhaa?**

Irra caalmaan, interneetiin baay'ee wanti barbaadamuu pirogiraafii wajjin wal qabata. Pornoogiraafii amma addunyaa jeeqa jira. Tarii wanta kami iyuuu caalaa, seexani wal qunamtii saalaa jal'isaa fi balleessaa jira. Inni gaarii fi ta'uun kan qabu fudhatee (abbaa manaa fi haadha manaa gidduu kan

godhamuu wal qaunamtii jaalalaa) bakka isaa halalummaa, fakkii jibisiisaa, ejjaan, dirqisisani gudeeduu, fi wal qunamtii saalaa saala wal fakkaataan godhamutti jijire. Pornoogiraafii sadarkaa jalqabaa ta'uun danda'a, kan irraangadee nama sigigaachisuu isaa dabaalaa jiru cubbamaa ta'uun kufaati safuu (Roome 6:19). Amalli Pornoogiraafii araadni isaa qorannoon bira gahameera. Baalli sammuu namaa adoochuu kan fayyadaman isa guddaa fi baala sammuu namaa adooocchu isa cimaa haga isaatti akka fayyadu, "ol" kan jedhe dheebuu ba'uu argachuuf, Pornoogiraafiinis nama dhuunfaa ni harkisa, guddaa guddaa gara ta'eetti gara araada ejjaatti fi gara fedhii gaarii hin taaneetti. Ramaddiin inni guddaan sadan kajeelaa foonii, kajelaa ijaa, fi of jirenyaati (1Yohannis 2:16). Pornoogiraafiin siritti fedhii foonii akka nu keessa buluuf sababa ta'a, innis haala hin ganamneen kajeelaa ijaati. Pornogiraafiin siritti nu gahuu hin danda'u, waan yaaduun nurra jiru, akka Filliphisiyuus 4:8. Pornoogiraafii araada dha (Qor. 6:12, 2Phaex. 2:19), akkasumas kan balleessuu dha (Fak. 6:25-28, His. 20:30, Efe. 4:19). Yaada keenyaan namoota kan biroo booda nutty fakkaate, kunnis qabiyyee Prnoo giraafii kan ta'e, Waaqayyoon ni gadisiisa (Mat.5:28). Kan baratamee

Pornogirafiif kennamuun jirenya namichaa yeroo qabatuu, namichi akka hin fayyine kan argisiisuu dha (1Qoro. 6:9).

Pornoogiraafiidhaan kan qabamaniif Waaqayyo mo'icha kennuu danda'a, fedha isaatis. Pornogiraafiin qabamteetaa, isa irras bilisummaa siif wayyaa? Carrichaaf wantootni gargaaran tokko tokkoo kunoo: 1)cubbuu kee Waaqayyotti himadhu (1Yoha. 1:9), 2)Waaqayyo akkasi qulleessuu akka si haarressu, akkasumas sammuu kee akkajijiruu gaaffadhu (Roome. 12:2). 3)Waaqayyoon kadhadhuu, sammuu kee Filliphisiyuus 4:8 irra kan jiruun akka guutamu. 4)Qaama kee qulqullumaan qabachuu baradhu (1Tas. 4:3-4). 5)Hiika sirri wal qunamtii saalaa hubadhu, kanaaf hidhata gaa'ilaa kee qofaa wajjin fedha kee raawwadhu (1Qor. 7:1-5). 6)Kana hubadhuu hafuuraa wajjin utuu deemtuu fedha foon kee hin raawwattu (Gala.5:16). 7)Tarkaanfii hoji irra oolu fudhadhu, fakkiwwaan nama miidhanin carra saaxilamuu kee hir'isuuf. Daangaa Pornoogiraafii komputeera kee irra godhi, itti fayyadama Televishini fi vidiyoo kee daangeessi, akkasumas kristaanaa kan biraa barabaadi kan siif kadhatuu fi damaqaa akka taatu kan si gargaaru.

Kitaabni qulqulluun xuuxuu kallattiidhaan raawwatee hin ibsuu. Kan ta'es ta'ee qajeelfamni jiru, amansisaati waa'ee xuuxuuf ooluu kan danda'an. Tokkooffaan, Kitaabni qulqulluun nu abooma, qaamni keenya waan kam irratti iyuuu "akka hin bitamne." Hundumtuu naaf iyyamameera\_hundumtuu garuu hin fayyadu. Hundumtuu

naaf eyyamameera\_\_ wanti kam iyyuu garuu naratti gooftaa hin ta'u" (1Qor. 6:12). Xuuxuun ganamuu bifa hin qabnen araada cimaa dha. booda irratti dubbisa wal fakkaataan nutty dubbata, "Dhagni keessan mana qulqulluummaa hafuura qulqullu isa isin keessa jiruu ta'uu isaa hin beektaniiree? Hafuura kanas Waaqayyo biraa argattan, mana qulquluummaa hafuuraa isaa erga taatani, isin kan ofii keessanii miti, Waaqayyoo gatiidhaan isin bitate, kanaaf guutummaan dhagna keessaniin waan inni ittiin gallateefamu hojjedhaa" (1Qor. 6:19-20). Xuuxuun shakki tokko malee fayyummaa keessanif miidha kan fiduu dha. xuuxuun sombaa fi laphee akka miidhuu mirkaneefameera.

Xuuxuun akka "waan faayidaaqabuuti" ilaalamuu irra jirahi (1Qor. 6:12) xuuxuun fooniin Waaqayyoon ulfeessa jechuun hin danda'amaa (1Qor. 6:20)? Namni dhuunfaa tokko "ulfina Waaqayyoof" amanamummaan xuuxuun ni danda'amaa (1Qor. 10:31)? Isaan gaaffiiwan sadan kanaaf deebiin isaanii inni deebissu "miti" dha. hundee kanaan, nun akka amanuuti xuuxuun cubbuu dha, kanaaf Yesus Kristosin duuka buutota ta'uu gochuun irra hin jiraatu.

Namoonni tokko tokkoo ilaalcha kana ni faalleessu, namoonni baay'ee nyaata fayya qabeessa hin taane nyaatu kan jedhu irratti xiyyafachuun innis akka araadaa ta'uu kan danda'uu fi qaamaaf miidhaa kan geessisu. Akka fakkeenyaatis namootni baay'een bifa hamaataan buna kan araadan ta'aniiru, ganamaan buna shiini tokko yoo hin arganne

amma hin hojjeneeti. Kun dhugaa yoo ta'e ta'es, sun akkamitti xuuxuu sirrii godhaa? inni falmi keenya, kiristaanooni diinummaa fi daangaa irra kan darbee fayya qabeessa kan hin taane nyaata akka dhabamsiisuuf. Eeyyee, Kiristaanooni yeroo hundaa fakkeesituu dha ,cubbuu tokko yakkuudhaa fi cubbuu kan biraa dhoksuuf, ta'us garuu irra deebiin xuuxuu kanas Waaqayyoon ulfeessuuf hin godhan.

Falmii kan biraan ilaalcha xuuxuu kana mormuudhaaf, namoonni gaariin heedduun xuuxaan baay'een turaniiruu , akka lallabaa Birtaaniyaa C.H. Sipaarji'oon, beekamaan, tamboo tuutuun kan beekamu. Akka gahaanab, wal falmiin kun madaalli akka qabuu hin amannu. Siparji'oon xuuxuu isaan dogogora isaa ni amana. Karaa kan biraan inni nama gaarii fi ajaa'ibsiisaa sagalee Waaqayyoo lallabaa hin turree? Akkamitti! Sun gocha isaa fi amala isaa hundumaa Waaqayyoon kan hin gallateefanne isaan godha? Mitii!

Xuuxuu cubbuu jedhee kaa'uudhaan, amantootni hundumtuu hin fayyine jechuu miti. Dhugaan baay'een Yesus Kristoositti kan amannan jiru, kan xuuxan. Xuuxuun nama dhuunfaa fayyina irraa hin dhorku. Ta'uu yoo baatees inni nama dhuunfaa fayyina isaa akka dhabuu hin godhu. Xuuxuun cubbuu kan biroo irra dhiifama caaluu kan godhamu miti, nama kiristaana ta'es cubbuu isaas/ishees Waaqayyoof kan qalbi jijjiratu (1Yoha. 1:9). Yeroo wal fakkaataatti , sabritti kan amanu xuuxuun cubbuu dha, dhiifama cubbuu argachuutu irra jira, gaargarsa Waaqayyo kan dhiisu.

#### **4.11. Waa'ee dhugaatii jabaa yookiin daadhii waynii dhuguu Macaafni Qulqulluun maal jedhaa? Kiristaanotaaf dhugaatii jabaa yookiin daadhii waynii dhuguun cubbuudhaa?**

Caaffanni Qulqulla'a'oon waa'ee dhugaatii jabaa yookiin alkoolii ilaachisee waanta baay'ee dubbata (Seera Leewotaa 10:9; Seera lakkofsaa 6:3; Seera keessa Deebii 29:6; Macaafa Abboota Firdii 13:4, 7, 14;

Fakkeenya 20:1; 31:4; Isaayaas 5:11, 22; 24:9; 28:7; 29:9; 56:12). Haa ta'u malee, caaffanni qulqulla'a'oon kiristaanni biiraa, daadhii waynii, yookiin dhugaatii alkoolii akka hin dhugne dirqama hin dhowwu. Dhugaadhumatti, caaffanni qulqulla'a'oon kanneen biroon immo barbaachisummaa alkoolii ibsu.

Macaafni Lallabaa 9:7 "Daadhii wayinii kee garaa qulqulluudhaan dhugi" jechuun abbooma. Faarsaa 104:14-15 Waaqayyo dadhii wayinii "garaa namaa akka gammachiisuudhaaf" akka kenne dubbata. Amosos 9:14 daadhii wayinii iddo dhaaba wainiitti keessatti dhuguu akka mallattoo eebaatti dubbata. Isaayaas 55:1, "kottaa utuu horii itti hin baasin daadhii wayinii fi annan bitadhaa" jechuun jajjabeessa. Waaqayyo kiristaanota daadhiin wayiniitiin machaa'uu dhiisuu ilaachisee maal abbooma (Efesoos 5:18). Macaafni Qulqulluun machaa'uu fi bu'aa isaatti ni farada (Fakkeenya 23:29-35). Dabalataanis kiristaanoni qaama isaanii irratti wanti kam iyyuu akka "aboo hin qabaanne" abboomamaniiru (1 Qorontoos 6:12; 2 Pheexroos 2:19). Alkoolii baay'isaanii dhuguun araachisaa ta'uun isaa kan hin ganamne dha. Caaffanni qulqulla'a'oon

dabalataanis kiristaanoni namoota kaan akka hin gufachiisne ni dhowwa yookiin yaada garaa isaanii irrattis akka cubbuu hin hoijenne ni jajjabeessa(1 Qorontoos 8:9-13). ifa qajeelfamoota kunneenitiin, kiristaana kamiifuu hulfinna Waaqayyootiif alkoolii baay'isee dhugaa jira jechuun baay'ee ulfaataa ta'a (1 Qorontoos 10:31).

Yesus bishaan gara daadhii wayiniitti jijiire. Innis tibba sanatti Yesus daadhii wayinii waan dhuge illee ni fakkaata (Yohaannis 2:1-11; Matewoos 26:29). Bara yeroo Kakuu haaraatti bishaanni baay'ee qulqulluu miti. qulqul'ina ammayyaa malee bishaanni yeroo baay'ee baakteeriyya, vayirusootaa fi waantoota adda addatiin kan faalameedha. Har'as biyyoota guddinaan sadarkaa saddaffaa keessa jirran baay'ee keessatti kun har'a iyyuu dhuguma. Sababa kanaaf namoonni yeroo baay'ee daadhii wayinii (magariisa isaa irraa kan cuunfame)dhugu sababni isaa inni kan faalame ta'uun danda'a. 1 Ximootewoos 5:23, keessatti Phaawloos Ximootewoos akka bishaan duwwaa hin dhugne (tarii isa rakkina garaacha isaatiif sababa ta'e) qooda sanaas daadhii wayinii dhugi jechuun abbooma. Bara sanatti, wayiniin ni danfa (alkoolii qabaata) ture. Garuu dirqama akka isa har'aa miti. Inni cuunfaa magaarisaati jechuun dogoggora, garuu dabalataanis akkuma dadhii bara kana itti gargaaramaa jiruu wajjin gosa tokkicha jechuunis hin danda'amu. Ammas, caaffanni

qulqul'aan kiristaanonni biiraa, daadhii waynii, yookiin dhugaatii alkoolii of keessa qabu akka hin dhugne hin dhowwu. Alkooliin, ofii isaa keessatti kan cubbuudhaan faalame miti. Kiristaanonni guutummaatti irraa of qabuun kan isaan irra jiram machaa'uudhaa fi arachiisaa isaatiin qabamuu irraati (Efesoon 5:18; 1 Qorontoos 6:12). Alkooliin xinneyaan fudhatameef nama hin miidhu yookiin arachiisaa miti. dhugumatti doktoronni tokko tokko daadhii wayinnii diimaa xinnoo fudhachuun fayyaaf

#### **4.12. Macaafni Qulqulluun waa'ee cubbuu tumaa yookiin niqqisee maal jedhaa?**

Seerri Kakuu Moofaa Israa'eelota abboomeera akkas jechuudhaan, "Ani Waaqayyoodha, warra du'aniif jettannii dhagna keessan hin murmurinaa barreessaadhaafis milikkita tokko illee of irratti hin godhatina." (Seera Lewwota 19:28) Kanaaf, Kiristaanonni har'a seera Kakuu Moofaa jala jiraachuu dhabaatanis (Roomaa 10:4; Galaatiyaa 3:23-25; Epheesoon 2:15), dhugaan jiru, tumaa irratti abboommiiin akka jiru gaaffiilee ta'an kaasuu danda'a. Kakuu haaraan amantoonni dhagna isaanii irratti tumaa akka godhatan yookiin akka hin qabaanne waan tokko iyyuu hin jedhu. Dhagna ofii tumuu fi niqisee wajjin wal qabatee, kan ittiin qorree ilaallu inni gaariin tarii nuyi amanamummaan, sammuu gaariidhaan, waanta raawwannu hundumaa akka inni kaayyoo isaatiif itti gargaaramu fi akka isa eebbisu Waaqayyoon gaafachuu dandeenya "egaa yoo nyaattan yookiis yoo dhugdan yookiin waanuma hojettan hundumaa hulfinha Waaqayyoof hojjedhaa" (1 Qorontoos 10:31).

bu'aa qaba deggaruun dubbatu, keessattuu onneedhaaf. Dhugaatii xinneyaan fudhachuun dhimma mirga kiristaanotaati. Machaa'ummaanii fi aarachiisni cubbuudha. Haa ta'u malee, alkoolii fi bu'aa inni qaqqabsiisu ilaallee akeekkachiisa Macaafa Qulqulluu irraa kan ka'e, gollabbii qormaata alkoolii bay'isanii fudhachuu irraa kan ka'e, namoota kan biraa gufachiisuu fi gufuu ta'uu irraa kan ka'es yeroo bay'ee kiristaanootaaf guutummaatti alkoolii fudhachuu irraa of dhowwuun gaariidha.

Kakuu Haaraan tumaa yookiin niqqisee ilaalchisee abboommii ittiin dhowwe hin qabu, garuu inni dabalees Waaqayyo akka dhagna keenya irratti tumaa qabaannu akka amannuudhaaf sababa umaa nuuf hin kenu.

Qajeelfamni kan caaffata qulqullaao'oo kan ta'e barbaachisaan dhimma kana ilaalchisee kan macaafni Qulqulluun hin dubbanne, yoo inni Waaqayyoon kan gammachiisu akka hin taanee shakkiin jiraate, hojii akkasii irratti hirmaachuu dhiisuun gaariidha. Roomaan 14:23 waanti amntii irraa hin taane kam iyyuu cubbuu akka ta'e nu yaadachiisa.

Dhagni keenya, lubbuun keenya akka fayyee fi kan Waaqayyo akka ta'e yaadachuun barbaachisaadha. Ta'us, 1 Qorontoos 6:19-20 kallattiidhaan tumaa yookiin mallattoo dhagan irratti taasifamuf hojii irra hin oolu, inni qajeelfama nuuf hin kenu. "Dhagni keessan mana qulqullummaa Hafuura Qulqulluu isa isin keessa jiru akka ta'e hin beektanii ree? Hafuura kana Waaqayyo

biraa argattan mana qulqullummaa hafuura isaas erga taatanii ; isin kan ofii keessanii miti. Waaqayyo gatiidhaan isin bitate; kanaaf guutumma dhagna keessaniin waan inni itti galateeffamu hojjedhaa.” Dhugaan guddaan kun dhagna keenyaan waanta hojjennu fi eesssa akka deemnu wajjin

waanta wal qabatu isa dhugaa qabaachuu qaba. Dhagni keenya kan Waaqayyo taanaan, utuu dhagna keenya irratti tumaa yookiin “mallattoo” utuu hin godhiin dursinee “hayyama” isaa isa ifa ta’e qabaachuu keenyaa mirkaneeffachuu qabna.

#### **4.13. Tirgaan cubbuudhaa? Macaafni Qulqulluun waa’ee tirgaa maal jedha?**

Macaafni Qulqulluun tirgaa addatti baasee hin faradu,tapha yookiin lootary. Macaafni Qulqulluun nu akeekkachiisa, haa ta’u malee, akka jaalala qarshii irraa of eegnu (1 Ximootewoos 6:10; Ibroota 13:5). Caaffanni qulqullaaoon dabalataan “badhaadhumni karaa malee argamu” irraas akka of eegnu nu jajjabeessa (Fakkeenya 13:11; 23:5; Lallaba 5:10). Qumaarri caala kan inni irratti xiyyeeffatu jaalala qarshii irrattii fi abdii kara salphaa fi dafanii dureessa ta’uuf yalii taasisuu karaa hin shakkisiifneen namoota hawwatu.

Quumara irratti dogoggorri jiru maal? Qumaarri dhimma jabaadha sababni isaa yoo inni haala giddu galeessaatiin hojjettame fi yoo alii allii ta’e, inni horii balleessuudha, garuu inni amma kana hamaa miti. Namoonni karaa adda addaatiin qarshii dhangalaasu. Qumaarri, fiilmii ilaalluuf, nyaata baay’ee gatii guddaa itti ba’u nyaachuu, mi’aa baay’ee mi’aa ta’e bituuf qarshii baasuu irra karaa caalaa ta’een yookiin xiqqateen adda miti. Karaadhuma walfakkaataan immoo, dhugaa qarshiin waantoota gara garaatiif ba’uun isaa

quumaaraa hin jajjabeessu. Qarshiin haala hin taanetti ba’uu hin qabu. Qarshiin nurraa hafee fuulduraaf waanta nu barbaachisuudhaaf achi kaa’amuu yookiin hojji Gooftaaf ooluu qaba, quumaaraan baduu hin qabu.

Ta’us Macaafni Qulqulluun qumaara ifa godhee hin eeru, inni yeroo “aragachuu” yookiin “dhabuu” ni caqasa. Akka fakkeenyaatti, muka buufachuu Seera

Leewotaa keessatti dhimma itti ba’ameera reetii isa aarsaaf qalamuu fi isa bakka onaatti gadhiifamu adda baafachuudhaaf. Iyyaasuun gosa adda addatiif lafa isaan qaqqabu adda baafachuudhaaf muka buufachuutti gargaarameera. Nahimiyan dallaa Yeruusaaleem keessa kan jiraatan adda baafachuudhaaf muka buufateera. Ergamoonni Yihudaa kan bakka bu’u adda baafachuudhaaf muka buufataniiru. Fakkeenya 16:33, “buufanni mukaa dacha wayyaa irra ni buufama murtoon hundinuu garuu Waaqayyo biraa ta’a” jedha.

Macaafni Qulqulluun waa'ee looterii fi kaartaa tabachuu maal jedha? Kaartaa tabachuun gosa sirna gabaa hundumaatti fayyadame warra qumaara tabatan akka jarrii qarshii heedduu argatantti gowomsa. Jari jarrii yeroo baay'ee dhugaatii gati jabeessa tola kenuu, isa machii jajjabeessu, kanaaf egaa murtoo ogummaan guutuu ta'e kennuudhaaf dadhabu. Kaartaa tabachuu keessatti waanti kam iyyuu qarshii baay'inaan itti argaachuudhaaf sirriitti kan ijaarameedha humaas hin deebisu, lafa duwwaatti gammaduuttii kan hafe. Looteriinis ofii isaanii mul'isuu yaalu, karaa ittiin carraan barnootaa aragaman yookiin kan biraa. Haa ta'u malee, qo'annoon akka agarsiisutti lootariitti kan hirmaatan yeroo baay'ee tikeetii lootarii kutachuudhaan horii isaanii kan baasan keessa xiqqoo akka ta'aniidha.

Hawwiin karaa salphaan durooomuu yaaduu mormuun qoromsa baay'ee guddaadha jarreen abdii kutataniif. Carraan moo'achuu baay'ee xiqqoodha, jirenya namoota heedduun keessatti bu'aa baduu kan fidu.

Lottoo lotoriin gara Waaqayyoon gammachiisuutti ni fida? Namoonni heedduun lootarii tabachuun yookiin quumaara tabachuun waldaadhaaf qarshii kenuu akka danda'an yookiin waanta gaarii gara biraaf sababa ta'uu akka danda'an dubbatu. Kun fedhii gaarii ta'us, namoota muraasatu karaa kana qarshii argatan hojii gaarii irraa olchu. Akka qorannoon agarsiisutti namootiin lootarii injifatan heedduun erga lootariin sun ba'eefii

waggoota muraasa booda qabeenya duraan qaban irraa haala baay'ee rakkisaa irra akka ga'an ni agarsiisa. Muraasin, utuu qarshii waan gaariidhaaf kennanii caalaa, Waaqayyo kaayyoo isaa isa biyya lafaa keessaa qabuuf qarshii keenya akka kenninnu hin barbaadu. Fakkeenyi 13: 11 akkas jedha, "badhaadhumni karaa malee argamu, irraa hir'achaa ni adeema namni itti dadhabbe wal irra buusaa adeemu garuu ni baay'ata." Waaqayyo hunda gararraadha waldaafis kan barbaachisu hundumaa karaa amanamaa ta'een ni qopheessa. Waaqayyoo qarshii qoricha ittiin bituudhaaf arjoomame yookiin qarshii mana baankiitii hatame fudhachuudhaan hulfina ni argataa? Lakkii. Waaqayyo badhaadhaa ta'uuf jecha qarshii hiyyeessa irraa hatames hin barbaadu.

1 Ximootewoos 6:10 akkas jechuun nutty hima, "Horii jaal'achuun hundee waanti hamaan hundinuu irraa latudha; namoonni gar tokko yaada isaanii horii argachuu irra kaa'atanii amanticha irraa badaniiru, waraansa baay'eedhaanis of waraananiiru." Irootin 13: 5 akkas jedha, "Akki jirenya keessanii horiidhaaf sassataa hin ta'in, waanta argattaniin nu ga'a jedhaa! Waaqayyo 'ani matumaa si hin dadhabu, si hin buusus jedheera.'" Maatewoos 6:24, "Eenyullee gooftolii lamaa hojjechuu hin danda'u isa tokko jibbee isa kaan jaal'achuu isa tokkoof of kennee isa kaan tuffachuu dha malee. Isinis akkasuma Waaqayyoodhaa fi horiidhaaf hojjechuu hin dandeessan" jedha.

#### **4.13. Seeggaa rukutuun-akka Macaafa Qulqulluutti cubbuudhaa?**

Macaafni Qulqulluun seeggaa rukutuun ifatti hin caqasu yookiin cubbuu ta'uu isaa fi dhiisuu isaa umaa hin dubbatu. Seera Uumamaa 38:9-10 keessatti Macaafni Qulqulluun irra deddeebi'uudhaan seeggaa rukutuu ilaalchisee seenaa Awunaanii akka ta'e agarsiiseera. Muraasni dubbisa "sanyii kee lafa irratti dhangalaasuun" cubbuudha jechuudhaan hiiku. Ta'us garuu dubbisa isaa isa sirriidhaan kan jedhe miti. Waaqayyo

Awunaaniin irratti kan farade "sanyii isaa dhangalaasuun" isaatiin miti garuu Awunaan obboleessa isaatiif dhaala dabarsuu dirqama isaa ta'uu isaa diduu isaatiin. Keeyyatichi jechaa kan jiru waa'ee sanyii dhangalaasuun miti garuu waa'ee dirqama maatii guutuuti. Seeggaa rukutuun cubbuu ta'uu isaa akka mirkaneessaatti alii alii kan hojii irraa oole Maatewoos 5:27-30 ti. Yesuus yaada fedhii cubbuu qabaachuu sirrii akka hin taane dubbateera, "harki kee mirgaa yoo sigufachiisee muiriitii gati" jechuun dubbateera. Haala walfakkaatuun seeggaa rukutuu fi keeyyata kana gidduu walfakteenyummaan waan jiruuf seeggaa rukutuun kan Yesuus caqasaa ture dha jechuun kan hin fakkaannee dha. Macaafni Qulqulluun waa'ee seeggaa rukutuun cubbuu ta'uu isaa bakka kamiinittu caqasuu dhabaatus gara seeggaa rukutuutti kan nama geessuu danda'an hundinu cubbuun kan guutaman ta'uun isaanii fi ta'uu dhiisuun isaanii gaaffii umaa hin qabu. Seeggaa rukutuun yeroo heedduu yaada

ejja, walqunnamtii saalaaf of kakkaasuu, yookiin bu'aa fakkiiwan walqunnamtii saalaaf nama kakkaasanii. Kan irratti xiyyeefannoon laatamuufii qaban jarreen kana. Yoo hawwiinii fi fakkeenyonni, yaadni naamusa gaarii hin qabne, walquunnamtii saalaaf nama kaakkaasan irraanfatamanii fi moo'aman, seeggaa rukutaan waanta dhimma qabu miti. Namoonni heedduun seeggaa rukutuudhaan cabbamaa tauun isaanitti dhaga'amee rakkatu dhugumaan gara kanaati kan nama geessan caalaatti qalbii diddiirannaan jara barbaachisa. Dhimma seeggaa irratti hojii irra oolfamuu kan qaban qajeelfama kan Macaafa Qulqulluu ta'an waantonni murtaa'oon jiru. Efeesoon 5:3 "Akka warra Waaqayyoodhaaf qulqulaa'aniitti jiraadhaa malee halalummaan xuraa'ummaan hundinuu sasatis isin gidduutti hin dhagaa'amin iyyuu" jechuun dubbata.

Seeggaa rukutuun akkamiin qorumsa adda ta'e sana dabarsuu akka danda'u ilaaluun ulfaataadha. Macaafni Qulqulluun 1Qorontoos 10:31 irratti, "egaa yoo nyaattan yookiin yoo dhugdan yookiis waanuma hoijettan hundumaa hulfinha Waaqayyoof hoijedhaa" jechuun barsiisa. Waanta tokkoof Waaqayyoodhaaf ulfinha kennuu dadhabnaan hin raawwattu.

Namni sun kan inni hojjetu Waaqayyoon akka gammachiisu guutummaatti yoo hin amannne cubbuudha. “waanti amantiidhaan hin hojjetamne hundinuu cubbuudha” (Roomaa 14:23) jedha. Dhagni keenya akka bitamaniidhaaf Waaqayyoodhaaf akka ta'an yaadachuu qabna. “Dhagni keessan mana Qulqullummaa Hafuura Qulqulluu isa isin keessa jiruu ta'uu isaa hin beektaniiree? Hafuura kanas Waaqayyo bira argattan mana qulqullummaa hafuura isaas erga taatanii, isin kan ofii keessanii miti. Waaqayyo gatiidhaan isin bitate, kanaaf guutumma dhagna keessaniin waan inni ittiin galateeffamu hojjedhaa” (1Qorontoos 6:19-20). Dhagna keenyaan kan raawwannuun dhugaan inni guddaan kun ilaalcha sirriidha. Akkaataa ilaalcha

qajeelfama kanneeniitti seegcaa ruktuun cubbuudha kan jedhu kan Macaafa Qulqulluu irraa ta'e dha. Ifatti seegcaa ruktuun kan Waaqayyf hulfina kennu miti, bifaa naamusa gaarii dhabuu ittisuu ta'e, qormaata Waaqayyo dhagna keenya irratti abbummaa qabaachuu isaa hin darbu.

## Waa'ee Jannataa Fi Si'ool

### 5.1. Du'a booddee jirenyi jiraa?

Jirenyi du'a booda jiraachuun gaaffii gamtaati. Iyoob hunduma keenyaaf ni dubbata akkas jechuun, “Nama ta'ee lafa irratti kan dhalate barri isaa gabaabaa dha rakkinni isaammoo baay'eedha. Inni akka daraaraatti oli ni ba'a, ni coollogas; akka gaaddisaattis ni darba hin turus... Namni erga du'ee deebi'ee hin jiraataaree?” (Iyoob 14:1-2, 14). Akkuma iyoob, hunndumti keenya gaaffii kanaan ni qoramna. Dhugumatti erga duunee booda maaltu nurra ga'aa? Salphaadhumatti jiraachuun dhaabnaa? Jirenyi akka balbala nanna'uu lafa irraa godaantee gara lafaatti deebiteemmo dhuftii dhuma irratti guddina dhuunfaattii argachuuf jecha? Hundumti

namaa bakka tokkicha dhaqaa moo bakkuma tokko dhaqnaa? Si'oolii fi Jannatni yookiin mootummaan Waaqayyoo jiraa?

Macaafni Qulqulluu du'a booda jirenyi duwwaan akka jiru nutti hiin himu, garuu jirenyi baay'ee kan ulfina qabaatu ta'a. “Waan Waaqayyo warra isa jaallataniif qopheesse,iji namaan hin argine gurri namaan hin dhageenye, yaadni namaas bira hin geenye ni jedha” (1 Qorontos 2:9). Yesus Kiristoos, Waaqayyo foon huffatee, gara biyya lafaa kana dhufe kennaa jirenya bara bara kana nuuf kennuudhaaf. “Inni garuu balleessaa keenyaaf ni waraaname sababbii yakka keenyaafis reebame ni caccabsame;

nuyi nagaa akka argannuuf inni ni adabame madaa'uu isaatiinis fayyinni nuuf argame" (Isaayaas 53:5).

Yesus dheekkamsa hundumti keenya fudhachuun nuuf ta'u fudhate idaa cubbuu keenya kaffaluudhaafis jirenya isaa arsaa godhe. Guyyoota sadiin boodas, du'a irratti gooftummaa qabu agarsiisuudhaaf ofuma isaatii boolla keessaa ka'e.

Guyyoottan afurtamaafis biyya lafaa irra ture kumaatamaanis dhugaa ba'amee utuu gara waaqaatti ol hin deebi'in dura, Roomaa 4:25 akkas jedha, "Yesus irra daddarbaa keenyaaf du'atti dabarfamee kenname; qajeelummaa akka argannuudhaafis du'aa kaafame."

Du'aa kaafamuun Yesus Kiristoos ta'umsa kara gaariitiin galmeeffame dha. Ergamaan Phaawloos dhugaa ta'uu isaatiif namoonni akka mirkanoeffatan warra ijaan argan akka gaafatan jara qoraa ture, dhugaa isaa shakkuudhaafis namni kami iyyuu hin dandeenye. Du'aa kaafamuun amntii kiristaanaatiif dhagaa goleeti. Sababni isaa Kiristoos du'aa kaafameera, nuyis akka kaanu amantii qabna. du'aa kaafamuun Yesus Kiristoos jirenya du'a boodaatiif raga xumuraatti. Kiristoos namoota akka makara guddaatti jirenyaaf kaafamanuutiif inni akka angafaa ture. Duuti foonii karaa nama tokkoo dhufe, Addam,isa hundumti keenya itti qabamnee jiru. Garuu warreen gara maatii Waaqayyo ta'uuf Yesus Kiristoositti amanuudhaan dhlataniif jirenyi haaraan isaaniif ni kennama (1 Qorontos 15:20-22). Akkuma Waaqayyo dhagna Yesusiin du'aa kaase dhagni keenyas gaafa Yesus deebi'ee dhufu du'aa ni kaafama. (1

Qorontos 6:14). Ta'us hundumti keenya du'aa nii kaafamna, hundi nama garuu gara mootummaa waaqayyoo hin dhaqu. Filannoon tokkoon tokkoon namaatiin kan taasifamuu qabu jirenya kana irrattu, agaa filannoon kun xumura nama tokkoo ni murteessa. Macaafni Qulqulluun akka jedhutti namoonni al tokko du'uuf kaa'amaniiru isa booddee immoo firdiitti ni dhiyaatu (Ibroota 9:27). Jarreen karaa kiristoositti amanuutii qajeelina argatan gara jirenya barabaraatti gara Jannataa deemu, garuu jarreen Kiristoosiin akka fayyisaa isaaniitti simachuu didan adabbiidhaaf gara si'oolitti ergamu. (Maatewoos 25:46).

Si'ool akkuma Mootummaa Waaqayyoo, bakka jiraatamu miti, garuu bakkuma mul'ataadha. Inni bakka warri isatti hin amanne cubbamoonni dheekkamsa Waaqayyo isa xumura hin qabne itti shaakalanuudha. Si'ool akka qileetti mul'ateera (Luuqaas 8:31; Mul'ata 9:1) akkasuma galaana ibiddaa, dhagaa boba'u, bakka warri keessa jiraatan halkaniif guyyaa bara hanga bara baraatti itti dhiphatan (Mul'ata 20:10). Si'ool keessa boo'ichaa fi ilkaan qaruutu jira, aarii fi gadda cimaa kan agarsiisu (Maatewoos 13:42).

Waqayyo du'a cubbamootta gammachuu hin fudhatu, garuu akka jarrii karaa isaanii isa hamaa irraa deebi'an barbaada kanaaf jarrii akka jiraataniif (Hisqi'ell 33:11). Garuu akka abboomamnuudhaaf nu hin dirqisiisu; yoo isa fudhachuun didne, diduu keenya ni fudhata murtoo keenya isa bara baraan isatti gargar baanee jiraachuu keenyaa.

Jireenyi biyya lafaa irraa qorannaadha, waanta dhufaa jiruuf qophaa'uu. Amantootaaaf, jireenyi du'a boodaa jirenya bara baraati mootummaa waaqaa keessa Waaqayyoo wajjin. Warra hin amanneef, jireenyi du'a booda galena ibiddaa keessa. Akkamiin jirenya bara baraa fudhachuu dandeenyaa du'a booda galaana ibiddaa keessaa barabaraaf akkamiin ooluu dandeenyaa? Karaa tokkicha duwwaatu jirakaraa amantii fi Yesus Kiristoositti amanuutiin. Yesus akkas jedhe, Yesus garuu du'aa ka'uun jirenyis ana namni anatti amanu yooo du'e iyyuu ni jiraata utuu jiruu kan anatti amanu hundinuu immoo bara baraan hin du'u...(Yohaannis 11:25-26). Kennaal tolaa jirenya bara baraa qophaa'aadhaa hundumaaf. "Namni ilma Waaqayyootti amanu, jirenya bara baraa qaba ilma Waaqayyof kan hin abboomamne garuu jirenya hin argatu dheekkamsa Waaqayyootu isa irratti hafa malee"

## 5.2. Du'a booda maaltu ta'aa?

Amantii kiristaanaa gidduu dhimma du'a boodaa ilaalalchisee yaada adda addaatu jira. Muuraasni namni kam iyyuu hanga hanga firdii isa xumuraatti innis hanga namni tokkoon tokkoon isaa gara Mootummaa Waaqayyoo yookiin gara Si'oolitti ergamutti "ni rafa" yaada jedhu qabataniiru. Kaan immoo namoonni yeroo du'an alumaa sana isaan irratti faradamee gara bakka iddo Isaanii dhaqu jedhanii yaadu. Kaan immoo amma ammaatti yeroo namoonni du'aan lubbuun Isaanii yookiin hafuurri Isaanii du'aa du'aa kaafamuu isa xumuraa, firdii isa xumuraa, fi achumaanis lafa itti deemaan isa xumuraa Isaanii eeguudhaaf gara mootummaa Waaqayyoo yookiin gaannama

(Yohaannis 3:36). Du'a booda kennaal fayyinaa Waaqayyo biraa fudhachuuudhaaf carraan nuuf hin kennamu. Xumurri keenya kan murtaa'u bara jirenyaa keenya isa lafa irratiin Yesus Kiristoosiin fudhachuu keenyaa fi diduu keenyaan. "kunoo yeroon jaallatamee fudhatame amma; kunoo guyyaan fayyinaa amma" (2 Qorontos 6:2). Du'a Yesus Kiristoos gatii cubbuu keenyaatiif Waaqayyoof guuttummaan akka kaffalame yoo amanne jirenya hiika qabu biyya lafaa irratti jiraannuudhaaf qofa waabdii hin hingodhannu, garuu du'a booda jirenya bara baraa isa ulfina qabeessaa Kiristoosii durattiis waabdii qabna.

bakka "yerooodhaaf" ta'atti ergamu jedhu. Kanaaf sirriitti kan Macaafni Qulquluun jedhu du'aa booda ni ta'aa?

Jalqaba, amanataan Yesus Kiristoosiidhaan ta'e tokko du'a boodda lubbuun amantootaa yookiin hafuurri gara mootummaa waaqaatti akka fudhatamu nutti hima, sababni isaa Kiristoosiin akka fayyisaa dhuunfaa jaraatti waan simataniif cubbuun jaraa dhiifameeraf (Yohaannis 3:16, 18, 36). Amantootaaaf duutni, "fooni irraa adda ba'anii gooftaa wajjin jiraachuudha" (2 Qorontoos 5:6-8; Filippiisiyus 1:23). Haa ta'u malee keeyyattonni akka 1 Qorontoos 15:50-54 fi 1 Teseloonqee 4:13-17 kan fakkaatan

amantoonni du'aa kaafamuudhaan akka ka'anuu fi dhagni ulfina qabeessi akka kennamuuf ni ibsu. Amantoonni du'a booda aluma sana Kiristoosii wajjin ta'uudhaaf kan deeman erga ta'e barbaachisummaan du'aa ka'uu kanaa maalii dhaa? Lubbuun yookiin hafuurri amantootaa du'a booda aluma sana Kiristoosii wajjin ta'uudhaaf yeroo deemuu fooni isaanii boolla keessa akka "rafetti" waan hafu fakkaata. Du'a ka'uu amantootaatti dhagni inni foonii du'aa ka'uudhaan ka'eera, ulfinas argateera, foonii fi lubbuu wajjins walitti deebi'eera. Kan lammaffaa walitti deebi'e fi ulfina kan argate dhagni-lubbuun-hafuurri kun waaqa haaraa fi lafa haaraa keessatti qabeenyaa amantootaa ta'a (Mul'ata Yohaannis 21:22).

Lammaffaa, Yesus Kiristoosiin akka fayyisaa isaaniitti kan hin simanneef du'a jechuun adabbii bara baraatti. Ta'us immoo akkuma bakka ga'uumsaa amantootaa warri hin amannes du'aa ka'uu isa xumuraa, firdiif bakka dhaqan isa bara baraa eeggachuudhaaf aluma sana bakka turan yeroodhaaf ta'e sanatti waan ergaman fakkaata. Luuqaas 16:22-23 du'a booda aluma sana kan dhiphatu nama sooreessa tokkoo dubbata. Mul'atin Yohaannis 20:11-15 utuu hin amanin kan du'an hundumtuu du'aa kaafamuun akka ka'an fuulla teessoo firdii isa adicha duratti akka itti faradamuu fi achumaan gara galaana abiddaatti akka gataman ni dubbata. Acumaanis warri hin amanne du'a booda aluma sana gara si'ooli (galaana abiddaatti) hi ergamanu. Garuu haala firdii fi adabbii jela jiru. Ta'us warri hin amanne aluma sana gara kuufama ibiddaatti irgamuu dhabaatanis utuu hin turin du'a booda carraan jaraa gammachiisaa

miti. Namichi sooressi sun yeroo du'u "laboobaa ibiddaa kana keessatti nan dhiphadha'oo" jechuun yeroo iyuu ni dubbifanna (Luuqaas 16:24).

Sababa kanaaf, namni tokko erga du'ee booda mootummaa waaqayyoo yookiin Si'oool "yeroodhaafii" keessa jiraata. Bakka yeroodhaaf keessa turan booda du'aa kaafamuu isa xumura irratti bakki galma nama sanaa hin jijiiramu. Waanti jijiiramu isa bara baraa sanaaf "iddoo" bakka sirrii duwwaadha. Xumura isaa irratti amantoonni gara waaqa haaraa fi lafa haaraa sana galuu isaaniitiif waabdiitu kennamaaf (Mul'ata Yohaannis 21:1). Xumura irrattis warri hin fayyin egara ibidda bara baraatti ergamu (Mul'ata Yohaannis 20:11-15). Kunneen namootaaf - waluma galatti Yesus Kiristoos akka fayyisaa isaaniitti amanan ta'ee fi yookiin amanuu dhiisuu isaanii irratti hundaa'uudhaan galma isa bara baraa, isa xumuraati (Maatewoos 25:46; Yohaannis 3:36).

### 5.3. Samii haaraa fi laftii haaraan maaliidhaa?

Namoonni baay'een hubannoo dogogoraa qabu, mootummaan Waaqayyoo amansiisaatti maal akka fakkaatu. Mul'ata boqonnaa 21-22 waa'ee samii haaraa fi lafa haaraa tarreefama fakkii nuuf laata. Tibbawwan bara dhumaa booda, samii fi laftii ammaa ni darbu lafa haaraa fi samii haaraadhaan bakka buufamu. Bakki mana bara baraa amantootaa lafa haaraa ta'a. lafti haaraanis "Mootummaa Waaqayyoo" ni ta'a, innis kan bara barummaa kan ittiin dabarru. Lafatti haaraa irratti, Yerusaaleem ishee haaraan magaalaa ishee samii irra, kan ittiin taatu. Lafatti ishee haaraa irratti, balbala dhagaa gati jabeessaa fi waltajjiwwan warqee kan isaan ta'an.

Samii lafa haara\_bakka qaamaati, kan ulfeefamaan qaama foonii wajjin kan jiraannuu (1Qor. 15:35-58). Mootummaa Waaqayyo "duumessawan keessa" kan jedhu yaad-rimeen kitaaba qulqulluu keessa hin jiru. Nus "hafuuroota taanee samii irra in bololina" kan jedhu yaad-rimeen kitaaba qulqulluu keessa hin jiru. Amantootni kan isaan baratan mootummaan Waaqayyoo haaraa fi guutuu kan ta'ee pilaaneeti dha, achis kan nu jiraannu.

Lafti haaraan cubbuu irraa, hamanya irraa, dhukkuba irraa, rakkina irraa fi du'a irraa bilisa ni ta'a. innis kan ammaa lafa keenyaa wajjin wal fakkaataa ta'uu danda'a, yookaan tarii kayyoon keenya ammaa uumama haaraa, ta'us garuu abarsa cubbuu kan hin qabne.

Waa'ee samii haarahoo? Yaadatamuun kan irra jiru wanti faayidaa qabu, "samiin" kan isaan argisiisan hawwaa oliidha, irraa hafees bakka bulti. Kanaaf, hawwaa keessanii haaraa. Innis kan inni fakkaatu samiin Waaqayyo irra deebiin akka uumamuu dha, Universi irra waan jiru hundumaa (jalqabbi haaraa" gochuudhaaf, fooninis ta'e hafuuraan. Nu samiwwan haaraa wajjin walitti dhufiinsa dhi'oo qabaanna? Ta'u danda'a, ta'us garuu argachuudhaaf eeguutu nurra jiraata. Hundumti keenya dubbii Waaqayyoof eyyamuutu nurra jiraata, waa'ee mootummaa Waaqayyoo wanta qabnu hubachuuf sammitti qabachuu.

#### **5.4. Gahaanab dhugumaa? Gahaanab bara barummaa qabaa?**

Baay'ee lakkofsa dhibbaan namoonni lakkaa'aman mootummaa Waaqayyoo keessa jiraachuutti ni amanu, jiraachuu gahaanab caalaa. Akka kitaaba qulqulluutti yoo ta'ee, gahaanab akkuma mootummaa Waaqayyoo sana dhugaa dha. kitaabni qulqulluun ifatti adda baasee barsiisa, gahaanab bakka beekamaa ta'uu isaa, cubbamoonni/warri hin amanne du'a booda

bakka isaan itti ergaman. Hundumti keenya Waaqayyo irratti cubbuu hojjeneera (Roome 3:23). Cubbu sanaafis adabi sirriin du'a (Roome. 6:23). Cubbuun keenya hundumtuu walitti qabamee Waaqayyo irra ta'uu isaatiin (Faru. 51:4), Waaqayyos daangaa kan hin qabnee fi aragamuu bara baraa ta'uu isaan, adabbi cubbuu immoo daangaa kan hin qabnee fi kan bara baraa ta'uu qaba. Gahaanab kun daangaa kan hin qabnee fi du'a bara baraati, innis sababa cubbuuf kan nuuf kaffalame. Warri du'an cubbamoota ta'an gahaanabitti akka isaanitti faradamu qulqulluu sagalee isaa hunda irratti ibsameera, akka "abidda bara baraatti" (Mat. 25:41), "abidda hin dhaamne" (Mat. 3:12), "qaanii fi salphina bara baraa" (Daani'eel. 12:2), achis "abiddichi kan hin dhaamne" bakka dha (Mariqoos 9:44-49), iddo "rakkinaa" fi "abidda" (Luqaas. 16:23-24), "badiisa bara baraa" (2Tas. 1:9), bakka "arri rakkinaa kun bara amma bara baraatti kan hin badne" (Mul'ata 14:10-11), fi "galaana ibiddaa boba'uu" bakka cubbamoonni taa'an "guyyaa fi halkan baraa amma baraatti ni dhiphatu" (Mul'ata 20:10).

Gahaanab adaba cubbamootaa, toolotni Waaqa irratti akkuma isaan argatan gammachuu guutuu ta'ee raawwatee Kan ga'u miti. Yesuus mataan isaa akka argisiiseetti adabni gahaanabitti ta'uu mootummaa Waaqayyooti kan ta'u jireenyi bara baraa kan jiruu dha (Mati. 25:46). Cubbamoonni bara baraan dheekamsa Waaqayyooti fi aarii isaa jala jiru. Gahaanabitti kan ta'an isaan firdiin Waaqayyoo mudaa kan hin qabne ta'uu isaa ni hubatu (Faru. 76:10). Gahaanabitti kan ta'an isaan adabi isaanii sirriidhaa fi isaan qofa akka ceepha'aman nii beeku (Kes. 32:3-5). Eeyyee, gahaanab dhugaa dha. Eeyyee, gahaanab bakka rakkinaatii fi adabaati, innis baraa amma baraatti kan hin dhunnee, raawwii kan hin qabne. Waaqayyoof haa galatuu, Yesusiin carraa hamaa bara baraa kana jal'aa ba'uu waan dandeenyeef (Yoha. 3:16, 18, 36).

## 5.5. Teessoon firdii Kristoos maaliidhaa?

Roomee 14:10-13 ni jedha, “hundumti keenyaa teessoo firdi Kristoos dura ni dhaabbanna...egaa tokkoon tokkoon keenya waa’ee mataa keenyaa Waaqayyoof deebii laanna.” 2Qoro.5:10 nutti hima “gaariis ta’u yookaan hamaas yoo goone, tokkoon

tokkoon fooniin utuu jiruu waan hojjete akka liqiitti fudhachuuf hundumti keenya teessoo firdii Kristoos duratti mul’achuun nuuf ta’aa”. akka haala barreefamichaatti ifaa kan ta’ee, jechi qulqulluu lammanuu kiristaanoota argisiisu, warra hin amanne osoo hin taane. kanaaf teessoon firdii Kristoos, amantootni waa’ee jirenya isaanii Kristoosiif deebii akka kennan of keessatti qabata. Teessoon firdi Kristoos fayyina hin murteessu, sun kan murteessuu Kristoos bakka keenya aarsaa inni godhee dha (1Yoha. 2:2) akkasumas amanti nu isa irratti qabnu (Yoha. 3:16). Cubbuu keenya hundumtuu nuu dhiifameera, waa’ee isaatiifis raawwanne hin komatamnu (Roome 8:1). Firdii Kristoos ilaaluunis nurra hin jiraatu, Waaqayyo waa’ee cubbuu keenyaatiif akka nutty faraduu, ha ta’uu malee caalaatti Waaqayyo waa’ee jirenya keenyaatiif akka nu badhaasu malee.

Eeyyee, kitaabni qulqulluun akka jedhuutti, waa’ee mataa keeyaa deebii laanna. Qoodachuun kanaa kan ta’uu dhugumatti waa’ee cubbuu hojennee deebii laachuu dha.

Ta’us, sun teessoo firdii Kristoos xiyyafannoo duraa hin ta’u. Teessoo firdii Kristoos irratti, amantootni ni badhaafamu, akkamitti Kristoosiin akka tajaajilan irratti hundaa’udhaan (1Qoro 9:4-25, 2Xim. 2:5) kan nutty faradan wantoota tokko tokko keessaa, ergama isa guddaa dhaa ammam akka aboomamne (Mat. 28:18-20), cubbuu irratti ammam mo’icha akka qabaane ture (Roome 6:1-4) fi arraba keenya ammam akka to’annee (Yaaqoob. 3:1-9). Kitaabni qulqulluun, gonfoo akka fudhatan ni dubbataa, waa’ee wantoota adda addaatiif Kristoosiin akkamitti amanamummaan akka tajaajilan irratti hundaa’udhaan (1ffaa Qoro. 9:4-27, 2Xim. 2:5). Gonfoo adda addaa ibsameera, 2Xim. 2:5, 2Xim 4:8, Yaaqoob. 1:12, 1Phex. 5:4 fi Mul’ata 2:10 irratti. Yaaqoob 1:12 guduunfaa fooyya’adha, waa’ee teessoo firdii Kristoos akkamitti yaaduun akka nurra jiraatu “qoramsa keessatti kan jabaattu namni eeb bifamaa dha, erga qoramee booda abdii jaallatan waa’ee isaatiif kan inni kennee gonfoo jirenyaa ni fudhata.”

## 5.6. Firdin teessoo adii guddaa maalii dhaa?

Firdiin teessoo adii Mul'ata 20:11-15 irratti ibsameera, innis seera raawwii firdii dhumaati, warri badan gara galaana abiddaatti kan gataman. Mul'ata 20:7-15 irraa akka hubanuutti, firdiin kun kan inni godhamuu bara wagga kumaa booda, akkasuma seexanni, bineensichi, fi raajichi sobaan gara galaana abiddaatti erga gatamanii booda (Mul'ata 20:7-10). Macaafni hiiikaman (Mul'ata 20:12) tokkoon tokkoon hoji namaa qabataniiru, gaaris ta'e yookiis hamaa. Waaqayyo wanta hundumaa beekuu isaa irraa kan ka'e, kan jedhamee, kan godhame, yookaan kan yaadame illee yoo ta'e, inni ni badhaasa yookaan ni adaba, tokkoon tokkoon haaluma sanaan (Faru. 28:4, 62:12, Rom. 2:6, Mul. 2:23, 18:6, 22:12).

Akkasumas yeroo kanatti, kitaabni biraan ni banama, "kitaaba jirenya" kan jedhamuu (Mula'ta 20:12). Kitaaba kana kan murteessuu, namni dhuunfaan sun Waaqayyoo dhaa wajjin jirenya bara baraa kan itiin dhaalu yookaan adaba bara baraa galaana abiddaatti kan itiin fudhatu. Ammam illee kiristaanonne gochaa isaaniitiin yoo itti gaaffataman iyyuu, Kristoosiin dhiifamni ta'eeraaf, kanaafis maqaan isaanii barreeffameera "kitaaba jirenyaa irratti, uumama biyya lafaatii kaasee" (Mul'ata 17:8). Qulqulluu sagalee isaa irraa akka hubanuutti firdii kana irratti, warri du'an "akka hojii isaanitti kan itti faradamu" (Mul'ata 20:12) akkuma kana "maqaan nama kamii iyyuu" innis kitaaba jirenya irratti kan hin barreeffamiin" "gara

galaana abiddaatti gadi darbatama (Mul'ata 20:15). Nama hundumaa irratti firdii dhuma laata dhugaan jedhuu, amantootas ta'e warra hin amanin, ifatti mirkanaa'eera, qulqulluu sagalee isaa keessa dubbifamni heedduun. Tokkoon tokkoon namaa guyyaa tokkoo Kristoos dura nii dhaabata, waa'ee hojii isaatiif yookaan hojiin isaa itti farada. Firdii teessoo guddaa isa adii firdii isa dhuma ta'uun isaa baay'ee ifaa ta'uu iyyuu, kiristaanonne wali galtee hin qaban, firdii isa bira irraa, kitaaba qulqulluu irratti kan eeramanii wajjin akkamitti akka wali wajjin deemu, keessumatti eenu firdii teessoo adii guddaa duratti akka itti faradamu.

Kiristaanonne tokko tokkoo kan isaan amanan, qulqullun sagalee isaa kan inni mul'isuu firdiin gara garaa sadii akka dhufanii dha. Inni jalqabaa firdii hoolotaa fi re'ootaati yookaan firdii ormootaa (Mat. 25:31-36). Kunnis kan inni ta'uu Yeroo rakkinaa booda yeroo ta'uu, wagga kuma sana ni dursa, kaayyoon isaas eenu gara mootummaa wagga kuma sanatti akka galuu murteessuu dha. Inni lammaffaa firdii hoji amantootaati, yeroo hundumaa kan eeramuun kan "teessoo firdii Kristoos [bema]" dha (2Qor. 5:10).

Firdii kanaan kiristaanonni hojii isaaniitiif yookaan Waaqayyoof tajaajila godhaniin badhaasa gonfoo fudhatu. Inni sadaffaan firdii teessoo guddaa adiiti, dhuma waggaan kumaatti (Mul'ata 20:11-15). Kun firdii warra hin amaniniiti, isaanis akka ga'ee hojii isaanitti kan itti faradamu galaana abiddaatti adaba bara baraa kan irratti fudhatamu.

Kristaanonni kan biroon kan isaan amanan firdiin sadan kun waa'ee firdii dhumaati, waa'ee firdii adda addaa sadii osoo hin taane. Ibsa biraatiin, firdii teessoo guddaa adii, Mul'ata 20:11-15 irratti amantootaa fi kan hin amaniin bifa wal fakkaataadhaan kan itti faradu. Maqaan isaanii macaafa jireenyaa irratti kan argaman isaan hojii isaaniitiin itti faradama, waa'ee isa fudhatan yookaan badhaasa dhabaniif murteessuuf. Maqaan isaanii kitaaba jireenyaa irra kan hin jiree isaan hojii isaaniitiin isaanitti faradama, galaana abiddaatti waa'e sadarkaa adabaa fudhatanii murteessuudhaaf. Ilalcha kana kan qabatan kan isaan amanan Mat. 25:31-46 ibsa biraadha, firdii teessoo adii guddaa duratti maal akka raawwatamu. Dhugaa isaan argisiisan, bu'aa firdii kanaa Mul'ata 20:11-15 irratti kan jiru firdii teessoo guddaa adiitti fufee kan mul'atuu wajjin wal

### **5.7. Namoonni samii irra jiraatan achi gadii ilaaluu, nuyi amma iyyuu lafa irra kan jirru achi gadi nu ilaaluu?**

Ibiroota 12:1 akka kaa'uutti "waa'ee, akka duumessa guddaa dhuga-baatoota ta'anin waan marfamneef..." warri tokko tokkoo "dhuga-baatoota akka duumessaa ta'an" akkaata isaan itti hubatan, samii irra taa'ani namoota achi gadi nu ilaalanii dha. Sun hiika sirri miti. Ibirooti 11 kan inni galmeesseef Waaqayyo sababa amantaa

fakkaataa dha. Hooliitni (amantootni) gara jirenya bara baraatti galu, re'oonni (kan hin amaniin immoo gara "adaba bara baraatti" gatamu (Mat. 25:46).

Waa'ee firdii teessoo guddaa adii eenu iyyuu ilalcha barbaadee yoo qabatees, faayida qabeessa kan ta'uu waa'ee isa dhufuu (harma) dhugaa firdii kan ilalatee raawwatee ilalcha dhabuu hin qabu. Duraan dursee, Yesuus Kristoos abbaa firdii ta'aa, warri hin amanne hundumtuu Kristoosiin itti faradama, akkasumas akka hoji hojjetaniitti adabamu. Kitaabni qulqulluun baay'ee ifaa dhaa, warri hin amannee mataa isaanii irratti dheekamsa akka walitti qaban (Rom. 2:5) Waaqayyos "tokkoon tokkoon namaatiif hanga waan inni hojjeteetti kennaaf" (Rom. 2:6). Amantootni immoo Kristoosiin itti faradama, haa ta'uu malee tolle Kristoos sababa nutti darbeef maqaan keenya gal mee jirenyaa irratti galmeefamuu isaatiin, ni badhaafamna malee hin adbamnu, akka hojii keenyaatti. Roomee 14:10-12 akka jedhuutti hundumtii keenya teessoo firdii Kristoos dura ni dhaabbana, akkasumas tokkoon tokkoon keenya Waaqayyoodhaaf deebii laanna.

isaaniitiif kan inni eeree namoota heeddudha. Namoota kanaa dha "dhuga-baatooni akka duumessaa ta'an kun." Isaan "dhuga-baatoota" dha, nu kan ilaalan osoo hin taanee garuu caalaatti nuuf fakkenya kan ta'an malee. Isaan kan Kristoosii fi kan Waaqayyo fi dhuga-baatoota dhugaa dha. Ibiroota 12:1 itti fufa, "...nutty immoo ba'aa

hundumaa dafees kan nutty ulfaatu cubbu dhabamsiifnee, fiigicha dura keenya jiru obsaan ha fiignu.” Nu dursanii kan deemanii Kristaanoota amantaa isaanii fi gara kutannoo isaanii ilaalle fakkeenyaa isaani duukaa bu’uudhaaf kennamuu qabna.

Kitaabni qulqulluun adda baasee waa tokko illee hin jedhu, namoonni samii irra jiraatan nuun achi gadi akka nu ilaalan amma lafa irra kan jiraannu. Kan danda’aanis raawwatee hin fakkaatu. Maaliif? Tokkooffaan, yeroo tokko tokkoo akka gaddan yookaan akka dhiphatan kan isaan godhu arguu waan danda’aniif, isaan kana kan cubbuuti fi gocha hameenya. Samii irraa gaddi, imimaan, yookaan kan nama hin gammachiifne waan hin jireef (Mul’ata

21:4), tibbawwan lafa irra jiran hubachuun waan danda’amu hin fakkaatu. Inni lammaffaan, namoonni sami irra jiraatan Waaqayyoon waaqessuudhaaf gammachuul fina waaqa irraa hirmaachuutti waan hidhamaniif, as biyya lafaa kana irratti waan ta’uuf ammanatti fedhii waan qabaatan hin fakkaatu. Cubbuu irraa bilisa waan ta’aniif argamuu Waaqayyoo samii irratti qoodachuu isaanii nyaata isaanitiin booji’amuun dhugumatti waan hundumaati ol. Waaqayyoo namoota waaqa irra jiraataniif kan isaan jaallatan achi gadi akka ilaalan iyyamuu yoo danda’ees, kitaabni qulqulluun kun akka ta’utti akka amannuu sababa tokko iyyuu nuuf hin laatu.

### **5.9. Firoota keenyaa fi miseensa maatii keenyaa Waaqa irratti arguu fi beekuu ni dandeenyaa?**

Namoonni baay’een ni jedhu, mootummaa Waaqayyoo yeroo ga’an wanti isaan barbaadan inni duraa, firoota isaaniitii fi namoota isaan jaallatan, isaanis dursani kan du’an hundumaa arguudha. Bara barummaadhaan yeroo irraa hafaan ni jiraata, ilaaluuf, beekuuf, fi yeroo dabarsuuf, firoota keenyaaaf miseensa maatii keenyaa wajjin. Ta’us, sun xiyyafannoo dursu hin ta’u, mootummaa Waaqaatti. Caalaatti Waaqayyoon waaqessuu fi dinqi mootummaa Waaqayyoo keessatti gammaduuti hidhamne. Namoota jaallannu wajjin kan qabaannu tokkummaan bifa nama hin mamsiifneen Waaqayyoodhaan jirenya keenya irratti kan inni raawwatee ayyaanaa fi ulfina lakkaa’uudhaan ba’a, jaalala isaa fi hoji isaa ajaa’ibsiisaadhaan.

Baay’ee godhes nu gammachiisa amantoota biroo wajjin taanee gooftaa gallateeffachuu fi Waaqeessuuf sababa danda’uu keenyaan, keessumatti lafa irratti kan isaan jaallannu. Kitaabni qulqulluun maal jedhaa? Jirenya booddee namoota beekuu danda’uu fi danda’uu dhiisuu? Mootichi Saa’ol Saamu’eliin hubateera, moortuu ekeraa dubbiftuu Saamu’eliin biyya warra du’ani keessa yeroo harkifteetti (1Sam 28:8-17). Daa’immi Daawiit yeroo du’ee, daawiti jedheera, “ani gara isaan deema malee, inni gara koo hin dhufu” (2Sam. 10:23). Daawiit tilmaamee kan inni turee mootummaa Waaqayyootti mucaaisaa akka adda baasuu ture daa’ima ta’eetu’uu isaa kan ka’e. Luqaas 16:19-31 irratti, Abirahaam, Alaazaari fi namichi soorressi hundumtuu kan beekkaman turan, du’a booda.

Jijjiramuu irratti Museedhaa fi Eli'aas kan beekaman turan (Mat. 17:3-4). Fakkeenyoota kanaan, kitaabni qulqulluun du'a booddee akka beekamnu kan argisiisu fakkaata.

Kitaabni qulqulluun kan inni lansuu mootummaa Waaqayyoo yeroo geenyu, “isa akka fakkaannu ni beekna [Jesus], isa akkuma jirutti ni argina” (1Yoha. 3:2). Qaamni fooni keenya nama isa jalqabaa irraa, Addaam irraa akka ta'e hundumaa, qaamni du'aa ka'uu keenya immoo Kristoosiin fakkaata (1Qor. 15:47). “Bifa lafaa akka uffanee bifa Waaqa immoo ni uffanna. Kan tortoru kun kan hin tortorre uffachuuf kunnis kan du'uu kun kan hin

dunee uffachuun ni ta'aaf”. (1Qor. 15:49, 53). Namoonni baay'een beekaniiru, du'aa ka'uu booda (Yoha.20:16, 20, 21:12, 1Qor. 15:4-7). Yesus qaama isaa ulfina qabeessaan kan beekamu erga ta'e, nuttis qaama keenya ulfina qabeessaan ni beekamna. Namootni nu jaallannu mootummaa Waaqattilaalu danda'uu, kallatti ulfina qabeessa Waaqa irraa, ha ta'uu malee irra caalaan isaa waa'ee Waaqayyoti, waa'een keenya immoo hanga xiqqaa dha. Ammam gammachuun ta'a, namoota jaallannu wajjin immoo walitti dhufuu fi Waaqayyoon waqessuu, isaanii wajjin, bara baraan

## Waa'ee Kadhataa

### 6.1. Kadhannaan cubbamaa maalii?

Kadhannaan cubbamaa kan namni gara Waaqayyotti kadhatu yeroo cubbamaa ta'uunisaanii hubatanii fayyisaa yeroo barbaadan. Kadhannaan cubbamaa kadhachuu ofii isaa humaa hin raawwatu. Kadhannaan cubbamaa inni dhugaan kan namni sun beeku, hubatu, waa'ee,cubbuu isaanii amanuu fi fayyinni akka isaan barbaachisu duwwaa bakka bu'a.

Kutaan kadhannaan cubbamootaa inni jalqabaa undumti keenya cubbamoota akka taane hubachuudha. Roomaa 3:10 kan, “caafanni qulqullaan, namni qajeelaan hin jiru lakkii tokko illee hinjiru” jechuun labsa.

Hundumti keenya akka cubbuu hoijenne Macaafni Qulqulluun ni qulqulleessa. Nuyi hundumti keenya cubbamoota Waaqayyo biraaraa fi dhiifama cubbuu kan nubarbaachisu (Titos 3:5-7). Sababa cubbuu keenyaa badiisa bara baraatu nuuf ta'a (Maatewoos 25:46). Kadhannaan cubbamaa qooda firdii ayyaana gaafachuudha. Qooda dheekkamsaa araara gaafachuudha.

Kallattiin kadhannaan cubbamaa inni lammafaan Waaqayyo haala baduu keenyaa fi haala cubbuun guutame keenyaatif gatii baasuuf kan inni hojjete beekuudha. Waaqayyo foon uffatee nama ta'ee karaa namummaa Yesus Kiristoosiin (Yohaannis 1:14).

Yesus dhugaa waa'ee Waaqayyoo nu barsiise jirenya qajeelina guutuu ta'ee fi cubbuu malee jiraate (Yohaannis 8:46; 2 Qorontoos 5:21). Yesus fannoo irratti du'uudhaan adabbiif nuuf ta'a ture fudhate(Roomaa 5:8). Du'a, si'ool fi cubbuu irratti gooftummaa qabu mirkaneessuudhaaf warra du'an keessaa kaafame (Qolaasaayis 2:15; 1 Qorontoos boqonaa 15). Sababa kana hundumaatiif, cubbuun keenya nuuf dhiifamuu arganna akkasuma abdii jirenya bara baraa waaqa irrattii qabaanna- yoo Yesus Kiristoos irratti amantii keenya taasifanne. Kan nuyi gochuu qabnu hundisaa inni bakka keenya du'uu isaa fi du'aa ka'uu uisaa amanuudha (Roomaa 10:9-10). Nuyi ayyaana duwwaadhaan fayyuu dandeenya, karaa amantii qofa, Yesus Kiristoos duwwaadhaan. Efesoosn 2:8 akks jedha, "Inni ayyaana Waaqayyootiin karaa amantii fayyifamtan inni immoo kennaa Waaqayyootii malee gochaa ofii keessanii miti""

## **6.2. Kadhannaan tokkummaa faayida qabeessaa? Kadhannaan tokkummaa, qofa isaa kan kadhatuu kadhannaan nama qofaa kadhatuu caalaa humna qabeessaa?**

Kadhannaan tokkummaa jirenya waldaa kiristaanaatiif kutaa bu'a qabeessa, waaqeffannaa wajjin, doktirinii barbaachiisaa, yeroo waliin ta'uu, fi tokkummaa. Waldaan kiristaanaa isheen durii dhaabbataatti wal argiti turte, doktirinii ergamootaa barachuuf, hirbaata qulqulluuf, fi wali wajjin kadhachuuf (Hoji ergamoota 2:42). Amantoota kan biroo wajjin yeroo kadhantuutti, bu'aan isaa baay'ee gaarii ta'a. kadhannaan tokkummaa nu qulqulleessa tokkos nu godha amantii keenya yeroo wali hir'utti.

Kadhata cubbamaa kadhachuun salphaadhumatti Yesus Kiristoos akka fayyisaa keetiitti amanuu kee karaa ittiin agarsiistuudha. Jechi "tolchaa" ta'e keessa hin jiru kan bu'aa fayyinna agrgamsiis. Du'a Yesusii fi du'aa kaafamuu isaa duwwatu sifayyisa. Akka ati cubbamaa taate fi karaa Yesus Kiristoos fayyinni akka sibarbaachisu hubbannaan, kadhannaan cubbamaa kunootii gara Waaqayyootti kadhachuun dandeessa.

"Waaqayyo, akkan cubbamaa ta'e bareera. Gatii cubbuu kootii kaffaluun akka ana irra jiraatu bareera. Haa ta'u malee an Yesus Kiristoos fayyisaa kootti nana amana. Duuti isaa fi du'aa kaafamuun isa akkan dhiifama argadhuuf akka qopheeffame nan amana. Yesusi fi Yesus duwwaatti nana amana Gooftaa fi fayyisaa dhuunfaa kootiitti. Gooftaa sin galateeffadha, waan naffayyistee fi dhiifama waan naa gooteef. Ameen!"

Hafuurri qulqulluu jiraataan, innis tokkoon tokkoon amanaa irratti kan inni godhhuu laphee keenya akka gammadu godha, gooftaa fayyissaa keenyaaf galata yeroo dhi'eessinu yeroo dhageenyu, bakka tokkotti wali wajjin ta'uun keenya, jirenya keessatti bakka kamittu kan hin argamne kan adda ta'ee walitti hidhiinsa firummaa.

Ba'aa jirenyaa wajjin qofaa isaan wal'aanso kan qaban isaaniif, kan biroo dhaga'uuf gara teessoo ayyanaa isaa ol isaan qabuu danda'a, jajjabina guddaa isaanif ta'a. Innis immoo jaalala keessa keenyaa fi kan biroof yaaduu nuuf guddisuu danda'a, waa'ee isaaniif yeroo kadhannu. Yeroo wal fakkaataatti, kadhannaan tokkummaa laphee namoota dhuunfaa callaqisiisu qofa ta'a, kan hirmaataniif.

Gara Waaqayyoo dhufuun kan nurra jiru gadi of deebisuun (Yaaqoob 4:10), jirenyaan (Faarfannaa 145:18), aboomamuun, (1ffaa Yoohannis 3:21-22), galataan (Filliphisiyus 4:6) fi amanamummaan (Ibiroota 4:16). Bifa gadisiisaan, kadhannaan tokkummaa, jechi isaanii Waaqayyoof kan dhi'aatu osoo hin taane kan isaan dhageefatan namoota ta'ani waltajji ta'uu danda'a. Yesus amala akkassi of eegachiiseera, Maattewos 6:5-8 irratti, nuun kan aboo, dheerina kadhanna, yookaan afeera kadhanna keenyaa akka hin taane, garuu kutaa mataa keenyaatti icitiin akka kadhannu, qorumsa kadhanna of tuulummaa ambisuuf. Qulqulluu sagalee isaan kadhannaan tokkummaa kadhanna dhuunfaa caalaa "kan wayyu humna qabeessa" ta'uu isaa kan argisiisuu homaa yaadni hin jiru, harka Waaqayyoo sosochuuf. Kana irras kan darbee kiristaanoni baay'een kadhannaan kan isaan wal bira qaban "Waaqayyo irraa wantoota argachuu" fi kadhannaan garee immoo kan inni caalchisuu wantoota barbaannu tarreefamaa kan argisiisu kan akka tasaa ta'aaniiru.

Kadhanaan akka Kitaaba qulqullutti, ta'es, abbaa kallatti baay'eeti, fedha hundumaa walitti qabee fiduun, gara isa qulqulluu, isa guutuu, fi isa qajeelaa Waaqayyotti walitti dhufeenya dhi'oo ta'etti galu. Waaqa akkas jiruu gurra isaa gara uumama isaatti yeroo naannefatu, galataa fi waaqeffannaadhaa fi sababa ta'a, irraa hafee akka argamu (Faarfannaa 27:4, 63:1-8), laphee irraa kan ta'ee deebi'uudhaa fi qalbi jijirachuu uuma (Faarfannaa 51, Luqaas 18:9-14) kan irra dhangala'ee ajaa'ibsifannaa fi galata dhi'eessuu burqisiisa (Filliphisiyus 4:6, Qolaasiyas 1:12), kan birootiif kan ta'uu gadi of qabummaa kan uffatee gaaffii dhi'eessuu uuma (2ffaa Tesolonqee 1:11, 2:16).

Egaa kadhanna, karoora isaa fi duudhaaf Waaqayyoo wajjin wali galuu dha, isa gara fedha keenyaatti naanneessuu yaaluu osoo hin taane. Fedhii mataa keenyaa dhiifnee, nutti kan beeknu ol haala ol jedheen haala keenya kan beekuu isaaf bitamuun, akkasumas inni osoo isin hin gaaffatin kan isin barbaachiisu kan beeku" Maattewos 6:8, kadhati keenya sadarkaa baay'ee ol ka'e irra ga'a. Fedhii hafuuraatiif bitamuudhaan kadhatni dhi'aatuu, yeroo hundumaa haala gaariidhaan deebi'a, nama tokkofis yoo ta'ee kumaafis yoo dhi'aate.

Kadhati tokkummaa harka Waaqayyoo sochosuudhaaf kan wayyudhaa yaadni jedhuu baay'inaan kan inni dhufee Maattewos 18:19-20 akka malee hiikuudhaan, "ammas isinaan jedhaa isin keessaa namoonni lama biyya lafaa kana irratti waa'ee waan tokkootti wali galanii yoo kadhatan, abbaa koo isa Waaqa irraa biraa wanti isaan kadhatan ni kennamaaf.

Iddoo namoonni lama yookiis sadii maqaa kootiin walitti qabamanitti ani achitti isaan giddutti nan argama". Lakkofsi kun kan isaan dhufan dubbifama guddaa irraati, miseensi cubbuu hojjetee waldaan kirstaana bifa kamiin naamusa akka qabsiiftuu seera ibsuu dha. Isas kan hiikan amantootaa fi banaa kan ta'ee ajaja baankii itti kennanii, Waaqayyoon waan fedhan gaaffachuu akka wali galan, ammam illee cubbamaa yookaan dhibba'ummaan kan guutame yoo ta'es, waldaa kirstaanaatii fi akka haala isaatti hifaataaf kan hin geeny'e illee ta'ee utuu jiruu, garuu kan hafee qulqulluu sagalee isaa kan gane ta'ee, keessumatti olaantummaa Waaqayyoo.

Dabalataanis, sana amanuuf, "lama yookaan sadii ta'anii kan walitti qabaman" kadhataaf, bifa humna dha'ichaa tokkoon darbatee akkuma sanaan kadhata keenyaan hoji irra akka ooluu yaaduun haala macaafa qulqullutiin degersa hin qabu. Dhugumatti lama yookaan sadii ta'amee yoo kadhatan Yesuus ni jiraata, garuu amanaan tokko qophaa isaa yoo kadhates bifa wal fakkaatan ni jiraata, namni dhuunfaan sun warra biroo irraa fageenya maayils kuma tokkoo irratti yoo jiraates. Kadhatni tokkummaa faayida qabeessa, tokkummaa waan uumuuf (Yohaannis 17:22-23), akkasumas amantootaaaf kallatti furtuuti, wali wali jajjabeessuuf (1ffaa Tesolonqe 5:11) fi wali wali irratti ka'uun, jaalalaa fi hojii gaariidhaaf (Ibiroota 10:24).

### **6.3. Kadhannaan Gooftaa maalii dhaa, kadhachuun nurra jiraa?**

Kadhannaan Gooftaa, Gooftaan Yesuus duuka buutoota isa kadhanna ittiin barsiisuuf, Maattehos 6:9-13 fi Luqaas 11:2-4. Maattewos 6:9-13 akkas jedha "egaa isinis akkasitti kadhadhaa. Abbaa keenyaa Waaqa irra kan jiraattu, maqaan kee ha

qulqulla'u, mootummaan kee ha dhufu, fedhi kee Waaqa irratti akkuma ta'ee akkasumas lafa irratti ha ta'u, kan nu ga'uu buddena keenya har'a nuuf kenni, nus immoo kan nu miidhanif akka dhiifnutti cubbuu keenya nuuf dhiisi, hamaa irraas nuu eegii malee qormusatti nu hin galchin, mootummaan kan keeti hoo humnis ulfnis baraa amma bara baraatti, ameen." Namoonni baay'een kadhanna gooftaa akka malee hubatu, jechaa jechaatti irra deebi'uun kadhanna nurra jiru godhani.

Namoonni tokko tokkoo kadhanna Gooftaa akka foormulaa xinqolaatti fudhatu, jechichi kan mataa isaanii kan ta'ee humna akka qaban yookaan Waaqayyo irratti dhiiphaa akka godhanitti. Kitaabni qulqullun kan inni nu barsiisuu faallaa isaati. Waaqayyoo yeroo nu kadhannutti bifa wayyuun kan inni barbaaduu laphee keenya malee jecha keenya miti. "Ati garuu yeroo kadhattu, gara godoo keetti galii cufaa kees cufadhuu bakka dhokataatti abbaa kee kadhadhu, dhoksaatti kan kadhatee abbaan kee mul'inatti siif deebisa. Ormootni baay'ina waan dubbannuu akka dhaga'aan itti fakkaata waan ta'eef yeroo kadhattan akka isaanitti akkasumaan hin dadhabinaa" (Maattehos 6:6-7). kadhanna irrati laphee keenya Waaqayyoof dhangalaasuutu nurra jira (Filliphisuyus 4:6-7), jechoota yaadataman Waaqayyoof irra deebi'uu osoo

hin taane.Kadhannaan Gooftaa fudhatamuun kan irrra jiru akka fakkeenyatti, xinhima, fi akkamitti akka kadhatuu dha. Innis kadhanna keessatti “wantoota hammataman” nuuf kenna. Innis akkamitti akka qoqodamuun kunoo. “Abbaa keenyaa Waaqa irra kan jiraatuu” kadhanna keenya eenyuuf akka dhi’eessinu nu barsiisa\_abbaaf.

“Maqaan kee ha qulqullaa’uu” Waaqayyioon akka waaqefannu, fi isa waa’ee eenyummaa isaaf akka galateefannu nutti hima. Jajanna“Mootummaan kee ha dhufu, fedhi kee waaqa irratti akka ta’ee akkasumas lafa irratti ha ta’u” kan jedhuu Waaqayyoo jirenyaa keenyaa fi kaayyoo biyya lafaaf qabuuf akka kadhannu kan nu yaadachiisuu dha, karoora mataa keenyaa osoo hin taane fedhi Waaqayyoo akka ta’uu ni kadhanna, yaada keenya osoo hin taane. Waaqayyoo waan nu barbaachisu akka nu kadhannu ni jajjabaanna “har’af kan nu ga’uu budeena nuuf kenni.” “Irra daddarba keenya nuuf dhiisi nus kan nu miidhan akka dhiifnuufitti” kan nu yaadachiisu, cubbuu keenya Waaqayyon durratti akka himanuuf isa irraas akka gara galu dha, akkasumas kan biroof akka dhiifnu, Waaqayyoo akka nuuf dhiise. Dhumni kadhanna Gooftaa, “Qorumsatti nu hin galchin, hamaa irraa nu eegi malee” cubbuu irratti mo’icha argachuudhaaf gargaarsa kan ittiin gaaffatan kadhanna gad of deebisuuti, akkasumas miidha seexanaa irraa kan ittiin eegaman. Amas immoo, kadhata Gooftaa yaadanee gara Waaqayyootti deebisnee kan irra deebinu kadhata miti.inni fakkeenyaa akkamitti kadhachuu akka qabnutti. Kadhata Gooftaa yaadachuu irratti rakkoo qabnaa?

Dhugumatti hin jiru!kadhata Gooftaa deebisnee gara Gooftaatti kadhachuu rakkoo qabaa? Hin qabu, lapheen kee isa irra yoo jiraate dhuguma akka jecha ati jettuu yoo ta’ee. kadhata irratti, Waaqayyoo baay’ee kan barbaadu isaa wajjin wal-arguu keenyaa fi laphee keenya irraa dubbachuu keenya, kan itti fayadamnu jecha muraasa caalaa. Filliphisus 4:6-7 ni ibsa, “waan hundumaatti kadhataa fi himataan galataa wajjin wanti isin barbaachisu Waaqayyo duratti akka beekamu godhaa malee, waanuma tokkotti yaaddoo hin qabaatinaa. Nagaan Waaqayyoo inni hubanna namaa hundumaa irra caaluus, karaa Kristoos Yesus garaa keessanii fi yaada keessa ni eega.”

## **6.4. Maqaa Yesuusiin kadhachuun maal jechuu dhaa?**

Maqaa Yesuusiin waa'ee kadhachuu Yohaannis 14:13-14 irratti barsiifameera, "Abbaanis waa'ee ilmaaf akka kabajamu maqaa koon kan isin kadhatan hundumaa nan godha. Waan kam iyyuu maqaa koon yoo kadhattan ani nan godha."

Tokko tokkoo lakkofsa kana akka malee itti fayyadamu, "maqaa Yesuusiin" dhuma kadhannaanisaani irratti jechuun, Waaqayyo gaaffii gaaffatamee hundumaa akka fudhatuu yaaduudhaan. Kun akkasumas "maqaa Yesuusiin" jecha jedhuu akka foormulaa xinqolaatti fudhachuu dha. kun raawwatee kan kitaaba qulqulluu miti.

Maqaa Yesuusiin kadhachuu jechuun, aboo isaan kadhachuu fi Waaqayyo abbaa kadhachuu dha, kadhanna keenyaaf deebiin akka kennamu, sababni isaas ilma isaa maqaa Yesuusiin waan dhufneef. Maqaa Yesuusiin kadhachuu jechuun akka fedha Waaqayyootti kadhachuu jechuu dha, "isa birratti ija jabummaan nu qabnu isa kana,

akka fedha isaatti waan kamiinu yoo kadhanne nu dhaga'a. waan kadhannu hundumaa akka nuuf dhaga'uu utuu beekne isa irraa kan kadhannee kadhannaakka fudhanne ni beekna." (1ffa Yohaannis 5:14-15). Maqaa Yesuusiin kadhachuu jechuun, Yesuusiin waan ulfeesani fi wantoota olol isa qaban kadhachuu jechuu dha.

Dhuma kadhannaakka koo irratti "maqaa Yesuusiin" jechuun foormulaa xinqolaa miti. kan kadhannu yookaan kadhannaan kan jennuu ulfinaa Waaqayyoof yoo hin taanee fi akka fedha isaa yoo hin taanee, "maqaa Yesuusiin" jechuun gatii hin qabu. Maqaa Yesuusi fi ulfina isaaf qajeelummaan kadhachuu irratti faayida qabeessa kan ta'uu, jechoota ta'an dhuma kadhanna irratti walitti qabsiisuu miti, ta'us garuu kadhannaakka duuba kaayyoo jiru malee. Fedha Waaqayyoo wajjin waa'ee waan wali galanii kadhachuu, maqaa Yesuusin kadhachuu wanta isa guddaa dha.

## **6.5. Kadhati koo Waaqayyoon akka deebii argatuuf akkamittan kadhachuu danda'aa?**

Namoonni baay'een kan isaan amanan kadhata deebi'ee, Waaqayyoo gaaffii kadhataa kan fudhatee dha, isaaf kan dhi'aatee dha. Gaaffiin kadhataa fudhatama yoo dhabee, "deebii kan hin arganne" kadhata ta'uun isaa ni beekama. Ta'us, kun dogogora hubannoo kadhataa irratti jiruu dha. Waaqayyoo gara isaatti kan dhi'aatee tokkoon tokkoon gaaffii ni deebisa. Yeroo tokko tokkoo Waaqayyoo "hin jiruu" yookaan "eegii" jechuudhaan deebisa.

Waaqayyoo kadhata keenya kan fudhatuu akka fedha isaatti yoo gaaffanne qofa. "Isa duratti ija jabummaan nu qabnu kana, akka fedha isaatti waan tokko illee yoo kadhanne nu dhaga'a. waan kadhannus hundumaa akka nuuf dhaga'uu yoo beekne isa irraa kan kadhanne kadhata keenya akka fudhanne ni beekna" (1ffa Yohaannis 5:14-15).

Akka fedha Waaqayyotti kadhachuu jechuun maal jechuu dhaa? Akka fedha Waaqayyootti kadhachuu jechuun waa'ee wantaWaaqayyoon ulfessuu fi ololqabuu yookaan kitaabni qulqulluun ifatti akkuma argisiisuu wantoota fedha Waaqayyootiif ta'an kadhachuu jechuu dha. Waaqayyoon waan hin ulfeesine yookaan Waaqayyo jirenya keenya irratti akka ta'uu fi waan hin barbaanne waa'ee waan tokkoo yoo kadhanne, Waaqayyoo waan kadhanne sana nu hin dhaga'uu. Fedhi Waaqayyoo maal akka ta'ee maaliin barraa? Waaqayyoo abdii nuu laateera yoo kadhannee ogummaa akka

nuu laatu. Yaaqoob 1:5 ni labsa, "isinitti garuu ogummaan yoo isinitti hir'atee, osoo hin ciga'iin hundumaaf kan kennee Waaqayyoon ha kadhaku, isaaf ni kenna." Jalqabuuf naannoona fooya'aa ta'ee 1ffaa Tesolonqe 5:12-24 ti, innis waan baay'ee kan tarreessuu, nuuf fedhii Waaqayyoo kan ta'an. Sagaleen Waaqayyoo haala fooya'aan yoo hubanee, waa'ee maalii akka kadhannuu bifaa fooya'een ni beekna (Yohaannis 15:7). Waa'ee maalii akka kadhannuu karaa fooya'aan lakkoofsa hubaneen yeroo hundaa "eeyyee" deebii jedhuu nuuf kenna.

## **6.6. Waa'ee waan tokko irra deddebi'aanii kadhachuun fudhatama qabaa, yookiis kadhachuun kan nurra jiru yeroo tokko qofa?**

Luqaas 18:1-7 irratti, Yesuus fakkeenyaaan ibseera, kadhanaaf obsi barbaachisaa ta'uu isaa. Innis seenaa haadha hiyyeessa tokkoo nutti himeera, isa itti falmuu irratti firdii qajeelaa barbaaduuf gara abbaa firdii jal'aa kan dhufte. Kadhanna cimaa irraan kan ka'ee, abbaan firdii hameanya isaa dhiise. Tuqaan Yesuus, abbaan firdii jal'an tokkoo kadhanna nama tokkoo yoo dhaga'ee, firdii barbaaduuf gaaffii, kan nu jaallatuu Waaqayyoo immoo akkamitti - "warra fillataman" (Lakk. 7) - kadhanna keenyaan ni deebisa, kadhanna keenyaan yoo itti fufnee? Fakkeenyichi dogogoraan akka yaadamitti kan barsiisu miti, jechuun waa'ee waan tokkoo irra deddebinee yoo kadhanne Waaqayyoo isaa nuuf kennuuf dirqisifama kan jedhu. Calmaan Waaqayyoo ofi isaa akka fuudhatu abdiin kennameera, isaan dhorkuu, dogogora isaanii sirreessu, tolota gochuuf, warra issaniin morman jalaa isan oolchuuf. Kana kan godhuu abba firdi qajeela ta'uu isaa, qulqullumaa isaa, fi

cubbuu jibbuu isaa irraa kan ka'ee dha, kadhanna waa'ee deebisuu, inni jecha isaa eegaa humna isaa ni mul'isa. Yesuus waa'ee kadhanna ibsa biraa kenneera, Luqaas 11:5-12 irratti. Akka fakkeenyaa abbaa firdii jalaatti wal fakkaataa kan ta'e, ergaan Yesuus dubbifama kana irratti, namni tokko hiriya isaa rakkateef kennuuf fedhii yoo hin qabaane, Waaqayyoo bifaa fooya'aa ta'een fedhii keenyaaf nuuf kenna, gaaffii kam iyyuu isaan kan wali hin galee ta'ee utuu jiru. Asitti immoo, abdii isaa kan fudhannu miti, akka inni barbaadeetti yoo kadhannee fi kadhanna keenya yoo itti fufne. Abdiin Waaqayyoo ijoollee isaa, abdii fedhii keenyaaf ta'uu dha, hawwii keenyaaf miti. Innis kan nu barbaachiisu ni beeka, nuu caalaa. Abdii wal fakkaataa Maatihos 7:7-11 fi Luqaas 11:13 irratti irra deebi'ameera, "kennaa gaarii" babal'inaan kan ibsi itti kenname. Isaan dubbifamooni lamaan kun akka kadhannuu fi kadhannaan akka itti fufnu nu jajjabeessu. Waa'ee waan tokko

irra deddebiin kadhachuun rakkoo hin qabu. Kan atti kadhattuu fedha Waaqayyoo keessa ta'ee hanga jiruti (1ffaa Yohaannis 5:14-15), kadhannaan keen itti fufi, Waaqayyoo gaaffii kee hanga sii deebbisutti yookaan fedha kee laphee kee keessaa amma fudhatuutti. Yeroo tokko tokkoo Waaqayyo kadhannaan keenyaaf deebii kennuu irra akka eegnu nu dirqisiisuu danda'a, obsaa fi jabina nu barsiisuuf. Yeroo tokko tokkoo waa;ee waan tokko ni kadhana, yeroon Waaqayyoo jirenya keenya irratti akka hin taanee osoo mirkanaa'ee jiru. Yeroo tokko tokkoo fedha Waaqayyoo jirenya keenya keessatti kan hin taanee ni kadhanna, innis "hin ta'u" jedha. Kadhannaan Waaqayyootti gaaffii keenya kan itti dhi'eesinu qofa miti, inni Waaqayyoo fedha isaa laphee keenya keessa kan ittiin jiraatu dha. Kadhannaan keessan itti fufaa, rurrukutuu keessan itti fufaa, barbaadachuu keessanis itti fufaa,

Waaqayyoo gaaffii keessan hanga isini deebissutti yookaan kadhannaan keessan isiniif fedha isaa ta'uu dhiisuu isa hanga isini ibsutti.

## Waa'ee Walitti Dhufeenyaa

### 7.1. Kristaanaaf, kristaanaan kan hin taanee hiriyaan gaa'ilaa qabachuun yookaan fuudhuun sirrii dhaa?

Kristaanaaf, kristaanaan kan hin taanee hiriyaan gaa'ilaa qabachuun gamnummaa miti, akkuma kana fuudhuun fillannoo miti. 2Qor. 6:14 " kan nu hin fakkaaneetti akka hin hidhamne kan hin amanne wajjin fakkeenyi isaa kan wal hin gitne sangoota lama waanjoo wal fakkaatuun baachuu dha. Ba'icha wali wajjin osoo harkisanii hojjechuu caalaa wali walii isaanii wal falleessuun hojjetu.

Dubbifamni kun kallattiidhaan adda baasee yoo eeruu baatees, inni dhugumatti tokkummaa gaa'ilaa qaba. Tokkummaa hafuuraa kam iyyuu gaa'ila keessatti kristaanaan fi kristaanaan kan hin taane giddutti hin jiraatu, Phaawulos itti fufa amantoota yaadachisuu isaa iddo bulti hafuura qulqulluu ta'uu isaanii lapheen isaanii iddo bulti fayyonaa kan ta'e (1Qor. 6:15-17).

Sababa sanaatiif biyya lafaa keessa akka adda ba'aniidha, ha ta'uu malee biyya irraa akka hin taane kanaaf faayidaa kan qabu iddo kamitti iyyuu hin argamu, jirenyaan baay'ee walitti dhufeenta dhi'aate irraa kan hafe -ga'ilaa. Kitaabni qulqulluun ni jedhaa "hin dogogorinaa: 'hiriyaan hamaan amala gaarii mancaasaa (1Qor. 15:33). Warra hin amanne wajjin haala kamiin iyyuu walitti dhufeenta dhi'oo gochuun Kristoosi wajjin tarkaanfii qabdan gara harkisuutti ariitiidhaan jijiruu danda'a. kan waamamneef warra badaniif wangeela lallabuudhaaf malee isaani wajjin hiriyaan dhi'oo akka taanuuf miti. Warra hin amanne

wajjin firooma wayyu uumuun muda tokko iyyuu hin qabu, ha ta'u malee sun yeroodeen kan jijiramuun dha. Nama hin amanne wajjin walitti dhufeenta jaalalaal jalqabdee yoo ta'e, qajeelummaadhaan dursuu kan qabu, jaalala gochuudha, yookaas lubbuu Kristoosiif moosiisudhaa? Kan hin amannee wajjin gaa'ilaa yoo raawatee, oolmaa keessan akkam gootanii gaa'ilaa keessan keessatti hiriymmaa hafuuraa ijaaruu dandeessuu? Gaa'illi qulqullina qabuu akkamitti ijaaramuudhaaf gabbachuu danda'a, yuniversii irra kan jiru wanta guddaa irratti utuu wali hin galiin - gooftaa Yesuus Kristoos irratti?

## 7.2. Walqunnamtii saalaa gaa'ela dura Macaafni Qulqulluun maal jedha?

Macaafa Qulqulluu keessaa walqunnamtii saalaa gaa'ela duratiif kan itti gargaaramame jechi Ibrootaa yookiin Griikii hin jiru. Macaafni Qulqulluun ejja fi walqunnamtii saalaa karaa sirrii hin taane ifatti morma, garuu walqunnamtii saalaa gaa'ela dura akka ejjaatti fudhatamaa? Akka 1 Qorontoos 7:2 tti, "eeyyeen" deebii ifa ta'eedha. "Qorama ejja ooluudhaaf dhiirrii adduma addaan haadha manaa ofii isaatii haa qabaatu, dubartiinis adduma addaan abba manaa ofii isheetii haa qabaattu." Waraabbii kana keessatti, gaa'elli waliquunnamtii seeraan ala ta'eef akka "falaatti" kaa'a. 1 Qorontoos 7:2 kan inni jechaa jiru, namoonni of qabuu waan hin dandeenyedhaaf baay'een isaanii gaa'eelaan ala kan ta'e walqunnamtii saalaa taasisu, namoonni walfuudhuu qabu. Achumaanis fedhii isaanii karaa sirrii ta'een guuttachuu danda'u.

Erga 1 Qorontoos 7:2 walqunnamtii saalaa gaa'elaan duraa ifatti akka hiikaa ejjaatti kaa'ee, waraabbiileen Macaafa Qulqulluu walqunnamtii saalaa gaa'elaan alaa akka cubbuutti erga morman, walqunnamtii saalaa gaa'elaan duraas cubbuu akka ta'etti faradama. Walqunnamtii saalaa gaa'elaan duraa akka hiikaa Macaafa Qulqulluutti akka ejjaatti fudhatama. Walqunnamtii saalaa gaa'elaan duraa cubbuu akka ta'e kan dubbatan waraabbiiilee Macaafa Qulqulluu heeduutu jiru (Hojii Ergamootaa 15:20; 1 Qorontoos 5:1; 6:13, 18; 10:8; 2 Qorontoos 12:21; Galaatiyaa 5:19; Efesoons 5:3; Qolaasaayis 3:5; 1 Teseloonee 4:3; Yihudaa 7).

Macaafni Qulqulluun gaa'eelaan dura of qabuun akka jiraatu dubbata. Walqunnamtii saalaa abbaa manaa fi haadha manaa gidduutti taasifamu walqunnamtii saalaa tokkicha isa Waaqayyoo mirkaneesseedha (Ibroota 13:4). Harka caalaa nuyi ala baay'ee "bashananna" walqunnamtii saalaa duwwaa irratti xiyyeffanna gara kan biraa akka akka qabu utuu hin beekiin-walhormoota. Walqunnamtii saalaa gaa'eela gidduu gammachiisaadha, Waaqayyoo haala sanatti isa taasiseera. Waaqayyo dhiirrii fi dubartiin gaa'eela keessatti daangeeffamuudhaan hojii walqunnamtii saalaatiin akka gammadan barbaada. Weedduun weeddootaa fi keeyyattonni Macaafa Qulqulluu heedduun kan akka (Macaafa Fakkeenyaa 5:19) gammachuu walqunnamtii saalaa ifatti agarsiisu. Haa ta'u malee, lamaan isaanii yaada Waaqayyo walqunnamtii saalaatiif qabu hubachuu qabu ijoolee godhachuu dabalatee. Kanaaf, dhiirrii fi dubartiin gaa'eelaan dura walqunnamtii saalaa raawwachuun cubbuu dachaa lama ta'a-

gammachuu jaraaf hin hayyamamne argachaa jiru, caasaa maatii isa Waaqayyo ijoolee hundumaadhaaf yaadeen alatti jirenya nama uumaa jiru.

Waanti qabatamaa mul'atu dogoggora sirrii kan hin taane irraa waan adda hinbaasneedhaaf, utuu ergaan kan Macaafa Qulqulluu ta'e walqunnamtii saalaa gaa'eelaan duraatiif abboomamuun ta'e, dhukkubni karaa walqunnamtii saalaa darban kan xiqqatan ture, wal hiikuunis ni xiqqata ture, kan utuu hin eerumin hafan ni xiqqatu fedhiin ala ulfaa'uunis ni xiqqata ture, ijooleen jirenya isaanii keessatti maatiin ala guddatan lakkoofsaan ni yaratu ture. Yeroo walqunnamtii saalaa gaa'eelaan duraatti dhufamu of qabuun qajeelfama Waaqayyoo isa tokkicha. Of qabuun jirenya fayyisa, daa'imman eega, walqunnamtii saalaa gatii sirrii qabu kenna, akkasumas, bay'ee kan barbaachisu, Waaqayyoon kabaja.

### 7.3. Gaa'ila dura jiraachuu kan qabuu walitti dhufeenyi seera qabeessi maalii dhaa?

Efe. 5:3 nutti hima, "qulqullootaaf akka ta'utti garuu ejja fi xuraahummaa hundumaa yookaan hawwiin isin biratti raawwatee hin dhaga'amiin." Wanti kam illee, ejja fi "ka'umsa" yoo ta'ee illee kristaanaf sirri miti. Kitaabni qulqulluun wantoota isa kami "ka'umsa" akka ta'an tarreefama isaa nutti hin himuu yookaan sochii qaamaa isa kam gaa'ila fuula dura lammanuu gochuu akka hin qabne hin ibsu.

Ta'us, kitaabni qulqulluun dhimmicha adda baasee yoo ibsuu baatees, Waaqayyoo "gaa'ila fuula dura kan godhamuu wal qunamtii saalaa" fudhateera jechuu miti. Isa tokko wal qunamtii saalaatiif qophaa'aa gochuuf tapha jaalalaa kan argisiisu ni karoorfama. Haala loojikiitiin achi irraas, taphi jaalalaa kan wal fuudhaan lamaaniif dhorkaa qaba. Gochi tapha jaalalaa fakkaatuu kam iyyuu hanga gaa'ilaatti dhorkamuutu irra jiraata. Wanti shakkisiisaan tokko yoo jiraatee, lammanuu kan wal hin fuudhiin ta'u qabaachuu fi hin qabaatiini

isaa gochi adda hin bane, dhabamsiifamuutu irra jiraata (Rom. 14:23). Isa kamiif iyyuu feedhiin hundumtuu fi dursi fedhi gochi dursa fedhi warra wal hin fuudhiin lammaniif dhorkaadha. Warri wal hin fuudhiin lamaan fedhii raawwachuuuf kan isaan qoru gochi kam iyyuu dhabamsiifamuutu irra jiraata, sunis kallatti ejjaan kan kennisiisuu dha, yookan dursa tapha jaalalaal godhamee kan fudhatamu.

### **7.5. Waa'ee jaalalaan qabamuu/waa'ee hiriyaan gaa'ilaa barbaaduu kitaabni qulqulluun maal jedhaa?**

Ammam illee “gaa’ila barbaaduudhaan” fi “Jaallachuu” kitaaba qulqulluu keessatti yoo argamuu baatees, qajeelfamni tokko tokkoo laatameera, Kristaanoni gaa’ila dura yeroo jiru kan ittiin deeman. Inni jalqabaa waa’ee jaallachuu kan ta’ee ilaalcha biyya lafaa irraa dirqamatti adda ba’utu nurra jiraata, sababni isaa karaan Waaqayyoo biyya lafaa wajjin waan wal faallesuuusuuf (2Phex. 2:20). Ilaalchi biyya lafaa ta’uu kan qabuu nu akka feenuutti akka jaallannuu dha, wanti faayidaa qabu amala namichaa beekuudha, murtoo kam iyyuu gochuu keenya fuul dura, isaaaf yookaan isheedhaaf. Namni dhuunfaan sun hafuura Kristoosiin lamaffaa dhalachuu beeku qabna (Yoha. 3:3-8) akkasuma inni yookaan isheen Kristoosiin gara fakkaachuuutti fedhi wal fakkaataa ta’e kan qoodatan yoo ta’e (Fil. 2:5). Jaallachuu yookaan hiriyaan gaa’ila barbaaduu galma isa dhumaan kan jireenyaa hiriyaan guutuu barbaaduu dha.

Kitaabni qulqulluun nutti hima, akka kristaanootaatti ishee hin amannee raawwannee akka hin fuune (2Qor. 6:14-15) sababni isaa kun Kristoos wajjin walitti

Paasteeroonni baay’eenii gorsitootni kristaanootaa jabeessani gorsu, lammanuu harkaa fi harka akka wal hin qabannee, harka gatiitti irra akka hin keeyannee fi, dhungoo salphaa irraa kan hafee akka hin deemne, gaa’ila dura. Warri wal fuudhan laman baay’inaan wali wali isaanii qophaa isaanii kan hirmaataan, gaa’ila adda ta’e sana wal qunamtii saalaa adda ta’ee qabaatu.

dhufeenya nu qabnu waan dhadabsiisuuf mooraalli keenyaaf eijennoo keenya waan gadi buusuuf. Inni tokko walitti dhufeenya yeroo raawwatuu, jaallachuuus ta’ee wali galtee gaa’ila yaadachuun faayida qabeessa kan ta’u gooftaa hundumaa caalaa jaallachuu dha (Mat. 10:37). Jechuus ta’ee amanuus, namni biraan “hundumaati” jedhee yookaan jirenya isa tokkoo keessatti baay’ee wanti faayida qabeessi akka ta’ee, ejjuudha, innis cubbuu (Gal. 5:20, Qol. 3:5). Akkasumas immoo, qaama keenya xurreesuun nurra hin jiraatu, gaa’ila dura ejja gochuun (1Qor. 6:9, 13, 2Xim. 2:22). Eiji safu-maleessi Waaqayyo irratti qofa cubbuu godhamu miti garuu immoo qaama ofi keenya irratti malee (1Qoro. 6:18). Kan biro jaallachuu fi kabajuutu nurra jiraata, akkuma ofi keenya jaallanu (Rom. 12:9-10), kunis dhugumatti dhugaadha, wali galuu gaa’ilaatiin yookaan wal qunamtii jaalalaatiin. Jaallachuuus ta’ee wali galuu jaalalaatiin, qajeelfama kitaaba qulqulluu kana duukaa bu’ani deemuun karaa baay’ee wayyuu dha hundeen gaa’ila fayyina eeguu dha. Hunduma irra baay’ee kan caaluu murtoo dha, nu kan goonuu, sababni isaa

namoonni lamaa yeroo wal fuudhan, wali wali isaanitti maxananii foon tokko waan ta'aniif, Waaqayyo akka barbaaduutti kan

cimee fi kan hin diigamne ta'uu isaatiin (Uma. 2:24, Mat. 19:5).

## 7.6. Jaalalaan qabamuu koo akkamitan beeka?

Jaalalli miira baay'ee jabadha. Inni harka caalaa jirenya keenyaa dadammasa. Murtoo faayida-qabeessa hedduu miira kana irratti hundoofnee goona, akkasumas wal-fuuna "jaalalaan qabamuun keenyaa" waan nutti dhaga'ameef. Kun sababa ta'uu danda'a, walakkaa kan taa'an wal-hiikuuf kan ga'an, macaafni qulqulluun nutti hima, jaalalli dhugaan kan dhufuuf kan deemu miira akka hin taane, murtoodha malee. Kan nu jaallatan qofa akka jaallannu miti, warra nu jibinis jaallachuutu nurra jiraata, Kristoos warra isa hin jaallanne kan ittiin jaallatee karaa wal fakkaataa (Luq. 6:35). "Jaalalli ni obsaa, gaarummaa godhaa, jaalalli hin hinaafuu, jaalalli of hin jaju, waan hin taane hin godhu, kan mataa isaa hin barbaaduu, hin haaruu, yakka hin lakkauu, dhugaa wajjin gammada malee waa'ee hameenyaatiif hin gammadu, hundumaa obsa, hundumaa amana, hundumaa abdata, hunduaatti jabaata" (1Qor. 13:4-7).

Isa tokkoof "jaalalaan kufuu" baay'ee salphaa ta'uu danda'a, ha ta'uu malee gaaffilleen tokko tokkoo gaaffachuutu irra jiraata, jaalala dhugaatiin waan nutti dhaga'amu murteessuu keenya fuula dura. Tokkooffaan, namani kun kristaanaa? Jechuun jirenya isaa Kristoosiif kenneeraa?

Inni/isheen fayyuudhaaf Kristoos qofa amanteetii? Dabalataanis, laphee keetii fi miira kee nama tokkoof akka laatee kan lakkooftu yoo ta'e, mataa kee gaaffachuu qabda, namoota hundumaatiin ol nama sana teesisuudhaaf fedhii qabaachuu kee, Waaqayyo qofa irraa lammaffaa irratti. Kitaabni qulqulluun nutti hima, namootni lama yeroo wal fuudhan foon tokko akka ta'an (Um. 2:24, Mat. 19:5).

Kan biraan tilmaama keessa wanti galuu qabuu, namni dhuunfaan jaallatame sun jaalala hiriyummaatiif kaadhima gaaarii ta'uu fi ta'uu dhisuu isaati. Inni/isheen duraan dursitee Waaqayyoon waan hundumaa durseeraa, jirenya isaaniitii? Inni/isheen yeroodhaa fi humna isaanii walitti dhufeinya isaanii gaa'ilila ijaaruuf achi irra ni oolchuu, amma dhumaatti kan turu akka ta'uuf? Uleen safartuu tokko iyyuu hin jiru, isa tokkoo wajjin jaalala dhugaatiin ta'un keenya, ha ta'uu malee mira mataa keenyaa hordofuu keenyaan yookaan Waaqayyo jirenya keenyaa fi kan inni qabu duukaa bu'uu keenya hubachuun barbaachiisaa dha. Jaalalli dhugaan murtoo dha, miira osoo hin taane. Jaalalli dhugaan kitaaba qulqulluu isa tokko yeroo hundumaa jaallachuudha, "jaalala irratti" akka taatee yeroo sitti dhaga'amu qofa osoo hin taane.

## **7.7. Jarreen lamaanuu gaa'ila dura wali wajjin jiraachuun isaanii dogogoraa?**

Deebiin gaaffii kanaa kan murteessuu "wali wajjin jiraachuu" kan jedhu akkamitti akka hubannuu dha. Sana jechuun qunamtii saalaa gochuu yoo ta'ee, dhuguma dogogora, gaa'ila dura kan godhamuu wal qunamtiin saalaa qulqulluu sagalee isaa irratti irra deddeebi'ee ceepha'eera, kan biroo gocha ejjaaj wajjin (HoE. 15:20, 1:29, 1Qor. 5:1; 6:13, 18:7:2, 10:8;2Qor. 12:21;Gal. 5:19; EFe. 5:3; Qol. 3:5, 1Tas. 4:3; Yih.7).

Kitaabni qulqulluun of qabuu wali galaa jajjabeessa gaa'ilaal ala (fi dura). Gaa'ila dura kan godhamuu wal qunamtiin saalaa akka ejjee fi kan biroon dogogora ejjaati, hundumtuu nama wal hin fuune wajjin kan godhamuu wal qunamtiin saalaa waan hammatuuf. "Wali wajjin jiraachuu" mana tokko keessa jiraachuu yoo ta'ee, sun egaa dhimma adda ta'eef, walumaa galatti, dhiiraa fi dubartiin mana tokko keessa yoo jiraataan rakko tokko iyyuu hin qabu\_ safu-

maleessi tokko iyyuu hanga hin raawwatamneet. Ta'us, achi irratti rakkoon ka'uu ammas kallattiin safu jiraachuu isaati (1Tas. 5:22, Efe. 5:3) kanaaf inni safu-maleessaa fi qormaata jabaa ta'uu danda'a. kitaabni qulqulluun ejja irraa akka fagaanu nutti hima, mataa keenyaa dhaabbataa kan ta'ee qormaata ejja fi akka saaxila hin baafne (1Qor. 6:18). Achi irraaf rakkoo kallatti ni qabaata. Wali wajjin kan jiran lamanuu wali wajjin akka ciisanitti tilmaamama \_ uumammni wantootaa akka kana. Hammam illee mana tokko keessa jiraachuu mataa isaatti cubbuu yoo ta'uu baatellee, kallattiin cubbuu garuu achi jira. Macaafni qulqulluun kalattii cubbuu akka dhabamsiifnu nutti hima (1Tas.5:22, Efe 5:3), ejja irraa akka faagaannu, fi enyuu irra iyyuu gufuun akka hin jiraannee ykn akka hin gufanne. Bu'aa isaatiinis, Waaqayyoon kabajuu miti, dubartiif dhiirri gaa'ilaan ala wali wajjin jiraachuu isaanii.

## **7.8. Mataa koo akkamittan gaa'ilaaf qopheessuu danda'aa?**

Haala kitaaba qulqulluutiin mataa ofii gaa'ilaaf qopheessuun, jireenyi gara kuteenya barbaachiisu kan akka of qopheessuti. Akka amantoota lamaffaa dhalataniitti kallatti jirenya keenya hundumaa bituu kan nurra jiraatu qajeelfamni jira: "Waaqayyo Waaqa kee garaa kee guutuu, lubbuu kee guutuu fi yaada kee guutuu jaalladhuu" (Mat. 22:37). Kun abboommii caluma jedhee miti. Inni akka amantootaatti jirenya keenyaaf giddu galeessa.

Inni akka nu irratti xiyyaafanuuf kan fillatamee dha, Waaqayyoodhaa fi sagalee isaa irratti, garaa keenya guutuu, lubbuu keenyas ta'ee yaada keenyas isa waan gammachiisiun akka guutamu.

Karaa gooftaa Yesus Kristoos Waaqayyoodhaa wajjin walitti dhufeenyi qabnu, walitti dhufeinya kan biro hundumaa gara yaada wali wajjiniiti kan fidee dha. Walitti dhufeenyi gaa'ilaal kan inni hundaa'ee Kristoosii fi waldaa kristaanaa isaa kan argisiisu (moodela) dha (Efe. 5:22-

33). Tokkoon tokkoon kallatti jirenyaa keenyaan kan bituu akka amanaatti gara kuteenya nu qabnuu dha, abboomii goofaatii fi yaada isaatiin. Waaqayyoodhaa fi sagalee isaatiif abboomamuu nutti qabnu Waaqayyo kan nuuf kennee gaa'ilaan fi biyya lafaa irratti gahee qabnu akka taphannuuf nu geessisa. Tokkoon tokkoon gaheen amanaa lamaffaa dhalatee immoo waan hundumaatiin Waaqayyoon kabajuudha (1Qor. 10:31).

Mataa keessan gaa'ilaaf qopheessuudhaaf, waamicha Yesus Kristoosiin qabdan akka ta'utti adeemuudhaaf karaa sagalee isaa Waaqayyoodhaa wajjin fira dhi'oo ta'uudhaaf (2Xim. 3:16-17), waan hundumaatiin abboomamuu irratti xiyyaafadha.

Waaqayyoof abboomamuudhaan adeemuu barachuu fi karoorri salphaan hin jiru. Inni yeroo hundumaa filannoo nuti goonuu dha, ilaalcha biyya lafaa gara cinaatti goone bakka isaa Waaqayyoon duukaa kan buune. Kristoosiif akka ta'utti deemuu jechuun

mataa keenya gad of qabuummaan bichisiisuu dha, qophaa isaa karaa, qophaa isaa dhugaa, qophaa isaa jiarenya, guyyaa hundumaati fi daqiqaa hundumaatiin. Sana tokkoon tokkoon amanaa qophaa'uun kan isa barbaachiiseef gaa'ila jennee kan nu waamnu kenna guddaan.

Waan hafuuraatti kan bilchaatee Waaqayyoodhaa wajjin namni adeemuu eenyuu caalaa ga'ilaaf kan qophaa'eedha. Gaa'illi gara kuteenya, miira gadi fagoo, gad of qabuu, jaalala, fi kabaja gaaffata. Wantootni kun ragaa jabaa dha, Waaqayyoo dhaa wajjin namni firooma walitti dhi'oo qabu. Mataa keessan gaa'ilaaf yeroo qopheessitan Waaqayyo akka isin tolchuu fi akka isin sirreessuu hiyyamuufi irratti xiyyaafa dhaa, nama kamii fin yookaan dubarti kamiif akka taatan kan hiyyamuuf (Rom. 12:1-2). Mataa keessan isaaf yoo bichisiiftan, inni gaa'ilaaf gahaa isin godha, guyyaan ajaa'ibsiisaan sun yeroo ga'u.

## Waa'ee Gaa'elaa

### 8.1. Kitaabni qulqulluun waa'ee gaa'ilaan maal jedha?

Uumamuun gaa'ilaan Um 2:23-24 irratti galmeefamera, "Addaamis jedhee, 'lafeen kun lafee kooti, foon kunis foon koo irraati, isheen dhiira irraa argamteetihoo "namee" ha jedhamtu.' Kanaaf namni abbaa isaa fi haadha isaa ni dhiisa haadha manaa isaatis ni maxxana, lammanuu foon tokko ta'u." Waaqayyo nama uume, achi irraas dubartii uume, isa ha gargaartuuf.

Gaa'ela Waaqayyo "kan uume" dha, "namni qophaa ta'uun isaa gaarii miti" dhugaan jedhuu, (Um. 2:18)."Gargaartuu" jechi jedhuu Hewaaniin ibsuudhaaf Um. 2:20 irratti faayidaa irra kan oolee hiiki isaa "itti maruu, dhorkuu yookaan gargaaruu, gargaaruu dha" dha. Hewaan kan uumamtee Addaam cina akka taatuuf akka "walakkaa" qaama isaa, gargaartuu isaatii fi utubduu isaa akka taatuuf. Dhiiraa fi dubartiin yeroo

wal fuudhan “foon tokko” ta’u. tokkummaan kun guutumaatti kan inni ibsuu qunamtii saalaatiin tokko ta’uu dha. Kakuu haaraan tokkummaa kana kan ilalate of eegachiisa itti dabala. “Kanaaf kana booda isaan lama miti, tokko malee. Kanaaf Waaqayyo kan walitti hidhee namni gargar hin baasiin” (Mat. 19:6).

Ergamaan Phaawulos ergaa baay’ee barreeseera, gaa’ila kan argisiisani fi amantootni walitti dhufeenya gaa’ilaa keessatti akkamitti deddeebi’uun akka isaan irra jiru. Dubbifamni inni ‘tokkoffaan 1Qor. 7 fi kan bira Efe. 5:22-33ti. Wali wajjin yeroo qayyabataman, dubbifamni lamaan kun qajeelfama macaafa qulqulluu laatu, kunis Waaqayyoon kan gammachiisu bifa walitti dhufeenya gaa’ilaa kan tolchan. Dubbifamni Efesoon keessumatti kan dhi’atee kan milkaa’ee gaa’ila kitaaba qulqulluu eeruudhaaf. “Haadhi manaa, akkuma goofaadhaaf bitamtan abbaa manaa keessaniif bitamaa, Kristoos immoo mataa waldaa kristaanaa akka ta’ee innis qaama isaa kan fayyisu akka ta’ee abbaan manaa mataa haadha manaati (Efe. 5:22-23).

## 8.2. Gaa’ila isa dhumaa gochuu - furtuun isaa maalii dhaa?

Ergamaan Phaawulos jedha, haati manaan abbaan manaa ishee jirenyatti utuu jiru “kan hidhamte” ta’uu ishee (Rom. 7:2). As kan jiru qajeelfamni, abbaan manaan yookaan haati manaan du’uutu irra jira, hidhaan gaa’ilichaa diigamu dura. Kun abboomi Waaqayyooti, ta’us garuu hawaasni keenya amayyaa gaa’ila kan inni ittiin xumuru wal hiikuudhaan, harka dhibba keessaa 51 kan ta’u.

“Abbaan manoonti Kristoos waldaa kristaanaa akka jaallatee haadha manaa keessan jaalladhaa” (Efe. 5:25). “Akkasumas abbaan manoonti akka qaama isaanitti godhanii haadha manoota isaanii jaallachuutu irra jiraata. Haadha manaa isaa kan jaallatu of jaallata, eenyu iyyuu foon isaa kan jibbu tokko illee hin jiru. Ha ta’u malee, Kristoos immoo waldaa kristaanaatiif akka godheef, ni nyaachisaa, ni kunuunsa” (Efe. 5:8-29). “Kanaaf namni abbaa isaa fi haadha isaa ni dhiisaa haadha manaa isaa wajjin wali gala lammanuu foon tokko ta’u” (Efe. 5:31).

Abbaan manaa amannee fi haati manaa amantee qajeelfama Waaqayyoo yeroo duukaa bu’an, bu’aan isaa gaa’ila kitaaba qulqulluu ta’a. Gaa’illi kitaaba qulqulluu irratti hundaa’ee kan madaalchiisuu dha, Kristoosi akka mataa dhiiraatti fi haadha manaa wajjinis. Yaad-rimeen gaa’ila kitaaba qulqulluu namoota dhuunfaa lama gidduutti tokkummaa ta’uu dha, sunis Kristoosiif waldaan Kristaanaa tokko ta’uu isaanii kan argisiisu.

Sana jechuun, “du’i hanga gargar nu baasuutti” jedhani kan kakatan walakkaan kakuu sana diiganiiru. Hidhatni wal fuudhan maal gochuu danda’u, gaa’illi isaanii itti fufeenya kan qabuu ta’uu isaa mirkaneefachuuf? Kan jalqabaa fi baay’ee dhimmi faayida qabeessi Waaqayyoodhaa fi sagalee isaatiif abboomamuu dha. Qajeelfama kanaa dha gaa’ila dura bituun kan irra jiru. Waaqayyo jedheera, “lammanuu osoo wali hin galiin karaa

deemuu danda'uu?" (Amos. 3:3). Amanaa haaraa dhalateef, kana jechuun walitti dhufeinya dhi'oo kan qabu amanaa hin taane eenu wajjin gochuun akka irra hin jirredha. "Warra hin amannee wajjin walitti hin hidhatina! Qajeelinnii fi jal'inni maal walitti qabuu?" (2Qor. 6:14). Qajeelfama tokko kana yoo duukaa buunee booda irrattti gaa'ilaan kan dhufuu baay'ee kan laphee madeessuu fi rakkina irraa fayyisuu danda'a.

Qajeelfamni kan biraan, innis itti fufiinsa gaa'ilaa kan eeguu, abbaan manaan Waaqayyoof aboomamee haadha manaa isaa akka foon ofi isaatitti jaallachuu, fi eeguun akka irra jiraatuu dha (Efe. 5:25-31). Qajeelfamni cinaan haati manaan eeguun kan irra jiraatu Waaqayyoof abboomamuu fi abbaa manaa isheef abbomamuu akka irra jiraatu dha "Gooftaadhaaf akka godhamu" (Efe. 5:22). Dhiiraa fi dubartii gidduutti ga'illi godhamu Kristoosii fi waldaa kristaanaa gidduutti walitti dhufeinya jiru kan argisiisuu dha. Kristoos waldaa kristaanaatiin mataa isaa kenneera, ni jaallatas, akka "misirichaa" ni eegas (Mul. 19:7-9).

### **8.3. Waa'ee wal hiikuu fi deebsanii gaa'ela dhaabachuu Macaafni Qulqulluun maal jedhaa?**

Hunduma dura, dhimma wal gadhiisuu kana irratti ilaalchi qabnu rakkina hin fidu, Milkiyaas 2:16: kan jedhu yaadachuun barbaachisaadha "namni haadha mana isaa gadhiisuu an nan jibba jedha waaqayyo gooftaan inni kan Israa'eel." Akkaa Macaafa Qulqulluutti gaa'illi bara jireenyaa hundumaatti amanamamuu kan gaafatudha. "Egaa isaan lama miti foon tokko malee; kanaafis waan Waaqayyo walitti qabsiise

Waaqayyo Heewaniin gara Addaamitti yeroo fidee gaa'ila jalqabaa, isheen kan isheen hojjetamte isa irraa "foonii fi lafee" dha (Um. 2:21). Isaaniis "foon tokko" ta'an (Um. 2:23-24). Foon tokko ta'uu jechuun, tokkummaa foonii olii dha. Isa jechuun walitti dhufeinya yaadaa fi lubbuuti dha, ramaddii tokko irraa. Walitti dhufeenyi kun qaama irraa yookaan dheebuu ba'uu miiraa irra darbee kan deemuu dha, gara addunyaa hafuuraatti "tokkummaa", sun argamuu kan danda'u wal cina kan jiran lama Waaqayyoo fi wali wali isaaniitiif yoo bitaman qofaa dha. Walitti dhufeenyi kun "anaa fi kan koo" kan jedhu giddugaleessa hin godhatu, "nu'ii fi kan keenya" malee. Kunis isa tokkoffaa dhoksa gaa'ila itti fufeenya qabuuti. Gaa'ila hanga du'aatti itti fufeenya akka qabaatu gochuun hidhatni lamaan dursa kennuufi dhimma isaan qabanii dha. Tokko Waaqayyoo wajjin gara olii kan jiru walitti dhufeinya qabatamaa yeroo godhuu, abbaa manaa fi haadha manaa gidduu kan jiru walitti dhufeenyi cinaani itti fufeenya akka qabaatuu gara godhuutti waabiitti geggeessa, fi kanaaf Waaqayyoon kan ulfeessu.

### **dhaabachuu Macaafni Qulqulluun maal**

namni gargar hin basin jedhe" (Maatewoos 19:6). Ga'eelli namoota cubbamoota lama kan h irmaachisuun waan ta'eef walgadhiisuun akka ta'uuf danda'u Waaqayyo ni beeka.

Kakuu Moofaa keessatti mirga kana dhowwuudhaaf seerrata tokko rokko dhaabeera, keessattuu dubartoota (Seera Keessa deebii 24:1-4). Yesuus seeronti kun kan kennamanii turan gara jabeenya namaa

sababa taasifachuudhaan akka ta'e Yesuus eereera, jarri fedhii Waaqayyoo waan ta'aniidhaaf miti (Maatewoos 19:8).

Akkaataa Macaafa Qulqullulutti falmiin waa'ee gaa'eela diiguu fi deebisanii ijhaaruu hayyamamuu jalqaba jecha Yesus isa Maatewoos 5:32 fi 19:9 irra nanaanna'a. Gaaleen "yoo isheen eejjite malee" jedhu wal hiikuu fi deebisanii fuuchuu ilaalchiissee hayyama Waaqayyoo kennuu kan danda'u caaffata qulqull'aaoo keessaa waraabbii isa tokkicha.

Namoonni kana hiikan baay'een isaanii "gaalee addaa kana" kan inni ilaallatu yeroo "walkaadhimmatanitti" "walfuudhuudhaaf amanamummaa dhabuu" akka ta'etti hubatu. Akka aadaa Yihudootaatti, dhuurrii fi dubartiin yeroo wal kaadhimatani jiranitti illee akka waan wal fuudhaniitti ilaalamu. Akka ilaalcha kanaatti, yeroo walkaadhimmatani jiranitti yoo ejjan walhiikuun akka danda'aniidhaaf sababa fudhatama qabu akka ta'e dha.

Haa ta'u malee, jechi Girikii gara "yoo isheen eejjite malee" gara jedhutti hiikame jecha cubbuu walquunnamtii saalaa kamiinuu ilaalchuu danda'adhu. Inni ejja, sagaagaluu, halalummaa kan fakkaatanitti hiikamuu danda'a. Yesus yoo ejji hojjetame walhiikuun akka danda'amu dubbataa jira. Walquunnamtiin saalaa namootaa gaa'eelan walitti hidhamaniif bakka bu'uura ta'e qaba. Lachaan isaanii foon tokko ta'u (Seera Uumamaa 2:24; Matewoos 19:5; Efesoon 5:31). Sababa kanaatiif gaa'elaan alatti walquunnamtii saalaa kamiinuu walitti hidhamuu kana cabsuun wal hiikuudhaaf sababa ta'uu danda'a. kanaaf egaa, Yesus

mataan isaa sammuu isaa keessatti waa'ee deebisanii fuuchuu qaba. Gaaleen, "kan biraan fuudhe" (Maatewoos 19:9) kan agarsiisu akka danda'amaa ta'ettiidha akkaataa fakkeenya gaalee adda ta'e kanatti, yoo akka akkas ta'utti hiikames. Lamaan isaanii keessa kan cubbuu hin hoijenne duwwaatu lammee fuuchuudhaaf mirga akka qabaatu beekuun barbaachisaadha. Ta'us caaffata kana keessatti hin ibsamne, lammee fuuchuunii fi hiikuun nama isa cubbuu isa irratti hojjetameedhaaf araara Waaqayyoo duwwaadha, garuu isa cubbuu ejja hojjeteef miti. "Inni yakka hojjetees" lammee fuuchuudhaaf fakkeenyi jiraachuu danda'a garuu caaffata kana keessatti hin caqasamne.

Kaan 1 Qorontoos 7:15 akka kan "adda ta'e" gara biraatti hubatu yoo abbaan manaa yookiin haati manaa hin amanne amanataa isa ta'e yoo hikelammee fuuchuun yookiin heerumuun akka danda'amu akka hayyamutti hubatu. Haa ta'u malee, qabiyyeen kun lammee fuuchuu yookiin heerumuun hin caqasu, garuu qaamni hin amanne yoo gaa'ela sana hooke qaamni amanataa ta'e immoo isa sanatti akka qabamee hin afne dubbata. Yoo inni Macaafa Qulqulluu keessatti kan hin caqasmne ta'e illee kaanqaama kan biraan irratti yookiin mucaa irratti dhiibbaan yoo taasifame wal hiikuun akka danda'amu ni dubbatu. Inni kun tarii sababa baay'ee gaarii ta'uu danda'a, garuu sagalee Waaqayyoo irratti tilmaamuun ogummaa ta'uu hin danda'u.

Alii alii falmii gaalee adda ta'e kana irratti badna dhugaa isa "gaa'elaaf amanamummaa dhabuun" jechuun wal hiikuudhaaf hayyama malee, sanaaf dirqama miti. Yoo ejji

raawwatame illee, qaamni inni hafe, karaa ayyaana Waaqayyootiin, dhiifama gochuu fi gaa'eela jaraa deebisee ijaaruu danda'a. dhugumaan fakkeenyaa isaa duukaa buunee cubbuu ejja kana illee dhiisuu dandeenya (Efesoon 4:32). Haa ta'eu malee, fakkeenyaa baay'eetiin warri walfuudhanii jiran dhiifama walii hin godhan, cubbuu ejjaatiinis itti fufu. Inni bakka Maateewoos 19:9 hojii irra itti ooluu danda'uudha. Baay'een wal hiikuu booda utuu Waaqayyo akka jarrii kobaa isaanii jiraatan utuu barbaadu gaa'ela kan biraa deebisanii dhaabuudhaaf hariifatu. Waaqayyo yaadi isaanii akka bakka lamatti hin qoodamneef akka jarri kobaa ta'an waama (1 Qorontoos 7:32-35). Haala tokko tokko keessatti deebisanii gaa'eela dhaabuu tarii akka carraati, garuu inni carraa isa tokkicha jechuu miti.

#### **8.4. Hiikeera. Akka kitaaba qulqulluutti lammaffaa fuudhuu nan danda'aa?**

Yeroo hundumaa gaaffillee akka kanaa ni fudhanna "sababa sababa kanaaf hiikeera. Lammaffaa fuuchuu nan danda'aa? "Lammata hiikeera \_ hiriyaan gaa'ilaa koo isheen jalqabaa ejjiteetti, inni lammaffaa wal madaaluu dadhabuu dha. Yeroo sadii nama hike jaalladheera\_ inni jalqabaa wal madaaluu dadhabuu dha, inni lamaffaa karaa isaatiin ejja raawwatameen, inni sadaffaa karaa haadha manaatiin ejja raawwatamee dha. Wali wali keenya fuudhuu ni dandeenyaa?" gaaffillee kana fakkaataan deebisuudhaaf baay'ee rakkisaa dha, sababni isaa kitaabni qulqulluun tarreefamaan waan hin argisiifneef, ilaalcha addaa addaa kan ilaalate, hiiku booda waa'ee gaa'ilaa jiru.

Namoota hin amanin irra caalaa Kiristaanota akka ta'an kan dubbatan gidduuttu ammamtaan wal hiikuu guddaa ta'uun isaa baayee kan nama gaddisiisu. Macaafni Qulqulluun Waaqayyo wal hiikuu akka jibbu bal'inaan ifa taasisa (Milkiyas 2:16) walitti araaramuunii fi dhiifama waliif gochuun immoo amala amanataa dhugaa ta'u qaba (Lusuqaa 11:4; Efeesoon 4:32). Haa ta'u malee, wal hiikuun akka ta'u Waaqayyo ni beeka, ijoollee isaa gidduutti iyuu. Kan wal hiikanii fi lammee deebisanii fuudhaan Waaqayyoon xinnii akka jaal'atamanu isaanitti dhaga'amuu hin qabu, yoo wal hiikuun/lammee walfuuchuu gaalee addaa Maateewoos 19:9 jalatti hammatamuu danda'uu dhabaate ille. Waaqayyo yeroo baay'ee hojii gaarii raawwachuudhaaf illee abboomamuu diduu kiristaanotaatti illee ni gargaarama.

Siritti beekuu kan dandeenyuu, hidhati wal fuudhan lammanuu jireenyatti hanga jiranitti akka turan karoora Waaqayyoo ta'uun isaati (Um. 2:24, Mat. 19:6). Gaa'ilaa lammaffaatiif qophaa isaa kan amansiisu hiiku boodee wanti ta'u ejja (Mat. 19:9), kunis yeroo ta'u illee kristaanota giddutti wal falmisiisaa dha. Kan ta'u kan biraan gargaartuu dhiisuu dha \_ hiriyaan gaa'ilaa hin amannee hiriyaan gaa'ilaa amannee dhiise yeroo deemu (1Qor. 7:12-15). Ammam illee dubbifamni kun gaa'ilaa lammataa adda baasee yoo ibsuu baatees, gaa'ilatti hidhamee akka jiraatu qofa argisiisa, innis immoo kan qaamaa, kan saal-qunamtii, yookaan miira akka malee miidhamee

sababa gahaa ta'uu danda'a, hiikuudhaaf lammata deebi'ee fuudhuuf. Kan ta'es ta'e kitaabni qulqulluun kana adda baasee hin barsiisu. Wantoota lama sitritti ni beekna. Waaqayyo wal hiikuu jiba (Milk. 2:16), Waaqayyo haraara qabeessaa fi dhiisaa dha. Hiikuun hundumtuu bu'aa cubbuuti, hiriyaan gaa'ila gar tokkoon yookaan gar lachuutiin ta'us. Waaqayyo wal hiikuudhaaf haraara ni godhaa? Akkamitti! Wal hiikuun cubbuu isa kaan caalaa dhiifama kan hin arganne miti. Cubbuun hundumtuu dhiifama argata, amantii Yesuus Kristoositti qabuun (Mat. 26:28, Efe. 1:7). Waaqayyo cubbuu wal hiikuu kan dhiisu yoo ta'ee, sun lammaffaa fuuchuudhaaf bilisa jechuudhaa? Ta'uu hin danda'u.

Waaqayyo yeroo tokko tokkoo namootni osoo hin fuudhiin akka hafan waamuu danda'a (1Qor. 7:7-8). Osoo hin fuudhiin hafuun akka abaarsaatti yookaan akka adabaatti ilaalamuu hin qabu, ha ta'uu malee

Waaqayyoon laphee guutuudhaan tajaajiluuf kan jiru ta'uu malee (1Qor. 7:32-36). Sagaleen Waaqayyoo nutti hima hawwiidhaan gubachuu caalaa fuudhuun kan wayyu akka ta'e (1Qor. 7:9). Yeroo tokko tokkoo wal hiiku booda gaa'ila lammaffaatiif faayidaa irra oolu danda'a.

Kanaaf, gaa'ila lammaffaa gochuu ni dandeessuu, yookaan isin irra jiraataa? Gaaffii kana deebisuudhaaf hin dandeenyu. Walumaa gala, sun isiniif hiriyaan gaa'ilaa keessan giddutti akkasumas keessumatti Waaqayyoodhaan. Gorsi olaanaan nu kennuu dandeenyu waa'ee keessaniif gara Waaqayyotti kadhachuu, ogummaaf, maal akka gootan akka fedhu kan ilaalate (Yaq. 1:5). Sammuu banamaa ta'een kadhadhaa, akkasumas gooftaa qajeelummaadhaan kadhadhaa laphee keessanitti fedha isaa akka kaa'uu (Faru. 37:4). Fedha gooftaa barbaadaa (FKn. 3:5-6) qajeelfama isaas hordofaa.

### **8.5. Kan wal fuudhaan kristaanonni lamaa qunamtii saalaa gochuun kan hiyyamameefi/kan hin hiyyamamneef maaliidhaa?**

Kitaabni qulqulluun ni jedha "gaa'illi hundumaa biratti ulfina qabeessa cisiichi isaas qulqulluu ha ta'u, halalee fi ejjitootni garuu Waaqayyo itti farada" (Ib. 13:4). Qulqulluun sagalee isaa abbaa manaa fi haatii manaa qunamtii saalaatiin maal gochuun akka irra jiruu fi maal gochuun akka irra hin jire raawwatee hin ibsu. Abbaa manootii fi haati manooti abboomamaniiru, "wali galtanii yeroodhaa fi yoo ta'uudhaa baateee wali wali keessan hin dowwatina (1Qor. 7:5a). lakkofsi kun tarii gaa'ila keessa kan jiraatuu qajeelfama qunamtii saalaa teesisa.

Wanti tokko iyyuu yeroo godhamuu wali galteedhaan ta'uutu irra jiraata. Eenyu iyyuu jajjabeefamuu yookaan wal dhiibuun irra hin jiraatu, inni yookaan isheen kan isaamiif hin taanee yookaan sirri miti jedhani kan yaadan. Abbaa manaa fi haati manaa lammanuu wanta tokkoo yaaluuf yoo wali galan (fakkeenyaaaf, wal qunamtii afaanii, kallatti adda addaatiin, qunamtii saalaa kan argisiisuu, kan kana fakkaatuu) egaa kitabni qulqulluun kana akka hin goone sababa tokko iyyuu hin kaa'u.

Wanti muraasi jiru, haala qunamtii saalaatiin namoonni lamaan wal fuudhan raawwatanii kan hin hiyyamne. “irraa hafaa argachuu” (sadii tokkoon, afur tokkoon, k.k.f) ejja ifa ta’eedha (Gal. 5:19, Efe. 5:3, Qol.3:5, 1Tas. 4:3).

Ejji cubbuudha, hiriyaan gaa’ilaa yoo hiyyame iyuu, yoo mirkaneeseef iyuu, yookaan immoo yoo irratti hirmaate. Paarnogiraafii “hawwii fooniiti fi hawwii

ijaa” ittiin qabama (1Yoha. 2:16) kanaaf Waaqayyoodhaan ceepha’ameera. Abbaa manaa fi haatii manaa paarnogiraafii raawwatanii gara tokkummaa qunamtii saalaa isaanitti fiduun irra hin jiraatu. Isaan kana wantoota lamaan kana irraa kan hafee qulqulluun sagalee isaa adda baasee kan inni dhorkuu hin jiru, abbaan manaa fi haatii manaa wali walii isaaniiti akka godhan wali galteedhaan amma ta’eetti.

### **8.8. Haatii manaa abbaa manaa isheef bitamuutu irra jiraataa?**

Bitamuun walitti dhufeenya gaa’ilaa keessatti dhimma faayida qabeessa. As ifa kan ta’ee abboomiin kitaaba qulqulluu jira: “Haati manaaakkuma gooftaa Yesusiif abboomamtu abbaa manaa isheetiifis ha abboomamtu! Krstoos mataa waldaa kristaanaaakkuma ta’e abbaan manas mataa haadha manaati, Kristoos fayyisaa waldaa Kristaanaati waldaan immoo dhagna isaati, waldaan kristaanaa harka Kristoos jalaakkuma of galchitu, haatii manaa waan hundumaatti harka abbaa manaa isheetti jala of haa galchitu” (Efe. 5:22-24).

Cuubbuun gara biyya lafaa osoo hin galii dura illee, mataa ta’uun abbaa manaa qajeelfama ture (1Xim. 2:13). Addaam duraan durseetti kan uumame, Heewanis kan uumamte kan Addaam “gargaartuu” akka taatuufi dha (Um. 2:18-20).

Waaqayyoo aboo guddaa biyya lafaa irratti hundeesseera: mootonni haqa hawaasa gidduutti akka mirkaneessanii fi eegumsa akka godhan, paasteeronni hoolota Waaqayyoo akka geggeesanii fi akka nyaachisan, abbaan manootiin haadha manooti isaanii akka jaallatanii fi akka kunuunsan, abbootiinis ijoollee isaanii akka hifatan. Dhimma hundaa irratti, bitamuun gaaffata: lammuin mootummaaf, hoolootni tikseef, haatii manaa abbaa manaa, mucaan abbaaf.

“Bitamuun” hupotasso, kan jedhu jechi Girikii yeroo hiikamu gochamichi bifa itti fufeenya qabuu dha. Kana jechuun Waaqayyoof, moototaaf, paasteeriif, yookaan abbaa manaa bitamuun gocha yeroo tokkoo qofa miti. Inni amala itti fufiinsa qabuu dha, kunis garee amalaa kan ta’u.

Duraan dursee, siritti, Waaqayyoof bitamuuf itti gaaffatamuummaan nurra jira, kunis isaas kan ittiin abboomamnu karaan qofaan (Yaq. 1:21, 4:7). Akkasumas tokkoon tokkoon amanaa gadi of deebisuun kan guutame, kan biroon bitamuuf qophaa'aa kan ta'e jirenya qabaachuutu irra jiraata (Efe. 5:21). Ramaddii maatiif waa'ee bitamuu, 1Qor. 11:2-3 jedha, abbaan manaan Kristoosiif bitamuun akka irra jiraatu (Kristoos Waaqayyo abbaadhaaf akka godhe) haatii manaa abbaa manaa isheef bitamuutu irra jiraata.

Har'aa addunyaa keenyaatti hubanna wal dha'ee baay'eetu jira, gaa'eela keessatti gahee abbaa manaa fi haadha manaa kan ilaalate. Gaheewwan kitaaba qulqulluu illee akka ta'utti hubatamee osoo jiru, baay'een isaan dhiisuu filataniiru, kan dubartootaa "birmadummaa" falmuu yaada jedhuun, bu'aa isaan murna maatii adda adda baasuu geesiseera. Biyyi lafaa karoora Waaqayyoo osoo hin fudhannee kan nama ajaa'ibsiisuu miti, sabni Waaqayyoo garuu gammachuudhaan karoora sana kabajuutu irra jiraata.

Bitamuun jecha gadhee miti. Bitamuun kan gadaantummaa yookaan bu'aa gad aanaa callaqisiisuu miti. Kristoos dhaabataatti fedha abbaaf mataa isaa bichisiseera (Luq. 22:42, Yoh. 5:30), faayidaa mataa isaa homaa utuu hin hir'isiin.

Kan addunyaa hubanna dogogoraa dhaabuuf, dubartiin abbaa manaa isheef waa'ee bitamuu isheeti, kan itti fufu gadi qabnee hubachuutu nurra jiraata Efe. 5:22-24, 1)haatii manaa nama tokkoof mataa ishee ha bitu (abbaa manaa isheef), dhiira

hundumaaf osoo hin taane. Seera bitamuutti dubartiin hawaasichi bakka jiraatu biratti kan dheeratu miti. 2)haatii manaa fedha isheen abbaa manaa isheef bitamuutu irra jiraata, Yesus Kristoosiif dhuunfaatti abboomamuun. Isheen abbaa manaa isheef ni bitamti, Yesuusin waan jaallatuuf. 3)haatii manaan abbaa manaa isheef fakkeenyi bitamuu ishee waldaan kristaanaa Kristoosiif akka isheen gootu kan jiru dha. 4)waa'ee dandeetti haadha manaa, kennaa, yookaan faayidaa homaa wanti jedhame tokko hin jiru, dhugaa abbaa manaa ofii isheef bitamuu, bifaa kamiinuu kan gadaantummaa yookaan faayidaa gadaanaa kan qabduu dha kan jechisiisu miti. Dabalataanis bitamuuf abbomiin isaa argisiiftuu homaa kan hin qabne, "wanta hundumaatti" kan jedhuu irraa kan hafee, hubadhu. Kanaaf, abbaan manaan haadha manaa hanga bitamtufitti qormataaa wali galaa yookaan qormataa ga'umsaa darbuun irraa hin eegamu. Tarii isheen isa caalaa karaa baay'eedhaan kan fooyoftee dhugaa ittiin taate jiraachuu danda'a, ta'us garuu isheen abborii gooftaa duuka bu'uu ni filatti, "jecha malee" amala ishee qulqulla'e qofaan (1Phex. 3:1).

Bitamuun deebii uumamaa ta'uutu irra jira, geggeessaa jaallatamaa. Abbaan manaa haadha manaa ofii isaa yeroo jaallatu, Kristoos waldaa kristaanaa akka jaallate (Efe. 5:25-33), bitamuunis deebii uumamaa ta'a, haatii manaa abbaa manaa isheef. Ta'us garuu, jaalalli abbaa manaa homaa yoo ta'e yookaan yoo hir'atee haati manaa akka bitamtuu abboomamteetti, "gooftaadhaaf akka ta'u" (Lakk. 22). Kana jechuun Waaqayyoof bitamuu ishee \_ karoora isaa fudhachuu ishee \_ abbaa manaa isheetiif

akka bitamtu ishee godha. “Gooftaaf akka ta’utti” kan jedhuu wal dorgomsiisaan haadha manaadhaaf kan inni yaadatuu kan itti gaaffatamtuu taayitaa olaanaa qabaachuu isheeti. Kanaaf iyyuu dirqama tokko iyyuu hin qabdu seera mootummaa yookaan seera Waaqayyoo eeguu dhiisuudhaaf, abbaa manaa isheetiif maqaa “bitamuutiin” mataa ishee sirii fi seera qabeessaa fi Waaqayyoon wantoota ulfeessaniif ni bitamsiifti. Dhugumatti wantoota akka malee ta’aniif hin bitamtu\_sirri yookaan seera qabeessa kan hin taaneef yookaan Waaqayyoon kan hin ulfesineef. “Qalelfama “kan bitamu” fayyadamuu yaaluu, akka malee fayyadamuu sirri gochuudhaaf, qulqulluu sagalee isaa miciruudhaaf sexana beeksuu dha. Efe. 5 irratti kan jiru haati manaa abbaa manaaaf bitamuu, abbaan manaa matayyaa yookaan bitaa akka ta’uu hin hiyyamne.

Abboomiin isaa akka jaallatuu dha (Lakk. 25), innis Waaqayyo duratti itti gaaffatamummaatu irra jira abboomi isaa raawwachuudhaaf. Abbaan manaa aboo isaa ogummaadhaan, of kennudhaan, fi soda Waaqayyootiin, isaafis deebii akka kennutti raawwachuutu irra jiraata. Haatii manaa abbaa manaa isheetiin yeroo jaallatantu, waldaan kristaanaa Kristoosiin akka jaallatamte, bitamuun rakkisaa hin ta’u. Efe. 5:24 ni jedha, “Waldaan kristaanaa Kristoosiif akkuma bitamtee, akkasuma immoo haatii manaa wanta hundumaatiin abbaa manoota isaaniif bitamuutu irra jiraata.

”Gaa’ila irratti, bitamuun ulfinaa fi kabaja abbaa manaadhaaf ejjennoo kennuti (Efe. 5:33) akkasumas inni kan dadhabee xumuruu dha. Innis karoora Waaqayyooti, maatiin akkamitti hojjechuun akka irra jiraatu.

Tarreessan Maatihoos Heener barreesseera, “dubartiin kan uumamtee cinaachaa Addaam irraati. Mataa isaa irraa hin uumamne, isa irratti akka bittuuf, yookaan miila isaa irraa hin uumamne, isaan akka irra ejetamtuu, ha ta’uu malee cinaacha isaa irraatti, isaan wal qixa akka taatuuf, ciqilee isaa jala taatee akka eegamtuuf, laphee isaa cina taatee akka jaallatamtuuf.” Efe. 5:19-33 kan jiruu abbaa manaa fi haadha manaadhaaf kan kennamee abboomiin kan akkuma sanaan akka haala barreefamichaatti hafuuraan guutamuu of keessatti dabalata. Amantootni hafuuraan guutaman waaqeffannaa keessa kan jiranii dha (5:19), galataan kan guutaman (5:20), kan bitaman (5:21). Phaawulos sarara yaada kanaa duukaa bu’eera, jirenya hafuuraan guutamee fi haadha manootaaf oolcheera lakk. 22-24 irratti. Haatii manaa abbaa manaa isheetiif bitamuun kan irra jiraatu, dubartootni waan gad-aantoota ta’aniif miti (kitaabni qulqulluun sana raawwatee nu hin barsiisuu), ha ta’uu malee Waaqayyo walitti dhufeenya gaa’ilaa akka sana akka ta’u waan godheef.

## **8.9. Kitaabni qulqulluun gaa'ila saala wal fakkaataa maali jedhaa?**

Kitaabni qulqulluun waa'ee gaa'ila saala wal fakkaataa adda baasee hin eeru. Inni ifaa dha, ta'uus macaafni qulqulluun qunamtii saala wal fakkaataa akka safu-maleessaa fi uumama akka hin taane cubbuudhaan ceepha'aa. Lew. 18:22 qunamtii saalaa wal fakkaataa akka xuraawumatti fudhata, akka cubbuu xuraawaatti. Rom. 1:26-27 gochi yaada qunamti saala wal fakkaataa akka yeellasisaatti, uumama akka hin taane, halalummaa, fi salphifamaa godhee ibsa. 1Qoro. 6:9 akka teesisuutti wal qunamtii saalaa wal fakkaataa xuraa'ootaa fi mootummaa Waaqayyoo hin dhaalan. Lammanuu yaadii qunamti saalaa wal fakkaataa fi gochi isaa kitaaba qulqulluu keessatti ceepha'ameera, qunamtiin saalaa wal fakkaataa "gaa'illi" jaalala Waaqayyo akka hin taanee ifaa dha, akkasumas dhugumatti cubbuu dha.

Kitaabni qulqulluun waa'ee gaa'iila yeroo eeru hundumaatti, dhiiraa fi dubartii giddutti. Yeroo jalqabaaf kan eerame gaa'illi, Uma. 2:24, namni maatii isaa dhiisee haadha manaa isaa wajjin akka wali galu ibsa. Gaa'ila kan ilaataltee qajeelfama kan laatan dubbifamni, kan akka 1Qor. 7:2-16 fi Efe. 5:23-33 kan jiran, kitaabni qulqulluun ifatti kan inni teesisee gaa'illi dhiiraa fi dubartii giddutti deemsifamuu isaati. Akka jecha kitaaba qulqulluutti, gaa'illi tokkummaa bara jirenyaati, dhiiraa fi dubartii giddutti, duraan dursee maatii ijaaruuf maatii sanaaf naannoo mijata ta'ee kenuuuf.

Ta'us, kitaabni qulqulluu qofti hubannoo gaa'ila kanaa rawwachuduhaaf faayidaa irra kan oolu miti. Kitaabni qulqilluun ilaalcha gaa'ilaan kan wali galaa kan ta'ee ilaalcha gaa'ilaan ta'eera, tokkoon tokkoon qaroomina namaa, seenaa addunyaa keessatti. Seenaan gaa'ila saala wal fakkaataa mormii ni adeemiisa. Amantaa ammayyaa kan hin taanee beekamtii xiin-sammuu akka kenneetti dubartii fi dhiirri xiin-sammuin ta'ee miiraan kan uumaman wali wali isaaniitiin akka wal fudhatanii dha. Maatii kan ilaataltee namootni xiin sammuu akka jedhanitti dubartii fi dhiira giddutti kan godhamuu tokkummaan, kan wal fuudhan lamman gaarii kan ta'e gahee saala isaanii akka bahan isaan dandeesisa, bakka wayyutti gaaruummaadhaan kan bocaman ijoolle guddisuu. Xiin-sammuin morimii gaa'ila saala walfakkaataa falma uumamaan/qaamaan, dhiiraa fi dubartiin kan umaman quunnamtii saalaatiin wal wajjin "akka walitti dhufan" ta'uunsa ifaadha. Walquunnamtiin saalaa "kan uumamaa" ijjoollee horudhaaf ademsa ifatti kan taa'e kophaa isaa karaa dhiiraa fi dubartii giddutti kan godhamu qunamtii saalaati kaayyoo kana kan milikoomsu. Uumamnii mormii gaa'ila saalaa wal-fakkataa falma.

Kanaaf macaafini qulqulluun, seenaa, xiinsammuu, fi uumamni hundumtuu kanisaan falman gaa'illi dhiiraa fi dubartii gidduutti ademsifamuun akka irra jiraatudha-kanaafuu har'a jeequmsi kun hundumtuu maaliif ta'e? Gaa'ila saalaa wal-fakkaataa kan-morman maaliif ija jibbaan ilaalamu, akka hin obsinetti seera kan cabsan, hammam illee moormiin seeraan dhi'atus? Sochiin mirga gaa'ila saalaa wal-fakkaataa maaliif bifa hamaa ta'en gaa'ila saala wal-fakkaataa ta'eef jabatee hojeta, baay'een namotaa kan amantaas ta'e kan amantaas hin ta'in maaliif degeru ykn yoo xinaate mormuurraa fagaatanii dhaabatu-lamman gaa'ila qaama wal-fakkaataa mirga seera wal-fakkaataa ta'e akka argatan, akka lamman wal-fuudhaniitti tokkummaa seera hawaasaa bifa qabuun?

Deebiin isaa akka kitaaba qulqullutti tokkoon tokkoon ifatti akka beeku gaa'illi saala wal fakkaataa safu-maleessaa fi kan uumamaa kan hin taane, beekumsa uumama ta'e kana cunqursuudhaa fi qophaa isaa karaan gaa'ila saala wal fakkaataa sirrii gochuu fi isa kan morman hundumaa miidhuu dha. Wal qunamtii saala wal fakkaataa fudhatamaa gochuu fi karaan wayyyu gaa'ila wal qunamtii saala wal fakkaataa kan baratamee gaa'ila qaama faallaa wajjin carraa wal qixa ta'ee kennuu dha. Rom. 1:18-32tti kana argisiisa. Dhugaan isaa kan beekamee dha, Waaqayyo ifa waan godheef. Dhugaan isaa dhiifamee sobaan bakka bu'eera. Sobi isaa egaa beeksifamaa dhugaan isaa ni dhokkata ni miidhamas. Mormii jabaatee fi dheekamsa sochi mirga kabachiisaa wal qunamtii saala wal fakkaataa heedduudhaan, kan isiniin morman hundumtuu dhugumatti ejennoo

isaan qabatan dhorkuu kan hin dandeenye ta'u isaa argisiisa. Ejjennoo dadhabaa ta'een sagalee dhageesisuu mo'icha argachuuf yaaluun mala duloomee dha, kitaaba falmiitiin. Tarii ibsa fooya'ee hin qabaatu, kan ammayyaa mirgi ajandaan wal-qunamtii saala wal fakkaataa, Rom. 1:31 kan caaluu, "isaan miira kan hin qabnee dha, amantaa kan hin qabneedha, kan hin hubanneedha, haraara kan dhabanii dha."

Gaa'ila qunamtii saala wal fakkaataa murtoo kennuu, akkateen jirenya wal qunamtii saala wal fakkaataa mirkaneessuu dha, kunis kitaabni qulqulluun ifatti fi ciminaan akka cubbuutti kan ceepha'uu dha. Kristaanoni Gaa'ila qunamtii saala wal fakkaataa mormii isaa ciminaan dhaabbachuu qabu, macaafa qulqulluu keessaa raawwatee, yaada barreefamichaa keessaa kan ba'e. inni tokko abbaa wangeelaa kristaana ta'uun isa irraa hin eegamu, gaa'illi dhiiraa fi dubartii gidduutti ta'uun isaatiif beekamtii kennuf.

Akka kitaaba qulqullutti, gaa'illi Waaqayyoon kan hundeefamee dha, dhiiraa fi dubartii gidduutti akka ta'u, (Um. 1:21-24, Mat. 19:4-6). Gaa'illi saala wal fakkaataa galagalcha dhaabata gaa'ilaati, akkasumas Waaqayyoon mormuu dha, gaa'ila kan hundeesse. Akka kristaanatti cubbuudhaaf mala tolchuun yookaan dhiiba'uu hin qabnu. Caaladhumatti, jaalala Waaqayyootii fi dhiifama cubbuu, hundumaaf kan argamuu hirmaachuun ni ta'a, wal qunamtii saala wal fakkaataa dabalatee karaa Yesus Kristoosiin.

Dhugaa jaalalaan dubbachuutu nurra jiraata (Efe. 4:15) akkasumas dhugaadhaaf falmuutu nurra jiraata “haala tasgabaa’aa fi kabajaan” (1Phex. 3:15). Akka kristaanootaatti dhugaadhaaf yeroo dhaabannu, fi bu’aan isaa miidhaa dhuunfaa, arabssoo, fi ari’atama yeroo ta’uu jecha Yesuus yaadachuun nurra jiraata: “Biyyi lafaa yoo isin jibbee isin dura akka ana jibbee beekaa. Kan biyya lafaa osoo taatani biyyi lafaa kan isaa kan ta’ee ni jaallata ture,

ha ta’uu malee ani biyya lafaa keessan isin fo’adhe malee biyya lafaa irraa waanan isin fo’adheef kanaaf biyyi lafaa isin jiba” (Yoh. 15:18-19).

## Waa’ee Jireenya Kiristaanummaa

### 9.1. Kiristi’anni maali?

Hiiki galmee jechootaa irraa Kiristaanaa kan jedhuuf waanta walfakkaataa ta’u danda’ a “nama Yesus akka Kiristoos ta’e amanuu yookiin amantii barsiisa Yesuu irratti hundaa’ e jechuun ni danda’ama.” Ammaaf kun bakka jalqabaa gaariidha, akkuma hiika galmee jechootaa kanneen biro, inni amma ta’e gabaadhumatti dhugaa Macaafa Qulqulluu irraa isa ta’e kiristaana ta’uun maal jechuu akka ta’e walitti qabiisa. Jechi “Kiristaana” jedhu Kakuu Haaraa keessatti si’ a 3 itti gargaaramameera (Hojii Ergamootaa 11:26; 26:28; 1 Pheexroos 4:16). Duuka buutonni Yesus Kiristoos jalqaba Anxookiyaatti “Kiristaanots” jedhaman(Hojii Ergamootaa 11:26) sababni isaa amalli isaanii, jiruun isaanii, fi haasaan isaanii kan Kiristoos fakkaata ture. Jechi “Kiristaana” jedhu jechaa jechatti, “garee kan Kiristoos keessa ta’uui” yookiin “duuka buutota Kiristoos ta’uu” jechuudha.

Karaa nama gaddisiisuun yeroo dheeraa, jechi “Kiristaana” jedhu barbaachisummaa isaa isa guddaa dhabee si’ a baay’ee nama tokko isa nama amantaa qabu yookiin naamusa gaarii kan qabutti itti gargaaramameera garuu inni tarii duuka buutuu Yesus Kiristoos ta’uu yookiin dhiisuu danda’ a.

Namoonni heedduun kan Yesus Kiristoositti hin amanne akka Kiristaana ta’anitti of fudhatu salphaadhumatti waan gara mana sagadaa dhaqaniif yookiin saba Kiristaana ta’e keessa waan jiraataniif. Garuu gara waldaa dhaquun umaa Kiristaana sihin taasisu akkuma gara gaaraajii dhaquun konkolaataa si hintaasfne. Miseensa waldaa Kiristaana ta’uun, tajaajila sirriitti hordofuun, hojii waldaa kirstaanaatiif kennaa kennuun kiristaana si hin taasisu.

Macaafni Qulqulluun hojin gaariin nu hojjennu Waaqayyoon duratti fudhatamaa akka nu hintaasifne ni barsiisa. Titos 3:5, "Waaqayyo hojii nuyi qajeelummaadhaan hojjenneef utuu hin ta'in akka araara isaatiitti dhiqannaalammaffaa dhalachuutiin haareessuu hafuura Qulqulluutiinis nu fayyise" jedha. Kanaaf Kiristaanni nama lammaaffaa Waaqayyoon kan dhalateedha. (Yohaannis 3:3; Yohaannis 3:7; 1 Pheexroos 1:23) amanannaal isaa Yesus Kiristoos irra godhachuuun kan isatti amaneedha. Efeesoon 2:8 "...ayyaana Waaqayyootiin karaa amantii fayyifamtan inni immoo kennaa Waaqayyootii malee gochaa ofii keessanii miti"

Kirstaanni dhugaan nama amantii isaa Kiristoos irra godhate fi namummaa fi hojii Yesus Kiristoositti amanu, gatii cubbuu kaffaluudhaaf du'a isaa fannoo irrattii fi guyyaa sadafkaatti du'aa kaafmuu isaa. Yohaannis 1:12, "Hamma isa simataaniif immoo ijoolee Waaqayyoo akka ta'aniif aboo isaaniif kenne isaaniis warra maqaa isaatti amananiidha" jechuun nutti hima. Mallattoon kiristaana dhugaa namoota kanbiraatiif jaalala qabaachuu fi sagalee Waaqayyootiif abboomamuudha (1 Yohaannis 2:4, 10). Kirstaanni dhugaan dhugumaanni mucaa Waaqayyoti, miseensa dhugaa maatii Waaqayyoo, Yesus Kiristoosiidhaan jireenyi haaraan kan argatedha.

## 9.2. Kistaanoni seera kakuu Moofaaf abbuumamuutu isaan irra jiraa?

Dhimma kana ubachuudhaaf furtuun isaa Seerri Kakuu Moofa saba Israa'eelotaatiif kenname, kiristaanotaaf miti. Seerrawwan keessa tokko tokko immoo Israa'elotaaf akkamiin akka Waaqayyoof ajajamanii fi gammachiisan agarsiisu ture (fakkeenyaaab boommomi kurnan). Seerrawwan keessa tokko tokko immoo akkamiin akka Waaqayyoon waqessaniif cubbuu isaaniitiif akkamiin dhiifama akka argatan agarsiisu (akkaataa aarsaa itti dhiyeessan). Seerrawwan keessaa kaan immoo Israa'eelonni akkamiin akka saba kanneen

biro irraa akka adda ba'an irratti kan xiyyeffanna taasisaniidha (akkataa uffanna fi nyaataa). Seerrawwan kana keessaa kamiin isaanii iyuu har'a akka raawwannuuf dirqama nutti hin ta'u.

Yesus yeroo fannoo irratti du'e, inni seera Kakuu moofaaf raawwii taasiseera (Roomaa 10:4; Galaatiyaa 3:23-25; Epheeson 2:15). Bakka seera Kakuu Moofaatti, nuyi seera Kiristoos jala jirra (Galaatiyaa 6:2), jaalala isa ta'e. "Yommus Yesus deebisee Waaqayyo kee goofticha garaa kee guutuudhaan, jirenya kee guutuudhaan, yaada kee guutuudhaanis jaallachuutu siif ta'a. abboommiin hudumaa irra caalu inni duraa isa kana....nama akka mataa keetiitti jallachuutu siif ta'a" (Maatewoos 22:37-39). Yoo nuyi abbaaoommi kana lamaan raawwanne, kan Kiristoos nurraa barbaadu hundumaa raawwanneerra jechuudha. "seerrii fi barsi raajotaa hunduu abboommii kana lamaan irra dhaabbatanii jiru" (Maatewoos 22:40).

Amma, sun jechuun seerri Kakuu Moofaa har'a wajjin waan walqabatu hin qabu jechuu miti. Seeronni Kakuu Moofaa heedduun isaanii har'a ramaddii "Waaqayyoon jaalladhu" fi "Ollaa kee jaala'adhu" jala gala. Seeronni Kakuu Moofaa Waaqayyoon akkamiin akka jaallatan beekuudhaa fi Waaqayyoon jaallachuunis garamitti akka namageessuuf qajeelcha gaarii ta'uu danda'a. Aluma tokkichatti, seeronni Kakuu Moofaa kiristaanota har'a jiran irratti hojii irra oola jechuun sirrii miti. Seerri Kakuu Moofaa kutaa mataa isaa danda'e tokkicha (Yaaqoob 2:10). Hondumti isaa hojii irra oola yookiin hammi ta'e hojii irra oola. Kiristoos muraasa yoo hojii irrra oolche, fakkeenyaaaf sirna aarsaa, inni hunduma isaa raawwateera.

"Waaqayyoon jaallachuun jechuunis abboommota isaa eegguudha" (1 Yohaannis 5:3). Abboommiin kurnan gaariitti goollabbii seerawan Kakuu Moofaa

hundumaa turan. Kurnan keessa sagal Kakuu Haaraa keessatti irra deddeebi'amaniiru (abboommi hundumaa isa guyyaa Sanbataa kabajuu abboomutti hafe). Ifatti, yoo nuyi Waaqayyoon jaallanne, nuyi waaqolii sobaa hin waaqeffannu yookiin waaqaolii namni tolche duratti hin jilbeenfannu. Yoo olloota keenya jaallanne, jara hin ajjeefnu, jara irratti hin sobnu, jara irratti hin ejjinu, yookiin qabeenya jaraa hin hawwinu. Kaayyoon seerawan Kakuu Moofaa seera eeguu akka hin dandeenye namootatti faraduudhaan akka gara Yesus Kiristoos fayysiin nu barbaachisu nutti agarsiisuudhaaf (Roomaa 7:7-9; Galaatiyaa 3:24). Waaqayyo seerri Kakuu Moofaa seera gamtaa yookiin namoota hundumaaf kan ta'u akka ta'u hin yaadne. Waaqayyoo fi olloota keenya jaallachuutu nurra jira. Yoo abboommota kana lamaan amanamummaan abboomamne, waan Waaqayyo nurraa barbaadu hundumaa ni eegna jechuu dha.

### **9.3. Jirenya kootiif jaalala Waaqayyoo akkamiinan beekaa?" Waa'ee jaalala Waaqayyoo beekuu Macaafni Qulqulluun maal jedha?**

Haala kennae keessatti furtuu lamatu jiruu jaalala Waaqayyoo beekuudhaaf: 1) Maal gaafachaa akka jirtu mirkanoeffadhu yookiin waa hojjechuu yaaduun waanta Macaafni Qulqulluun dhowwu miti. 2) Waanta gaafachaa jirtu yookiin kan hojjechuu yaadde akka Waaqayyoon ulfeessuudhaaf jirenya haafuuraa keetti akka siguddisu mirkanoeffadhu. Yoo waantonni kunneen lachuu dhugaa ta'an waanta ati gaafattu Waaqayyo amma yowwanaa siif kennaa hin jiru taanaan, egaa inni siif waanta kadhatte sana akka argattuudhaaf jaalala Waaqayyo hin miti. Yookiin, tarii isa yeroo dheeraa

eeguutu si barbaachisa. Jaalala Waaqayyoo beekuun alii alii cimaadha. Namoonni maal akka hojjetan, eessa akka hojjetan, eessa akka jiraatan, eenyuun akka fuudhan kkf Waaqayyo addatti akka isaanitti himu barbaadu. Waaqayyo dhugumatti odeeefannoo adda ta'ee fi kallattiin ta'e dhugumaan ni kenna. Waaqayyo waantota sana ilaachisee filannoo akka taasfnu nuu hayyama.

Roomaa 12:2 akkas jechuun nuutti dubbata, "Fakkeenya jirenya bara isa darbu kana duukaa hin bu'inaa jaalalli Waaqayyo isa kam akka ta'e gargar baasuudhaaf yaada garaa keessanii hareffachuudhaan of diddiira. Jaalalli Waaqayyoo immoo waan gaarii ta'e, waan isa duratti fudhatamaa ta'e, waan akeeka isaa fiixaan baasu hubachuudha.". Waaqayyo kan nuu hin hayyamne inni tokkichi akka cubbuu hin hoijennee fi fedhii isaa akka hin mormineedha. Waaqayyo fedhii isaa wajjin kan walii galu filannoowwan akka taasifnu barbaada. Kanaaf, jaalalli Waaqayyoo siif maal akka ta'eakkamiin beektaa? Yoo ati Gooftaa wajjin walitti dhiyeenyaan

deddeebite jirreanya keetiif dhugaatti jaalala isaa yoo barbaadde, Waaqayyo fedhii isaa garaa kee keessa kaa'a. Furtuun isaa jaalala Waaqayyo barbaaduudha, kan kee miti. "Waaqayyotti gammachuu qabaadhu, inni immoo kadhata garaa kee siif ni kenna"(Psalm 37:4). Yoo Macaafni Qulqulluun isa mormuudhaaf hin dubbanne ta'e inni hafuuratti siif kan bu'aa qabuudha, egaa Macaafni Qulqulluun akka murteessituu fi akka garaa kee akka hordoftu "hayyama" siif kenna. Yoo ati dhugumaan jaalala Waaqayyoo hafuura cabaadhaa fi gad of deebiseen akkasuma sammuu banamaadhaan barbaadde, innni jaalala isaa siif ni ibsa.

#### **9.4. Jirenya koo keessatti cubbuu akkamiinan moo'uu danda'a?**

Macaafni Qulqulluu cubbuu irratti moo'icha argachuudhaaf yaalii taasfnu irratti nu gargaaruudhaaf maddaalee adda addaa gara garaa dhiyeessa. Jirenya kana keessatti, guutummaatti cubbuu keenya guutummaan moo'icha argachuu hin dandeenyu, (1 Yohaannis 1:8), garuu inni galma keenya ta'uu danda'u. Gargaarsa Waaqayyootii fi qajeelfama sagalee isaa hordofuudhaan, yeroo yeroodhaan garuu cubbuu irratti moo'umsa argachuudhaan caalaa Kiristoosiin fakkaachuu dandeenye.

Kan Macaafni Qulqulluun caqasu cubbuu moo'uudhaaf tattaafii taasfnu irratti kan deeggarsa nuuf kennu inni jalqabaa Hafuura Qulqulluudha. Waaqayyo Hafuura Qulqulluun nuuf kenneera kanaaf jirenya kiristaanummaatti nuyi moo'icha argachuu dandeenye. Waaqayyo Galaatiyaa 5:16-25 irratti hojii foonii firii hafuuraa wajjin waliin madaala.

Keeyyata sana keessatti nuyi hafuuraan akka deddeebinu waamamneerra. Amantoonni hundinuu Hafuura Qulqulluu qabu, keeyyatni kun garu nuyi geeggesa isa fudhachuudhaan Hafaara Qualuudhaan deddeebi'uun akk nubarbaachisu nutti hima. Kana jechuun jirenya keenyaan foon hordofuu manna yeroo hundumaa kakkaafamuu Hafuura Qulqulluu foo'achuudha. Hafurri Qulqulluun garaa garummaan inni hojjechuu danda'u jirenya Pheexroos keessatti mula'ateera, kan utuu Hafuura Qulqulluudhaan utuu hin guutamin dura si'a sadii Yesuiin ganee kan ture-kan amma du'uutti illee Kiristoosiin akka hin ganne dubbatee kan ture. Hafuura Qulqulluun erga guutamee booddee garuu, gaafa guyyaa ayyana shantamaffaa Yihuda tudaratti jabinaaf ija jabummaadhaan dubbate. Akkauma kakaa'uumsa Hafuura Qulqullu unkkamsuun akka nurra hin jirre yaallu hafuuraan deddeebi'utu nurra nurra

jira (akkuma 1 Tasaloonkee 5:19 irratti dubbatu) akkasuma bakka sanaa Hafuura Qulqulluudhaan guutamuutu nurra jira (Efesoon 5:18-21). Namni tokko akkamiin Hafuura Qulqulluudhaan guutamaa? Hunduma dura, inni filannoo Waaqayyootii akkuma Kakuu Moofaatti illee akka ture. Hojii isaa akka fiixaan baafamu barbaadeef namoota dhuunfaatti filatee Hafuura Qulqulluun jara guuta (Seera Uumamaa 41:38; Seera Ba'uu 31:3; Seera Lakkoofsaa 24:2; 1 Saamuu'el 10:10). Efesoon 5:18-21 fi Qolaasaayiis 3:16 keessatti ragaan jira Waaqayyo warreen sagalee isaatiin of guutan akka Hafuura isaatiin guutu. inni kun gara isa nugargaaru isa lammataatti nu geessa.

Sagalee Waaqayyoo, Macaafni Qulqulluun, Waaqayyo hojii gaarii hundumaaf akka nu qopheessuudhaaf sagalee isaa akka nuuf kenne dubbata (2 Ximooteewoos 3:16-17). Maal amanuun akka nurra jiruudhaa fi akkamiin akka jiraachuun nurra jiru nu barsiisa, yeroo nuyi karaa dogoggoraa filannu nutti muli'sa. Ibrookini 4:12 sagaleen Waaqayyoo jabaadhaa fi jiraataa akka ta'e, keessa keenya lixee lafee fi ribuu addaan baasee hanga waraanutti jabaa akka ta'e cubbuu keessa lubbuu keenyaa fi amala hundeedhaa akka buqqisu nutti hima. Faarfatichi waa'ee isaa - Faarsaa 119 keessatti humna jijiiruu danda'u gad fageenya dubbata.

Diinota isaa moo'uu irratti furtoon gargaarsa isaa akka hin daganne garuu bakka sanaa halkanii fi guyyaatti afaan isaa keessaa akka hindhabamne akka isaafis abbumamuu isatti himamee ture. kan inni rawwate, yeroo

Waaqayyo isa abboomeme illee akka abboommii loltuutti isatti hin dhaga'amne, inni kun moo'ichaaf lola isaa isa biyya kakuuttiif furtoo ture. Macaafni Qulqulluun nuyi mataan keenya illee yeroo heedduu akka salphaatti kan ilaallu kan nu gargaaru dha. Akka mallattootti baannee gara waldaa dhaquun yookiin guyyaatti yeroo kadhanna keenyaa irraa dubbisuun yookiin guyyaattii boqonnaa tokko irraa dubbisna, garuu isa yaadatti qabachuu, afaa in dubbachuu rakkina qabna yookiin jirenya keenyaa wajjin akka walfudhatu hin goonu; cubbuu inni nutti mul'isu himachuu yookiin kan inni nutti mul'iseef Waaqayyoon galateeffachuu hin dandeenye.

Yeroo inni gara Macaafa Qulqulluutti dhufu, yeroo heedduu akka nama nyaata gar malee nyaachuun dhukkuba irra bu'ee taana. yookiin immoo hafuuratti akka jiraannu amma nu gargaaru irraa fudhanna sagalicha irraa nyaachuudhaan (garuu fayya qabeessa akka taanuudhaaf kiristaana gaariitti gudate ta'uudhaaf amma nuu ga'u irraa hin nyaannu), yookiin calluma jennee nyaanna garuu akk inni jirenyaa keenyaa wajjin walii galee nyaata hafuura irraa argannutti yeroo kennineefii sammuutti hin qabannu.

Guyyaa guyyaatti sagalee Waaqayyoo qo'achuu fi sammuutti qabachuu hin amaleeffanne taanaan isa sana hoijechuudhaaf jalqabuun barbaachisaadh. Amma waanta isa irraa argatte barreessitutti sagalicha dhiisuu dhiisuu amala taasifadhu. kaan kadhatawwan gara Waaqayyottii taasfamee galmeessu, haala naannaa isaanitti dubbate irraattii geeddarumsaaf akka jara gargaaru gaafachuun.

Macaafni Qulqulluun jirenya keenya keessatti meeshaa hafuurri itti gargaaramuudha (Efesoos 6:17), kutaa mi'a waraanaa Waaqayyoo akka diinota keenya ittiin morminuudhaaf nuuf kenne keessaas Isa barbaachisaa fi murteessaadha (Efesoos 6: 12-18).

Loliisa keenya Isa cubbuu irrattiitiif kan gargaaru inni sadaffaan inni barbaachisaan kadhata. Dabalataanis, inni kiristaannonni yeroo baay'ee kan jarri afaanumaan ittiin ostuulan kan baay'ee immoo itti hin gargaaramne garuu waanta gargaaru dha. Yeroo walga' aii qabna, yeroo kadhataaf wal geenyus qabna kanaaf kana kan fakkaatan. garuu kadhata akkaataa waldaan isheen ganamaa itti fayyadamtetti itti hin gargaaramnu (Hojii Ergamootaa 3:1; 4:31; 6:4; 13:1-3).

Phawoloos irra deddeebi'uudhaan wara jara tajaajilaa tureef akka kadhataa ture caqaseera. Kadhata ilaalcissee Waaqayyoo abdii dinqisiisaa nuuf kenneera (Matewoos 7:7-11; Luuqaas 18:1-8; Yohaannis 6:23-27; 1 Yohaannis 5:14-15), Phaawlosis qophii lola hafuraa keessatti barbaachisummaa kadhannaab dabaleera (Efesoos 6:18).

Jirenya keenya keessatti cubbuu moo'uudhaaf kadhannaan akkam barbaachisaadha? bakka dhaabaa Geetesemaanee keessatti Pheexroosiif jecha Yesus qabna, ganuu Pheexroos dura, Yesus yeroo kadhatu Pheexroos rafaa ture. Yesus Isa damaqse, “Qoramatti akka hin galleedhaaf dammaqaa, kadhadhaa! Hafuurri illee dhimmaadhaa foon garuu dadhabaadha” (Matewoos 26:41).

Nuyiakkuma Pheexroos, waanta gaarii ta'e hojjechuu barbadna garuu ciminni maal akka ta'e beekuu hin barbaadnu. Waaqayyoo barbaachuu itti fufuuf, balbala rukutuu, isa gaafachuu itti fufuuf, akeekkachiisa isa hordofuutu nu barbaachisa innis cimina nu barbaadnu nuuf kenna, (Matewoos 7:7). kadhannaan akka hojii tolchaa miti.

Kadhannaan salphaadhumatti nuyi kan daangaffamnee ta'uu keenyaa fi Waaqayyo immo humni isaa daanga maleessa ta'uu isaa beekuudhaan cimina sanaaf gara isaatti deebi'uudhaan kan ofii keenyaa hojjechuu barbaadnu hojjechuu utuu hin taane akka nu hojjennu kan inni barbaaduu hojjechuudhaa (1 Yohaannnis 5:14-15).

kan nu gargaaru keessaa inni afuraffaan walitti dhufeeyaa amantootaaati. Yesus yeroo bartoota isaa erge, lama lama taasisee isaan erge (Maatwoos 10:1). Mishineroonni Hojii Ergamootaa keessaa ala tokko kophaa ta'anii deemanii hin beekan, garuu gurmudhaan lama yookiin isaa ol ta'uudhaan deemu. Yesus walitti qabama obbolootaa akka hin dhiifne garuu yericha jaalalaa fi hojii gaariidhaaf akka wal jajjabeessuudhaa n akka itti gargaaramnu nu abbooma Ibroota 10:24). cubbuu keenya akka walii keenyatti himnu nutti hima (Yaaqoob 5:16). barreefamoota Ogummaa kan jedhamanu kan Kakuu Moofaa keessatti, sibiilli akkuma sibiila qaru namnis nama biraatti akka qaramu nutti himameera (Fakkeenya 27:17). lakkoofsa keessattis ciminatu jira (Lallaba 4:11-12).

Kiristaanoni heedduun cubbuu nama hin gadhiisne moo'uudhaaf michuu itti gaafatamummaan isatti dhaga'amu qabaachuun bu'aa guddaa akka qabu baraniiru. Nama siiwajjin haasa'u kan bira, kan sii wajjin kadhatu, si jajjabeessu, kan si ifatu illee qabaachuun bu'aa guddaa qaba. Hunduma keenyaaf qoramuun beekamaadha (1 Qorontoos 10:13).

Michuu itti gaafatamummaan isatti dhaga'amu qabaachuun yookiin gareen itti gaafatamummaa fudhachuu danda'an cubbuu jabaa illee moo'achuudhaaf jajjeebessa baay'ee cimaa lakkofsa gararraa fi kaka'umsa nu barbaachisu nuuf kennuu danda'a. Alii alii moo'umsi cubbbuu irratti dafee dhufa. yeroo kan bira, moo'ichi baay'ee suuta jechuudhaan dhufa. Waaqayyo akkuma nuyi waantota nu gargaaran itti fayadamne jireenyi keenya yeroo yerootti jijjiirama akka fidu waadaa nuuf galeera. Cubbuu irratti moo'umsa argachuudhaaf hojii keenya itti fufuu qabna sababni isaas inni abdii isaatiif amanamaa akka ta'e beekna.

## **9.5. Hir'iyoota koo fi miseensa maatii koo wangeelaan akkamitti gahuu danda'aa, osoo isaan hin gaddisiini fi isaan hin dhiibiinii?**

Ammam yoo ta'ee kiristaani tokkoon tokkoon isaa miseensa maatii isaa, hidhata hojii isaa, yookaan nama wal beekuu, innis kiristaanaa kan hin taanee qabaata. Wangeela kan biroo wajjin hirmaachuuf rakkisaa ta'uu danda'a, akkasumas miiraan walitti dhufeeyaa dhi'oo kan qabdu kan of keessatti qabatuu yoo ta'ee baay'ee rakkisaa ta'a. Kitaabni qulqulluun akka nutti himutti namoonni tokko tokkoo wangeelatti hin gammadan (Luqaas 12:51-53). Ta'us, wangeela akka hirmaanu aboomamneera, kana gochuu dhiisuuf sababa homaa hin qabnu (Maattewos 28:19-20, Hojii Ergamoota 1:8, 1ffaa 3:15).

Kanaaf, mineensa maatii keenyaa, hir'iyoota keenya, hidhata hojii keenyaa fi namoota beeknu akkamitti wangeelaan bira ga'uu dandeenyaa? Gochuun kan nurra jiruu baay'ee wanti barbaachiisan waa'ee isaani kadhachuu dha. Waaqayyo laphee isaani akka jijjiruu fi ija isaani akka banuu kadhachuu (Yaaqob 1:5). Kadhachuu irratti dabalataan, isaan fuulduratti jirenyaa kiristaanaa gaarii jiraachuutu nurra jiraata, jirenya mataa keenyaan jijjiirama Waaqayyoo godhee akka arganiif (1ffaa Pheexiroos. 3:1-2). Qulqulluun Asis Firaansis yeroo tokko akka jedhetti, "yeroo hundumaa wangeela lallabaa, barbaachisaa yoo ta'uu sagalee fayyadamaa."

Dhuma irrattis, wangeela labsinu fedha qabeessaa fi iftoominaan ta'uutu nurra jira. Yesus Kristoosiin kan jiru ergaa fayyinaa hir'iyoota keessanii fi maatii keessanitti labsaa (Roome 10:9-10). Yeroo hundaa amantii keessan dubbachuuf qophaa'oo ta'aa (1ffaa Pheexiroos 3:15), gad of deebisuuf ulfinaan akkas gochuun. Ga'umsa irratti,

fayyina warra jaallannuu Waaqayyoof dhiisuutu nurra jira. Namoota fayyisuu kan danda'uu humnaa fi ayyana Waaqayyootiin malee car'aajii keenyaan miti. Kan fooya'ee fi kan caaluu gochuu kan nu dandeenyu isaaniif kadhachuudhaan, isaaniif dhugaa ba'uudhaan, fuula isaani duratti jirenya kiristaanaa jiraachuun.

## 9.6. Soomni kiristaanaa, kitaabni qulqulluun maal jedha?

Qulqulluun sagalee isaa kiristaanooni akka sooman hin aboomu. Waaqayyo hin barbaaduu yookaan kiristaanoota hin aboomuu. Yeroo wal fakkaataatti macaafni qulqulluun sooma ni ibsa, gaarii, bu'a qabeessa, fi faayida qabeessa akka ta'ee. Hojiin ergamootaa akka galmeessetti amantootni murtoo barbaachiisaa murteessuu isaanii dura ni sooomu turan (Hoji ergamootaa 13:2, 14:23). Soomaa fi kadhatni yeroo hundumaa wali wajjin wal qabata (Luqaas 2:37, 5:33). Baay'ee irra deddeebi'ee xiyaafannoon soomaa nyaata fudhachuu dhiisuu dha. kana cinaanis kaayyoon soomaa ta'uu kan qabu ija wanta addunyaa kanaa irraa buqisanii guutuu guututti Waaqayyo irra kaa'uu dha. Soomni Waaqayyoodhaa fi mataa keenya karaa ittiin dhi'eesinuu dha, jechuun isaa wajjin walitti dhufeenyi nu qabnu dhugaa ta'uu isaa argisiisa. Soomni Waaqayyo irratti yaada haaraadhaa fi amantaa haarefamee akka qabaanu nu gargaara.

Ammam illee soomni qulqulluu sagalee isaa keessatti yeroo hundumaa nyaata soomuu yoo ta'es, karaan sooma kan biroonis jiru.

Wanti kam iyyuu yeroodhaaf yoo dhiifame nyaata keenya hundumaa Waaqayyo irratti xiyyaafachuu yoo ta'ee akka soomaatti lakkaa'ama (1ffaa Qorontos 7:1-5). Soomni sa'a murtaa'e ta'uutu irra jiraata, keessumatti nyaata irraa of qabuu yeroo ta'u. yeroo dheeraa fi sa'a dheeraan nyaata malee ta'uun namummaa keenya miidhuu danda'a. Soomni foon adabuudhaaf yaadame miti, ha ta'uu malee nyaata keenya gara Waaqayyooti deebisuu dha malee. Akkasumas soomni "mala nyaataa" godhamee fudhatamuun irra hin jiraatu. Kaayyoon kadhata kitaaba qulqulluu ulfaatina isaa hir'isuu miti, ha ta'uu malee Waaqayyoodhaa wajjin tokkummaa gadi fagaatee argachuuf malee. Eenyu iyyuu soomuu danda'a, namoonni tokko tokko garuu midhaan soomuu hin danda'an (fakkeenyaaaf dhibee sukaaraa kan qaban).

Eenyu iyyuu yeroo dhaaf wanta tokko dhiisuu nidanda'a, gara Waaqayyootti akka ta'uutti dhi'aachuuf. Waan biyya lafaa kana irraa ija keenya fudhachuun, baay'ee bifa milkaa'aa ta'een yaada keenya gara Kristoositti naanneessu ni dandeenya. Soomiin waan barbaadne akka nuuf godhuuf karaa Waaqayyoon ittiin argannu miti. Soomni nu jijjira, Waaqayyo osoo hin taane. soomiin kan biroo caalaa nama hafuuraa kan ittiin taanuu miti. Soomiin godhamuu kan qabuu hafuura gadi of deebisu fi haala gammachuu qabuuni dha. Maattewos 6:16-18 ni labsa, "Yeroodehuma soomtanitti

immoo, akka warra of argisiiftuu nyaara keessan hin guurinaa! Isaan soomunisaanii namootatti akka mul'atutti, fuula isaanii in boosomsu, dhuguman isiniti hima, isaan gatii isaanii fudhataniiru. Ati garuu yeroodehuma soomtutti, mataa kee dhibadhu, fuula kees dhiqadhu! Soomun kee abbaakee isa wanta dhoksaatti hojjetamu hundumaa argutti malee, namoota duratti akka hin mul'anne godhi! Abbaan kee inni wanta dhoksaatti hojjetamu hundumaa argu immoo gatii siif in kenna".

### **9.7. Ana irratti cubbuu kan hojjetan akkamittan dhiifama gochuu danda'aa?**

Dogogora tokkoon tokkoon isaa hojjeteera, gaddisiseera, akkasumas tuqaa murtaa'een cubbuu hojjeera. Irra dadarba kana fakkaatan osoo jiruu kiristaanoni akkamitti deebii kennuun kan irra jiraatu? Akkuma kitaaba qulqulluutti dhiifama gochuu qabna. Efeson 4:32 ni labsa "wali wali keessaniif gara laafootaa fi garraamoota ta'aa Waaqayyos immoo Kristoosiin dhiifama akka isiniif godhee dhiifama wali godhaa." Bifa wal fakkaataadhaan Qolasiyaas 3:13 ni labsa, "wali wali keessaniif obsaa, eenyu illee obboleessaa isaa irratti komee yoo qabaatee, dhiifama walii godhaa. Kristoos dhiifama akka isini godhee isinis immoo akkasuma godhaa." Furtuun qulqulluu sagalee isaa bakka lachuu irratti, Waaqayyoo dhiifama akka nuu godhee nus namoota biroodhaaf dhiifama gochuu qabna.

Maaliif dhiifama goonaa? Dhiifamni waan nuu ta'eef! Dhiifama gochuun salphaa kan inni ta'u gaddaa fi qalbi jijiranaadhaan isa barbaadudhaaf gaaffidhaaf kan dhufaniif. Kitaabni qulqulluun nutti hima, dhiifama akka goonu, haala tokko malee, narratti daba kan godhan. Nama laphee irraa dhiifama gochuufi dhiisuun kan inni argisiisuu fedhi hamaa, gadda gadi fagoo fi dheekamsa yeroo ta'u, isaan kana keessaa tokkoon isaani illee amala kiristaana dhugaa miti. Kadhatu gooftaatiin, Waaqayyoo irra daddarba keenya akka nuuf dhiisuun ni kadhana, nuyis kan nu miidhaniif dhiifama akka goonu (Maattehos 6:12). Yesus, Maattewos 6:14-15 irratti jedheera, "isin warra isin yakkanif yoo dhiiftan, abbaan keessan inni Waaqa irraa dhiifama isiniif godha. Ha ta'u malee kan birootiif dhiifama gochuu yoo baatan, abbaan keessa cubbuu keessan dhiifama isini hin godhu."

Qulqulluu sagalee isaa keessatti ifa, isaanis waa'ee dhiifama Waaqayyoo kan dubbatan, Maattewos 6:14-15 irratti hubannoo wayyu kan argate, kan jedhuu, kan biroodhaaf dhiifama gochuu fi tole kan hin jenne mataa isaanitiif haraara Waaqayyoo dhugumatti kan hin barree dha.

Abboommi Waaqayyoo irraa tokkoon isaanii osoo hin kabajin, isa irratti cubbuu hojjenna. Nama biraa irratti yakka yeroo raawwannu, nama sana qofa miti kan nu yakkine, akkasuma immoo Waaqayyoon malee. Waaqayyo irra daddarba keenya hundumaa isa hagam ga'uu sana dhiifama akka nuuf godhee yoo hubannee, ayyaana

kana kan biroo dhorkachuudhaaf mirga akka hin qabne ni hubanna. Nutti Waaqayyo irratti kan hin lakkaa'amne yakkineera, eenu iyuu yakka nu irratti godhe caalaa. Waaqayyo ammana dhiifama erga nuu godhee, kan biroo xiqqoo kana dhiifama gochuudhaaf akkamitti didnaa? Fakkeenyaa Yesuus Maattehos 18:23-35 irratti ibsa jabaa dhugaa kanaan. Waaqayyo abdii nuuf laateera, dhiifama gaaffachuudhaaf gara isaa yeroo dhufnu, inni bilisaan nuuf laata (1ffaa Yohaannis 1:9). Dhiifama kan nu goonuu bal'inni isaa daangaa hin qabu, bifa walfakkaataadhaan dhiifamni Waaqayyoos daanga hin qabu (Luqaas 17:3-4).

## 9.8. Guddinni hafuuraa maalii dhaa?

Guddinni hafuuraa bifa fooya'aan adeemsa Yesuus Kristoosiin fakkaachuuti. Amanti keenya Yesuus irra yeroo oolchinuu, hafuurri qulqulluun isa akka fakkaanuu adeemsa hojjechuu jalqaba, bifa isaa akka fakkaannu cimsuudhaan. Guddinni hafuuraa bifa fooyya'aan kan ibsamee 2ffaa Pheexiros 1:3-8 irratti dha, innis kan nutti himuu humna Waaqayyoo qabnuu "waan nu barbaachisuu hundumaa" jirenya gaarii jiraachuuf, kunoo galma guddina hafuuraa kan ta'an. Kan nu barbaachisu kan inni dhufuu "isa beekuudhaan," akka ta'ee hubadhaa, innis waan nu barbaachiisu furtuu ittiin argannuu dha. isa beekuun keenya kan inni dhufuu sagalee isaa irraatti, innis qulqullinaa fi guddina keenyaaf kan nuuf kenname.

Galaatiyaa 5:19-23 tarrefama lama qabu. Lakkoofsa 19-21 "hojjiwwan foonii" ni tarreessa. Isaaniis gara fayyina Kristoositti osoo hin dhufin dura jirenya keenya keessatti wantoota mul'atanii dha. hojii foonii akka aboomnuuf, qalbi akka jijiranuu, fi gargaarsa Waaqayyoon akka moonuu hojjiwwan ta'uu qabanii dha. Guddina hafuuraa akka shaakallu, "hojjiwwan foonii" jirenya keenya keessatti hir'achaa, hir'achaa deemuu. Tarrefamni lamaffaan "ija hafuuraa" (lakk. 22-23). Isaan amma amala jirenya keenyaa ta'uu kan isaan irra jiruu dha, Yesuus Kristoosiin fayyina erga arganee booda.

Guddinni hafuuraa kan inni ibsamuu iji hafuuraa jirenya amanaa keessatti osoo dabaalani yeroo mul'atanii dha.

Jijiramni fayyinaa yeroo raawwatamu, guddinni hafuuraa nu jalqaba. Hafuurri qulqulluun keessa keenya ni jiraata (Yohaannis 14:16-17). Kristoosiin uumama haaraadha nuun (2ffaa Qorontos 5:17). Inni moofaan, uumanmi cubbamaan isaa haaraaf karaa gadi dhiisuu jalqaba, uumama Kristoosiin fakkaatuuf (Roomee 6-7). guddinni hafuuraa adeemsa bara jirenyaati, innis kan inni murteessuu sagalee Waaqayyoo qayyabachuu fi hoji irra oolchuudhaan (2ffaa Ximootihos 3:16-17) fi hafuuraan akka adeemnuuf (Galaatiyaa 5:16-26). Gudduna hafuuraa akka

barbaanuu, gara Waaqayyootti kadhachuu ogummaa kadhachuutu nurra jira, inni akka guddanuu naannoo inni barbaadu irratti. Waaqayyoon kadhachuu ni dandeenya isa irratti amantii qabnuu fi beekumsa akka nuuf dabalu. Waaqayyoo hafuuraan akka nu guddanuu ni barbaada, innis guddina hafuuraa akka shaakallu waan nu barbaachisuu hundumaa nuuf kenneera. Gargaarsa hafuura qulqullu, cubbuu mo'aachuu ni dandeenya, akkasumas karaa fooyya'aan fayyisaa keenya, Gooftaa Yessus Kristoosiin akka fakkaanu.

## 9.9. Waa'ee lola afuuraa kitaabni qulqulluun maal jedha?

Waa'een lola afuuraa yeroo ka'uu dogogoroni dursan lama ni jiraatu \_\_\_\_ gura guddisuu fi gadi xiqqeessuu. Tokkoo tokkoo tokkoon tokkoon cubbuutiif, tokkoon tokkoon walitti bu'iinsaaf, fi tokkoon tokkoon rakkoof seexana itti gaafatamaa godhu, sana gatuu dha kan barbaachisu. Kan biroon addunyaa afuuraa guutuu guutuutti maal na dhibdi jedhuu, akkasumas kitaabni qulqulluun lolli keenya humna hafuurootaa wajjin ta'uun isaa kan nutti hime. Milka'inaa lola hafuuraatiif wantii furtuun madaallikitaaba qulqullu argachuu dha. Ergamaan Phaawulos kiristaanoota ni yaadachiisa, ofi isaanitti cubbuu wajjin wal'aansoo akka wal qaban (Roome 6) fi hamaa wajjin wal'aansoo akka wal qaban (Efeson 6:10-18).

Efeson 6:10-12 ni ibsa, "kanaa achii gooftaatti humna isaa isa aangoo-qabeessattis jabaadhaa. Haxxumaa seexanaatiin mormuu akka dandeessanitti , mi'a lolaa isa kan Waaqayyoo guutuummaatti hidhadhaa. Nuyii namoota foon uffatanii wajjin wal'aansoo wal qabna miti, garuu humnoota aboo qabanii fi gooftummaa qaban warra bantii waaqaa keessa biyya lafaa isa dukkana keessa jiru kana seeranna, macca hafuurota hamminaa warra bantii waaqaa keessa jiraatanii wajjin wal'aansoo wal qabna."

Kitaabni kun dhugaawwan isa guddaa barsiisa, jaboo ta'uu kan dandeenyuu humna Gooftaatiin, kan nuu eeguu mi'a lolaa Waaqayyotti, lolli keenyas biyya lafaa irratti humna hafurota hamootaa wajiini dha.

Fakkeenyi barbaachisaa ta'ee humna Gooftaatiin Mikaa'eeli dha, angafa – ergamootaa, Yihudaaa 9 irratti. Ergamootaa Waaqayyoo hundaa keessaa baay'ee jabaa kan ta'ee, humna mataa isaan seexana hin hifanne, garuu akkas jedhe, "Gooftaan si ha ifatuu!" Mul'ata 12:7-8 akka galmeesetti sa'aa dhumaal irratti Mikaa'eel seexana ni mo'ata. Ammas, seexanaa wajjin gara lolaa yeroo dhufu, Mikaa'eel maqaa fi aboo Waaqayyootiin kan inni ifatuu, matuma issatiin osoo hin ta'in. Walitti dhufeenyi Yesuus Kristoosi wajjin qabnu qofan kiristaanoonni seexanaa fi hafurraa hamaa irratti aboo kan qabaanu. Maqaa isaa qofaan hifannaan keenya humna kan godhatu.

Efeson 6:13-18 Waaqayyoo nuuf mi'aa lolaa hafurraa seexanaa nuuf ibsa. Jabaannee dhaabachuu qabna, hidhannoo dhugaatiin, gonfoo tolaatiin, wangeela nagaatiin, gaachana amantiin, gonfoo fayyinaatiin, bil'aa hafuraatiin, fi hafurraan kadhaachuun. Isaan kun meeshaa lolaa hafurraa lola hafurraa kan isaan bakka bu'an maalii dhaa? Soba seexanaa irratti dhugaa isaa dubbachuu qabna. Toloota jedhamne;dhugaa waamamneen, Kristoos nuuf aarsaa keenyaan boqochuu qaba. Wangeela labsuu qabna, ammam illee mormiin yoo nutti dhufe. Amantii keenyatti raafamuu hin qabnu, ammam illee haala jaabaataa yoo fayyadamnees. Inni dhumaal kan nurraa dhorku wabii fayyinaa qabnuu dha, eenyu

iyuu humna hafurraa nu duraa fudhachuu kan hin dandeenyeye wabii. Meeshaan ittiin lola keenya sagalee Waaqayyooti, miiraa fi yaada keenyaan osoo hin ta'in. fakkeenyi Yesuus duukaa bu'uu qabnaa, mo'ichi hafurraa tokko tokkoo kan isaan argaman kadhata qofaan ta'uu isaa hubannee.

Yesuus fakkeenyi keenya isa dhumaati, lola hafurraatiif. Yesuus seexana irraa kan itti darbatamee kallatiidhaan war'aansii, jechuun lafa gammoojijitti isaan osoo qoramuu ammam akka dhaabbate hubadhaa (Maattihos 4:1-11). Tokkoon tokkoon qormaataa deebii kan argatee karaa wal fakkaataadhaani dha "barreefameera" jecha jedhuun. Yesuus beekeera, sagaleen Waaqa jiraataa qormaata seexanaa irratti baay'ee meeshaa lolaa isa cimaa ta'uu isaa. Yesuus mataan isaan sagalliicha seexanaan mormuudhaaf erga fayyadamee nuttis wanta xiqqaa ta'ee fayyadamuudhaaf ija jabaanaa?

Lola hafurraa irratti maal gochuu akka qabnuu fakkeenyi wayyuu kan Asqewwaa ijoolee torbaa dha. "Seexanas baasaa naannaa'aa kan turan Yihudoonni tokko tokko. Phaawuloos kan inni lallabuu maqaa Yesuusiin isin kaksiifna jechaa hafuuroota hamoota bakka isaan jiran irratti maqaa Yesuus itti waamuu yaalan. Angafa lubaa kan ta'ee Asqewwaa kan jedhanii Yihudii tokkoof kana kan godhan ijoollee torba turan. Hafurri hamaan garuu deebisee: Yesuusiin beekaa Phaawulooosinis beeka, isin eenyu fa'ii? Isaaniin jedhe. Hafurri hamaanis namicha keessa jiruu keessaa itti utaalee madeessee mana sanaa qullaa isaanii hanga baqatanitti itti jabaatee mo'es" (Hoji ergamootaa 19:13-16). Ijooleen Asqewwaa torban maqaa Yesuus fayyadamanii turan.

Sun gahaa miti. Ijoolleen Asqewwaa torban Yesuusii wajjin walitti dhufeenya hin qaban turan, kanaaf, sagaleen isaanii tokko illee humnaa fi aboo hin qabaanee ture. Ijoolleen Asqewwaa torban adeemsa hojichaatti amanan. Isaanis Yesuusitti hin amanne, akka gooftaa fi fayyiisaa isaanitti, akkasumas sagalee Waaqayyoo lola hafuuraa isaanitti hin fayyadamne. Bu'aa isaatinis, reebichi sodaachisaan isaa irra gahe. Isaan irraa fakkeenya hin taanee barnoota arganna, akkasumas kitaabni qulqulluun akka aboomuu lola hafuuraa akka ta'utti qabana.

Walitti qabaatti, lola hafuuraatiin abbaa mo'ichaa ta'uuf furtuun isaa maaliidhaa? Duraan dursinee, sagale Waaqayyotti amanuu qabna, mataa keenyatti osoo hin taane. Inni lamaffaan, maqaa Yesuusin ifachuu qabna, mataa keenyaan osoo hin taanee. Sadaffaan, mataa keenyaa guutummaa mi'a lolaa Waaqayyoo eeguu qabna. Arfaffaan, lollicha bil'aa hafuuraatiin adeemsiisuu qabna sagaleen Waaqayyoo. Dhuma irrattis seexanaa fi hafuurota hamoota irratti lola hafuuraa yeroo geggeesinuu tokoon tokoon cubbuu yookaan rakkinni seexana miti, ifaata kan barbaadu.

## 9.10. Sagalee Waaqayyoo akkamittin hubachuu dandeenya?

Gaaffiin kun namoonni baay'ee baroota hundaa giddutti gaaffataniiru. Saamu'eel sagalee Waaqayyoo dhaga'eera, ta'us garuu Eliidhaan hanga itti hin himametti hubachuu hin dandeenye (1Saamu'eel 3:1-10). Gedi'oon argamuu qaama Waaqayyoo biraq qaba ture, innis kan samii shakkeera, malattoowwan yeroo tokko osoo hin taanee yeroo sadii amma gaaffatuutti (Abboota firdii 6:17-22, 36-40). Sagalee Waaqayyoo yeroo dhageenyu, inni nutti dubbachaa akka jiruu akkamitti beeknaa? Waan hundumaa dura, waan tokko qabna, Geedi'oonii fi Saamu'eel kan isaan hin qabne. Kitaaba qulqulluu guutuu ta'ee qabna, yaada afuuraan kan liqimfamee sagalee Waaqayyoo, dubbisuuf, qayyabachuuf, fi qorachuuf. "Namni Waaqayyoo guutuu fi hojji gaarii hundumaaq kan qophaa'ee akka ta'utti, afuurri Waaqayyoo kan irra jiru kitaabni hunduu barumsaa fi hifanaaf laphee hinaafsiisuuf qajeelumaatti kan jiru gorsi immoo ni fayyada." (2Xiimoo 3:16-17).

Waa'ee dhimma mata duree tokkoo yookaan gaaffii murtoo jirenya keenya qabaachuu, kitabni qulqulluun waa'ee isaa maal akka jedhee ilaalutu nurra jira. Waaqayyoo raawwatee faallaa isaan nu hin geggeessu, sagalee isaan yoo nu barsiiseen ala (Tiito 1:2). Sagalee Waaqayyoo dhaga'uuf kan Waaqayyoo ta'uutu nurra jira. Yesuus jedhee, "Hoolonni koo sagalee koo ni dhaga'u, anis isaan beeka, isaanis na duuka bu'uu" (Yohaannis 10:27). Sagalee Waaqayyoo kan dhaga'aan kan isaa kan ta'anii dha ayyana isaan yoo fayyan, Yesuus Kristoositti amanuun. Isaan kana hooloni isaa, sagalee isaa kan dhaga'anii fi kan hubatan, akka tiksee isaanitti waan beekaniif. Sagalee Waaqayyoo hubachuudhaaf, kan isaa ta'uutu nuuf ta'a.

Sagalee isaa kan dhageenyuu yeroo qayyabannaa kitaaba qulqulluuf yeroo yeroo laanuu dha, akkasumas sagalee isaa wajjin walitti dhufeenyaa calisuun isaa eegamee. Waaqayyoo fi sagalee isaa wajjin walitti firooma dhi'oo ta'ee sa'a dheeraaf yoo qabaanee, sagalee isaa fi geggeesummaa isaa jirenyaa keenya keessatti hubachuuf salphaa nuuf ta'a. hojjetooni baankii qarsii sobaa akka adda baasaan ni leenjifamu, qarshii dhugaa baay'ee itti dhi'aatanii qorachuun, kan sobaa adda baasuuf mijaa akka ta'uu. Sagalee Waaqayyootti dhi'eenya qabaachuutu nurra jira, tokko dogogora yeroo dubbatutti, Waaqayyoo biraa akka hin taanee ni beekna.

Waaqayyoo namootatti bifaa dhaga'amuun har'a yeroo dubbatu, duraan kan inni dubbate karaa sagalee isaa raawwatameentin. Yeroo tokko tokkoo geggeesuun Waaqayyoo karaa afuura qulqulluutin dhufuu danda'a, karaa sammuu keenyaan, karaa wal qabatoodhaan, fi karaa walitti dhufeenyaa namootaan. Dhugaa qulqulluu sagalee isaa kan dhageenyee wal madaalchisuun, sagalee Waaqayyoo adda baasuuf ni baranna.

## Waa'ee Xin-Waaqummaa

### 10.1. Akkaateen barumsa afuuraa maalii dhaa?

“Akkaatee” kan inni argisiisu tokko adeemsa seeraa keessa dubbi jiruu dha. Kanaaf akkaateen barumsa afuuraa, gara seera ramaddii barumsa afuuraa ta'uu, naannoo adda addaa tarreessa. Fakkeenyaaaf Macafoonni macaafa qulqullu baay'een waa'ee ergamootaa odeefannoo ni kenuu. Eenyuun isaanii iyuu macaafni tokko waa'ee ergamaa odeefannoo hundumaa hin kenuu.

Akkaateen barumsa afuuraa waa'ee ergamootaa odeefannoo mara macaafa qulqullu hundaa irraa fudhateetu gara barumsa afuuraa kan jedhamuutti walitti qaba. Akkaatee barumsa afuuraa jechuun isa kanadha\_barumsawan macaafa qulqullu gara ramaddii seeraatti ijaaruu.

Barumsa afuuraa guutuu yookaan Paaterolojii waa'ee Waaqayyo abbaa kan qoratuu dha. Kiristoolojiin waa'ee Waaqayyo ilmaa kan qoratuu dha, Kan gooftaa Yesuus Kristoos. Fenumatoloiin waa'ee afuraa qulqullu kan qoratuu dha. Bayibilolojiin waa'ee macaafa qulqullu kan qoratuu dha. Sootiri'olojiin waa'ee fayyummaa kan qoratuu dha. Ikileshiyoloojiin waa'ee waldaa kiristaanaa kan qoratuu dha. Iskaatoloojiin waa'ee bara dhumaan kiristaanaa waa'ee afuura hamaa kan qoratuu dha, akka ilaalcha kiristaanaati.

Antiroopolojiin waa'ee namummaa kiristaanaa kan qoratu dha, akka ilaalcha kiristaanaati. Hamartiyolojiin waa'ee cubbuu kan qoratu dha. Akkaateen barumsa afuura meeshaa faayida qabeessa, macaafa qulqulluu bifaa qindaa'een hubachuu fi barsiisuu kan nu gargaaru.

Akkaatee barumsa afuuraa irratti dabalataan, barumsii afuuraa karaa inni qoqodamuu karoonni kan biroon jiru. Barumsai afuuraa macaafa qulqulluu macaafa qulqulluu murtaa'ee irraa (yookaan macaafa) qayyabachuu fi kan inni irratti xiyaafatu kallattii barumsa afuuraan cimini itti kennuu dha. Fakkeenyaaaf, wangeela Yohaannis baay'ee kiristoolojii kan ta'e dha, Waaqummaa Yesuus irratti xiyaafachuu isaa

irraa kan ka'e (Yohaannis 1:1, 14, 8:58, 10:30, 20:28). Seenaan barumsa afuuraa kan doktorinootaa fi isaanis waldaa kiristaanaa kiristaanaa barootaaf akkamitti guddifachaa akka dhufan kan qayyabatuu dha. Dhiphummaa barumsa afuuraa garee kiristaanoota murtaa'aani irratti, akkaatee doktirinii kan qaban doktirinii qayyabachuu dha fakkeenyaaaf barumsa afuuraa Kaalvinummaa fi bilisa kan ta'e barumsa Waqayyummaa. Barumsi afuuraa kan ammayyaa guddachaa kan dhufe yookaan yeroo dhi'ootti xiyaafannoo kan argate qayyabanna doktiriniiti. Kanakkami iyyuu toofaan barumsa afuuraa yoo dhufes, waanti faayida qabeessi barumsa afuuraa qayyabachuu dha.

## 10.2. Ilaalchi kiristaanaa addunyaaf maalii dhaa?

“Ilaalchi addunyaa” kan inni argisiisuu walitti qabamni ilaalcha addunyaa haala ejjennoo murtaa'aa tokko irraati. “Ilaalchi kiristaanaa addunyaaaf”, jechuun kan walitti qabamee ilaalcha addunyaa ejjennoo kiristaanummaa irratii jechuu dha. Ilaalchi addunyaa nama tokkoo “mataa isaaf fakkii isa guddadha”, waa'ee addunyaa kan inni qabuu amantaan tokkummaa hunduu. Innis dhugaa karaa inni ittiin hubatuu dha. Kan tokkoo ilaalchoonni addunyaa isaa hundee ittiin kennamuu dha, kanaaf baay'ee faayida qabeessa.

Miinjaala irra kan taa'ee appiili (poomii) namoota baay'eetti ni mul'ata. Qorataan biqiltoota appilicha ilaalee ni ramada. Ogeessi fakki kaasuu ilaalee jirenya irratti argee nii kaasaa. Abbaan suuqii nyaataa fi

dhugaatiin itti gurgaramuu gatii irratti ilaalee lakkoofsa geggeessa. Daa'imni laqanna isaa ilaalee ni nyaataa, haalli kam iyyuu akkamitti akka ilaaluu, addunyaa guddummaa isaan bifaa ilaalluun dhiibbaan irra gaha.

- ❖ Ilaalchi addunyaa gosa kamii iyyuu, kiristaanas yoo ta'ee kiristaanas yoo hin taanee, yoo xiqaatee naannoo gaaffiwwan sadan kanaa ilaala:
- Eessaati kan dhufnee? (fi maaliif as jiraannee?)
- Biyya lafa maaltuu tuqee?
- Akkamitti jabeessinaa?

*Har'a kan baratamee akkaataa  
ilaalcha uumama adduunyaa, innis  
gaaffiiwan sadan akkanatti kan  
deebbisu:*

- ✓ Nu kan uumamaa raawwii duraan osoo hin yaadamin kan hojjetame, kaayyoo dhugaa tokko malee.
- ✓ Uumama kabajuun akka ta'uutti kabajuu dhiisun
- ✓ Addunyaa fayyisuu ni dandeenya, sirlakkoo fi eegumsaan. Ilaalcha uumamaa addunyaan falaasamoota heedduu walitti firooman argamsiisa, abbootaaf safuu sadhatawaa, kan ezistiyishalizimi, piragimatizim, fi yutopiyyazimi.

❖ Ilaalchi addunyaa, karaa biraan, gaaffiwwan sadan akka macaafa qulqulluutti ni deebisa:

- ✓ Nuu uumama Waaqayyooti, biyya lafaa akka bitnuuf kan nuu hiyyamamee fi Waaqayyoo wajjin tokkummaa akka qabaannu (Uumama 1:27-28, 2:15).
- ✓ Waaqayyo irratti cubbuu hojenne, kanaaf guutummaa biyya lafaa abarsa irratti gatne (Uumama 3).
- ✓ Waaqayyoo ofii isaa addunyaa oolche, ilmaa isaa Yesuus Kristoosiin dabarsee kennuudhaan (Uumama 3:15, Luqaas 19:10), kanaaf guyyaa tokko uumama gara guutummaa jalqabaatti ejjennoo isaa deebisa (Isaayaas 65:17-25). Ilaalcha addunyaa kiristaanummaa akka amanuuf nu geggeessa, guutummaa

safuu fi, ajaa'ibsiisaa, kabaja namummaa, gatii baasuun jiraachuu akka danda'u.

Ilaalchi addunyaa wali gala akka ta'ee yaadachuun barbaachiisa dha. Innis kallatti jirenyaa tokko tokkoon isaa ni tuqa, qarshii irraa hanga safuu, siyaasa irraa hanga fakki kaasuu. Kiristaanummaa dhugaa waldaa kiristaanaa kan itti fayyadamnu walitti qabama yaadaa ni caala. Kiristaanummaan macaafa qulqulluu irra akka jiru yaaduun mataan isaa ilaalcha addunyati. Macaafni qulqulluun "amantaadhaan" fi "amantaa kan hin taaneen" dhugaa giddutti garaagarummaa hin godhu, kiristaanummaan jirenya dha, kan jiru jirenya qofa. Yesuus ofi isaa mul'iseera, "karaa, dhugaa fi jirenya" kan jedhu (Yohaannis 14:6) fi, akkas gochuun ilaalcha addunyaa keenya ta'eera.

## **10.2. Dursee murteessuun maaliidhaa? Dursee murteessuun yaada macaafa qulqulluutii?**

Roomee 8:29-30 nutti hima, “Mucaan isaa obboloota baay’ee gidduutti angafa akka ta’uuf, dursee kan beekee bifa ilma isaa akka fakkaatan dursee murteesseera, dursees kan murteessee isaan immoo ni kabaje isaan kana immoo ni waamee, isaan, waamee kana immoo toloota isaan godhe, warra toloota isaan godhe kana immoo isaan ulfeesse.” Efesoon 1:5 fi 11 ni labse “Fedhii isaatiin akka jaallateetti, hojii Yesuus Kristoosiin ijoolle isaa akka taanuuf duraan dursee nu murteesse... akka fedhii isaatti hundumaa kan godhu akka yaada isaatti, duraan dursinee kan murtoofne Kristoosiin immoo dhaala fudhanne.” Namoonni hedduun jibba jabaa ta’ee carraa bilisaa kan jedhu doktirinii irratti qabu. Ta’us dursee murteessuun doktriini macaafa qulqulluuti. Furtuun isaa dursee murteessuun haala macaafa qulqulluutiin maal akka taanuu hubachuu dha.

Kanaa olitti “dursee murteessuun” jechooti jedhan qulqulluu sagalee isaa keessatti kan hiikaman jecha Girikii prorizo dha, inni hiiki inni qabatuu “duraan dursee murteessuu”, “ajaja abooni” “yeroo darbee keessa murteessuu” dha. Kanaaf, dursee murteessuu yookaan carraan isaa Waaqayyo yeroo booda kan ta’an wantoota tokko tokko yeroo murteessuu dha. Waaqayyo duraan dursee maal murteessee? Akka Roomee 8:29-30 Waaqayyo namoonni tokko tokkoo bifa ilma isaa akka fakkaataan duraan dursee murteesseera, kan waamaaman, tolaa kan ta’an, fi ulfaatoo akka ta’a. Ka’umsumaa isaa irraa, Waaqayyo namoota murtaa’aan akka

fayyan dursee murteesseera. Kutaan qulqulluu sagalee isaa heedduun Kristoositti kan amanan akka filataman ni eera. (Maattihos 24:22, 31, Maariqos 13:20, 27, Roomee 8:33, 9:11, 11:5-7, 28, Efesoon 1:11, Qolosayis 3:12, 1ffaa Tesolonqee 1:4, 1ffaa Ximootihos 5:21, 2ffaa Ximootihos 2:10, Tiitoo 1:1, 1ffaa Pheexiroos 1:1-2, 2:9 2ffaa Pheexiroos 1:10). Carraan isaa Doctirnii macaafa qulqulluuti, Waaqayyo olaantummaa isaatiin namoota tokko tokkoo akka fayyan filachuu isaati.

Doktirinii dursee murteessuu irratti falmiin baay’ee baratame haqa qabeessa ta’u dhabuu isaati. Waaqayyo namoota tokko tokkoo maaliif fillatee kan biroo dhiisee? yaadachuu kan qabnuu wanti faayida qabeessi eenyu iyyuu fayyuu akka hin dandeenyee dha. Hundumti keenya cubbuu hojjeneera (Roome 3:23), Kanaafis hundumti keenya adaba bara baraattu nuuf ta’a (Roomee 6:23). Bu’aa isaatinis Waaqayyo raawwatee sirri dha, hundumti keenya, kan bara bara Si’oolitti akka dabarsinu yoo godhe. Ta’us, Waaqayyo baay’ee keessa tokko tokkoo akka fayyinu nu filate.

Warra hin fillatamne irratti haqa kan hin qabne akka ta’e godhanii fudhatamuu hin qabu, sababi isaa kan isaaniif ta’u waan fudhataniif. Filannoon Waaqayyo warri tokko tokko akka ulfatan godhamuu isaa, kan biroodhaaf immoo haqa dhabeessa miti. Eenyu iyyuu Waaqayyo irraa waan tokko illee isaaf hin ta’u, kanaaf eenyu iyyuu mormuu hin danda’u, Waaqayyo irraa waa tokko illee yoo dhabe.

Ragaa tokko kan nuu ta'uu, namni tokko nama shaniif horii yeroo kennuu dha, namoota digdama gidduu dhaa. Namoonni kudha shan horicha kan hin fudhannee ni mufatuu? Ta'uu ni danda'a. Mufachuudhaaf mirga qabuu? Miti, hin danda'an. Maaliif? Sababii isaa namicha irra gatiin eenyuu iyyuu waan isa irra hin jireef? Inni akkasumatti namoota tokko tokkoof arjoomuu murteesse. Waaqayyo eenyuu akka fayyuu yoo filatee, sun fedhii bilisaa keenyaa gadi hin buusuu, Kristoosiin akka filanuuf akka amanuu? Macaafni qulqulluun filannoo qabna jedha Yesuus Kristoositti kan amanuu hundumtuu waan fayyanifi (Yohannis 3:16, Roomee 10:9-10). Maacafni qulqulluun raawatee hin ibsu, Waaqayyo isatti kan amanan akka hin simanee yookaan

### **10.3. Kaalvinummaan yookaanis Harmeenummaan \_ilaalcha isa kamituu sirriidhaa?**

Kaalvinummaa fi Harmeenummaan lamaan seerata barumsa afuuraa yeroo ta'an fayyummaa kan ilalatee olaantummaa Waaqayyoo fi itti gaaffatamummaa namaa gidduu kan jiruu walitti dhufeenya ibsuuf yaalu. Kaalvinummaan kan mogAAFamee Johon Kaalviniif, barumsa afuuraa Faransayi, bara 1509-1564 kan jiraatee. Harmeenummaan kan kenname Jaakobes Armeniyef dha, barumsi afuuraa Daach, bara 1560-1609 kan jiraate.

Seeratni lamaanuu tuqaalee shaniin guuduunfamuu danda'aau. Kaalvinummaan walummaa galatti amala dhabeesummaa namaa yeroo qabatuu, Harmeenummaan immoo amala dhabeesummaa walakaa qabata. Walummaa galatti amala dhabeesummaa kan jedhuu, tokkoon tokkoon kallattiin namummaa cubbuu kan

isa kan barbaaduuti fuula isaa akka naannessuu (Keessa deebii 4:29). Al tokko tokkoo dhoksaa Waaqayyotiin, carraan harkaa fi harkaatti ni hojjeta gara Waaqayyootti akka dhi'aattu nama irratti godhamee irratti. (Yohannis 6:44) fi fayyuu fi amanuu (Roomee 1:16). Waaqayyo eenyu akka fayyuu dursee ni murteessa, kanaafis fayyuuf Kristoosiin dirqamatti fillachuun nurra jiraata. Dhugaa lamaan kun wal qixa dhugaa dha. Rooneen 11:33 ni labsa. Badhaadhummaan Waaqayyoo ogummaa fi beekumsi isaa ammam gadi fagoodhaa, murtiin isaas ammam kan hin qoramnee dha, karaa isaatis barbaacha kan hin qabnee dha!"

shaakalee dha, kanaaf, ijoolleen nاما gara Waaqayyoo dhufuu hin dandeenye, yaalii mataa isaaniitiin. Amala dhabeesummaa walakaa inni jedhuu tokkoon tokkoon kallatti nاما cubbuu shaakaleera, ta'us garuu yaalii mataa isaanitiin Waaqayyoo irratti amantii akka bulchatan hanga gahutti itti hin fufu.

Kaalvinummaan dabalataanis, filachuun kan haalaa miti jedhe amana, Haarmenummaan immoo haalaan fillachuutti yeroo amanu. Kan haalaa kan hin taanee filannoont, Waaqayyoo namoota fayyummaaf ni filata. Filannoont haalaa kan jedhuu Waaqayyo namoota fayyumaadhaaf filata, eenyuu Kristoosiin fayyuudhaaf akka amanuu beekumsa duraan jiru irratti hirkisuun, akkasumas namni dhuunfaa Waaqayyoont haala inni ittiin filatu.

Kaalvinummaan kan hundee (oolchuu) kan ilaalu murasaan yeroo ta'uu, Harmenummaan kan ilaalu karaa hin murtoofneen. Kun tuqaawwan shanan keessaa baay'ee kan walin nama dha'uu dha. muurtaa'aa kan ta'ee oolchuu jechuu dha, Yesuus kan du'eef warra fillataman qofaaf amantii jedhuu dha. Fayyisuun kan hin murtoofnee hundumaaf du'eera, garuu du'ii isaa hojjechuu kan danda'uu namni dhuunfaa amantiidhaan isa yeroo fudhatuudha amanti jedhuun. Kaalvinummaan dabalaanis ayyanaa Waaqayyoon dhaabbachuun akka hin danda'amne yeroo amanuu, Harmenummaan kan jedhuu namni dhuunfaa tokkoo ayyanaa Waaqayyoo mormuu ni danda'aa dha. Dhaabbachuun kan hin dandeenye ayyanaa kan ittiin falmuu, Waaqayyo nama tokkoo fayyumaaf yeroo waamuu, namni sun akka waamicha sanaatti gara fayyinaa ni dhufa kan jedhuuni dha. Ayyanaa ittiin dhaabbataniin kan jedhuu, Waaqayyo hundumaa fayyinaaf waameera, garuu namni baay'een waamicha isaa mormeera, hin fudhannes.

Kaalvunummaan kan qabatuu obsa qulqulloota yeroo ta'u Haarmenummaan immoo kan inni qabatuu fayyinaa haalaa kan ta'ee dha. Obsa amantootaa kan argisiisuu yaad-rimeen, Waaqayyoodhaan namni fillatamee amantiidhaan ni eegata kanaaf dhaabbataatti Kristoosiin hin ganu yookaan

#### **10.4. Dursi- barkumummaa maaliidhaa?**

Dursa bar-kumummaa jechuun lamata deebi'ee dhufuu Kristoos mootummaa bar-kumummaa dursee ta'a kan jedhuu ilaalcha jedhuu dha, sunis bar-kumummaan akkuma

isa irraa fuula isaa hin deebisu. Fayyummaa haalaani, Kristoositti kan amanee kan isaa/ishee fillannoo bilisaa Kristoos irraa fuula isaa deebisuu ni danda'a, kanaaf, fayyina dhaba ilaalcha jedhuni dha.

Kanaaf, Kaalvinummaadhaan yookaan walfalmii Haarmenummaatiin, eenyuudhaa sirriin? Hubacchuun ajaa'ibsiisaa kan ta'uuf, dababarfamee kennamuu qaama Kristoosiin, Kaalvinummaan gosti hundaa fi walitti qabamni Haarmenummaa jiraachuu isati. Tuqaaleen shanan warra Kaalvinii fi tuqaaleen shanaan warra harmeenootaa jiru, akkasumas yeroo wal fakkaataatti tuqaalleen shanan Kaallvinummaa fi tuqaalleen lamaan Harmenumma. Amantooni baay'een ilaalchawan lamaaniin waan walmakee irra ga;eera. Ga'umsa isaa irratti, ilaalcha keenyaan lamaanuu seerata waan dhaban, ibsuun kan hin danda'amne ibsuudhaaf yaaluun isaanii dha. Ijooleen namaa kana kan fakkaatee yaad-rimee guutummaa guutuutti hubachuuf ga'umsa hin qaban. Eeyyee, Waaqayyoo guutuummaatti oolaanaa fi waan hundaa kan beekuu dha. Eeyyee, ijoolleen namaa murtoo ta'uu qabuu akka godhaniif kan waamamanii dha, Kristoos irratti amantii qabaachuun fayyuuf. Isaan kallattiiwan lamaan kun nuuf faallaa nutti fakkaachuun danda'u, ta'us garuu yaada Waaqayyoon miira guutuu ta'ee kennu.

sagalee isaa karaa sirriin hiikuu fi Isiraa'eeliin (Yihudii) fi waldaa kiristaanaatti (Yesuus Kristoosiin kan qaama amantoota hundaa) gidduu garaagarummaa jiru.Jalqaba irratti, qulqulluu sagalee isaa karaan ittiin hiikan kan gaaffatuu, qulqulluu sagalee isaa kan hiikamuu akka qabiyyee barreefamaan karaa dhaabbataa ta'eeni dha. Jechuun, dubbifamoota hiikuun, kan irra jiraatuu haala warri isaanii barreefamee keessa jiraatanii dha. Baarreesicha, warra dhageeffatan, fi tokkoon tokkoon dubbisichaa seenaa duubeessaa beekuun kan hiikuutti ni ulfaata. Yoomessa seenaa fi aadaa hiika sirrii dubbifamichaa yeroo hundaa ni mul'isu. Qulqulluu sagalee isaa qulqulluu sagalee isaa akka hiikuu yaadachuun barbaachiisa dha. Jechuun, dubbifamichi mata duree isaa yookaan yaada ijoo isaa yeroo hundaa waan qabatuuf, kan biraa kutaa macaafa qulqulluu irratti kan eerame. Dabalataanis dubbifamoota kana hundaa walii waliin isaan hiikuun barbaachiisa dha.Dhuma irratti, karaa barbaachiisaa ta'een, dubbifamootni yeroo hundaa fudhatamuun kan irra jiraatuu kan baratamee, dhaabataadhaan, ifa kan ta'een, akkuma jirutti (kan hin jijiramne) hiika dha, qabiyyeen dubbifamichaa amala isaan hiika jijiramuu hanga hin nargisiifneetti. Hiikii hin jijiramne faayida irra kan oolan hiika fakkiduwani argachuun isaan hin balleessu. Ta'us, kan hiikuu qooqa fakkiduu gara hiika dubbisichaatti kan hin seensifne godha, qabiyyee barreefamaa sanaaf ta'uu kan qabuu amma hin taanetti. "Baay'ee kan afuuraa guddaa" hiika raawwatee barbaaduu dhiisuun dubbiisa olaa dha, kan dhi'aate caalaa. Dubbifamichaa kan afuuraa gochuun rakkisaa dha, sababni isaa kan qulqulluu

sagalee isaa hundee hiika sirri ta'ee gara yaada dubbisaatti waan hin naannesineef. Achi irraas, qabatama kan hin qabne safartuu hiikaa qabaachuu dhiisuu danda'a, bakka isaa kan bu'uu, qulqulun sagalee isaa tokkoon tokkoon namoota dhuunfaaf akka hiyyame ilaalcha mataa isaan hiika akka kennuu ta'a. 2ffaa Pheexiroos 1:20-21 nu yaadachiisa, "raajii macaafa irra jiruu hundumaa eenyuu fedha mataa isaan akka hiikuu hin hiyyamamneef, raajiichi raawwatee fedha namaatiif hin dhufneehoo, duubi isaa garuu Waaqayyoon ergamanii namootni qulqulluu afuura qulqulluu hoofamanii dubbatan."

Kana kan fakkaatan geggeessaa hiika macaafa qulqulluu haala hojii irra oolchuutiin, dirqamatti mul'achuun kan irra jiru Israa'eel (Abirahaam sanyii foonii) fi waldaa kiristaanaa (amanaa kakuu haaraa hundumaa) gareewwaan adda addaaa lamaanii dha. Isiraa'eelii fi waldaan kiristaanaa garee adda addaa ta'uun isaanii hubachuun sababa isa guddaa waan inni ta'eef, kana karaa dogogoraan yoo hubannee qulqulluu sagalee isaas karaa dogogoraan waan hubannuuf. Keessaa iyyuu, hiika wal dha'aa gartokkootti jal'isuu Isiraa'eelif kan kennaman sagalleewan abdii dubbufama ibsan irratti (lamaanuu, kan raawwatanii fi kan hin raawan). Isaan abdiin kun waldaa kiristaanaa irratti hoji irra kan oolaan ta'uun isaan irra hin jiraatu. Qabiyyee dubbifamichaan maaliif barreessuun akka murteefame yaadadhaa, akkasumas baay'ee kan fooya'ee hiika sirrii argisiisa. Isaan yaad-rimeewan kana qabachuudhaan karaa adda addaa dubbifama sagalee isaa ilaaluu dandeenya, Isaan dursuu barkumummaa ilaalcha kan uuman. Uumama

12:1-3, Waaqayyo Abirahamiin jedhee, ‘biyya kee keessa, firoota kee keessaas, mana abbaa keetiis adda baatee ani bakkan si argisiisutti ba’i. Saba guddaas sin godha, maqaa kees nan ulfeessa, eebbaafis ta’I, kan si abaaran nan abaara, biyyi lafaa fi qomoon hundumtuu siin eebbifamu.”

Waaqayyo Abirahaamiif abdiin inni galee waan sadii dha: Abirahaam sanyiwwaan baay’ee ni qabaataa, sabni kunis dhaala ni qabaata, qabaachuuus qaba, akkasumas eeba karaa hundumaa kan ta’ee ijoollee namaa hundaaf ni ta’a, sanyii Abiraham irraa (yihudii). Uumama 15:9-17, Waaqayyoo kakuu isaa Abirahaami wajjin godha. Kun karaa inni godhameen, Waaqayyo itti gaaffatamummaa isaa ofi isaa fudhata. Sana jechuun Abirahaami homaaa hin godhu, gochuun kan irra jiruu kan inni godhee hin jiru, Waaqayyoo kan inni godhee gatii kakuu akka hin qabaannee gochuudhaaf. Dabalataanis dubbisa kana irratti, lafichaaf daangaan godhamee turee, Yihudoonni kan itti jiraatan. Kan ibsamee taarreefamn daangichaa keessa deebii 34 ilaala. Kan biroon biyya abdii wajjin kan wal qabatee dubbifamni qaban Keessa deebii 30:3-5 fi Hizqeel 20:42-44.2ffaa Saamu’eel 7:10 irratti Waaqayyoo mooticha Daawitiif kakuu inni galee ni ilaala. Asitti Waaqayyoo Daawitiif kakuu inni galee sanyiwwan akka jiraatanii dha, sanyiwwan sana keessaa Waaqayyoo mootummaa bara baraaf ni jabeessaas, kun kan inni argisiisuu bittaa Kristoosii dha, yeroo bar’kumee fi amma bara baraatti. Faayidaa kan qabaatuu abdiin kunakkuma jirutti raawwatamuun kan irra jiruu jiruu fi hanga ammaatti kan hin taanee dha. Tokko tokkoo kan amanan bittaan Soloomoon raajii kanaaf raaawwii hin

jijjiramne akka ta’ee dha, ta’us garuu achii irratti rakkoon jira. Soloomoon bittaa inni bitee amma Isiraa’eliin kan qabatee miti, ammas Soloomoon Israa’eel irratti bitaa hin jiru. Waaqayyoo Abirahamiif kakuu inni galee yaadadhaa, jechuun sanyii isaa biyyicha amma bara baraatti akka dhaalan. Dabalataanis, 2ffaa Saamu’eel 7 kan inni jedhuu, Waaqayyoo baraa amma baraatti mootummaa bituu akka hundeessuu dha. Soloomoon Daawitiif kakuu galamee raawwii ta’uu hin dandeenye. Kanaaf abdiin kun sichii kan raawwatamuu dha.

Egaa, kana hunda tilmaama keessa galchuudhaan, Mul’ata 20:1-7 irratti kan galmeefame qoradhaa. Wagga kuma tokko, innis dubbifama kana irratti irra deddeebiin kan eeramee kan walitti fiduu bittaa hin jijjiramnee wagga 1000 kan Kristoos wajjini dha, biyya lafaa irraatti. Daawitiitti kan dubbatee abdii, kan bituu kan ilalatee hiika hin jijjiramneen raawwachuun kan irra jiru yoo ta’uu sichi amma ammaatti hin taane. Dursa bar-kumummaa dubbifama kana kan ilaalatuu akka raawwataama itti fufuutti abdii dha, Kristoos teessoo isaa irra akka taa’u. Waaqayyoo kan haala hin taanee kakuun kan lamaanuu Abirahaamiis ta’ee kan Daawiiti wajjin godheera. Isaan kakuwwan kun tokkoon isaani yoo ta’ees guutumatti yookaan dhaabbataatti hin raawwatamine. Kan hin jijjiramne kan Yesuus, bitaa qaamaa karaa isaa qofaan ture kakuwwaan raawwatamuu kan danda’an, Waaqayyo akkas akka ta’an akka jedhe.

Qulqulluu sagalee isaa irra tooftaan hiika hin jijjiramne fayyadamuun bu'aan isaa gad aanaa hiphooowan bakka tokkoottti akka ta'an isaan godha. Raajiin kakuu moofaa hundumtuu, waa'ee lamaffaa deebi'ee dhufuu isa jalqabaa kan dudubatan akkuma jirutti raawwateera. Kanaaf waa'ee lamaffaa

dhufuu raajiin dubbataman lamata akkuma jirutti akka raawwataman ni jabeesina. Dursa bar-kumee irratti seerii qofaa dha, waa'ee kakuu Waaqayyooti fi bara dhumaarajiin hiika hin jijjiramne kan irratti wali galu.

### **10.5. Seerii cimsannaamantii maalii dhaa? Kan macaafa qulqulluutii?**

Seerri cimsannaamantii seera barnoota afuuraa yeroo ta'uu waan lama ifa kan ta'ee waan lama adda kan baasuu ifa kan ta'ee gurguddaa qaba. 1)Dhaabbata kan qabuu hiika qulqulluu sagalee isaa akkuma jiruutti, keessumatti raajii macaafa qulqulluu. 2)Isiraa'eelii fi waldaa kiristaanaa gidduu kan jiruu garaagarummaa sagantaa Waaqayyoo. Seerri cimsannaamantii kan jedhan kan isaanii geggeessa seera hiikaa hin jijjiramne kan jedhamuu dha, jechuun tokkoon tokkoon sagalee fayyadamni guyya guyyaa kan baratamee hiika kennuu dha. Fakkeenyawwan, fakkiduwwan fi kan kana

fakkaatan hunduu tooftaa kanaan akkumma jirutti hiikamu, kunis karaa kamiinuu hiika hin jijjiramne wajjin wal hin faalleessu. Dubbiin fakkeenyonni fi fakkiduwwan immoo hiikii hin jijjiramne duuba isaanitti qabu. Qulqulluu sagalee isaa ilaaluuf kun karaan fooya'aan ta'uus yoo xinnaatee sababa sadii qabu. Tokkoffaan, haala falaasafaatiin, kaayyoo qooqa mataa isaa kan gaaffatuu hiika akkuma jirutti akka hiiknuu dha. Qooqii Waaqayyoodhaan kan kennamee dha, namaa wajjin walitti dhufuuf akka danda'aamuuf.

Sababi lamaffaan macaafa qulqulluu dha. Kakuu moofaa keessatti wanti tokkoon tokkoon isaa waa'ee Yesuus Kristoos raajiin jedhamee akkuma jiruutti dha kan raawwatame. Dhaloota Yesuus, tajaajila Yesuus, du'a Yesuus, fi du'aa ka'uun Yesuus hundumtuu kan ta'an akkuma jirutti, akkuma kakuu moofaatti raajameetti. Tokko illee akkuma jirutti kan hin taanee raawwiin raajii kanaa kakuu haaratti hin jiru. Kun kan inni falmuu baay'inaan tooftaa hin jijjiramnee dha. Qulqulluu sagalee isaa qayyabachuudhaan hiikii hin jijjiramnee faayidaa irra yoo hin oolee, madaallii qabatamaan tokko illee macaafa qulqulluu hubachuudhaaf hin jiraatu. Tokkoon tokkoon nاماا macaafa qulqulluu hiikuu akka danda'uu dha, ni ta'aaf jedhee kan ilaaleen. Hiiki macaafa qulqulluu, "dubbifamni kun anaaf maal jedhaa..." ta'aa dhufeera, "macaafni qulqulluun ni jedha..." Jechuu caalaa. Bifa nama gadisisuun, kun yeroo ammaa hiika macaafa qulqulluu kan jedhamuu dhimma heedduu dha.

Cimsanaan seera amantaa barumsa afuuraatiin kan inni barsiisuu saba Waaqayyoo garee lama ta'an jiraachuu isaaniiti: Israa'eelii fi waldaa kiristaanaa. Seera amantaa kan cimsatan fayyinni yeroo hundumaa kan ta'uu amantiidhaan jedhanii amanu Waaqayyo kakuu moofaa fi keessumatti ilma Waaqayyotti kakuu haaraatti. Seera amantaa kan cimsatan kan qabatan waldaan kiristaanaa Israa'eeliin sagantaa Waaqayyoo akka bakka hin buunee dha, akkasumas Israa'eelii fi kan ta'an abdiin kakuu moofaa gara waldaa kiristaanaatti akka hin darbine. Isaan kan amanan Waaqayyo Israa'eeliif kakuu inni galee (lafaaf, dhaloota baay'ee, fi hedduun" kakuu moofaan, walitti qabamee kan raawwatee mul'ata 20 irratti kan dubbatamee bara wagga kumaa keessa seera amantaa kan cimsatan kan amanan, Waaqayyo bara kana xiyaafannoo isaa waldaa kiristaanaa irratti akkuma godhee, innis xiyaafannoo isaa bara dhufutti Israa'ee irratti godha (Roomee 9-11).

Seera kanaa akka hundeetti fudhachuudhaan seera amantaa kan cimsatan macaafa qulqulluu kan hubatan cimisanaa seera amanataa torbaan, qulqullummaa (Uumama 1:1-3:7), sammuu (Uumama 3:8, 22), mootumaa namaa (Uumama 9:1-11, 32tti (kakuu (Uumama 12:2- Ba'uu 15:25), seera Ba'uu 20:1, lewoota 2:4), ayyaanaa (Hoji ergamoota 2:4-mul'ata 20:3, fi bara wagga kumaa (Mul'ata 20:4-6.akkasumas isaan seera amantaa cimsatan kun fayyinaaf karaa miti, haa ta'uu malee Waaqayyo namaa wajjin kan deemuu amala malee. Seera amantaa kan cimsatan akka bu'aa seera hiika dursa wagga kumaa deebi'ee dhufuu Kristoos kenna. Akkasuma yerooo hundumaa dursa rakkuna guddaa hiika butamuu. Guduunfuudhaaf, seera amantaa kan cimsattan, seera barumsa afuuraa yeroo ta'uu raajii macaafa qulqulluutii fi hiika hin jijjiramne hiika kennuudhaan, Israa'eeliif waldaa kiristaanaa giddutti garagarummaa adda ta'ee ifaaf beekamtii laata, macaafa qulqulluus gara cimsanaa amantii adda addaatti ijaara, akka dhi'eeessutti.

## Waa'ee Namummaa

### 11.1. Namni bifa Waaqayyotti uumameera jechuun maal jechuudhaa (Uumam 1:26-27)?

Uumama irratti guyyaa dhumaatti Waaqayyo jedhe, "nama akka bifa keenyaaf fakkaatti keenyaatti ha uumnu" (Uumama 1:26). Akkasumas hojii isaa "dhuunfatti tuquu isaa" ni xumure. Waaqayyo nama biywoo lafaa irraa tolche akkasumas afuura ofii isaa kennuufidhaan jirenya kenneef (Uumama 2:7).

Ka'umsuma irraa namni uumama Waaqayyoo hundumaa irraa adda, lamanuu qaamii fooniitii fi foon kan hin taanee lubbuu yookiin afuuraa kan qabuu dha. Kan Waaqayyoo "bifa" "fakkeinya" qaba jechuun ibsa salphaadhaan, Waaqayyoon akka fakkaanuuf uumamneera jechuu dha. Addaam Waaqayyoon hin fakkaatu ture, Waaqayyo foonii fi dhiiga qaba bifa jedhun.

Qulqulluun sagalee isaa kan jedhu “Waaqayyo afuura”(Yohannis 4:24) akkasumas kanaaf qaamni jiruu ni jiraata. Ta’us, qaami Addaami jirenya Waaqayyoo callaqisiisa ture, fayyaa guutuudhaan akka uumame du’aafis hin bitamu ture.

Bifi Waaqayyoo kan eeruu qaama foonii kan hin taanee kutaa qaama namaati. Innis nama addunyaa bineensaa irraa adda baasa, Waaqayyo, lafa irratti akka bituu fi kenuufidhaan gahaa godha (Uumama 1:28) akkasumas uumaadhaa wajjin akka wal argu ni dandeesisa. Inni yaadaan, safuudhaan, hawaasummaadhaan fakkaatti ta’uu dha.

Yaadaan, namni kan uumamee fi kan yaaduu bakka bu’aa kan fedhaa ta’eeti. Ibsa biraadhaan, namni yaaduu danda’a akkasumas fillachuu danda’a. Kunnis kan Waaqayyo beekumsaa fi birmadummaa kan callaqisiisuu dha. Yeroo ta’eetti maashiniin tokkoo falaasafuu ni danda’a, macaafa barreesuuf, teessuma lafaa kaasuuf, muuziqaa qindeessuuf, foormuulaa eda’uuf, yookaan horii manaa mogassuu danda’a, inni/isheen kan isaan argisisan dhugaan bifa Waaqayyotti uumamuu keenya.

Haala safuutiin, namni kan uumamee tolaa fi raawwatee mudaan kan hin qabnee dha callaqee qulqullummaa Waaqayyooti. Waaqayyos kan uume hundumaa ilaalee (mucaa namaa bakka bu’ee) akkasumas “baay’ee gaarii dha” jedhee waamee (Uumama 1:31). Damaqiinsi sammuu keenyaa yookaan “hangi safuu keenyaa” isaa sana gaadisa ejjennoo keenyaa guddaa argisiisa. Inni tokkoo seera yeroo barreessee, hamaa irraa achi goree, amala gaarii yeroo galateefatuu, yookaan cubbummaa yeroo

dhaga’u, inni kan inni mirkaneessuu dhugaan bifa Waaqa mataa isaatiin uumamu keenya.

Hawaasummaadhaan, namni kan uumameef tokkummaadhaaf. Kunnis immoo kan Waaqayyoo sadan tokkummaa isaa argisiisa, akkasumas jaalala isaa. Ganati namni dursee bakka Waaqayyoo wajjin walitti dhufee dha (Uumama 3:8 tokkummaa Waaqayyoo wajjin qabu argisiisa ture), Waaqayyoos dubartii jalqabaa kan uumee “namni qophaa jiraachuun gaarii miti” sababa kanaatiif (Uumama 2:18). Yeroodhaa yerootti tokko yeroo fuudhuu, hiriyyaa yeroo uummattu, dhala yeroo hammatuu, yookaan waldaa kiristaanaa yeroo argatuu, dhugaa inni argisiisuu bifa Waaqayyotti uumamuu keenya.

Bifa Waaqayyotti hirmaanaan uumamuu, Addaam filannoo bilisaa dandeentii gochuu kan qabu ta’uu isaati. Ammam illee tolle uumamni yoo kenneef iyyuu, Addaam fillannoo hamaa godhe, uumaa isaa irratti finciiluudhaaf. Kana gochuu isaatiinis matuma isaatiin bifa Waaqayyoo balleesse, kanaaf bifa miidhamee sana sanyii isaa hundumaa irratti dabarse (Roomee 5:12). Har’aa bifa Waaqayyoo akka qabanee dha (Yaaqoob 3:9), garuu immoo godaanisa cubbuu qabna. Yaadaan, safuudhaan, hawaasa keessatti fi qaamaan, miidhaa cubbuu ni argisiifna.

Oduu gaarii, Waaqayyo nama tokkoo yeroo fayyisu, bifa Waaqayyoo isa guddaa deebisuu jalqaba, “eenyummaa haaraa, Waaqayyoon ha fakkaatuudhaaf kan itti uumame, tola dhugaa fi qulqullummaa” uumamuu isaatiin (Efesoon 4:24).

Fayyisuun sun kan inni argamuu ayyaana Waaqayyoo qofaan, Yesuus Kristoos akka fayyisaa keenyaatti amanuudhaan, Waaqayyo irraa adda kan nuu baasee

## 11.2. Lama yookaan kutaallee sadii qabnaa? Foon, lubbuu fi afuura, fi afuura dhaa-yookiis foon, lubuu-afuuraa?

Uumama 1:26-27 namummaa uumama hundumaa irraa kan adda isa godhuu argisiisa. Ijoolleen namsa, Waaqayyoo wajin walitti dhufeenya akka qabaatan kaayyoo godhameera, kanaaf akkas, Waaqayyoo wantootaa fi kan wantoota hin taanee kutaawwan irratti kan nu uumee. Wantootni ifatti akka mul'atuu qabatamaa dha: qaama foonii, lafeewwan, qaama namsa, k.k.f, kanaaf namni jireenyatti amma jirutti qofa jiraatu. Wantoota kan hin taanee kallattiwwan qabatamoo kan hin taanee dha: lubbuu, afuura, yaaduu, fedha, qalbii, k.k.f. isaan kun kan jirenya foonii matayyaa gararaa kan jiraatanii dha.

Ijoolleen namsa hunduu lamaanuu wantootaa fi wantoota kan hin taanee amala qabu. Ijoolleen namsa hunduu qaama akka qabuu ifaa dha, foon, dhiiga, lafee, qaama, fi lubiyoo qabu. Ta'us, qabatamaa kan hin taanee wantoota ijoollee namaati yeroo hundaa kan wal falman. Qulqulluun sagalee isaa waa'ee isaan kanaa maal jedhaa? Uumama 2:7 akka argisiisu namni kan uumamuu akka lubbuu jiraataati ture.

Seera lakkofsaa 16:22 Waaqayyoo kan mogassee akka "waaqa tolfamaatti" dha, isaan hunduu karaa ijoollee namsa jiran. Fakkeenya 4:23 akka nutti himutti, "hundumaa caalaa laphee kee eegadhu, burqaan jirenya isa waan ta'eef," kan inni

cubbuu (Efesoon 2:8-9). Kristoosiin uumama haaraa taaneera, bifa Waaqayyooti (2ffaa Qoro 5:17).

argisiisu lapheen fedha namaatii fi giddugaleessa miiraa ta'uu dha. Hojii ergamootaa 23:1 akka jedhuu, "Phaawuloosis waara yaa'ii keessa ilaalee, 'obbolota nana, anni amma guyyaa haraatti garaan koo utuu na hin ceepha'iin fuula Waaqayyoo dura dhaabadheera' jedhe" Phaawuloos asitti kan inni eeruu qalbii dha, innis kutaa sammuu yeroo ta'uu isa sirri ta'ee fi sirrii hin taanee nu ibsa. Roome 12:2 ni ibsa, "yaada garaa keessanii haareffachuudhaan of diddiraa malee kana booda biyya lafaa kana hin fakkaatinan." Isaan lakkofsani kuni, fi kan biroon baay'een, kan arqisisan qaama namsa harkaan qabatamuu kan hin taane kallatti adda addaati. Hundumti keenya kan qaqabatamuu fi kan hin qaqabatamne qabiyyee ni qoodna.

Kanaaf, qulqulluun sagallee isaa afuuraa fi lubbuu caalaa kan tarreessu jira. Bifa tokko tokkoon, lubbuu, afuura, laphee, qalbii, fi sammuun wal qabatu, walitti dhufeenya keessas qabu. Ta'us, lubbuu fi afuurri dhugumatti kan dursuu qaama namsa kan hin qaqabatamne kan ta'an kallattiwwani dha. Kan biroon kallattiwwan qabiyyee wal fakkaataa qabu. Kana yaadaan yeroo qabannu, qaamni abbaa ramaddii lamaatii (lamaatti kan hiramuu, foon/lubbuu\_afuuraa), yookiis abbaa radaddii sadii (sadiitti kan hiramuu, foon/lubbuu/afuura). Anatu beeka kan jedhu

ta'uun hin danda'amu. Ilaalchawwan lamaaniif wal falmiin gaariin jiru. Lakkoofsi furtuun Ibiroota 4:12: "Dubbiin Waaqayyoo jiraataadha humna hojjetus of keessaa qaba. Bilaa gar lamaan qaramee caalaa qara qaba; inni lubbuu fi afuura, buusaa fi dhuka gargar in baasa, yaada fi akeeka garaa namaas qoree faraduudhaaf ni danda'a" lakkoofsi kun waa'ee falmii kanaaf yoo

xiqqaatee wantoota lama nutti hima. Lubbuu fi afuurri adda adda ba'uu ni danda'u, garaagarumaan lubbuu fi afuuraa Waaqayyoo qofti beekuu waan danda'u dha. Dhugumatti beekuu dhiisuu kan dandeenyu irratti xiyyafachuu irra, uumaa irratti xiyyafachuu nuuf wayya, "guddaa fi dinqisiisaa godhee isa nu uume" (Faarfanna 13:14).

### **11.3. Lubbuu namaatii fi afuura gidduu kan jiru garagarummaan maalii dhaa?**

Lubbuu fi afuurri laman isaanii dursanii harkaan kan hin qabatamne kallattawan namni qabuu dha, qulqulluun sagalee isaa kan ibsu. Laman isaanii gidduu kan jiru garagarumaa ifaa ta'ee hubachuudhaaf yaaluun bitaacha kan namatti galchu ta'a. "Afuuraa" jechi jedhuu kan inni argisiisuu kallattii namaan harkaan hin qabatamne qofa argisiisa. Ijooleen namaan afuura qabu, garuu nu afuura miti. Ta'us qulqulluun sagalee isaan, amantoota qofa afuura kan qaban (1ffaa Qoro 2:11, Ibi 4:12, Yaaq 2:26), warri hin amanne garuu afuuraan du'oo dha (Efesoon 2:1-5, Qolaa 2:13).

Barreefamni Phaawuloos wanti afuuraa jirenya amantootaatiif baay'ee barbaachiisadha. 1ffaa Qoro 2:14, 3:1 Efesoos 1:3, 5:19, Qolaa 1:9, 3:16). Afuurri wanta nama keessa jiru yeroo ta'uu innis Waaqayyoodhaa wajjin firooma walitti dhi'eenyaa akka qabaanuu kan godhuu dha. Yeroo kam illee "afuurri" jechi jedhuu faayida irra yeroo ooluu, kan inni eeruus kutaa eenyummaa harkaan hin qabatamnee dha innis Waaqayyoodhaa wajjin "wal arga" inni mataan isaa afuura kan ta'e (Yoha. 4:24).

"Afuura" jechi jedhuu argisiisuu kan inni danda'uu laman isaani harkaan kan hin qabatamne fi harkaan kan qabataman kallatti namaati. Ijooleen namaan afuura akka qaban lubbuus immoo qabu. Bifa baay'ee hunde qabeessa ta'en, "afuura" jechi jedhuu "jirenya" jechuu dha. Ta'us, hiika guddaa kana gamatti macaafni qulqulluun waa'ee lubbuu qabiyyee barreefamaa irratti ni dubbata. Kana keessaa tokkoo ijooleen namaan cubbuudhaaf hawwii isaan qabanii dha (Luqa. 12:26). Qaamni uumamuma isatti hamaa dha, kana irraa kan ka'ees lubbuun keenya badeetti. Qajeelfamni jirenya lubbuu yeroo du'aa foonitti ni dhabamsiifama (Uumama 35:18, Erm. 15:2). Lubbuun akkuma afuuraa kan afuuraa wanta heedduu fi giddu galleessa shaakala miiraati (Iyob 30:25, Faarfanna 43:5, Ermiyaas 13:17). "Lubbuu" jechi jedhuu yeroo faayidaa irra ooolee hunduma isa bakka bu'uu kan danda'u guutumaa namaati jirenyattis ta'e jirenya boodas. Lubbuu fi afuurri kan wal qabatanii dha, garuu adda adda ba'uu kan danda'an (Ibiroota 4:12). Lubbuun argamuu isa guddaa namaati, inni eenyummaa keenya. Afuurri kallatti namaati Waaqayyo wajjiniin kan wal nu argisiisu.



#### **11.4. Maaliif namoonni waggaa dheeraa jiraachuu danda'an?**

Kara tokkoon dhoksaa fakkaata, Seera uumama irratti boqonnaa duraa irratti namoonni umurii amma kanaa jiraachuu isaanii yaad-rimee heedduu beektoota macaafaatiin beektoota macaafaatiin dhihaateera. Seera uumamaa boqonnaa 5 irratti hidda dhalootaa tarreefamni isaa sanyii gaarii addaa teesiseera Masihicha kan dhalee hidda dhalootaa isaa. Waaqayyoo hidda kana eebbiseera, bifa adda ta'e umurii dheeraadhaan, garuumaa saanitii fi sababa aboomamuu isaanitiin. kun ibsa yaadamu yeroo ta'uu, macaafni qulqulluun bakka kamitti iyyuu umurii dheeraa hin murteesine, Uumama boqonnaa 5 irratti kan eerame namoonni. Dabalataanis Heenook irraa kan hafee, Uumama boqonnaa 5 gaarummaa addaa namootni dhuunfaan qaban tokkoon isaani illee hin eeramne. Ta'uu kan qabuu yeroo sanaa fi sa'atti sanatti kan jiraatu hundumtuu waggaa dhibba heedduu kan jiraataniif dha. Kanaafis sababi heedduun eeramuu danda'a.

Seera Uumamaa 1:6-7 bishaanichi baay'ee ol ka'uu isaa ni eera. Bishaan lafa uwisu. Kana kan fakkaatan uwvisi bishaanii qilleensa naannoo irratti (greenhouse) dhiibbaa uuma, baayinaan ifa dhorka, amma

#### **11.4. Ka'umsi sanyii gara garaa maalii dhaa?**

Macaafni qulqulluun "sanyii" adda addaa yookaan halluu gogaa namootaa ka'umsa isaa haala ibsameen nuuf hin laatu. Dhugumatti tokko qofa sanyiin namsa. Sanyii namsa keessatti halluun gogaa fi amalli qaamolee adda addaa baayina qaba. Namoonni tokko tokkoo akka tilmaamanitti,

lafa irratti kan ba'u. Kunnis jireenyatti kan tursuu haaloota argamsiisa. Uumama 7:11 kan inni argisiisuu yeroo bishaan badiisaatti, uwvisi bishaanii lafa irratti ni dhangala'a ture haala jireenyatti jiraachuudhaan kan gahuu. Bishaan badiisaa fuul dura barri jireenyatti turan (Uumama 5:1-32) kan bishaan badiisaatii asii (Uumamaa 11:10-32) wal bira qabaa. Bishaan badiisaa booda akkuma sanaan umuriin namsa haala nama ajaa'ibsiisuun gadi bu'eera. Kan biraan immoo tilmaama keessa kan galu uumama boodee dhaloota jalqabaa muraasa, kan namootaa sanyi adda kan baasuu irratti hir'inni muraasi gabachaa dhufeera. Addaamii fi Heewan mudaa kan hin qabne ta'aniti kan uumaman. Isaan dhugumatti dhukkubaa fi dhibbee kan dandamat turan. Sanyiin isaanis faayidaa kana dhaalani turan, ammam illee haala xiqqateen yoo ta'es. Yeroo booda, sababa cubbuutiin kan namootaa sanyi adda kan baasuu badiisi isaa dabalaan dhufe, akkasumas ijooleen namsa du'aa fi dhukkubaaf baay'ee saaxila kan ba'an ta'an. Kunnis jireenyatti yeroon turmaataa haala hammaataadhaan hir'ate.

Afrikaanooni halluu guraacha haala Genetekitiin bakka ho'aa Afrikaa danda'aani jiraachuu danda'u. Haala ilaalcha kanaatiin, Waaqayyo qooqa waliin dha'e kunis namootni haala qooqaatiin qoqoodamuudhaaf, achi irraas kan Genetikii jijirama sanyii uume. Tokkoon tokkoon sanyii yookiis gosni naannoo buufate irratti hundaa'uudhaan. Ta'us yoo danda'ee ilaalcha kanaaf adda kan ta'ee hundee kan macaafa qulqulluu hin qabu. Sanyiin namootaa/halluun gogaa bakka kamitti iyuu hin heeramne gamoo Baabeeli wajjin kan wal qabate.

Bishaan badiisaa boodaa qooqi gara garaa uumamuu yeroo jalqabeetti, qooqa tokko kan dubbatan gosoonti kan biroo qooqa wal fakkaataa kan dubbatanii wajjin socho'uu jalqaban. Kana gochuudhaanis gosa murtaa'ee tokkoo fi ramaddiin Genetikii jiru

haala ajaa'ibsiisaa ta'een gad bu'uu jalqabe, gareen sun isa booda akka wal makuu fi sanyii namaa guutuu hin qabaatu. Kan walitti dhi'aatan bakka qabatan. Kanaaf yeroo keessatti kallatiiwan ta'an gosoota adda addaa kanaan of mul'isaa dhufan mallattoo adda addumaa Genetikii qabaachuu kan danda'an carraan jira. Dhaloota keessatti sanyiin dabalataa yeroo uumamu ramaddiin sanyii olkaasaa ol

### **11.5. Macaafni qulqulluun waa'ee sanyummaa, dhiphummaa sammuu fi loogummaa maal jedha?**

Maree kana irratti hubachuun kan irra jiru wanti dursuu sanyiin tokko qofti jiraachuu isaati\_sanyii namaa. Kaawukasinooti, Afrikaanoota, Hindoota, Arabooti sanyii adda addaa miti.

kaasaa dhufe kan namoota qooqa maatii tokkoo hundumtuu kallatti wal fakkaatuu akka qabaatanitti.

Ibsi kan biraan kan ta'uu Addaamii fi Heewwan sanyii isaan dhaalaan gurrachaa, magaala, adii ijoollee akka godhatan kan isaan godhoo (kan biraan hundumtuu kana giddutti). Kunis wal fakkeenyaa qaba, sanyii wal makaa kan ta'an hidhati yeroo tokko tokkoo bifaan gargar kan ta'aan daa'ima qabaatuu. Waaqayyo ifatti ijoollee namaa kallatti isaaniitiin adda addaa akka ta'an hanga barbaadeeti hiika qabaachuu kan danda'uu Waaqayyoo, Addaamii fi Heewwanii halluu gogaa adda addaa kan qabaatan akka dhalanii fi kan kenneefi dha. Booda irra biishaan badiisaa booda kan hafan Nohii fi haadha manaan isaa, ijoollee sadan Nohii fi haadha manooti isaanitu ture\_walumaa gala nama sadeet turan (Uumama 7:13) tarii haadha manoonni ilm,aan Nohii sanyii addaa ta'uu danda'u. kan biraannis ta'uu kan danda'u haadhi manaan Nohii sanyii addaa taati. Tarii sadeettan isaanii sanyii wal makaa ta'uu danda'u. Ibsi isaa kaminis ha ta'u kam gaaffiin kun kallatti baay'ee faayida qabeessa hundumti keenya sanyii wal fakkaataa ta'uu keenya, hundumti keenya Waaqa tokkoon kan uumamne, hundumti keenya kaayyoo tokkoof kan uumamne isa kabajuudhaaf.

Ta'us, isaan sanyii namaa gosa sanyii adda addaati. Ijoolleen namaa hundumtuu amala qaamummaa qabu (dhugumatti, garararummaan muraasni). Irra jirenyaan, sanyiin namaa hunduu bifaa Waaqayyooti fi

fakkaatii isaatti kan uumaman (Uumama 1:26-27). Waaqayyo biyya lafaa jaalateera. Yesuusiin erge jirenya isaa akka nuuf laatuuf jecha (Yohannis 3:16). “Addunyaa” ifatti sanyii hundumaa firoota of keessatti qabata.

Waaqayyoo loogummaa yookaan jaalala adda ta’e hin argisiisu (Keessa keebii 10:17, Hoji ergamootaa 10:34, Roome, 2:11, Efesoon 6:9), nus akkuma sana. Yaqoob 2:4 loogummaa kan godhan kan ibsuu “yaada hamaa kan qaban abbootii seeraa” kan jedhuun. Ta’us nuun abbaa budeennaa keenya akka mataa keenyaatti jaallachuutu nurra jiraata (Yaaqob 2:8). Kakuu moofaatti ijoolee namaa kara lamaan “kan sanyii” gareetti ramadeera: Yihudii fi horma. Waaqayyoof Yihuudiif yaada qabachaa ture mootummaa lubootaa akka ta’an ture, saba hormootaa akka tajaajilan. Tilmamuma irraa, kutaan irra jireessi, Yihudooni taayitaa isaaniin boonani hormoota tuffatan. Yesuus Kristoos kana gara dhumaatti fide, keenyan jeequmsaa diiguudhaan (Efesoon 2:14). Sanyummaa gosa kamii iyuu, odeeefannoob sobaan nama yookaan sanyi tokko jibbuu, loogummaa, Kristoos fannoo irratti hojii inni hojjetteen kan wal faallessuu dha. Yesuus wali walii keenya akka jaallannu nu aboomeera, inni akka nu jaallatu (Yoha. 13:34). Waaqayyoo loogaa yoo ta’uu baatee fi nuun loogii malee yoo nu jaallate, egaa nuus kan biroo bifaa wal fakkaataan sadarkaa guddaan jaallachuutu nurra jira. Yesuus,

Maattihos 25 irratti yeroo barsiisuu kammiffuu obboloota gadi aanoof kan goonuu isaaf gooneera. Nama xureessuudhaaf yoo qabannee, fakkaatti Waaqayyotti nama uumame akka malee qabne jechuu dha, Waaqayyoo kan jaallate tokko miineera, innis Kristoos kan du’eeef.

Sanyummaa bifaa adda addaaatiifi duubeessa adda addaatiin, ijoollee namaatiif gufuu ta’eera, waggoota kumaaf. Obboollotootaa fi obbolleewwan sanyiwwan hundaa, kana ta’uun irra hin jiru. Kan sanyummaa, odeeefannoob sobaa irratti kan hundaa’een sanyii tokko jibbuu, fi loogummaa kan godhan dhiifama gaaffachuu qabu. Efesoon 4:32 akka labsuutti, “walitti kan toltaan, garaas kan walii laaftan ta’aa, wali walii keessaniif dhiisuudhaan, Waaqayyoo Kristoosiin akka isiniif dhiisee.” warra sanyummaaf dhiifamni keessan hin ta’uuf ta’u danda’a, nuu garuu dhiifamni Waaqayyoo nuuf barbaachiisa. Sanyummaa, sanyii kan biraa jibbuu, fi loogummaa kan shaakalan qalbi jijjirachuutu irra jiraata. “Ta’us garuu warra du’an irraa addaan baatani jireenyatti akka jiraataniif ofii keessan Waaqayyoof dhi’eessaa, buusaa qaama keessanii mi’aa lolaa qajeellummaa godhaati Waaqayyoof dhi’eessaa” (Roome 6:13). Galaatiyaa 3:28 walitti qabee kaa’aa, “Yihudii yookiis Girikii, garba yookiis birmaduu, dhiira yookiis dubartii gidduu garaagarummaan hin jiru, isin hundi keessan kara Kristoos Yesuusiin tokkoo.”

## **Waa'ee Ergamootaa Fi Seexanaa**

### **12.1. Macaafni qulqulluun waa'ee ergamootaa maal jedha?**

Ergamoonni eenyummaa hafuuraa qabuaan, miiraa fi fedha kan qabanii dha. Kunnis lamanuuf kan hoijetuu dha, ergamoota gaariidhaa fi hamaadhaafis. Ergamoonni yaaduu danda'u (Maati 8:29, 2ffaa Qoro 11:3, 1Phexi 1:12), miira isaanii ni ibsatu (Luqa. 2:13, Yaaq. 2:19, Mul.12:17) fedha isaanii ni raawwatu (Luqa 8:28-31, 2Ximoo 2:26, Yihuuda 6). Ergamoonni eenyummaa afuuraati (Ibir. 1:14) qaama foonitiin kan hin taane. Ammam illee qaama foonni yoo hin qabaanes, qaama qabu.

Eenyummaa uumaman ta'uu isaanii irraa kan ka'ee beekumsi isaanii murtaa'aadha. Jechuun, Waaqayyo kan inni godhu hundumaa hin beekani (Maati 24:36). Nama irra kan caaluu beekumsa kan qaban fakkaata, tarrii waan sadi irraa kan ka'e. Tokkooffaa ergamoonni kan uumaman taree uumamaa irraa nama irra caalaniti. Kanaaf, uumamaa isaanitti beekumsa caaluu dhaalaaniru. Lamaffaan ergamoonni macaafa qulqulluun fi addunyaa qayyabataniiru, baay'ee bifa gadi fagoodhaan namoota caala, kanaaf isa irraa beekumsa gabbifataniiru (Yaaq. 2:19, Mul.12:12). Sadaffaan ergamoonni beekumsa gabbifataniiru, hojii ilmaan namootaa dheeraa irraa haala hubachuu isaanitiin.

Nama irraa bifa adda ta'een ergamoonni waan darbe ayyabachuun isaan irraa hin eegamu, waan ,keessa darbaniif. Kanaaf kan biroon akkamitti hojii irra akka oolchanii fi haaloota akkamitti akka hubatan ni beeku, bifa wal fakkaataadhaan deebii akkamii akka kennan waan beekaaniif ragaa guddaa ta'ee isa dhufuu fi sirritti raajuu ni danda'u.

Fedha qabaataniis ergamoonniakkuma uumamaa kan biro fedha Waaqayyoodhaaf kan bitamii dha. Ergamoonni gaariin amantoota gargaaruudhaaf Waaqayyoodhaan ergamu (Ibir. 1:140. Macaafni qulqulluun kan mul'isee hojiin ergamoota tokko tokkoo kunooti: Waaqayyoon ni galateefatu (Faarf. 148:1-2, Isaa:63). Waaqayyoon ni Waaqeessu (Ibi.1:6, Mul.5:8-13). Wanta Waaqayyo godheetti ni gammadu (Iyoob 38:6-7). Waaqayyoon ni tajaajilu (Faarf. 103:20, Mul.22:9). Waaqayyo dura ni dhaabbatuu (Iyoob 1:6, 2:1). Meeshaa firdii Waaqayyooti (Mul. 7:1, 8:2). Deebii kadhataa qabatanii ni dhufu (Hoji.erga 12:5-10). Namoota Kristoosiin mo'uudhaaf ni gargaaruu (Hoji erg. 8:26, 10:3). Ajaja kiristaanaa, hojii, fi dhiphina ni hubatu (1ffaa Qoro 4:9, 11:10, Efe. 3:10, 1ffaaPhexi 1:12). Yeroo balaatti ni jajjabeessu (Hoji.erga 27:23-24). Yeroo du'aatti tolootaaf kunuunsa godhoo (Luqaa. 16:22).

Ergamoonni walummaa galati nama irraa adda kan ta'ee sadarkaa eenyummaati. Ijoolleen namaa erga du'anii booda ergamoota hin ta'an. Ergamonnis raawwatani ijoollee namaa hin ta'an, hin tures. Waaqayyoo ergamoota uume, akkuma nama uume hundumaa. Macaafni qulqulluun bakka kamitti iyuu, ergamoonni bifaa Waaqayyootii fi akka fakkeenya Waaqayyootti uumaman hin jedhu, akka

## 12.2. Macaafni qulqulluun waa'ee afuura xurawaa maal jedhaa?

Mul'ata 12:9 waa'ee eenyummaa afuura xuraawaa ifa kan ta'ee jecha qulqullaa'adha, "addunya mara kan dogogorsuu, yaabilosii fi seexana kan jedhamu jawwee guddicha innis bofa durii ni gatame, gara biyya lafaatti gatame ergamootni isaas isaa wajjin gaataman. Kan seexani samii irraa gara arditti gadi kufuun isaa fakkeenyaan Isaayaas 14:12-15 fi Hisqeel 28:12-15 irratti mul'ateera. Mul. 12:4 kan argisiisuu kan fakkaatu seexanni cubbuu hojjeechuun ergamoota tokko sadaffaa ofii isaa wajjin fudhachuu isaati, Yihuuda 6 cubbuu kan hojjetan ergamoot heerera.

Macaafni qulqulluun afuura xuraawa ergamoota kufan ta'uu isaani nutti argisiisa, seexanaa wajjin ta'aani Waaqayyo irratti kan fincilan.

namootaa (Uum. 1:26). Ergamoonni eenyummaa afuuraati, innis sadarkaa murtaa'ee boca foonii qabachuu kan danda'an. Namoonni jalqabumma irraa qaama fooniti, garuu bifaa afuuraati. Ergamoota qulqulluu iraa kan nuyii barannu wanti guddaan ajaja Waaqayyootiif safisa isaanii, gaaffii kan hin qabne aboomamuu isaani.

Seexanaa fi afuurotni xuraawwaan isaa amma balleessuudhaa fi dogoggorsuu hojjeecha jiru, Waaayyoon kan hordofanii fi kan Waaqeesan hundumaa (1ffaa Phexi 5:8, 2ffaa Qoro 11:14-15). Afuurri xurawaan akka afuura hamaati kan ibsan (Maati. 10:1), afuura xurawaan (Mati 1:27) fi ergamootni seexana (Mul. 12:9). Seexanaa fi afuurri xurawaan addunyaa dogogorsuu (2ffaa Qoro 4:4), kiristaanoota miidhuu (2ffaa Qoro 12:7, 1ffaa Phexi 5:8) fi ergamoota qulqulluu lolu (Mul. 12:4-9). Afuurri xuraawwaan eenyummaa afuuraa qaba, haa ta'uu malee qaama foonitiin mul'achuu danda'u (2ffaa Qoro 11:14-15). Afuurri xuraawaan/ergamotootni kufan diina Waaqayyooti, haa ta'uu malee diina mo'amme dha. kan nu wajjin jirutu caala, biyya lafaa kan jiru caalaa(1ffaa Yoha 4:4).

### 12.3. Seexanni eenyuu dhaa?

Seexana kan ilaalatee amantiin namootaa yaada daa'imummaa irraa kaasee hanga gadi fagootti ga'a\_gaafa kan baasee nama diima xiqqoo irra, innis gatittii isaani irratti taa'ee cubbuu akka gootaniif kan isin oofuu, hanga eenyummaa isaa isa hamaa ibsa argisiisuutti. Ta'us macaafni qulqulluun seexanni eenyuun akka ta'ee akkamitti jirenya keenyaas akka miidhuu suurraa isaa ifaa nuuf kenna. Salphaati kaa'uudhaaf, macaafni qulqulluun seexana yeroo ibsu, akka Maleekaa bara baraatti innis taayitaa isaa samii irra jiru sababa cubbuutiif kan kufee, hundumaa guutu guuututti Waaqayyoon kan mormu, hundumaas humnan mataa isaatiin kan godhuu, kaayyoo Waaqayyo dhorkuuf.

Seexani kan uumamee akka Maleekaa qulqulluutti. Isaayas 14:12 dursa kufaatii seexanaa maqaa, luusfeerii kan jedhamutu kennameef. Hisqeel 28:12-14 seexanni kirubeel kan jedhuun uumamuu isaa ni ibsa, ergamaa isa ol jedhaa uumamee dha. Innis bareedina isatii fi ejjennoo isatii of tuule, akkasumas bakka ol jedhaa irra kan jiru teessoo Waaqayyo irra taa'uu barbaade (Isaa. 14:13-14, Hisq.28:15, 1Ximoo 3:6). Of tuulummaan seexanaa gara kufaatitti geggeesse. Isaayaas 14:12-15 irratti kan jiru

hedduu "anis" ibsa jedhan hubadhaa. Sababa cubbuu isatiiif Waaqayyo seexana mootummaa waaqa irraa dhabamsiise.

Seexanni addunyaa biyya lafaa kana kan bitu ta'e akkasumas samii irra kan jiru abbaa aboo (Yoha 12:31, 2Qoro 4:4, Efe 2:2). Innis komataa dha (Mul. 12:10) qoraa (Mat 4:3, 1fTeso 3:5) fi dogogorsaa (Uuma. 3, 2Qoro 4:4, Mula.20:3). Maqaan inni guddaan "mormituu" yookaan "kan mormuu" jechuu dha. Kan biraan waamamni isaa, daabiloos, "sobaa" jechuu dha.

Ammam illee inni waaqa irraa gatamus, amma iyyuu teessoo isaa Waaqayyoon ol gochuu barbaada. Inni Waaqayyo kan inni godhe hundumaa ni morma, sagada biyya lafaa nan argadha abdi jedhuun, mootummaa Waaqayyo irratti mormii ni jajjabeessa. Seexanni tokkoon tokkoon seera waaqefannaa dogogoraa fi amantaa addunyaatiif burqaa isa guddaa dha. Seexanni wanta kamiin iyyuu wanta hundumaa taayitaa mataa isatin ni godha, Waaqayyo fi Waaqayyoon kan hordofan mormuu dha. Ta'us, galmi seexanaa maxanfameera\_galaana abiddaa keessatti bara baraan (Mul 20:10).

## **12.4. Macaafni qulqulluun waa'ee afuura xurawaan qabamuu/afuura hamaadhaan qabamuu maal jedhaa? Bara kanattis in ta'aahii? Yoo ta'ees, malattoon isaa maalii?**

Macaafni qulqulluun waa'ee afuura xurawaan qabamuu yookaan namootni dhiibbaa irratti geesisee fakkeenyaa tokkotokkoo kenna. Fakkeenyoota kana irraa malattoon dhiibbaa afuuroota xurawootaa tokko tokkoo argannee afurri xurawaan isa tokko irra akkamitti akka bulu gadi fageesinee ilaalu dandeenyaa. Itti fufani kan jiran dubbifama macaafa qulqulluu tokko tokkoo dha Mat. 9:32-33, 12:22, 17:18, Maari 5:1-20, 7:26-30, Luq 4:33-36, Luq 22:3, Hoji.erg 16:16-18.

Tokko tokkoon isaani dubbifama kanaan, afuurri xurawaan yeroo irra bu'uu dhukkuba qaamaa uuma, kan akka dubbachuu dadhabsiisu mallattoo dhibbee nama kufisuu, jaamummaa, k.k.f. kan biroo irratti immoo namootni sun hamaa akka hojjetan isaan godha, Yihudaan fakkeenyaa isa guddaa ta'a. hoji.erg. 16:16-18 afuurrichi intala tajaajiltuu wantoota tokko tokkoo akka isheen beektuu dandeetti kenneeraaf, kan isheen hubachuu dandeesuu ol.

Afuirri xurawaan kan keessa bule namichi Gergesenoon afuirri xuraawwaan hedduun (legehoon) kan keessa buufate, jabina uumamaatiin ol kan ta'e hijabina argate, qulaa isaas bakka hawaalaa jiraata ture. Mootiin Saa'ol Gooftaa irraatti erga fincillee booda, afuura xurawaadhaan in rakkata ture (1ffaa Saamu 16:14-15, 18:10-11, 19:9-10) ifatti kan mul'atu afuura gadabeessuutti fi Daawitiin ajeessuudhaaf fedhii itti dabalaad ee.

Egaa, bal'aa dhaa fi mallattoo kanaan wal qabatee jiruu, dadhabbi qamaa innis akka rakkina qaamaatti kan ilaalamu, jijirama eenyummaa, gadabeessuu yookaan lola, jabina uumamaatiin ol kan ta'e jabina, gaarii ta'u dhiisuu, jirenya hawasummaa amala mormuu, fi dandeetti ragaa jijiruu, eenu iyuu karaa uumamaatiin beekuu kan hin dandeenyee. Hubachuun faayidaa kan ta'u hundumaa jechuu bifa danda'aamuun yoo ta'u baatees baay'inaan amalooni kun ibsa biraan qabaachuu danda'u, kanaaf tokko tokkoo namni afuurichaan gadi qabamee yookaan dhukkuba nama kufisu namni qabu afuura xuraawaa qaba jedhamee murteessuun hin danda'amu. Kara biraatiin, aadaan warra lixaa jirenya namootaa keessa gidduu galuu afuura xuraawaa dhugummaa isaa hin fudhatan.

Isaan qaama yookaan garaagarummaa miiraa dabatalaan, haalota afuuraas ilaaluun ni barbaachiisa, dhiibbaa seexanaa kan argisan. Isaan kunnis kan isaan of keessatti qabatan dhiifama gochuudhaafi kan diduu (2ffaa Qoro 2:11-11) fi Doktrinnii sobaa amanuudhaa fi babal'isuu, keessumatti immoo Yesus Kristoosi fi kan qalbi jijiranna (araara gochu) hojii isaa kan ilalate (2ffaa Qoro 11:3-4) 13:15, 1ffaa Ximoo 4:1-5, 1ffaa Yoaa 4:1-3).

Afuirri xurawaan jirenya kiristaanootaa giddu galuu kan isaan qaban kan ilaalte, ergamaan Pheexiroos ibsa dhugaa tokkooti jechuun amanaan dhiibbaa seexanaa irra buufachuu akka danda'u (Mati 16:23).

Tokko tokkoo dhiibbaa seexanaa jabaa ta'ee jala kan jiraatan kiristaanoota heeru, "yaabilos" akka ta'an, haa ta'uu malee qulqulluu sagalee isaa irratti raawate kan heerame fakkeenyi tokko illee hin jiru, Kristoositti kana amane seexanaan kan qabame. Baay'een isaanii barumsi afuuraa kan itti amanan, kiristaanni qabamuu hin danda'u, sababni isaa keessa isaa afuurri qulqulluun waan buluuf (2ffaa Qoro 1:22, 5:5, 1ffaa Qoro 6:9), afuurri Waaqayyoo afuura xuraawaa wajjiin iddoo bultii waan hin qoddaneef.

Inni tokkoo akkamitti madaa isaa iddoo bultii of gochuudhaaf banamaa akka ta'uu siritti nutti hin himne. Dhimma Yihudaa kan bakka bu'uu yoo ta'ee laphee isaa hamaadhaaf banaa of godheera\_ dhimma isaatii fi sasata dhuunfaa isatiif (Yoha 12:6). Kanaafis ta'uu kan qabuu inni tokkoo cubbuu baratameen akka bitamuu laphee isaa yoo bane afurri xuraawaan akka itti galuu afeeruu isati. Shaakala warra misi'ooni irraa, afuura xurawaan qabamuun kan inni wajjin adeemuu waaqollii ormootaa waaqeffachuu wajjin, akkuma kana wantoota uumamaa ol ta'aniin qabamuu dha. Macaafni qulqulluun waaqeffannaa waaqollii tolfamoo waaqeffannaa afuuraa xuraawwaa wajjin irra deddeebi'ee wal qabsiisa (Lewoota 17:7, Keeesa deebi 32:17, Faarf. 106:37, 1ffaa Qoro 10:20), kanaafis, sagaagila keessa galuun gara waaqeffannaa afuura xuraawaatti akka geggeessuu ajaa'ibsiisaa miti.

Olitti kan jiran keeyata qulqulluu sagalee isaa irratti fi shaakala misi'onoota tokko tokkoo irratti hundaa'uudhaan namootni baay'een jirenya isaani gidduu seexanni akka galu cubbuu tokko tokkoo hamachuu isaanitiin yookaan waaqeffannaa afuura hirmaachuu isaani (beekanis osoo hin beekinis) jedhee xumuramuun ni danda'ama. Fakkeenyis sagaagila, baala sammuu namaa adoochuu/dhugaati alkoolitiin baduu, innis sammuu kan dogogorsuu, fincila hadhaa'ummaa, fi afuura kan waaman of keessati qabata.

Dabalatanis tilmaama keessa inni galu jira. Seexana fi ergamootni hamootni wanta tokko illee gochuu hin danda'aan gooftaan akka isaan hin goonee kan inni hiyamne (Iyoob 1:2). Dhimmichi kana ta'ee osoo jiruu, seexanni, kaayyoo mataa isati akka raawwatu yaaduun, kaayyoo gaarii Waaqayyooni raawwata, akkuma ganuu Yihuudaa. Namootni tokko tokkoo uumamaa ol kan ta'eefi gocha seexanaatiin nagaa kan hin taane gammachuu guddifachaa dhufu. Kun sirrii kan hin taanee fi macaafa qulqulluu kan hin taanee dha. Waaqayyoon duukaa yoo buunee, mi'a lolaa isa yoo uffanee fi jabina isatti yoo amane (Efen 6:10-18), isa hamaa sababni sodaanuuf tokko iyyuu hin jiru, Waaqayyo hundumaa bita!

## **12.5. Kristaannii iddoo bulti afuura xuraawaa ta'uu ni danda'aa? Kiristaanni kan seexanaa ta'uu ni danda'aa?**

Macaafni qulqulluun siritti hin teesisu, kiristaanni afuura xurawaan waa'ee qaabamuu isaa maaafaa qulqulluudhaa wajjin kan adeemuu waa'ee qabamuu isaa dhugaan bifa ifa ta'een teesifameera, kiristaanni iddoo bultii afuura hamaa akka hin taane. Garagarummaa bal'aatu jira, iddo afuuraa xurawaa ta'uu gidduu fi afuura hamaadhaan gadi qabamuu yookaan dhiibba isaa jala jiraachuun. Afuura hamaan qabamuun hafuurri hamaan kallattidhummaan/raawwatee to'annaa isaa jala yoo jiraatee dha, yaadi namoota dhuunfaa fi /yookaan gocha (Maat 17:14-18, Luqa 4:33-35, 8:27-33). Gadi qabuu afuura xuraawaa yookaan dhiibbaa afuura xuraawaa yookaan waraansa afuura xuraawaa of keessatti qabata, wanta afuura irratti fi/yookaan isa/ishee amala cubbuu akka qabaatan ni jajjabeessa. Dubbifama kakuu haaraa hundumaati, lola afuuraa kan ilaalate, afuurri xurawaan amanaa keessaa kan ba'ee ajaji tokkoo illee jiraachuu dhiisuu isaa hubadhaa (Efe 6:10-18). Amantootni dabiloosiin akka morman itti dubbateera (Yaaq. 4:7, 1ffaa Phexi 5:8-9), akka baasaniif osoo hin taane. Kiristaannonni iddoo bulti afuura qulqulluti (Roome 8:9-11, 1ffaa Qoro 3:16, 6:19). Dhugumatti afuurri qulqulluun hin hiyyamuuf, nama iddo bulti isaa ta'e afuurri xurawaan akka keessa bulu. Kun kan hin yaadamnee dha, innis dhiiga Kristoosiin kan biteef (1ffaa Phexi 1:18-19) uumama haaraa kan inni godhe (2ffaa Qoro 5:17), afuurri xuraawaan akka ajajuuf to'annaa isaa jala akka ta'u. Dhugumatti kan akka amantootaa seexanaa fi afuura

xuraawaa wajjin lola geggeesineera, haa ta'uu malee mataa keenya wajjiniin miti. Ergamaan Phaawuloos ni labsa, "isin, ijoolle jaallatamoo Waaqayyoo irraa waan taataiif isaan mootanitu isin keessa kan jiru biyya lafaa keessa kan jiru waan caaluuf" (1ffaa Yoha. 4:4). Nu keessa kan jiru eenyuu? Afuura qulqulluudha. Biyya lafaa keessa kan jiru eenyuu dhaa? Seexanaa fi afuura xurawaa dha. kanaaf, amanaan addunyaa afuura xurawaa kanaa mo'eera. Akkasumas amanaan dhimmi afuura xuraawaan qabamuu macaafni qulqulluun hin deggeru. Raga cimaa macaafa qulqullu kiristaanni iddoo bultii afuura xuraawa ta'uu hin danda'u kan jedhoo ilaalchi, barsisootni macaafa qulqullu tokko tokkoo "afuura xurahummaa jecha jedhoo" fayyadama, kiristaana kan to'ate afuura xurawa heeruudhaaf. Warri tokko tokkoo ni falmuu, kiristaanni raawwatee iddo bultii afuura xuraawaa hin ta'u, kiristaanni afuura xuraawaa ta'uu ni danda'a kan jedhu. Walummaa galatti ibsi afuura xurahummaa iddo bultii afuura xuraawaa ta'uu kan jedhoo wajjin aanta walfakkaatu qaba. Kanaafis, qabxii wal fakkaataa dhimma qabuu dha. sagalee isaa jijiiruu dhugaa isaa jijiiruu hin danda'u, kinnis afuurri xuraawaan kiristaana irra buluu yookaan to'annaa guutuu gochuu hin danda'au. Dhiibbaa afuura qulqullu fi kiristaana gadi qabuu irratti dhugaa geesisan ta'uun isaa shakkii hin qabu, haa ta'uu malee akkanumatti kiristaanni ni qabama yookaan afuura xurahummaa ta'a jechuun sagalee macaafa qulqullu miti.

Baay'inaan yaad-rimeen afuura xuraawummaa shaakala yaada nama dhuunfaati, isa tokkoo "guutuu guutuutti" kristaana kan turee to'annaa afuura xurawaa jala ta'u isaa ragaadhaan kan mirkaneesine ilaaluudhaan. Bifa murtaa'een faayida qabeessa kan ta'u, shaakala dhuunfaa keenyaa sagalicha hiikuu irratti dhiibba akka irra hin geesifneef. Caalaadhumatti shaakkalli dhuunfaa keenyaa karaa dhugaa sagalee isaatiin dirqamatti qulqulleesutu nurra jiraata (2ffaa Ximoo 3:16-17). Kiristaana ta'a kan

jennee amala afuura xuraa'ummaa yeroo callaqisiisuu arginee kan isaa/ishee ogummaa amantii isaanii gaaffii nuti uumuu danda'a. Tarii namni dhuunfaa sun dhugumatti kiristaana ta'u danda'a, bifaa hamaataadhaan afuurri xurawaan kan keessa bulee fi/yookaan bifaa hamaataadhaan rakkina xinsammutiin kan dhiphatu. Garuu irra deebbi'ee, shaakala keenya wajjin kan wal simachuu qabuu sagalee isaa wajjiniin qoruudhaan malee galagaltoo isaa ta'uun irra hin jiraatu.

## **12.6. Ijoolleen dhiiraa Waaqayyoo fi ijoolleen dubaraa namootaa uumama 6:1-4 eenyuun turanii?**

Seera uumamaa 6:1-4 kan inni argisisuu ijoollee dhiiraa Waaqayyoo fi ijoollee dubaraa namootaati. Yaadii hedduun dhi'aateera ijoolleen dhiiraa Waaqayyoo eenyuun akka turanii fi maaliif ijoollee dubaraa namootaa irraa ijoollee isaan godhatan sanyi dhedheeroo (isaan sana jechi Nifilin jedhu kan argisiisu).

Ilaalchi dursa sadan, ijoollee dhiiraa Waaqayyoo kan ilalate 1). Ergamoota Waaqa irraa warra kufan turan, 2). Namoota hamoota warra ijoollee namaa bitan turan, yookaan 3). Ijoollee Seet sanyii gaarii sanyii Qa'eel isa hamaa wajjin gaa'ila kan raawwatan turan, kan jedhu ture. Yaada isa jalqabaatiif ulfachisuudhaaf, kakuu moofaa "ijoollee dhiiraa Waaqayyoo" gaaleen jedhu yeroo hundumaa kan inni heeru ergamootaaf (Iyoob 1:6, 2:1, 38:7). Rakkina isa guddaa kanaa kan ta'u Maatihos 22:30 irratti, innis ergamootni akka hin funnee kan argisiisu. Macaafni qulqulluun sababa tokko illee nuuf hin laatu ergamoonni qaama saalaa akka qaban yookaan dhalchuu akka danda'an.

Kan biroon ilaalchi lamaan rakkoo kana hin qaban. Kan (2) fi (3) dadhabiin ilaalcha warra kanaa dhiiroonni akkasumaani dubartoota akkasumaanii fuudhuun isaanii ijollen isaani "dhedheeroo" yookaan "cimoo warra durii, maqaan isaanii kan waamamee" ta'uun isaanitii fi dhugummaa hin qabaatu. Dabalatas, Waaqayyoo maaliif bishaan badiisaa lafa irratti akka dhufu murteesse (Uum. 6:5-7) Waaqayyoo dhiroota jajjaboo yookaan sanyii Seet dubartoota namootaa akkasumaanii yookaan sanyii Qaa'eel akka fuudhan raawwatee osoo hin dhorkiinii? Dhufaa kan jiruu kan seera uumamaa 6:5-7 firdii Uumama 6:1-4 kan adeemsifamee wajjin kan wal qabatee dha. Ergamootni kufan ijoollee namootaati wajjin godhan kan jedhamee sagaagilli, gaa'ila diddaa firdii sodaachiisaa kanaaf sirrii ta'uun isaa argisisuudhaaf fakkaata. Duraan dursee akka ibsame, ilaalchi inni jalqabaa rakkoon isaa Maati 22:30 akka ibsutti "guyyaa du'aa ka'uutti namootni hin fuudhaniis hin heerumannis, akka ergamoota waaqa irraa ta'uun malee."

Ta'us, barreefamichi "ergamootni fuuchuu hin danda'aan" hin jedhu. Akka isaan hin fuunnee malee kan inni argisiisu. Inni lamaffaan Maati 22:30 kan inni argisiisuu waa'ee "ergamaa Waaqa irraa" dha. Waa'ee ergamaa kufani hin argisiisu, isaanis waa'ee Waaqayyootiif seera uumamaa waan isaan hin dirqisiifneef, akkasumas karoora Waaqayyoo baleessuudhaaf damaqinaan kan isaan barbaadanii dha. Dhugaan isaa, ergamootni qulqulluu Waaqa irraa hin fuudhan, yookaan walitti dhufeenyä qunaamtii saalaatiin walitti hin hidhaman jechuun seexanaa fi afurootni hamootni tokkoo jechuun hin danda'aamu.

Ilaalchi 1). Ejeennoo fooyya'ee kan fakkaatuudha. Eeyyee, ajaa'ibsiisaa "faallaa" dha, ergamootni qaama saalaa hin qaban jechuu fi wal qabsifamee "ijoolleen Waaqayyoo" jechuun ergamoonni kufan ijoollee dubaraa namaa irraa ni dhalchuu jechuun ta'us, ergamoonni afuuraan bara baraan kan jiraatan haga ta'aanitti (Ibiroota 1:14), namaan mul'achuu danda'u, qaama foonitiin (Maari 16:5). Namoota Sadoomi fi Gamoora ergamoota lamaan sana wajjin

qunamtii saalaa raawwachuudhaaf yaadaani turan, Looxii wajjin kan turan (Uum. 19:1-5). Ergamoonni bifa namaa qabatanii mul'achuu akka danda'aan amansiisaa dha, caalaadhumatti immoo qunamtii saalaa namaa raawwatani dhalchuu akka danda'an. Ergamoonni kufan maaliif wanta kana irra deddeebi'anii hin godhan? Kun kan fakkaatuu Waaqayyoo cubbuu hamaataa kana ergamoota raawwatan waan hidheef, kana waan ta'eef ergamoonni kan biroon kufan gocha wal fakkaataa kana akka hin raawwanneef (Yihudaa 6 irratti akka ibsameetti). Hiiktootni Ibirootaa durii fi kan cinaan kan biroon barreefamni amantaallee wali galtee guutuu irra ga'aaniiru, ergamoonni kufan "ijoollee Waaqayyoo" ilaalcha jedhuuf, innis uumama 6:1-4 irratti kan heerame. Kun sababa kamiin iyyuu falmicha raawwatan hin ga'u. ta'us, Uuma. 6:1-4 irratti kan jiruu yaadni inni of keessatti qabatu, ergamoonnii Waaqa irraa kufan ijoollee dubaraa namaa wajjin wal jaallachuu isaanii qabiyyeen barreefamaa cimseera, seer-lugaa, fi hundee seenaa akka qabuu dha.

## Waa'ee Baara Dhumaat

### 13.1. Akka raajii bara dhumaatti maaltuu ta'aa?

Macaafni qulqulluun waa'ee bara dhumaat waan heedduu kan jedhu qaba. Hundumtuu barressaan macaafa qulqulluu bifa jechuu danda'auun waa'ee raajii bara dhumaat qabateera. Isaan kana hundumaa rajiiwaan fudhatee ijaaruun rakkisaa ta'uu danda'a. itti fufee kan ilaale baay'ee gabaabaa kan ta'ee kan walitti qabateedha, macaafni qulqulluun

waa'ee bara dhumaat maaltuu akka ta'uu kan inni labse. Kristoos immoo amantoota dhalatan hundumaa biyya lafaa irraa ni fudhata, butamuu dhugaan jedhamuu (Teso4:10-18, 1ffaa Qoro 15:51-54). Teessoo firdii Kristoos durattt amantootni kun ni badhaafamu, waa'ee hojji gaarii isaanitiif waa'ee amanamummaa tajaajila isaanii, yeroo lafa irra turanitti, yookaan hin



badhafaman, garuu jirenya bara baraa miti, tajaajilaa fi hiri'ana aboomamuuti (1ffaa Qoro 3:11-15, 2ffaa Qoro 5:10).

Mormitun Kristoos (bineensichii) gara taayitaatti dhufa, Israa'eeli wajjininis wagga torbaf kakuu gala (Daani 9:27). Yeroon wagga torbaa kun "rakkina isa guddaa jedhamuudhaan beekama. Yeroo rakkina isa guddaa kanatti lolli sodaachisaa ta'ee ni geggeefama, beela, dha'ichaa fi badiisa uumamaa. Waaqayyoo cubbuudhaan, hameenyaani, fi hameenya irratti dheekamsa isaa dhangalaasa. Rakkinnichi, mul'ata irra kan jiru abbaa fardaa afran, fi mallattoo torban, malakata, fi firdii kan argisiisuu ta'ii of keessatti qabata.

Adeemsa wagga torbaa walakeessa irratti, mormituun kristoos Israa'eloota wajjin kakuu galee diiguudhaan warana adeemsiisa. Mormituun Kristoos "xuraa'ummaa badiisaa", raawwata fakkii mataa isaa tolchee mana qulqulluummaa Yerusaaleem keessatti akka itti sagadamuu godha (Daani 9:27, 2ffaa Teso 2:3-10), innis lamaffaa kan ijaaramee dha. Lamaffaa kan

giduu galeessa rakkina "rakkina isa guddaa" jedhamuudhaan beekama (Mul. 7:14) fi "yeroo rakkina Yaaqoob" (Ermi. 30:7).

Dhuma rakkina wagga torbaa irratti, mormituun Kristoos Yerusaalem irratti lola isaa isa dhuma ni bana, lola harmaageedoona isa dhuma. Yesus Kristoos ni deebi'aa mormituun Kristoosii fi loltoota isaa ni balleessa, gara galana ibidaatti ni gata (Mul'. 19:11-21). Isa booda Kristoos xilquuti seexana wagga kuma tokkoof ni hidha, yeroo wagga kuma kanaatti lafa irratti motuummaan isaa ni bita (Mul. 20:1-6). Dhuma wagga kuma tokkoo irratti seexanni nii hiikama, ammas ni mo'ama, achi irraas gara gaanaab ibiddaatti ni gatama (Mul. 20:7-10) barabaraan. Achi irraas warra hin amaniin hundumaa irratti ni farada (Mul. 20:10-15) teessoo firdii adii guddaa irra taa'ee gara galana abiddaatti isaan gata. Achi irraas Kristoos samii haaraadhaa fi ardi haaraa Yerusaaleem ishee haaraatti ni tajaajila bakka mana amantootaa bara baraa. Sana booda cubbuun hin jiru, gaddi, yookaan du'ii (Mul. 21-22).

### 13.2. Mallatoon bara dhuma maalii dhaa?

Maati 24:5-8 barri dhuma ga'uu isaatiif kan argisiisuu waan xiqqoo mul'atuu nuuf kenna, "baay'een isaanii, ani Kristoos jechaa maqaa kootiin dhufu, baay'ees ni dogogorsuu. Lolaa fi oduu lolaa akka dhageessan isaanin jedhe, kun ta'un dirqama eegaadhaa, hin na'inaa, haa ta'uu malee dhumnii amma iyuu sichi. Sabni saba irratti mootummaan mootummaa irratti ka'aa, beelli dha'ichi raafamni lafaa bakka adda addaatti ta'a."

Raajjii sobaan dabalaan dhufuun isaa, lollii dabalaan dhufuun isaa, fi beellii dabalaan dhufuun isaa, dha'ichaa fi balaan uumamaa mallattoo bara dhuma kanaati. Dubbifama kanaan of eegachiisa nuuf laata: akka hin dogogoree, sababii isaa mallatoon kun jalqaba dhiphinaati dhumnii sichii dhufa. Hiiktooni tpkko tokkoo akka argisisanitti tokkoon tokkoon sochiin lafaa, tokkoon tokkoon tasgabaa'uu dhabuu siyaasaa, fi Israa'el irra kan ga'uu tokkoon tokkoon

waraanaa barrii dhumaan ariitiidhaan ga'aa akka jiru mallatto mirkanaa'u dha. Haallii dhuma baraa ga'uun yeroo argisiisuu, isaan barrii dhumaan ga'eera jechuudhaani kan argisian ta'uu dhiisuu danda'u. Ergamaan Phaawuloos akka inni nu akeekachiisuutti guyyaa dhumaatti barumsi sobaa dabalaan dhufa. "Afurri garuu, mul'inatti, guyyaa bara dhumaatti kan dogogoran tokko tokkoo afurrii fi of arguu dhabuu sobdootaatiin barumsi afuura seexanaan kennamuu dhageefachaa, amantaa ganuu jedha" (1ffaa Ximoo 4:1). Guyyaan dhumaan "guyyaa mudamaa" jedhamuudhaan beekama, hameenyi namaa

dabalaan dhufuu saatif namoonni "dhugaa mormuu isaaniitiin" sababa (2ffaa Ximoo 3:1-9, akkasumas 1ffaa Teso 2:3 ilaali).

Kan biraan mallattoon yaadamu kan inni of keessatti qabatuu manni ququlluummaa Yihudootaa Yerusaaleemitti deebi'ee ijaaramuu isaa yeroo ta'uu, innis Israa'el irratti dinuummaa dabala, mootummaa addunyaa tokko dhaabuu duukaa bu'e.

### 13.3. Butamuun waldaa kiristaanaa maalii dhaa?

"Butamuu" jechi jedhuu macaafa qulqulluu keessatti hin argamu. Ta'us yaad-rimeen butamuu qulqulluu sagalee isaa ifatti barsiseera. Butamuun waldaa kiristaanaa, Waaqayyoo amantoota hundumaa lafa irraa haala fudhatuu dha, murtii tolaa isaa lafa irratti dhangalaasuu isaa fuuldura karaa isaa kan wal qixeessu, yeroo rakkina isa guddaatti butamuun dursa kan ibsame 1ffaa Teso 4:13-18 fi 1Qoro 15:50-54 irratti dha.

Ta'us, baay'ee mallattoon bara dhumaan inni guddaan mootummaa Israa'elitti. Bara 1948 Israa'el akka mootummaa of danda'ee tokkootti beekamtti argate, irra guddeessa bara haraaraa 70 asitti yeroo jalqabaatiif. Waaqayyoo Abrahamiif kakuu akka galeetti, sanyiin isaa Kana'aaniin akka "dhaala bara baraa" akka dhaalan (Uuma. 17:8), Hisqeelis waa'ee Israa'eel haaromsa foonii fi afuuraa raajeera (Hisq boqonnaa 37).

Isiraa'eel lafa mataa isaa irratti mootummaa akka dhaabbatuu akka raajii bara dhumaatti isa guddaa dha, haala bara dhumaan Israa'eel wajjin wal qabachuu irraa kan ka'e (Daani. 10:14, 11:41, Mul.11:8). Milikita kanaan tilmaama keessa galchuudhaan, abshaalaa fi hubatoo ta'uu dandeensa, abdi baraa dhumaan kan ilalate. Ta'us isaan haaloota adda addaan hiikuun nurra hin jiraatu, raawwiin bara dhumaan ga'uu isaa ifatti akka argisian goone. Waaqayyoo ragaa ga'aa nuu laateera, qophaa'u ni dandeensa, kan waamamneefis akkas akka taanuuf.

Waaqayyoo amantoota du'an hundumaa ni kaasa, qaama ulfinaa itti uwvisa, lafa irraas isaan fudhata, jireenyatti amantoota jiraatani wajjin isaan immoo yeroo sanatti qaamni ulfina qabeessii kan isaaniif kennamu. "Gooftaa mataan isaa ajajaan sagalee angafa ergamootaatiin malakatni Waaqayyoo waaqa irraa gadi bu'a, Kristoositti kan du'an dursani ka'u, isa booddee nuyii jiraatoo taanee kan hafne, Gooftaa qilleensa irratti simachuudhaaf isaani wajjin duumessa keessa butamna, akkuma kana yeroo

hundumaa gooftaa wajjin nii taana” (1Teso 4:16-17).

Butamuun amaluma isaatu libsuu ijaatti ta’ a yeroo sanattis qaama ulfina qabeessa fudhanna. “Egaa dhoksa tokkoo isinittan hima hundumti keenya hin duunu malakani inni dhuma yeroo afuufamuu hundumti keenya libsuu ijaatti ni jijjiramna, malakatni ni afuufama warri du’anis kan hin totore ta’ani ni ka’uu nuyiis ni jijjiramna” (1Qoro 15:51-52). Butamuun hundumti keenya

abdiidhaan eeguun kan nurra jiraatuu dhugaa ulfina qabeessa dhuma irraattis cubbuu irra walaba baana. Argamuu Waaqayyoo wajjin bara baraan nii taana. Wal falmii baay’ee wal hiikuu butamuu irraa fi haala bal’ina isaatiin geggeefameera. Kun yaada Waaqayyoo miti. Caalaadhumatti, butamuu kan ilalatee, Waaqayyo “wali walii keenya sagalee kanaan akka wal jajjabeesinu barbaada”, (1Teso 4:18).

### **13.4. Rakkinni inni guddaan maalii dhaa? Rakkinni inni guddaan waggaan torbatti xumuramuu isaa atamitti beeknaa?**

Rakkinni guddaan yeroo waggaan torban dhufuu Waaqayyoo Isra’eeliin kan adabuu fi Addunyaa hin amane firdii isaanii kan itti xumuruudha. waldaan kristaanaa isheenis Gooftaa Yesuus Kristoositti qaama isaatti fi hojii isaatti kan amananiin kan ijaaramte, adaba cubbuu irraa fayyuudhaaf, yeroo rakkina isa guddaatti hin jiraatan. Waldaan kristaanaa addunyaa kana irraa ni fudhatamti, butamuu jedhamee dhugaan beekamuu (1ffaa Teso 4:13-18, 1ffaa Qoro 15:51-53). Waldaan kiristaanaa dheekamsa dhufu jalaa ni eegamti (1ffaa Teso 5:9). Qulqulluu sagalee isaa hundumaa irratti, rakkinni inni guddaan maqoota biraadhaan ni heerama, fakkeenyummaadhaanis guyyaan gooftaa (Isaa 2:12, 13:6-9, Iyu 1:15, 2:1-31, 3:14, 1ffaa Teso 5:2), rakkina yookaan rakkina isa guddaa (keessa deebii 4:30, Sefoo 1:1), rakkina isa guddaa, innis baay’ee kan hamaatuu kan yeroo waggaan torbaa giddu galeessa lamaffaatti kan argisiisu (Maati 24:21), yeroo rakkinaa yookaan guyyaa (Daani 12:1, Sefoo 1:15), yeroon rakkina Yaaqoob (Ermi 30:7).

Daani’eel 9:24-27 hubachuun barbaachiisaa dha, yeroo rakkinichaati fi kaayyoo isaa hubachuudhaaf. Dubbifamni kun waa’ee torban 70 dubbata, “saba kan kee” mormuudhaan kan jedhuun kan labasame. Sabni Daani’eel Yihudoota, saba Israa’el, akkasumas Daani 9:24 yeroo inni dubbatuu Waaqayyo kan isaaf kennee, “hameenya haa xumuruu, cubbus haa raawwatuu, yakkas haraara haa godhu, tola bara baraasi haa seensisuu, mul’ataa fi raajii haa maxansuu, qulqulluu qulqullootaas akka muuduuf.” Waaqayyo “waa’ee subaa’ee torbaatamaa” kan inni labsee wantoota kana hundumaa xumuruudhaaf. Kun kan waggoota torbaatamii torbaati, yookaan 490. “Hiiki tokko tokkoo kan inni argisiisu kan waggoota torban torbaatama.” Kun kan biraadhaan kan dubbifama kutaa kanaa mirkanefameera, Daani’eel irratti. Lakk.25 fi 26, Daani’eel kan dubbatee Masihiin akka ajeefamuu dha, “kan torbaa torbaawwani fi torbawwan jaatami lama”, (walumaa galatti 69), Yerusaaleemin immoo ijaarudhaaf labsii erga baasee booda. Ibsa biraatiin, waggooti torbawwan 69 (waggoota 483) Yerusaaleemiin immoo ijaaruudhaaf labsii

erga baasee booda, Masihiin ni qalama. Barreesitootni seena macaafa qulqulluu akka mirkaneesanitti waggoota 483 darbaniiru Yerusaaleemiin immoo ijaaruudhaaf yeroo jiruu fi hanga Yesus Kristoos fannifamutti. Baay'een beektootni kiristaanootaa, ilaalchi isaani bara dhumaa (wantoota dhufan/haallonni), hubannoo olitti ilaalee qabu, Daani'eel irratti 77 irratti.

Waggoota 483 akka darban, Yerusaaleemiin immoo ijaaruudhaaf labsi baasee fi hanga du'a Masihitti kun kan yeroo waggaa torba tokkootti, Akka Daani 9:24tti raawwachuuuf: "Hameenya ha fixu, cubbus haa raawwatu, yakkas haa haraarsu, tola bara baraas haa seensisu, mul'ataa fi raajii haa maxansu, qulqulluu qulqullootaas akka dibu." Kun kan yeroo waggaa torba isa dhumaa yeroo rakkina guddaa jedhame beekama\_ innis Waaqayyoo Israa'eeliin sababa cubbuu isaatiif adabuu isaa yeroo xumuruu dha.

Daaniel 9:26 ibsa muraasa laata, waa'ee yeroo rakkinaa waggaa torbaa: "innis namoota heedduu wajjin kakuu cimaa subaa'ee tokkoof godha walakeessa subaa'echaatti aarsaa isatii fi kennaqulqulluu isaa ni anbisa fiikee wanta xurawwaa sana irratti inni balleessu ni dhufa hanga guyyaa raawwata murtaa'ee sanatti dha'ichi isa balleessu sana irratti ni dhangala'a." laccoofsi kun namni inni itti dubbatuu, Yesuus "xuraa'ummaa badiisaa kan fiduu" kan jedhe dha (Maat 24:15) akkasumas "bineensichii" jedhee waama, Mul'ata 13 irratti. Daani'eel 9:27 kan jedhui bineensichii waggoota torbaaf kakuu godha, garuu torban kana gidduutti (lakk.31/2 waggoota gara rakkinaatti), kakuu isaa diiga,

aarsaa isaa anbisuudhaan. Mul'ati 13 kan inni ibsuu bineensichi fakkii mataa isaa mana qulqulluummaa keessatti akka inni bocuu dha addunyaa martinuu akka sagaduuf ni gaaffata. Mul'atni 13:5 kan jedhui kun ji'ota 42f akka itti fufuudha, innis wagga 3 1/2. Daani'eel 9:27 kan inni jedhui kun kan ta'uu torban gidduutti, Mul'ata 13:5 kan jedhus bineensichii kana ji'ota afurtamii lamaaf akka godhuu dha, dheerinni wali gala yeroo ji'ota 84 yookaan wagga torba ta'uu isaa salphaatti ilaaluun ni danda'ama. Daani'eel 7:25 immoo ilaala, "hangaa baraa fi barootatti hanga walakaa baraatti" (bara=wagga 1, baroota=wagga lama, walakaa baraa=wagga ½, walummaa gala wagga 3 ½) akkasumas "rakkina isa guddaa" ilaala, kan waggoota torbaa walakeessa bara rakkinaa isa dhumaa, bineensichi taayita irra yeroo ta'u.

Rakkina isa guddaadhaa fi waabiin dabalataa Mul'ata 11:2-3, innis waa'ee guyyaa 1260 fi baatii 42 fi Daani'eel 12:11-12, innis guyyaa 1290 fi guyyaa 1335 kan inni dubbatu. Guyyootni kun kan rakkinnicha isa guddaa tuqaa isa giddugaleessa argisiisu. Daani'eel 12 irratti guyyootni dabalataa tarii firdii uummataa of keessatti qabachuu danda'a (Maati 25:31-46) fi mootummaa wagga kumaa Kristoos yoomii fi eessa (Mul.20:4-6).

### **13.5. Butamuun yoom kan ta'uu, yeroo rakkina guddaa wajjin kan wal qabatee dhaa?**

Dhimmi butamuu yeroo rakkina isa guddaa wajjin kan wal qabatee akkuma keenya baay'ee dhimma waliin dha'aama dha, har'a waldaa kiristaanaatti. Ilaalchi gurguddaan sadanuu dursa rakkina isa guddaatti (rakkina isa guddaa fuula dura butamuu ta'u), giddu galeessa rakkina isa guddaatti (gidduu rakkina guddaatti yookaan naannoo sanatti kan ta'uu rakkina isa guddaa), fi rakkina isa guddaa booda (dhuma rakkina isa guddaa irratti butamuu ta'u) dha. Ilaalchi arfaffaan dheekamsa dura kan jedhuun beekama, kunnis ejennoo ilaalcha giddu galeessa rakkina isa guddaa irraa fooya'iinsa xiqqoo qaba.Jalqaba, kaayyoo rakkinnichaa hubachuun faayida qabeessa. Kan akka Daani'eel 9:27 subaa'ee "torba" (waggaa torba), kunnis, sichi kan dhufuu dha. Wali gala raajii Daani'eel, kan torbaatami torbaa (Daani. 9:22-27) kan inni dubbatuu waa'ee saba Isiraa'elitti. Innis Waaqayyo xiyaafannaas isaa keessumatti Israa'el irratti yeroo

godhuudha. Rakkinni subaa'ee torbaa dirqamatti ta'uu kan qabuu Waaqayyoo Israa'eeli wajjin keessumatti kan inni godhuudha. Kana jechuun waldaan kiristaanaa hin jiraattu jechuu hin ilaalatu, waldaan kiristaanaa yeroo sanatti lafa irra jiraachuu ishee gaaffii kaassa malee.

Dubbafamni dursa butamuu qulqulluu sagalee isaa keessatti 1ffaa Teso 4:13-18tti.

Innis cimsa kan inni itti laatuu amantoota lubbuun jiraatan hundumaa, amantoota du'anii wajjuin, gooftaa Yesuusiin qilleensa irratti akka simatan bara baraan isaa wajjin akka ta'anii dha. Butamuun Waaqayyoo saba mataa isaa lafa irraa kan fudhatuu dha. Lakkofsa muraasa booda, 1ffaa Teso 5:9, Phaawuloosakkana jedha, "Waaqayyoo dheekamsaaf nu hin fillanee hoo, haa ta'uu malee fayyisuu Gooftaa keenya Yesuus Kristoos fudhachuuf malee." Macaafni mul'ataa dursuudhaan waa'ee rakkina isa guddaa yeroo isaati fi sa'aa isaa dursee kan dubbate, ergaa raajiiti, Waaqayyo dheekamsa isaa lafa irratti akkamitti akka dhangalaasu, yeroo rakkinaatti. Innis kan wal hin simne fakkaata, Waaqayyo amantoota dheekamsa isaa akka hin fudhanneef itti fufees rakkina isa guddaadhaan akka dhiphataniif lafa irratti kan isaan dhiisu. Dhugaan isaa Waaqayyo kiristaanoota dheekamsa irraa oolchuudhaaf abdiin inni kenne gabaabaatti saba mata isaa lafa irraa fudhachuudhaaf kakuu kan inni galee wantoota lamaan sana wal qabsifamee adeemsisuun ta'a.

Kan biraan yeroon butamuu keeyyatni murteessan Mul'ata 3:10 dha, kunnis Kristoos amantoota "yeroo qoramsaatti" oolchuudhaaf kakuu kan galee, lafa irratti ta'uudhaaf kan jiru. Kun ta'uu kan danda'uu wantoota lama. Tokkoo, Kristoos amantoota qormaata giddutti eeguu danda'uu isaa yookaan amantoota qormaata gidduu dhaa baasuu danda'uu isaa.

Lamaanuu hiika dhugaa qaba hiikii Girikii “irraa” kan ka’e. Ta’us, amantoota maal irraaa akka eegaman abdii akka kennee hubachuun faayida qabeessa. Inni qormaata qofa miti, garuu qormaata “sa’ati” dha. Kristoos amantoota eeguudhaaf kakuu galeera, qormaata yoo qabaataan yeroo fi sa’ati ta’uu, innis rakkina isa guddaa jedhamee kan beekamu. Kaayyoon rakkina isa guddaa, kaayyoo butamuu, 1ffaa Teso

5:9 hiikuu, fi Mul. 3:10 hiika hundumaa ifa kan ta’ee degersaa isaani kennuu kan ejjeennoo dursa rakkina isa guddaatiif. Macaafni qulqulluun akkuma jirutti fi dhaabbataatti yoo hiikamee, ejjeennoo dursa rakkina isa guddaa baay’ee kan fooyee qabuu hiika ka’umsa macaafa qulqulluu kan qabuu dha.

### 13.6. Deebi’ee dhufuun Yesus Kristoos maalii?

Deebii’ee dhufuun Yesus Kristoos abdii amantootaati, Waaqayyoo waan hundumaa kan ittiin to’atuu innis amanamaa dha abdii isaatii fi sagalee raajii isaa kan jiraniif, yeroo jalqabaa dhufaatiin isaa, Yesus Kristoos gara ardiin kan dhufee akka daa’imaan ta’ee dallaa Beetelem keessatti dha akkuma raajame. Yesus baay’inaan waa’ee Masihi raajii dubbataman raawwateera, yeroo dhalateetti, jireenyatti yeroo tureetti, tajaajila isaatti, du’aa isaatii fi du’aa ka’uu isaa. Ta’us, raajiin tokko tokkoo jiru, Masihi kan ilaalatee Yesus amma iyyuu kan hin raawwanne. Deebi’ee dhufuun Yesus Kristoos deebi’uu Kristoos ta’aa, raajii hafan raawwachuudhaaf. Dhufaatti isaa jalqabaatti, Yesus tajaajila rakkina fudhate ture. Lamaffa dhufuu isaatti, Yesus mootii mo’uu ta’aa. dhufaatti isaa jalqabaa, Yesus baay’ee gadi of qabuudhaan haalaa ta’eeni dha. Lamaffaa deebi’uu isaati, Yesus loltuu waaqa irraa cina isaa hiiriirseeti kan inni dhufu. Raajoonni kakuu moofaa garagarummaa kana ifatti hin teesifne, dhufaatti isaa lamaan gidduu garagarummaa jiru. Kunnis Isaayaas 7:14, 9:6-7 fi Zaka. 14:4 irratti argama.

Raajiin isaa waa’ee namoota lama kan dubbatan fakkaachuu isaa irraa kan ka’e, beektootni Yihudootaa baay’een, Masihiin rakkina fudhatuu fi Masihiin mo’ichaa laman isaani iyyuu ni jiraatuu jedhani amanu. Wanti isaan hin hubanne yoo jiraatee Masihiin tokkoo akka jiraatuu fi wantoota lamanuu kan godhuu ta’uu isaati. Yesus Masihi rakkina fudhatu ta’ee raawwateera (Isaa boqonnaa 53) dhufaati isaa jalqabaati. Yesus fayyisummaa Israa’eel gahee mootummaa isaa kan inni taphatuu deebi’ee lamaffaa dhufuu isaatin raawwata. Zaka. 12:10 fi Mul. 1:7 waa’ee deebi’ee dhufuu isaati kan ibsanii dha, Yesus kan waraaname ta’uu isaa irra deebi’ee heeruudhaan. Israa’eeli fi addunyaa martinuu ni gaddu, Masihicha dhufaati isaa jalqabaatti waan hin fudhaneef.

Yesus gara waaqaatti erga ol ba’ee boodee Maleekaan ergamaatti labseera “yaa namoota Galiilaa’ jedhan, ‘gara Waaqaatti ilaalaan maaliif as dhaabbattuu? Inni gara samitti ol fudhatamee Yesuus kun, gara samiitti osoo ol udhatamuu akkuma ilaaltan kana deebi’ee dhufa” (Hoji’erga 1:11). Zakaariyaas 14:4 bakka deebi’ee dhufuu

isaati ibsa, Dabra Zayit ta'uu isaa. Maatihos 24:30 ni labsa, "yeroo sanatti ilmi namaa mallattoon isaa samii irratti ni mul'ata, yeroo sanatti namootni lafa irraa hundumtuu ni wawatuu jedha, ilmi namaas humnaa fi hulfinha baay'eedhaan duumessa Waqaatiin osoo dhufuu ni ilaalu." Tiito 2:13 deebi'ee dhufuu isaa "mul'achuu ulfinaa" akka ta'e ibsa.

Deebi'ee dhufuu isaa haala baay'ee ibsameen kan mul'ate mul'ata 19:11-16 irratti, "samiinis banameen arge, farda adiin arge, inni irra taa'ees amanamaadhaa fi dhugaa jedhama, tolaanis ni farada ni waraanas. Iji isaas akka araba abidaati, mataa isaa irras gonfoo hedduun jiru, isa malee tokko illee kan hin beekne maqaan barreefame qaba, dhiigii kan itti facaafamee

### **13.7. Bara mootummaa wagga kumaa jechuun maal jechuu dhaa, isas akkuma jirutti hubachuun nu irra jiraataa?**

Barri mootummaa wagga kumaa mata dureen kan kennamee Yesuus Kristoos biyya lafaa irratti kan inni bituu wagga kuma tokko. Namootni tokko tokkoo wagga kuma tokkoo fakkeinya jecha dhokkataatiin hiikuu barbaadu. Warri tokko tokkoo wagga kuma kan isaan hubatan irra caalaan isaani jecha dhokkataadhaan, "yeroo dheeraa ta'ee" akkuma jirutti kan hin taane, fooniin Yesuus Kristoos biyya lafaa irratti akka bitu kan jiru. Ta'us Mul. 20:2-7 irratti, yeroo ja'a bara wagga kumaa adda ba'ee wagga kuma akka ta'uu ibsameera. Waaqayoo yeroo dheera ta'ee kan jedhu argisiisuu yoo barbaadee, salphaatti gochuu danda'a ture, adda baase fi irra deddeebi'ee yeroo sirri ta'ee dubbachuu caalaa.

huccuu ufateera, maqaan isaas sagallee Waaqayyoo jedhameera. Loltuun waqa keessa immoo uffata quncoo talbaa adii fi qulla'a uffatani fardeen adadii irra ta'aani isa duukaa in bu'an. Afaan isaa keessaa bil'aa qara lamaa isa inni ittin saba Waaqayyoo warra hin ta'iin rukkututu ba'e, inni ofi isaati saba sana siiqee sibilaatiin ni tiksa, inni ofi isaatti iddo cuunfaa waayini dheekaamsa soodaachiisaa, isa kan Waaqayyoo hundumaa danda'uudhidihiituu jira. Uffata isaa irratti gudeeda isaa irratti kan barrefame. Mooti moototaa fi goofta gooftootaa maqaa jedhu qaba."

Macaafni qulqulluun kan nutti himuu Yesuus Kristoos gara biyya lafaatti yeroo deebi'uu Yerusaaleemitti akka mo'uudha, teessoo Daawit irras ni taa'a (Luqaas 1:32-33). Kakuu haaraa kan hin taanee akkuma jirutti kan ta'e, qaamaan deebi'uu Kristoos ni argisiisa, mootummaa isaa dhaabuudhaaf. Kakuu Abirahaam Isra'eeliif lafa abdii kenneeraaf, dhaloota dhufuu bituu, fi eeba afuuraa (Uum. 12:1-3). Kakuun Filisxeem Israa'eliif abdii kenneera, gara lafa isaatti deebi'uudhaafi laficha (Keessa deebii 30:1-10). Abdiin Daawiti Israa'elootaaf araara abdii kenneeraaf jechuun ormoota haala eebbisaniin (Ermi.31:31-34).

Akkasumas deebii isaa, kakuuwwan kun raawwatama argatu, Israa'eloonni hawaasi hundumaa yeroo walitti qabamuu (Mat. 24:31), kan jijiiraman (Zaka 12:10-14), fi gara biyya isaanitti ni deebi'u Masihiidhaan geggeessuu Kristoositiin. Macaafni qulqulluun yeroo bar-kumeetti haala ni ibsa raawwatee kan ta'ee kara fooniitii fi afuuraatiin akka ta'u. Yeroo nagaa ta'a (Miiki 4:2-4, Isaa 32:17-18), gammachuu (Isaa 61:7, 10) mijataa (Isaa 40:1-2), tokkoo illee hiyyummaadhaa fi dhukkubii hin jiraatu (Amos 9:13-15, Iyuu 2:28-29). Macaafni qulqulluun dabalee amantootni qofti gara mootummaa bar-kumeetti akka galan nutti dubbata. Sababa kanaatiin raawwatee yeroon tolaa ni ta'a (Mati 25:37, Faarf. 24:3-4) ajajamuu (Ermi. 31:33) qulqulluummaa (Isaa 35:8), dhugaa (Isaa 65:16), fi guutamuu afuura qulqulluu (Iyuu 2:28-29). Kristoos akka mootiittii ni bita

(Isaa 9:3-7, 11:1-10) Daawitii wajjin akka bituutti (Ermi 33:15-21). Kan ulfaatanii fi geggesitootas immoo ni bituu (Isaa 32:1, Maati 19:28), Yerusaaleemis giddu galleessa siyaasaa taati (Zaka. 8:3).

Mul'ata 20:2-7 mootummaa bar- kumee yeroo sirri ta'ee argisiisa. Jechoota kanaa alas, kan biroo hedduun Masihiin lafa irratti mo'uu isaa kan argisan akkuma jirutti kan taa'aan jiru. Baay'een isaani kakuu fi abdiin Waaqayyoo akkuma jirutti raawwiin isaanii, qaamaan, mootummaa dhufu irratti buufata. Mootummaa bar-kumee fi innis kan yeroo waggaan kumaa ta'uu isaa kan jedhu hiika akkuma jirutti fudhachuu dhiisuu kan dandeesisuu tokko illee ka'umsi qabatamaa ta'e hin jiru.

## **Waa'ee Waldaa Kiristaanaa**

### **14.1. Waldaan kiristaanaa maalii dha?**

Namoonnii baay'een har'a waldaa kiristaanaa kan hubatan akka gamootti. Kun kan macaafa qulqulluu hubannoo waldaa kiristaanaa miti. "Waldaan kiristaanaa" jechii jedhuu kan inni dhufee Ekklesia jecha Girikii jedhuu irraa yeroo ta'uu, hiikii isaas "wal ga'ii" yookaan "kan waamaman" jechuu dha. Hundeen hiika waldaa kiristaanaa jedhuu waa'ee gamoo miti waa'ee namaati male. Inni ubbii dhokataa kan ta'e qaba jechuun namoonni waldaa kiristaanaa kamiin akka hirmaatan yemmuu gaafatan, irra deddeebi'anii kan isaan ibsan gamoo sana. Roomee 16:5akkana jedha "...waldaan kiristaanaa mana isaani jirtuuf nagaa naa dhi'eesaa." Phaawolos kan inni heeruu waldaa mana isaani jirtuu dha-gamoo waldaa kiristaanaa osoo hin taanee, qaama amantootaa malee.

Waldaan kiristaanaa qaama Kristoosiiti, innis mataa kan ta'eef. Efe. 1:22-23, "hundumaas miila isaa jalatti bichisiseef hundummaa olis mataa akka ta'uu waldaa kiristaanaatiif kenne. Isheen qaama isaatii fi hundumaa hundumaan kan guutuu guutummaa isaati." Qaami Kristoos amantoota Yesuus kristoos hundumaatiin kan hojjetamee dha, guyyaa Phenxeqosxeetti ka'ee (Hoji.Erg. 2) amma Kristoos dhufutti.

❖ *Qaami Kristoos roga lama irraa hojjetame.*

(1) Waldaa kiristaanaa walii galaa, Kristoosi wajjin walitti dhufeenza dhuunfaa kan qaban hundumaa kan of keessatti qabate. "Yihudotas yoo taanee namoota Girikootaas yoo taanee garbootas yoo taanee birmadus nuyii hundumti keenyaa afuura tokkoof qaama tokkoo akka taanuf cuubamneera. Hundumti keenya afuura tokkoo dhugneera (1ffa Qro 12:13). Lakkoofsi kun kan inni jedhuu amanaan kam iyyuu qaama Kristoos ta'uu isaa fi afuura Kristoos akka ragaatti fudhachuu isaati. Waldaan kiristaanaa Waaqayyoo isheen walii galaa Kristoos Yesuusitti amanuudhaan fayyina kaan fudhatan hundumaati.

(2) Waldoota kiristaanaati Galaa 1:1-2 irratti ibsamteeti "Phaawulos, ergamaa... fi obboloota naa wajjin jiraataan, waldoota kiristaanaaGalaatiyaa jiraatan." Asitti kan nuyii arginuu godina Galaalatiyaatti waldootni kiristaanaa hedduun akka jiranidha\_ waldooto kristaanaa jennee kan nuyii waamnu. Waldaan kiristaanaa Paapistii, waldaa kiristaanaa Luutiraan, waldaa kiristaanaa Kaatolikii k.k.f... waldaa kiristaanaa miti, akka waldaa kiristaanaa ishee walii gala\_ haa ta'ee malee waldoota kiristaanaati, qaama waldoota amantootaa. Waldootni kiristaanaa wali gala kan isheen irraa hojeeetamtee isaan kan Kristoos ta'an kanaaf fayyinaaf isa kan ammananii dha.

Isaan miseensi waldoota kiristaanaa wali gala tokkummaa waldoota kiristaanaa irraa gochuu fi qulqulla'uutu irraa eegama. Walitti qabaatti, waldaan kiristaanaa gamoo yookaan kutaa amantaa miti. Akka macaafa qulqulluutti waldaan kiristaanaa qaama Kristoos- fayyinaa fi Gooftaa Yesuus Kristoos irra amantaa isaani kan kaawatanii dha (Yoha. 3:16, 1ffaa Qoro. 12:13).

Waldootni kiristaanaa miseensa waldaa kiristaanaa wali galaa walitti qabama isaanitti.

Waldootni kiristaanaa miseensa waldaa kiristaanaa wali gala guutummaatti "kan qaama isaatii" geggeefama isaa kan hojii irra oolchanii dha, 1ffaa Qoro 12 irratti kan jiru, jajjabeessuu, barsiisuu fi wali walii ijaaru, beekumsaa fi ayyana Gooftaa Yesuusin.

#### **14.2. Kaayyoon waldaa kiristaanaa maalii?**

Hoji.erg. 2:42 kaayyoon waldaa kiristaanaa kan ta'ee ibsa godhamee fudhatamuu danda'a "barsiisa ergamootaati fi tokkummaadhaan buddena cabsachuutti kadhatattiis in jabaatu turan."

❖ Akka lakk. Kanaatti, kaayyoon waldaa kiristaanaa/gocha ta'uun kan irra jiraatu:

- 1) Doktiriniin macaafa qulqulluu barsiisa
- 2) Tokkummaa amantootaatiif bakka kenuudhaan
- 3) Hirbaata gooftaa qopheessuu
- 4) Kadbachuu dha.

Waldaan kiristaanaa doktirinnii macaafa qululluu yeroo nu barsiiftuu amantii keenyatti hidda gadi fageefachaa deemna. Efe 4:14 nutti hima. "Akka dogogoraati hameenya gowomsaa of keessaa qabuu sababa gowoomsaa namaatiin qilleensa barumsaa hundumaatiin asiif achii raafamaa daa'ima ta'uun gara fuula duratti nurra hin jiraatu."

Waldaan kiristaanaa bakka tokkummaa ta'u qabdi. Achittis kiristaanonnii wali wali isaanitif kan kennanii fi wali wali isaanii kan kabajan (Room. 12:0) wali walii isaanii kan hifatan (Room. 15:14), walii walii isanii gaarummaadhaa fi gara laafummaa kan argisiisan (Efe. 4:32), wali walii isaanii kan jajjabeessan (1ffaa Teso 5:11), akkasumas baay'ee kan fayyaduu wali walii isaanii jaallachuudha (1ffaa Yoha 3:11).

Waldaan kiristaanaa amantootni hirbaatni gooftaa bakka itti qoodatan ta'uu qaba, bakka keenya Kristoof dhiiga isaa dhingalaasuu isaatii fi du'a isaa yaadachuudhaaf (1ffaa Qoro 11:23-26). "Buddeen cabsachuu" yaad-rimeen isaa (Hoji erg. 2:22) wali wajjiin nyaachuu yaada jedhuu qabatee jira. Kunnis fakkeenya isa jalqabaati, waldaan kiristaanaa tokkumma kan isheen ittiin guddiftu. Inni dhumaa kaayyoon walda kiristaanaa akka Hoji.erg. 2:42 kadbachuu dha. Waldaan kiristaanaa kadhata, kadhata barsiisuu fi, kadhata hojii irra ooluu gochuun bakka itti babalatuu dha. Filli 4:6-7 nu jajjabeessa, "Gooftaan dhi'oo dha.

Wanta hundumaaan kadhataa fi himata galataa wajjin Waaqayyoo biratti kadhata keessan beeksiisaa malee waa tokkotti iyyuu hin dhiphatinnaa. Sammuu hundummaa irra kan darbuu nagaan Waqayyoo laphee keessanii fi yaada keessan Kristoos Yesuusiin ni eegaa.” Kan biraan ergamni waldaan kiristaanaatiif kennamee karaa Yesus Kristoos kan jiruu wangeela fayyinaa labsuu dha (Maati 28:18-20. Haji.eg. 1:8). Waldaan kiristaanaa kan isheen waamamtee amanamtuu taatee wangeela dubbinis ta’e gochaan akka qooduu dha waldaan kiriataanaa hawaasichaa fi “Mana ifaa” ta’utuu irra jiraata, namoota gara gooftaa keenyaa fi fayyisaa keenyaa Yesuus Kristoositti argisisuudhaan. Waldaan kiristaanaa wangeela tamsasutu irra jiraata akkasumas miseensa isee wangeela akka tamsaasan qopheesutu irra jiraata (1ffaa Phexi 3:15).

Muraasa cuunfaa kaayyoo waldaan kiristaanaa Yaaq. 1:27 irratti kennameera “qulqulluu kan ta’ee mudaan kan hin qabne waaqefanna Waaqayyo abbaa biratti kana, maatii kan hin qabne ijoolleen abbaa manaa kan hin qabne rakkina isaanitti gaaffachuu,

### **Barbaachisummaan cuubbaa Kirstaanummaa maalii dha?**

Cuubbaan kiristaanumma, akkaataa Macaafa Qulqulluutti, jirenya amanataa tokkoo keessatti waanta alaan ta’e bakkeedhaan dhugaa ba’uudha. Cuubbaan kiristaanaa amantaan tokko kiristoosii wajjin du’u awwaalamuu fi du’aa ka’uu isaa agarsiisa.

xuraa’ummaa biyya lafaa irra jirutti qaama ofii eegachuu.” Waldaan kiristaanaa rakkina irra kan jiraataan gargaaruudhaan tajaajila hirmaachuun irra jiraata. Kunnis wangeela qoodachuu qofa miti haa ta’uu malee qaamaafis waan barbaachiisu kennutu irra jiraata (Nyaata, uffata, mana) akka barbaachisummaa isaati akka mijateetti. Waldaan kiristaanaa amantoota Kristoosiin ga’aa gochuun immoo irraa eegama cubbuun kan ittiin mo’amuu hidhannoo akkasumas xuraa’ummaa biyyaa lafaa irraa mudaan malee ta’uun akka eegaman. Kunnis kan inni godhamuu barumsa macaafa qulqulluutii fi tokkummaa Kristoosiin.

Kanaafis kaayyoon waldaan kiristaanaa maalii dhaa? Phaawulos amantoota Qorontosiif waan ajaa’ibsisa dha. Waldaan kiristaanaa harka Waaqayyo, afaan, fi miila, biyya lafaa kanatti qaamni Kristoos (1ffaa Qoro 12:12-27). Nuyii gochuun nurraa eegama Yesuus Kristoos fooniin biyya lafaa kana irraa osoo ta’ee jraatee godhaa kan ture. Waldaan kiristaanaa “Kristaanaa” “Kristoosiin fakkaachuu” akkasumas Kristoosiin duukaa bu’uutu irra jiraata.

Macaafni Qulqulluun, “yookiinis nuyi warri kiristoos Yesuusitti dabalamuudhaaf cuubaamne du’a isaatiinis isatti dabalamuudhaaf akka cuubamne ni walaltaniiree? Nuyi cuubamuudhaan du’a isaatti isatti dabalamnee isaa wajjin awwaalamneerra. Kiristoos humna abbaa isa ulfina qabeessaan warra du’an keessaa akkuma kaafame nuyis immoo jirenya haaraatti ni jiraanna” ni dubbata (Roomaa

6:3-4). Cuubbaa kiristaanaa keessatti, bishaan keessatti gadi lixuun Kiristoosii wajjin ddu'uu fi awwalamu akka fakkeenyatti agarsiisa. Bishaan keessaa ba'uun immoo du'aa kaafamuu Kiristoos agarsiisa.

❖ Cuubbaa kiristaanaa keessatti, namni sun utuu hin cuubamin dura waantonni lama barbaachisoodha:

1) namni cuubamu sun duraan Yesus Kiristoositti amanuu qaba.

2) namni sun cuubbaan maal akka agarsiisu beekuutu isa irra jira.

Namni tokko akka fayyisaa dhuunfaa isaatti Yesus Kiristoositti yoo amane, cuubbaan kiristaanaas sadarkaa namoota duratti Yesus

### **Waa'ee kurnaffaa baasuu kiristaanaa Macaafni Qulqulluun maal jedhaa?**

Kirstaanoni baay'een waa'ee dhimma kurnaffaa baasuutti ni rakkatu. Waldaalee tokko tokko keessatti kurnaffaa baasuunn baay'e irratti kan xiyyeefatamedha. Aluma tokkicha, kiristaanoni heedduun waa'ee Waaqayyoodhaaf kennaa kennuu isa kan Macaafa Qulqulluun jajjabeeffame kennuu didu. Kurnaffaan/kennaan dhugumaan gammachuuf eebba. Kan nama gaddisiisu, har'a alii alii inni waldaa keessatti kan dimma qabu miti. Kurnaffaan yaada Kakuu Moofaa ti.

Kiristoositti amanuu fi abboomamuu isaa ifatti namoota duratti labsu ta'uu isaa yoo hubate cuubamuudhaaf fedhii qabannaan, nama sana akka hin cuubmne kan isa dhowwu hin jiru.

Akkaataa Macaafa Qulqulluutti, cuubbaan kiristaana barbaachisaadha, sababni isaa inni sadarkaa abboomamuuti- amantii Kiristoos irratti ta'ee fi isaaf amanamummaa qabaachuu ifatti namoota duratti dubbachuu dha- du'a Kiristoos, awwalamuu isaa fi du'aa ka'uu isaa wajjin walii galuudha.

Kurnaffaan kan seerri nama gaaftu Israa'eelonnii kan argata keessa yookin guddisan keessaa dhibbeentaa 10 gara Mana Qulaullummaa/godoo qulqlaa'aatti kennaa turan (Seera Lewotaa 27:30; Seera Lakkofsaa 18:26; Seera Keessa debii 14:24; 2 Seenaa Baraa 31:5). Dhugumatti, seerri Kakuu Moofaa kurnaffaa si'a lama gaafaa kan walumaa galatti dhibbeentaa 23.3 ta'u gaafta, dhibbeentaa 10 miti isa bara keenyaatti walumaa galatti ammamtaa kurnaffaa ta'ee yaadamu. Kaan sirna arsaa Kakuu Moofaa keessatti kurnaffaa akka haala ashuraatti hubatu lubootaaf warra Lewotaatiif kan barbaachisu hundumaa guutuuf kan kennamutti.

Kakuu Haaraan kiristaanonne akka sirna kurnaffaa isa kan seeraatti qabaman bakka kamiinituu hin abboomu. Phaawloos mantoonni waldaa gargaaruudhaaf kan argatan irraa hamma yaadan akka kennan abbooma (1 Qorontoos 16:1-2). Kakuu Haaraa keessatti bakka kamiinituu namni tokko galii isaa irraa dhebbentaan akka kenuu kan ka'aame bakka kamiinuu hin jiru garuu "hamma walqixxaateef buusee walitti haa qabu" (1 Qorontoos 16:2) duwwaa jedha. Waldaalee kiristaanaa tokko tokko keessatti Kakuu Moofaa keessaa fakkeenyaa dhibbeentaa 10 fudhachuudhaa, kiristaanotaaf kennaa isaan keessatti "yoo xiqqate kan barbaachisu" akka ta'etti hojii irra oolchu. Kakuu Haaraan waa'ee dhimma barbaachisummaa fi eeba kennaan dubbata. Amma dandeenye kenuutu nurra jira. Alii

alii kennaan sun dhibbeentaa 10 oli; alii alii inni isaa gadis ta'uu danda'a. Hundi isaa kan inni irratti xiyyeffatu ammaam waldaa akka barbaachisuu fi amma dandeettii keenyaa irratti. Amntaan hunduu jdhimma kurnaffaa kenuu yookiin ammam akka kenuu jabeessee kadhachuu fi ogummaa Waaqayyoon gaafachuu qaba (Yaaqoob 1:5). Hundumaan oltti, kennaan hundinuu fi kurnaffaan kaka'umsa qulqulluu ta'e fi haala Waaqayyoon Waaqaeffachuutti fi dhagna Kiristoos yookiin waldaa tajaajiluudhaan kennamuu qaba. "Namni adduma addaan garaa duuba y ookiis giddiidhaan utuu hin ta'in, akka garaa isaatti murtoo godhetti kennutu isaaf ta'a Waaqayyo nama gammachuudhaan kenu ni jaal'ata" (2 Qorontoos 9:7).

### **Hirbaatni gooftaa faayidaan isaa maalii dhaa/hirbaatni qulqullun kiritanootaas?**

Hirbaatni qulqulluun gooftaa qayyabanna shaakala lubbuu kakaasuudha, sababa hiika gadi fagoo sanatti. Dur akkaataan kabaja ayyanaa faasikaa, jala-bulti du'a isaa, Yesuus faayidaa kan qabuu seera hirbaata tokkummaa isa haaraa dhaabuu isaa, hanga yeroo ammaati isa eegaa jiru. Inni waaqefannaa kiristaanootaa isa kutaa tokkooffaa dha. Inni du'a gooftaa keenyaatii fi du'aa ka'uutti dabalees kan itti fufee jiru kabajaan deebi'uut isaa akka nuyi yaadannu nu godha.

Faasikaan baay'ee ayyanaa qulqulla'ee ture, waggoota amantaa Yihudootaatti. Innis Gibxitti kan godhame dha'icha isa dhumaa kan yaadachiisuu dha, angafi ijoollee Gibxii yeroo du'anitti akkasumas Isra'eloonni yeroo irraa hafan, michichila balbala isaani irratti kan faacasame sababa dhiiga hoolichaatiin. Isa booda hoolichis waadamee maxinnoodhaan nyaatama. Ajaji Waaqayyoos kan inni dhufu dhalootni hundumtuu ayyanicha akka kabajuu kennameeraaf. Seenan isaa seera Ba'uu 12 irratti teessifameera.

Yeroo hirbaataa isa dhummatti\_ kabaji ayyaana faasikaa\_ Yesuus buddeenicha kaasee Waaqayyoodhaaf galata galche. Cabsees duuka buutuu isaatiif akka kennee,akkana jedhe “Waa’ee keessaniif kan kenname foonni koo isa kana, kana yaadannoo kootiif godhadhaa, akkasumas hirbaata booda xooficha fuudheeakkana jedhe xoofoon kun waa’ee keessaniif kan dhangala’uu dhiiga kootiin kan ta’u kakuu haaraa dha” (Luqaas 22:19-21). Innis hafeera hirbaatichaa faarfannaadhaan cufee (Mati 26:30), akkasumas gara dukkanaatti ba’an gara Dabraza’it (gaara Dabraza’it). Bakka sanatti Yesuusiin yihudaan kan isa gane akkuma inni raaje. Guyyaalitti fufee jirutti fannifame hirbaata gooftaa wanti ija-qabeessii wangeela keessatti argama (Mata 26:26-29, Maar 14:17-25, Luqaas 22:7-22, fi Yoha 13:21-30). Ergamaan Phaawulos waa’ee hirbaata gooftaa 1ffaa Qoro 11:23-29 irratti barreesseera. Phaawulos wangeela keessa kan hin jire ibsa itti dabaleera “osoo hin galinniif buddena kana kan nyaate yookaan xoofoo gooftaa kan dhugee hundumtuu foonii fi dhiigii gooftaa gatiitu irra jira.

Namni garuu mataa isaa of haa qoru, akkasumsa buddenicha irraa haa nyaatu bxooficha irraas haa dhuguu, osoo hin galiniif kan nyaatu fi kan dhuguu foon gooftaa waan adda hin baafneef firdii mataa isaatiif nyaata dhugas” (1ffaa Qoro 11:27-29) buddeena fi xooficha quodachuu irratti “haala isaani hin galeen” kan jedhuu maal akka ta’ee ni gaaffana ta’aa. inni garuu ta’uu kan danda’uu kan buddeenichaatiif fi kan xoofichaa hiika dhugaa salphisuudhaa fi fayyisaan keenya fayyina keenyaaf kan inni baasee gatii guddaa hiraanfachuu dha yookiis

inni ta’uu kan danda’uu miira kan hin qabnee fi haala kabaja seera waaqefannaa dhaabbataa akka qabaatuu fi kan hiyyamaa yookaan gara hirbaata Gooftaatti kan qalbii hin jijjirane cubbamoota wajjin dhufuu ta’aa. Qajeelfama Phaawuloos haalli fudhachuu buddeenicha cabsachuudhaa fi xooficha dhuguu dura mataa keenya of qoruu nurra jira.

Ibsi Phaawulos inni kan biraan innis wangeela keessatti kan hin ammatamne wanti ija qabeessi “buddena kana yeroo nyaattan hundumaa, xoofoo kanaas yeroo dhugdan hundummaa gooftaan amma dhufutti du’aa isaa haasooftu waan ta’eeef” (1ffaa Qoro 11:26). Kunnis kan seera isaati fi kan daangaa yeroo lafa kaa’aa\_ gooftaan amma dhufutti. Isaan kana keessaa qabiyyee gaggababoon kan nuyi barannuu Yesuus wantoota xixxiqaa kana lamaan akka fakkeenyatti foon isaatiif fi dhiiga isaa fayyadamee du’aa isaatiif siidaa akka isaan godhee dha. Innis dhagaa soqamee siidaa yookaan sibila gatii jabeessanis miti haa ta’uu malee buddenaa fi waayiniidhaan.

Inni akka isaan biteetti, buddenichi waan cabeof foon isaa ni dubbata. Lafaa cabe hin qabu, haa ta’uu malee qaamni isaa akka hamaatti dhiphateera adda ba’uun akka isa rakkisutti (Faarfa 22:12-17,Isaa 53:4-7). Waayinichii waa’ee dhiiga isaatiif dubbata, batalumma sanatti kan inni fudhatee du’aa soodachiisaa kan argisiisuu dha.

Inni raawwate mucaa Waaqayyoo waan biteef kan dubbatan lakkoofsa kan hin qabne raajii kakuu moofaatif raawwii ta'e (Uuma.3:15, Faarf 22, Isaa 53). Inni yeroo akkas jedhetti "kana yaadannoo kootiif godhadhaa" gara fuulduraattis dirqamaan kan itti fufuu seera ta'uu qabu ta'uu isaa yeroo argisisee dha, innis immoo kan inni argisiisee, faasikaan qalma hoolaa kan gaaffatu, gara fuulduraatti kan argisiisuu dhufuuf kan jiru hoolaa Waaqayyoo, innis

cubbuu biyya lafaa kan balleessuu, hirbaata gooftaan raawwii argate. Kakuu haaraan kakuu moofaa bakka bu'e, Kristoos hoolaan faasiikaa (1ffaa Qoro 5:7) aarsaa ta'eera (Ibi 8:8-13). Seerri aarsaa isaa yeroo sana booda hin barbaachisuu (Ibiro 9:25-28) mataa gooftaa/hirbaata qulqulluu kiristaanootaa Kristoos yaadannoo inni nuuf godheedha, akasumas aarsaa isaatiin waa'ee gammachuu fudhaneef ibsuu dha.

### **Waldaa kristaanaatti argamuun maaliif fayyadaa?**

Macaaafni qulqulluun kristaanaatti argamuun akka nurra jiru nuti hima, amantoota biroo dhaa wajjin Waaqayyoof waaqessuu akka dandeenyuu fi guddina jirenya afuuraa keenyaaf sagalee isaa barachuu akka dandeenyuu (Hojii Erhgamotaa. 2:42, Ibroota 10:25). Waldaan kristaanaa amantootni wali walii isaani bakka itti jaallatanii dha (1 Yoha 4:12) wali walii isaani bakka itti wal jajjabeesan (Ibi 3:13) wali walii isaani "kan itti wal dadammaqsan (Ibi 10:24) wali walii isaani bakka itti wal tajaajilan (Galaa 5:13), wali walii isaani bakka itti wal hifatan (Roome 15:14), wali walii isaani bakka itti wal kabajan (Room 12:10) wali walii isaanii gaarummaadhaa fi waliif gadduudhaan kan deddeebi'anii dha (Efe 4:32). Namni tokkoo Yesuus Kristoositti fayyinaaf yeroo amanuu isheen/inni qaama Kristoos ta'u (1 Qoro 12:27). Qaamni waldaa Kristaanaa akka ta'utti akka hojeeetuuf hundumti isaa fi "buusaa qaamaa" argamuutu irra jiraata (1 Qoro 12:14-20).

Akkuma kana amanaan tokko gara bilchina afuuraa guutummaati geesisuu hin danda'u, yoo jiraate amantootni biraan degersaa fi jajjabina (1 12:21-26).

Sababa kanaatiin waldaan kiristaana argamuu, hirmaachuu, fi tokkummaa jirenya amanaa irratti roga dhaabbataa ta'uutu irra jiraata. Torban waldaa kristaanaatti argamuu amantootaaf hiika kan qabu "barbaachiisaa" qofa miti haa ta'uu malee kan Kristoos kan ta'e Waaqayyoon waaqessuudhaaf, sagalee isaa fudhaachuu fi kan biro wajjin tokkummaa gochuuf fedhii qabaachuutu irra jiraata.

## **Sanbatii guyyaa yoomitti, sanbat-duraa dhaamoo dilbata? Kiristaanoonni guyyaa sanbataa eeguun irra jiraataa?**

Yeroo heedduu ni jedhama “Waaqayyo sanbata Edeenitti hundeesse” sanbataa fi uumama gidduu walitti dhufeenyi jiruu sababa, Ba’uu 20:11. Ammam illee boqonnaan Waaqayyoo guyyaa torbafffaa (Uuma. 2:3) seera sanbataa isa dhufuu yoo argisiisees, tokko illee raga macaafa qulqulluu hin qabu, ijoolleen Israa’el ardi Gibxii gadi dhiisuu isaanii fuula dura. Jecha isaa qulqulluu keessatti iddo tokkotti illee hin mul’ane, sanbata eeguu shaakalli isaa Addaamii jalqabee hanga Museetti jiraachuu saatiif.

Sagaleen Waaqayyoo isa raawwatee ifaa godheera, sanbata eeguu Waaqayyoodhaa fi Israa’eliin gidduu malattoo addaa ta’uu isaa. “Ijoolleen Israa’elis ijoolle ijoolle isaaniif kakuu bara baraa guyyaa sanbataatti akka boqotanii fi sanbata haa eeganiif. Waaqayyo samiidhaa fi ardi guyyaa ja’aatti waan uumeef, guyyaa torbaffaatti hojii isaa irraa waan aara gal fateef, anaa fi ijoolle Israa’eliin biratti mallattoo bara baraatti.” (Ba’uu 31:16-17).

Keessa deebii 5, Museen seeroota isaa kurnan Israa’eloota iitti fufanii jiraanii fi dhaloota sanaaf deebise jiraachisa. Asitti, waa’ee sanbata eeguu erga aboomee booda, lakk. 12-14tti, Museen sanbanni saba Israa’elitiif sababa kennameef ibsa, ‘atis Gibxitti garba akka turte yaadhadhu Waaqayyo Waaqi kee hirree jabaa fi harka dirireen achii si baasee kanaafis Waaqayyoo waaqni kee guyyaa sanbataa akka eegduuf si aboome” (Keessa deebii 5:15).

Waaqayyoo sanbata saba Israa’eliif yaadi inni laateef uumama akka hubataniif hin ture, haa ta’uu malee garbummaa Gibxii isaaniiti fi fayyisu Waaqayyoo akka hubataniif. Sanbata eeguudhaaf wantoota guutamuun irra jru hubadhaa, achittii seera sanbataatti namni taa’ee mana isaa guyyaa sanbataatti dhiisee deemuu hin danda’uu (Ba’uu 16:29), abida qabsiisuu hin danda’uu, (35:3) akkasumas waa tokkoo illee hojeechuu hin danda’u (Keessa deebii 5:14). Seera sanbataa namni diigee ni ajefama ture (Ba’uu 31:15, Seera lak. 15:32-35).

Fuula kakuu moofaa qorachuun faayida qabeesa kan ta’ee kutaa afur nu argisiisa 1) Kristoos qaama du’aa ka’uutiin yeroo mul’atuu, guyyaan heeramee yeroo hundumaa guyyaa jalqaba torbanitti (Maati 28:1, 9, 10, Maar 16:9, Luq 24:1, 13, 15, Yoha 20:19, 26). 2)Hojii ergamootaatti hanga mul’ataatti yeroo inni sanbata heeree Yihudootaaf kaayyoo wangeelaatti yoomi illee yeroo hundumaa godoo walga’itti (Hoji.erg. 13-18). Phaawulos barreessera, “Yihudoota giddutti akka Yihudootaan ta’ee Yihudoota fayyisuudhaaf” (1ffaa Qoro 9:20). Phaawulos gara godoo walga’I kan innii deemu tokkummaadhaa fi qulqullootaa wajjin qulqullaauuf hin ture, haa ta’uu warra badan cubbuu isaani itti argisiisudhaaf fayyisuuf ture. 3)Phaawulos al tokkoo “yeroo kana booda gara ormaan deema” erga jedhee boodaa (Hoji.erga 18:6), sanbatni raawwatee lamaffata hin heeramne.

Fi 4) Guyyaa sanbataa wajjin yaada walitti hidhatee jiruu kennuu caalaa, kakuu haaraan faallaa isaatti kan innii cimsee mul'isuu (kanaa olitti kan heeraman tuqaa adda addaa dabalatee Qolaa 2:16 irratti ni mul'atu).

Kanaa olitti tuqaan jruu tuqaa arfaffaa baay'ee itti siqnee ilaaluun amantootni kakuu haaraa sanbata eeguudhaaf dirqama hin qaban akkasumas immoo kan inni argisiisuu kan dilbataa "sanbata Kristoos" yaadi kunnis kan macaafa qulqulluu miti. Olitti akka ibsamee al tokkoo qofa sanbati kan heerame, Phaawulos ormoota irratti xiyyaafachuu erga eegalee booda, "Egaa nyaataan, yookaan dhugaatiin yookaan waa'ee guyyaa ayyaanaa yookaan waa'ee guyyaa sanbataa eenyu iyyuu isinitti hin murteesin isaan kunnii gadiduu wanta dhufuuf jiruuti inni dhugaan garuu kan Kristoos." (Qola 2:16-17). Sanbatii Yihuudootaa fannoo irratti dhabamsifameera, Kristoos "aboomii isaa irratti kan barreesse barreefama nutti hin tolle dhabamsiise (Qola 2:14). Yaadi kun kakuu haaraa keessatti irra deddeebi'ameera: "Namni kun guyyaan tokkoo guyyaa biraa irra akka wayyuu yaada, sun garuu guyyaan hundumtuu tokko akka ta'eetti yaada, tokkoon tokkoon isaanii yaada mataa isatiin jabeessee hubata. Guyyaa kan kabajuu Gooftaadhaaf jedhe kabaja" (Room.14:5-6). Amma garuu Waaqayyon yeroo beektanitti caalattis Waaqayyoodhaan yeroo beekamtanitti keessa deebitani gara isa dadhabaaf tufatamaa gara barumsa isa jalqabaatti akkamitti deebituu? Ammas garboota taatanii irra deebitani isa sanaaf bitamuudhaaf barbaaduu? Guyyaadhaa fi baatii baraa fi waggoota of eegannoodhaan in eegattu" (Galaa 4:9-10).

Warri tokko tokkoo garuu cimsani dubbatu, jechuun Qosxinximioosiif bakka bu'umsa kennameen bara araaraa 321 sanbatni sanbata xiqqaa irraa gara dilbataatti jijiirameera kan jedhu. Waldaan kiristaanaa isheen durii waaqefannaadhaaf kan isheen walitti qabamtuu guyyaa kam turee? Qulqulluun sagalee isaa kan sanbataa (sanbata xiqqaa) walga'iin jiraachuu isaa raawwatee in ibsuu, tokkummaa amantootaafis ta'e waaqefannaadhaafis. Ta'us keeyyatni ifa ta'e jiru, torban guyyaa jalqabaatti akka godhamu. Fakkeenyaaaf Hoj.Erg. 20:7 "Torban keessaa guyyaa jalqabaa buddeena cabsachuudhaaf walitti qabamne" jedha. 1ffa Qoro 16:20 Phaawlos amantoota Qorontos ni yaadachiisa ture, "torban keessaa guyyaa jalqabaa tokkoon tokkoon akka isaf mijateetti horii isaa haa teesisuu" jedha. phaawuloos kennaa akka "tajaajilaatti" erga mogassee booda 2ffaa Qoro 9:12 irrattii horiin kun walitti qabamuun isaa dirqamatti kan inni ittiin wal qabatuu walgalii kiristaanootaa tajaajila waqeefannaa dilbataa wajjin. Haala seenaatiin dilbatni sanbata xiqqaa osoo hin taanee waldaa kiristaanatti guyyaa dhaabataa amantootni itti walitti qabaman ture, kanaaf shaakallii isaa gara booda irratti gara jaarraa tokkooffaatti guyyaan sun itti fufa.

Sanbatni kan kennamee Israa'eliif malee waldaa kiristanaatiif miti. Sanbatni ammas sanbata xiqqaa dha, dilbata osoo hin taanee, akkasumas raawwatee hin jijiiramne. Haa ta'u malee sanbatni qaama seera kakuu moofaati, akkasumas kiristaanoonnii garbummaa seeraa irraa walaba ba'aaniiru (Gala 4:1-26, Room. 6:14).

Sanbata eeguun kiristaanoota irraa hin eegamuu\_ sanbata xiqqaas ta'ee dilbata. Guyyaan jalqaba torbanii, dilbatni guyyaa gooftaa (Mul.1:10) uumama haaraa ni kabaja, Kristoosi wajjiinakkuma keenya mataa du'aa ka'uu. Kan Musee boqonnaan sanbataa akka hordofnu hin dirqisifamnu, haa ta'uu malee du'aa isa ka'ee Yesuus tajaajiluu hordofuudhaaf amma bilisa baanera. Ergamaan Phaawulos akka jedheetti tokkoon tokkoon kiristaanaa

yookaan nama dhuunfaa waa'ee boqonnaa sanbataa murteesutu irra jiraata, "namni kun guyyaa tokko guyyaa biraa irra akka wayyutti yaada, inni kan biraan garuu guyyaan hundumtuu tokkoo akka ta'eetti yaada, tokkoon tokkoon namaa sammuu mataa isaatiin cimsee hubata" (Room.14:5). Waaqayyooni guyyaa hundumaa hin waqqesinu, sanbata xiqqaas yookaan dilbata osoo hin taane.

### **Amantaa qindaa'eetti maaliifan amanaa?**

"Amantaa" hiika gal mee jechootaa kan fakkaatuu "Waaqayyooti yookaan waaqa tolfamaatti amanuu dha, waaqessuu fi yeroo hundumaa kan isa ibsuu amalaa fi seera waaqefannaatiin, wanta kamiin illee amantaa adda addaa, seera waaqefanna k.k.f.. yeroo hundumaa seera namuusa gaarii of keessatti qabata." Akka ibsa kanaatti macaafni qulqulluun waa'ee qinda'ummaa amantaa ni dubbata, haa ta'uu malee sababa baay'eedhaan "Qinda'uma amantaa" kaayyoo isaati fi wali galii isaa Waaqayyoon kan gammachiisu miti.

Seera uumamaa 11 tarii qinda'ummaa amantaa mudannoon jalqabaa sanyiin Nohii mataa ofii isaani qindeessanii siida Babiloon ijaaran, ajaja Waaqayyoo kabajuu caalaa addunyaa mara guutuudhaaf. Isaanis kan isaan amanan tokkummaan isaanii baay'ee faayida qabeessa akka ta'eetti walitti dhufeinya Waaqayyoo wajjiin qaban caalaa. Waaqayyoo giduu galee afaan isaani waliin dha'ee akkasumas qinda'uma amantaa isaanii diige.

Seera Ba'uu 6 akkasumas kan itti fufu, Waaqayyoo amantaa "ni qindeesse" saba Israa'eliif. Aboommii kudhan seerota mana qulqullummaa isaa ittiin ilaalanii fi, seerri aarsaa isaa hundumtuu kan ittiin dhaabatan Waaqayyoodhaan yeroo ta'uu Israa'elonnis isa kana hordofu turan. Kakuu haaraa irratti qayyabannaan godhamee dabalataan ifaa akka godhutti, dhugaan amantichaa fayisaan Masihi babaachisuu isaa argisiisuudhaaf (Galaa 3, Room7). Ta'us baay'een kana dogogoraan hubataniiru, akkasumas seera isaatiif seera waaqefanna isaa ni waaqeffatuu Waaqayyoon caalaa. Seenaa Israa'el keessatti, baay'een isaa Israa'elootaan walitti bu'insi adeemsifamuu, amantaa qinda'een kan adeemsifamu walitti bu'iinsa. Fakkeenyi of keessatti kana qabatuu waaqefanna Baa'al (Abotta Firdi 6, 1ffaa Mooto 18), Daagoon (1ffaa Saamu 5), fi Moolok (2ffaa Mooto 23:10).

Waaqayyo amantaa kana kan hordofan ni mo'ate, olaantummaa isaatii fi hundumaa gochuu isaa. Wangeela keessatti Faarisootaa fi Saadiqoota yeroo Kristoositti kan turee qinda'ummaa amantaa bakka bu'anii argisiisu. Yesuus osoo gargar hin kutiin isaniin mormee ture. Waa'ee barumsa sobaa isaaniti fi waa'ee jirenya of arguu dhabuu isaanitiif. Ergadhaan kan qinda'aan obboloota turan, isaaniis wangeela kan murtaa'ee hojii barbaachiisaa fi tarreefama seera waaqeffannaa wajjin kan walin makan. Isaan immoo amantoota irratti dhiibbaa godhu turan, akka jijiiramaniif isaan kana "eda'ama kiristaanummaa" amantii akka fudhatan. Galaatiyaa fi Qolasaayiis waa'ee amantii akkanaa of eegachiisa kennaniiru. Macaafa Mul'ataa keessatti amantaan qindaa'ee Addunyaa irratti dhiibbaa qabaata,mormituun Kristoos akkuma amantaa addunyaa kanaa tokkoo akkuma qindeessuu hundumaa. Dhimma baay'eedhaan amantaan qinda'ee raawwati isaa dhumaa badiisa Waaqayyo bira ta'eeni dha. Haa ta'uu malee macaafni qulqulluun kaayyoo isaa kan ta'an amantoota qinda'aan waa'ee isaani hin dubbatu. Waaqayyoo isaan kana amantoota qindaa'aan obboloota

"waldoota kiristaanaa" jechuudhaan waama. Macaafa hojii ergamootaa fi ergaa keessaa kan argaman ibsi kan inni argisiisuu waldaan kiristaanaa qinda'umaan qindoofte wal degerti. Qinda'umni ishees gara dhorkuutti, bu'a qabeessummaatti, fi gara gahumsaatti qajeelcha (Hoji.Erg 2:41-47). Waldaa kiristaanaa kan ilaalate "ijaarsa walitti dhufe" jedhamee yoo waamame wayya.

Amantaa Waaqayyoo dhaa wajjin tokkummaa gochuun yaalii namaati. Amantiin kristaanummaa walitti dhufeenyaa Waaqayyoo wajjin godhamuu dha, inni hunduma keenyaa fi kan godhee haarsaa karaa Kristoosiitiin. Gara Waaqayyo ga'uudhaaf karoori hin jiru (inni gara keenya waan gaheef- Roome 5:8). Of jajuun hin jiruu (hundumtuu ayyanaan fudhatu -Efe 2:8-9). Walitti bu'iinsa taayitaa hin barbaachiisu (Kristoos mataa dha\_ Qola 1:18). Murtiin dursuu tokkoo iyyuu hin jiru (hundumti keenya Kristoosiin tokko- Galaa 3:28). Hin qinda'aan yoo ta'e rakkoo hin qabu. Seeraa fi seera amanta irratti xiyaafachuu dha rakkoo kan qabu.

### **Dubartoota tiksee/ lallabdoota? Macaafni Qulqulluun waa'ee tajaajila dubartootaa maal jedha?**

Har'a waldaa kiristaanaa keessatti durbatoonni akka tiksee ta'uu fi barsiisuu caalaatti tarii baay'ee hoo'inaan kan irratti falmiin ka'u miti. Sababa kanaaf, dhimma kana akkaataa walmorkii dhiiraa fi dubartii gidduutti ilaaluu dhiisuun barbaachisaa dha. Dubartoonni dubartiin akka soortuutti hin tajaajille fi Macaafni Qulqulluun tajaajila

dubartootaa irratti akka daangaa kaa'e amanan jiru, darbee immoo, dubartoonni akka soortuutti ta'e barsiistuutti akka hin tajaajille kan daangessu akka hin jirre kan amananis dhiironni jiru. Inni kun dhimma oftuulummaa yookiin balfannoos miti. Inni dhimma hiikaa Macaafa Qulqulluuti.

Sagaleen Waaqayyoo kan dubbatu, "Dubartiin abboomamuu hundumaan gab jettee haa barattu. Dubartiin gabiiitti haa jiraattu nan jedha malee haa barsiiftu, dhiira irrattis aboo haa qabaattu hin jedhu" (1 Ximootewos 2:11-12). Waldaa keessatti, dhiiraa fi dubartootaa ga'ee adda addaa kenneeraaf. Inni kun bu'aa karaa sanyiin dhala namaa itti uumamee fi karaa cubbuun gara biyya lafaa ittiin seene dha (1 Ximootewos 2:13-14) Waaqayyo karaa ergamaa Phaawoloos dubrtoonni akka hin barsiifne yookiin dhiirota irratti aboo hafuuraa akka hin qabaanne daangesseera. Kun dubartiin akka soortuutti, kunis ifatti barsiisuu, lallabuu, fi dhiira irratti aboo hafuuraa qabaachuu dhowwaa.

Tajaajila dubartii kan ailaalchisee "mormii" heedduutu jiru. Sababni Phaawloos dubrtoonni akka hin barsiifne dhowwee inni beekamaan tokko, jaarraa tokkoffaa keessa dubrtoonni barumsa hin qaban waan tureef. Haa ta'u malee, asitti 1 Ximootewos 2:11-14 irratti sadarkaa barnootaa kaasa. Tajaajilaaf barnootini utuu barbaachisaa ture ta'e barnootni Yesus heedduun ulaagaan hin guutan ture. Tajaajila dubartootaa ilaalchisee mormiin inni lammafaan Phaawloos dubartoota Efeesoon duwwaa barsiisuu irraa dhowwe (1 Ximootewos Xiimootewoosiif barreeffame ture, soortuu waldaa Ephesoon kan tureef). Magaalaan ephesoon beekamaa ture mana qulqullummaa Arxeemsi, waaqittii tolfaantu Griik/Roomaa sanaaf. Taayitaan sirna waaqeffannaa mana sagadaa Arxeemisi keessa kan dubartoota ture. Haa ta'u malee, macaafni 1 Ximootewos bakka kamittuu Arxeemsiin hin eerre, Phaawloosis waaqeffannaa Arxeemsiin daangaa isa 1 Ximootewos 2:11-12 keessaatiif hin eerre.

Mormiin inni beekamaan inni sadaffaan Phaawloos kan inni agarsiisaa jiru waa'ee haadha manaa fi abbaa manaati walumaa galatti dhiirottaa fi dubartoota miti. Jechi Grikii keeyyata kana keessaa haadha manaa fi abbaa manaa ilaallata; haa ta'u malee hiikni inni bu'uuraa waraabbi kana keessaa dhiiraa fi dubartoota ilaallata. Darbees jechi Grikii gosti tokkichi lakkoofsa 8-10 keessatti itti gargaaramamaniiru. Dhiirota duwwatu bakka kadhannaatti dheekkamsaa fi qocolloo malee harka isaanii ol kaasaa (lakkoofsa 8)? Dubartoota duwwatu uffata qajeelaa uffachuun, hojii gaarii hojjechuun Waaqayyoon waaqeffataa (lakkoofsa 9-10)? Dhugumaan miti. Lakkoofsi 8-10 ifatti dhiirottaa fi dubartoota ilaallata, abbaa manaa fi haadha manaa duwwaa hin ilaallatu. Keeyyata lakkoofsa 11-14 keessaa abbaa manaa fi haadha manaa qofa kan ilaallatu humtuu hin jiru.

Ammas hiika kana tajaajila dubartootaa ilaallatee mormiin garri biraran dubartoota taayitaa qabaachuu geggeessaa turan Macaafa Qulquluu keessaati keessattuu Maariyaam, Debooraa, Haldaha warra Kakuu moofaa keessati. Mormiin kun dhimmoota barbaachisaa ta'an muraasa mul'isuu irraa kufa. Jalqaba, Debooraan abbootii firdii dhiirota 13 keessaa dubartii ishee tokkittii turte. Haldahan dubartoota heedduu Macaafa Qulqulluu keessatti eeraman keessaa raajii ishee tokkittii dha.

Geggeessuummaa wajjin walitti dhufeenyi Maariyaam obboleettii Aaroonii Musee ta'uu ishee qofa dha. Dubrtoonni baay'ee barbaachisoon lamaan yeroo bara Moototaa Ataaliyaa fi Elzaabeel-fakkeenyaa dubartoota geggesitoota qulqulla'oo kan

hin ta'in. Kanaaf dhimmi dubartoonni Kakuu Moofaa keessatti aboo qabaachaa dhimma kanaa wajjin waanta wal qabatu miti. Macaafni 1 Ximootewosii fi ergaaleen soortuu kanneen biroo waldaa kiristaanaaf-dhagna Kiristoosiif fakkeenyaa haaraa qopheessu fakkeenyummaan inni haaraan sunis waldaadhaaf caasaa taayitaa of keessatti qabatee jira, saba Israa'eeliif miti yookiin kakuu moofaa keessaa waanta qabatamaa ta'e kamiifuu.

Kakuu Haaraa keessaa Phirisqilaa fi Fobeetti fayyadamuudhaan walmorkiin walfakkaataan taasifamaniiru. Hojii Ergamootaa 18 keessatti, Phirisqilaa fi Fobeen Kiristoosiif tajaajiltoota amanamoo ta'uudhaan dhiyaataniiru. Maqaan Phirisqilaa jalqaba eerame, tarii abbaa manaa ishee caalaa tajaajila keessatti baay'ee "beekamtuu" ta'uu ishee agarsiisuudhaf. Haa ta'u malee Phirisqilaan 1 Ximooteewos 2:11-14 wajjiniin karaa wal mormuun tajaajila irratti akka hirmaatte kan ibsu bakka kamiinuu hin jiru. Phirisqilaa fi Aqiilaan Aphiloosiin gara mana jaraatti fiduudhaan duuka buutuu isa godhan, sagalee Waaqayyoo caalaa sirriitti isaaf ibsuudhaan (Hojii Ergamootaa 18:26).

Roomaa 16:1 keessatti Foobeen bakka "tajaajiltuu" akka "daaqoniitti" yoo fudhatamte inni sun Foobeen waldaa keessatti akka barsiiftuu akka turtetti hin agarsiisu. "Barsiisuu kan danda'u" akka ulaagaaleetti kan kennname daaqoniif utuu hin taane jaarsolii waldaatiif (1 Ximootewos 3:1-13; Titoos 1:6-9). Jaarsoliin/ warri soortuun/daaqonoonni akka "abbaa manaa dubartii tokkootti" ibsamaniiru. "nama ijoolleewan amanan qabu" fi "namoota

amanamoo." Karaa ifa ta'een ibsooni kun dhiirota ilaallata. Dabalataanis 1 Ximootewos 3:1-13 fi Titoos 1:6-9 keessatti jaarsolii/ warri soortuu fi daaqonoonnidhaaf guutummaatti maqdhaala saala dhiiraatti gargaarama. Caasaan 1 Ximootewos 2:11-14 keessa kan jiru "sababicha" isaa guutummaatti ifa. Lakkooftsi 13 "fi" jechuun jalqabee hima Phaawloos isa lakkooftsa 11-12 tiif "sababa" kenna. Dubartoonni maaliif hin barsiisanii yookiin dhiirota irraatti taayitaa maaliif hin qabaatanii? Sababni isaa, "Addaam duraan dursee tolfaame Hewwaan immoo ergasii tolfaamte. Addaam hin sossobamne, dubartittiin garuu sossobamtee seera cabsituu taate." Waaqayyo Addaamiin jalqaba uume itti aansuudhaan akka isheen Addaamiif "gargaartuu" taatutti Hewwaaniin uume. Tartibni uumamaa kun maatii keessa (Efeson 5:22-33) fi waldaa keessatti hojmaatessa kan gamtaa qaba.

Dhugaan dubartittiin sossobamuu ishees dabalataan dubartoonni akka soortuutti akka hin tajaajillee yookiin dhiira irratti aboo hafuuraa akka hin qabaannee akka sababaatti kennnameera.

Kun tokko tokko dubartoonni sababa salphaatti gowwomsamanuuf barsiisuu akka hin qabne akka amanan jara taasiseera. Yaadni kun kan falmii kaasuudha, garuu dubartoonni yaa caalatti sossobaman, maaliif akka ijoollota barsiisan hayyamameef (warra salphaatti sossobaman) dubartoota kan biroos (warra caalaatti sossobamu jedhamanii yaadaman)? Inni waanta barreffamichi jedhu miti.

Dubartoonni dhiirota hin barsiisan yookiin dhiira irratti aboo hafuuraa hin qabaatan sababni isaa Hewaan sossobamtee turte. Sababa kanaaf, Waaqayyo waldaa keessatti barsiisudhaaf aboo jalqaba dhirotaaf kan kenne.

Dubartoonni kennaan keessummaa simachuutiin, araaraan, barsiisuu fi gargaarsaan sadarkaa guddaa irraa ga'aniiru. Tajaajilli waldaa kiristaanaa heedduun dubartoota irratti kan irkatedha. Dubartoonni waldaa keessa walga'ii keessatti akka hin kadhanee yookiin raajii hin dubbanne hin dhowwamne (1 Qorontoos 11:5), dhirota irratti abuu hafuuraa akka hin qabaanne dowwaa malee. Macaafni Qulqulluun bakka kamiinituu dubartoonni kennaan Hafuura Qulqulluu akka hin fudhanne kan dhowwu hin jiru (1 Qorontoos 12), dubartoonni, akkuma dhiirotaa tajaajilaaf waamamaniiru, firii Hafuura Qulqulluu akka agarsiisaniif (Galaatiyaa 5:22-23), wangeela warra badaniidhaaf akka labsaniifis (Maatewoos 28:18-20; Hojii Ergamootaa 1:8; 1 Pheexroos 3:15).

Waaqayyo dhiironni duwwaan waldaa keessatti taayitaan qabaachuun akka tajaajilani fi aboo hafuuraa qabaachuudhaan akka barsiisan muudeera. Kun sababa dhiironni caala barsiisota ta'aniidhaaf miti, yookiin dubartoonni gada aantota yookiin beekumsaan sadarka gad aanaa waan qabaataniidhaaf miti (isa sababa hin taane). Inni salphaadhumatti akka waldaan akka sanatti jiraattuuf waan karoorseedhaaf malee. Dhiironni geggeessummaa hafuuraatiif fakkeenya dhaabuu qabu- karaa jirenya isaanii fi dubbii isaanii.

Dubartoonni ga'ee muraasa ta'e qabaachuu qabu. Dubartoonni dubartoota kan biraan akka barsiifamaniidhaaf jajjabeffamaniiru (Titoos 2:3-5). Macaafni Qulqulluun dabalataan dubartoonni akka jarri ijoollee hin barsiifne hin dhowwu. Dubaartoonni kan isaan dhowwaman inni tokkichi akka hin barsiifnee fi dhiirota irratti akka aboo hin qabaanneedha. Inni kun dubartoonni akka soortuuwwan/barsiisota ta'anii hin tajaajillee amansiisuu danda'a. Inni kun dubartoonni barbaachisummaa isaan qaban gad hin xiqqeessu, karaa ta'e kamiinuu, garuu bakka kanaa taajaajila karoora Waaqayyoo wajjin caalaa walii galu fi kan jaraaf kennname irratti kan xiyyefate jaraa kenna.

## Waa'ee Fayyinaa

### Karoorri fayyinaa/ karaan fayyinaa maalii?

Beelofteettaa? Beeluu fooniinii miti, garuu jirenya keessatti waanta caalaaf beeluu qabdaa? Waanti keessa keetii kan ati quuftu hin fakkaanne gadi fageenya qabu jiraa? Yoo ta'e Yesuus karaadha! Yesuus, "Yommus Yesus ana buddenni jirenyaa gara koo kan dhufu hin beela'u kan anatti amanus matumaa hin dheebotu" jedhe (Yohaannis 6:35).

Bita sitti galee? Jirenyaaf kaayyoo yookiin karaa barbaaduu sitti fakkaachuu hin danda'uu? Akkuma namni tokko ibisaa dhaamsee ati immoo bakka deebisanii qabsiisamu wallaalte sitti fakkaataa? Yoo sana ta'e Yesuus karaadha! Yesuus akkasitti labseera, "Yesuus ammas namootatti dubbate ani ifa biyya lafaati namni ana duukaa bu'u ifa jirenyaa ni qabaata malee dukkana keessa hin adeemu" (Yohaannis 8:12).

Jirenyaan alatti sitti cufamee akka jirutti sitti dhaga'amee beekaa? Balbala heedduu yaalteettaa, isaaniin booddee kan jiru duwwaadhaa fi hiika kan hin qabne qofaa ta'uu isaa barbaaduudhaaf? Yoo kana ta'e, Yesuus karaadha! Yesuus akkas jedhe labse, "Balbalichi ana inni anaan ol galu ni fayya ol ni gala gadis ni ba'a dheedichas ni argata" (Yohaannis 10:9).

Namoonni kaan yeroo hundumaa sidhiisu? Walitti dhufeenyi kee yeroo hundumaa gad aanaa fi duwwaadhaa? Namoonni kaan

yeroo hunduma si irraa bu'aa duwwaa barbaadu? Kanaaf maarree Yesuus karaadha! Yesuus akkas jedhe, "Tikseen gaariin ana. Tikseen gaariin lubbuu isaa hoolotaaf ni kenna; tikseen gaariin ana ani hoolota koo beeka hoolotini koos ana beeku" (Yohaannis 10:11, 14).Jirenya kana baooda waanta ta'utti ni dinqifattaa? Jirenya kee waanta Dammaa'uu fi tortoru duwwaaf jiraachuuf yaalaa jirtaa? Jirenyis hiika kan birraa akka hin qabnetti alii alii shakkitaa? Erga duutee booda jiraachuu barbaadda? Akkas taanaan Yesuus karaadha! Yesuus akkas jedhe, "Yesuus garuu du'aa ka'uun jirenyis ana. Namni anatti amanu yoo du'e iyyuu ni jiraata. Utuu jiruu kan anatti amanu hundinuu immoo bara baraan hin du'u" (Yohaannis 11:25-26). Karaan maalii? Dhugaan maalii? Jirenyi maali? Yesuus deebii laateera, "karichi, dhugaan, jirenyis ana; anaan yoo ta'e malee, eenu iyyuu gara abbaa hin dhufu" (Yohaannis 14:6).Beeluun sitti dhaga'ame beeluu hafuuraati, Yesuus duwwadhan hirruun sun guutuu danda'a. kn dukkana kaasuu danda'au inni tokkichi Yesuus duwwadha. Yesuus jirenya quubsuudhaaf karaa dha. Yesuus tiksee fi michuudha kan ati barbaadaa turte. Yesuus jirenya-biyya lafaa kana irrattis isa itti aanuttis. Yesuus karaa fayyinaati.

Sababni beeluun sitti dhaga'ame, sababni ati akka dukkana keessatti badde sitti dhaga'ame, sababni ati hiika jirenyaa dhabde, sababni isaa ati Waaqayyootti gargar baartee jirata. Macaafni Qulqulluun hundumti keenya akka cubbuu hojjennetti nutti hima, sababa kanaatiif Waaqayyotti gargar baanee jirra (Macaafa Lallabaa 7:20; Roomaa 3:23). Bakki duwwaan garaa kee keessatti sitti dhaga'ame Waaqayyoon jirreenya kee keessatti dhabuu kee irraa kan ka'edha. Waaqayyo wajjin walitti dhufeenyaa akka qabaannuudhaaf uumamne. Sababa cubbuu keenyaa, walitti dhufeenyaa sana irraa gargar baaneera. Amma iyuu illee waanti gadheedhaan, cubbuun keenya Waaqayyo irraa akka garaa gara baanu nutaasiseera baraa hanga bara baraatti , jirenya kanattis isa dhufuttis (Roomaa 6:23; Yohaannis 3:36).

Rakkinni kun akkamiin hiika argata? Yesus karaadha! Yesus cubbuu keenya ofii isaaaf fudhateera! (2 Qorontoos 5:21). Yesus bakka keenya du'eera (Roomaa 5:8), adabbii nu fudhachuu qabnu fudhachuudhaan. Guyyoota sadii booda, Yesus du'aa ka'eera, cubbuu fi du'a irratti gooftumma qabu mirkaneessuudhaaf ( Roomaa 6:4-5). Inni

### Fayyinni amantii qofaanii moo yookiin amantii irratti hojiin dabalameetii?

Kun barsiisa amantii Kiristaanummaa keessatti tarii gaaffii baay'ee barbaachisaadha. Gaaffiin kun jalqabamuu haarominaatiif bu'uura, gara-gar cituu waldaa Kaatolikii fi Protestaantii. Gaaffiin kun kirstaanummaa isa kan Macaafa Qulqulluutii fi Kiristaanummaa isa sirrii hin taane gidduutti gara garumma isa ijoo dha.

maaliif isa sana godhee? Yesus gaaffichaaf ofuma isaa deebii kenne: Namni tokkoo firoota isaatiif jirenyaa isaa dabarsee kennuu irra kan caalu jaalala guddaa qabaachuu hin danda'u (Yohaannis 15:13). Yesus ni du'e egaa nuyi jiraachuu dandeenya. Yoo amantii keenya isa irra godhanne, du'a isaa cubbuu keeyaaft gatii akka kaffaluutti, cubbuun keenya hundinuu nii dhiifame nurras dhiqama. Sanaan booda beelli keenya hafuuraa deebii argata. Ibisaaan dhaamee tures ni boba'a. Jirenya guutuu ta'ees kara ittiin bira geenyu arganna. Michuu dhugaa gaarii keenyaa fi tiksee keenya ni beekina. Erga dunee boodas jirenya akka qabaannu ni beekna – Yesus wajjin mootummaa Waaqayyoo keessas jirenya du'aa kaafamuu argateen.

"Waaqayyo akkasitti tokkicha ilma isaa hamma kennuufitti biyya lafaa jaallate; kun immoo isatti kan amanu hundinuu jirenya bara baraa haa qabaatuuf malee haa baduuf miti" (Yohaannis 3:16).

Sababa waantota bakka kanatti dubbisteef Kiristoosiif waanta murteeffatte qabdaa? kana taanaan, maaloo, kolbaa isa "An har'a Kiristoosiin simadheerra" jedhu tuqi.

Fayyinni amantii qofaanii moo yookiin amantii irratti hojiin dabalameetii? Ani Yesusiin amanuu kootti fayyeera, yookiin Yesusittis amanee hojiawan tokko tokko raawwachuu ana irra jira?

Gaaffiin amantii qofaa yookiin amantii fi hojii wajjin jedhu keeyyattoota Macaafa Qulqulluu walitti firoomsuudhaaf namoota

tokkoo tokkoon baay'ee cimaadha. Roomaa 3:28, 5:1 fi Galaatiyaa 3:24 Yaaqoob 2:24 wajjiniin walbira qabii ilaali. Kaan garaagarummaa Phaawuloos (fayyinni amantii qofaan) kan jedhu fi Yaaqoob (fayyinni amantii fi hojii wajjin) kan jedhu ilaalu. Phaawuloos akka seera amantiitti qajeelummaan amantiidhaan jedha. (Efeesoon 2:8-9), garuu Yaaqoom qajeelummaan kan argamu amantii fi hojii wajjin waan jedhu fakkaata. Rakkoon ifa ta'e kun kan deebii argatu waan Yaaqoob sirriitti jechaa jiru qo'achuudhaan. Yaaqoob amantaa isa namni tokko amantii hojii gaarii huma hin argamsiisne qabaachuu sirrii akka hin taane ibsaa jira (Yaaqoob 2:17-18). Yaaqoob kan inni irratti xiyyeefbachaa jiru amantiin inni sirriin jijiirama jirenyaa fi hojii garii argamsiisuu qaba kan jedhu irratti (Yaaqoob 2:20-26). Yaaqoob bakka kanatti hojii gaariidhaan qajeelinni ni argama jechaa hin jiru garuu namni amantiidhaan qajeelina argate jirenya isaa/ishee keessatti hojii garii qabaachuu qaba/qabdi jechaa jira. Namni tokko amanataa akka ta'etti yoo dubbate, garuu jirreanya isaa/ishee keessatti hojii garii hanqabaanne, egaa inni/isheen jereenyaa

isaa/ishee keessatti Kiristoos irratti amantii sirrii hin qabu/hin qabdu jechaa jira (Yaaqoob 2:14, 17, 20, 26).

Phaawuloosis barreffama isaa keessatti waanta gosa tokkicha jechaa jira. Firiin gaariin amantoonni qabaachuu qaban Galaatiyaa 5:22-23 irratti barreffamee jira. Isa sana erga nutti himee booda achumaan akka nuyi hojii utuu hin taane amantiidhaan fayyine nutti hima (Epheesoon 2:8-9), Phaawuloos akka nuyi hojii gaarii hojjechuudhaaf uumamne nutti hima (Epheesoon 2:10). Akkuma Yaaqoob Phaawloosis jirenya jijiirame eega: "Kanaafis namni kan Kiristoos yoo ta'e uumama haaraadha; inni moofaan darbe kunoo inni moofaan darbeera!" (2 Qorontoos 5:17). Fayyina ilaalchisee Phaawloosii fi Yaaqoob barsiifni isaanii waliin hin mormu. Mata duree tokkicha karaa bifa adda addaatiin dhiyeessu. Phaawuluus fayyinni amantii qofaan akka ta'e yeroo irratti xiyyeeffatu Yaaqoob immoo amantii dhugaan Kiristoos irratti qabnu hojii gaarii akka godhachuu qabu irratti xiyyeeffata.

### **Al-tokko fayyinaan yoom iyyuu kan fayyan ta'uun?**

Namni tokko al tokko fayyinaan yomi iyyuu jarri kan fayyaniidhaa? Namoonni Kiristoosiin akka fayyisaa isaaniitti gara beekuu yeroo dhufan, gara Waaqayyo wajjin tokkummaa qabaachuutti fidaman inni fayyina isaanii bara baraaf akka waabdii qabaatu jara taasisa.

- ❖ Keeyyattonni caaffattoota qulqulla'a'oo heedduun dhugaa isa kana labsu.

(a) Roomaa 8:30, "warra yaadaan isaan qabe immoo waameera; warra waame immoo qajeelota isaan godheera; warra qajeelota godhe immoo ulfinaan isaan ga'eera" jechuudhaan dubbata. Waraabbiin kun kan nutti himu yeroo Waaqayyo nu filate, inni akkuma nuyi fuula isaa duratti waaqa keessatti hulfina arganneeti. Amntootni guyya tokko akka hulfina argatan kan isaan dhowwu hin jiru sababni isaas Waaqayyo isa waaqa keessatti isa



karoorseera. Namni tokko altokko qajeelaa taanaan-inni akkuma waaqa keessatti ulfina argatetti waabdiin kan qabuudha.

(b) *Phaawloos gaaffii barbaachisaa lama gaafata Roomaa 8:33-34* keessatti “Warra Waaqayyo foo’ate eenyutu hadheessa ree? Egaa Waaqayyo akka warra balleessaa hin qabneetti isaan lakkaa’e, kan hadheessu hin jiru. Eenyutu itti farada ree? Erga Kiristoos Yesus de’ee kaafamee immoo, gara mirga Waaqayyootti argamee Waaqayyoon nuuf kadhatee, kan itti faradu hin jiru.” Warra Waaqayyo foo’ate eenyutu hadheessa ree? Eenyu iyyuu sababni isaa Kiristoos abukaatoo keenya. Eenyutu nu hadheessaa? Eenyu iyyuu sababni isaa Kiristoos, inni bakka nuuf jedhee du’e, innni isa faraduudha. Nuyi akka fayyisaa keenyaatti abbaa firdiis abukaatoos qabna.

(c) *Amantoonni dhaloota haaraadha (kan haarmfamanii dha) yeroo amanan (Yohaannis 3:3; Titoos 3:5)*. Fayyina isaa dhabuun kirstaanaaf, inni akka nama hin haarmfamneeti jechuudha. Dhalachuun inni haaraan akka nama dura fudhatamu Macaafni Qulqulluun ragaa umaa hin kenuu.

(d) *Hafuurri Qulqulluun amantoota hundumaa keessa jiraata (Yohaannis 14:17; Roomaa 8:9) amantoota hhundumaas dhagna Kiristoos keessatti cuuba (1 Qorontoos 12:13)*. Amanataan tokko hin fayyine jechuun, inni kan Hafuurri Qulqulluun kan isa keessa hin jirre yookiin dhagna Kiristoos irraa adda kan baafaame jechuudha.

(e) *Yohaannis 3:15 amantoonni hundinu kan Kiristoos Yesusitti amanan “jireenya bara*

*baraak akka qabaatan” dubbata.* Har’aa Yesus Kiristoositti amantee jireenya bara baraa qabaatte, garuu bori immoo dhabde, inni tasa jireenya bara baraa miti jechuudha. Sababa kanaaf, fayyina kee ni dhabda taanaan, abdiin jireenya bara baraa Macaafa Qulqulluu keessaa dogoggora ta’a.

(f) *goollabiin waliin morkii inni caalaan, akkan yaadutti caaffatni qulqullaaoon mataan isaa karaa wayyuun akka dubbatu nan yaada,* “Duuni jireenyi, ergamoonni Waaqa irraa warrii bantii waaqaa keessatti aboo qabu jedhamanii sodaataman, waanti amma jiru, waanti dhufuuf jirus hundinuu, waanti humna agarsiisuu danda’us, waanti ol ka’ee jirus, waanti gadi fagaatee jirus, uumama keessaa waanti biraas, jaalala Waaqayyo isa karaa gooftaa keenyaa Kiristoos Yesus nuuf dhufetti danda’ee gargar nu hin baasu.” Yaadadhu Waaqayyo isa si fayyise sanumatu si eega. Nuyi al tokko fayyinaan yeroo hundumaa kan fayyinee dha. Fayyinni keenya bara baraan caalaatti kan waabdiin qabuudha.

## Fayyina kootiif akkamiinan waabdii qabaachuu danda'aa?

Ati akka fayyiteetta ta'e akkamiin sirriitti beekuu dandeessa? 1 Yohannis 5:11-13: ilaali, "Waaqayyo jirenya bara baraa nuuf kenne; egaa dhugaan isaa isa kana; jirenyi bara baraa kunis ilma isaa keessatti argama.

Namni ilma Waaqayyoo qabaatu jirenyicha qaba; namni ilma Waaqayyo hin qabne, jirenyicha hin qabaatu." Inni ilimicha qabu eenyuudha? Inni jarreen isatti amananiif isa simataniidha (Yohannis 1:12). Ati Yesusiin qabaannaan, ati jirenya qabda, jjirenya yeroodhaafii miti garuu jirenya bara bараати.

Waaqayyo fayyina keenyaaf akka mamii hin qabaanne barbaada. Jirenya kiristaanummaa keenyatti dhugaatti fayyuu keenyaa fi fayyuu dhiisuu keenya mamaa fi yaaddaa jiraachuu hin dandeenyu. Inni kanaaf Macaafni qulqulluun karoora fayyinaa baay'ee ifaa taasisuuf. Yesus Kirstositti amani atis ni fayyitaa (Yohannis 3:16; Hojii Ergamootaa 16:31). Yesus fayyisaa akka ta'e ni amantaa, Inni gatii cubbuu keetii kaffaluudhaaf akka du'e (Roomaa 5:8; 2 Qorontoos 5:21)? Fayyinaaf isa qofaa amanachaa jirtaa? Deebiin kee eeyyeen, yoo ta'e ati fayyiteetta! Waabdii jechuun, "shakkii gararraa ta'uudha." Sagalee Waaqayyoo gara keessa keetti fudhachuudhaan, ati "shakkii hundumaadhaan gararraa ta'uu dandeessa dhugaa fi dhugoomuu fayyina kee bara baraa."

Yesus mataan isaa warra isatti amanan ilaachisee isa kana mirkaneesseera: "Ani

jirenya bara baraa isiniif nan kenna, isaan bara baraan hin badan, namni tokko illee harka koo keessaa isaan hin butatu. Abbaan koo inni anatti isaan kenne hundumaa irra guddaadha; humtinuus harka abbaa koo keessaa isaan butachuu hin danda'u" (Yohannis 10:28-29). Jirenyi bara bараати kan bara baraati. Umtinuu, ati illee mataan kee, kennaa fayyina Waaqayyoo- kenne Kirstosiinsirraa fudhachuu kan danda'u hin jiru.

Sagalee Waaqayyoo garaa keenya keessa dhokfanna isa irrattis cubbuu hin hojjennu (Faarsaa 119:11), inni kun cubbuu shakkii illee dabalaata. Sagaleen Waaqayyo kan siin jechaa jirutti gammadi, shakkuu manna boqqoonnee jiraachuu dandeensa! Fayyinni keenya gaaffii keessa akka hin galletti sagalee Kirstos mataa isaa irraa waabdii qabaachuu dandeensa. Waabdiin keenya kan inni irratti hundaa'e jaalala Waaqayyoo karaaa Yesus Kirstos nuuf qabu irratti.

## Utuu Yesus cubbuu keenyaaf hin du'in dura namoonni akkamiin fayyu turan?

Kufaatii namaatii jalqabee, fayyinaaf bu'urri yeroo hundumaa du'a Kirstos ture. Namni ka mille, fannoodhaan dura yookiin fannoodhaan asi, seenaa keessatti ta'umsa guddaa barbaachisaa tokko malee, fayyuudhaaf hin danda'u ture. Duuni Kirstos gatii cubuu isa darbee kan qulqulloota Kakuu Moofaa fi cubbuu isa fuulduaraa kan qulqulloota Kakuu Haaraa kaffaleera.

Fayyinaaf waanti barbaachisaa ta'e yeroo hundumaa amantii dha. Fayyinaaf amantii nama tokkoo keessatti kanbarbaachisu yeroo hundumaa Waaqayyoo dha. Farfatichi "Warri isatti kooluu galan haa gammadan!" jechuun barreesse (Faarsaa 2:12). Seera Uumamaa 15:6 Abrahaam Waaqayyotti amanee innis qajeelinatti isaaf lakaa'amuu isaatii ga'aa akka ture nuttii hima (darbees Roomaa 4:3-8 ilaali). Sirni aarsaa Kakuu Moofaa cubbuu nama irraa hin fuudhu, akkuma Ibrootin 10:1-10 ifatti barsiisu. Haa ta'u malee, gara guyyaa Ilmi Waaqayyoo cubbuu dhala namaatiif dhiiga isaa dhangalaasu agarsiiseera.

Baroota gidduutti kan jijiiramaa ture qabiyee amantii amanataa tokkooti. Waanta amanamuu qabu kan Waaqayyo gaafatu ammaamtaa mul'ata yeroo sana keessatti nama sanaaf kennamu irratti hundaa'a. Inni kun mul'ata jijiiramaa adeemu jedhama. Addaam mul'ata Waaqayyo Seera Uumamaa 3:15 keessatti kennetti amane isa sanyiin dubartittii Seexana injifatu.

Addaam Isatti amane, maqaa Hewaani moggaaseen isarsiise (lak. 20) Gooftaanis kal'ee isaniitti uwvisuudhaan fudhachuu Isaa aluma sana agarsiise (lak. 21). Yeroo sanatti waanti Addaam beeke sanuma, garuu isatti amaneera.

Abraahaam akkaataa abdii fi mul'ata haaraa Waaqayyo Seera Uumamaa 12 fi 15 keessatti isaaf kenneen Waaqayyoon amane. Museen duraa caaffatni caafame hin turre, garuu sanyiin dhala namaa waanta Waaqayyo isaaf mul'isutti gaafatamaa ture. Guutummaa Kakuu Mmoofaa keessatti, Waaqayyo gaaf tokkko rakkina cubbuu isaaniitiif akka dhimmamu yaaduudhaan gara fayyinaatti dhufu turan. Har'a, gara boodeetti ilaalla, Inni dursee rakkina cubbuu keenyaatiif fanno irratti waanta barbaachisu akka raawwate amanuudhaan (Yohaannis 3:16; Ibroota 9:28).

Waa'een amantoota bara Kirstos ture turanii'oo, du'aa ka'uu fi fanno dura? Jarri maal amananii? Kirstos cubbuu jaraatiif fanno irratti akka du'u bifa guutummaa isaa hubataniiruu? Tajaajila isaa gara dhumaatti, "Yeroo sanaa jalqabee, Yesus gara Yeruusaleem akka dhaqan harka maanguddootaatiin harka luboota warra angafootaa fi barsiisota seeraatiin guddaa dhiphachuu ajjeefamuun guyyaa sadaffaatis du'aa kaafamuun akka isa irra jiru bartoota isaatti mul'isuutti ka'e" (Maatewoos 16:21-22).

Deebiin duukabuutotaa ergaa kanaaf maal  
ture? “Pheexroos immoo gara bukkeetti isa  
qabee ‘Waaqayyo si haa oolchu!’ ‘kun  
sirratti dhufuun hin ta’uuf’” jedheen.  
Pheexroosi fi ergamoonni kan biroon  
dhugaa guutummaa isaa hin beekne, jarri  
amma iyyuu fayyanii turan sababni isaa  
rakkoo cubuu isaaniitiif Waaqayyo akka  
waanta barbaachisu raawwatu amananiiru.  
Inni akkaataa kamiin isa sana akka  
raawwatu sirriitti hin beekne, Adaam,  
Musee, yookiin Daawiit kan beeku irra  
caalaa, garuu jarri Waaqayyoon amananiru.

Har'a, namoota du'aa ka'uu Kirstos dura  
jiraachaa kan turan irra kan caalu mul'ata  
qabna; bifaa guutummaa isaa beekna. “Bara

### **Fayyina keessatti olaantummaan Waaqayyooti fi filannoont bilisaa kan namaan akkamiin walii wajjin hojjetaa?**

Walitti dhufeenya olaantummaa Waaqayyoo  
fi fedhii bilisaa namaan gidduu jiru  
guutummaatti hubachuun nuyiif kan  
danda'amu miti. Karoora fayyisuu isaa  
keessatti jarri akkamiin akka walii wajjin  
hojjetanu Waaqayyo duwwatu beeka. Tarii  
barumsa kan biraan caalaatti, dhimma kana  
wajjin, amala Waaqayyoo fi walitti  
dhufeenya keenya isaa wajjinii  
guutummaatii hubachuu danda'uudhaaf  
dandeettii dhabeenya keenya beekuun  
dubbachuun baay'ee barbaachisaadha. Karaa  
lamaaniinuu garmalee fageessanii deemuun  
hubannaan fayyina irratti qabnu akka  
boora'u taasisa.

Waaqayyo eenu akka fayyuuf jiru akka  
beeku caaffanni qulqulaa'oon ifa taasisu  
(Roomaa 8:29; 1 Pheexroos 1:2). Efesoos  
1:4 Waaqayyo “Utuu biyyi lafaa hin

duriitti Waaqayyo si'a baay'ee karaa gara  
garaatiin raajotaan abboota keenyatti  
dubbateera. Guyyoota bara isa dhumaan  
kanatti immoo ilma isaatiin nutti dubbate;  
Waaqayyo ilma isaa kanaan waqaqa fi lama  
uume waan hundumaas harka isaatti  
kennuuf isa dhaabe” (Ibroota 1:1-2). Amma  
illee fayyinni keenya du'a Kirstos irratti  
hundaa'a, amantiin keenya fayyinaaf amma  
illee barbaachisaadha, amantii keenyaaf  
waanti barbaachisu amma illee  
Waaqayyoodha. Har'a, nuuyiif, qabiyyeen  
amantii keenyaa Yesus Kirstos cubbuu  
keenyaaf du'e, awwaalamee, guyyaa  
sadaffaa isaatti ka'uu isaati (1 Qorontoos  
15:3-4).

uumamin dura” akka nu filate nutti hima.  
Macaafni Qulqulluun irra deddeebi'uudhaan  
amantoonni “kan filataman” akka ta'e nutti  
hima (Roomaa 8:33; 11:5; Efesoos 1:11;  
Qolasayiis 3:12; 1 Teselonkee 1:4; 1  
Pheexroos 1:2; 2:9) fi kan “filatame”  
(Maatewoos 24:22, 31; Marqoos 13:20, 27;  
Roomaa 11:7; 1 Ximotewoos 5:21; 2  
Ximotewoos 2:10; Titos 1:1; 1 Pheexroos  
1:1). Dhugaa amantoonni dursanii  
murtaa'uu (Roomaa 8:29-30; Efesoos 1:5,  
11), fi fayyinaaf filatamuun isaanii ifa  
(Roomaa 9:11; 11:28; 2 Pheexroos 1:10).

Macaafni Qulqulluun darbees fayyinaaf nuyi  
akka itti gaafatamummaa qabnu ni dubbata-  
kan nuyi goonu hundinuu Yesus Kiristos  
akka fayyisaa keenyaatti amanuu fi  
fayyuudha (Yohaannis 3:16; Roomaa 10:9-  
10). Eenu akka fayyu Waaqayyo beeka,  
eenu akka fayyu Waaqayyo filateera, akka

fayyinuudhaaf Kiristoosiin filachuu qabna. Sammuu daanga'aadhaaf dhugaaleen sadan kun akkamiin akka hojjetan sirriitti hubachuun hin danda'amu (Roomaa 11:33-36). Ga'een keenya wangeela biyya lafaa hundumaatiif qaqqabiisuuudha (Maatewoos 28:18-20; Hojii Ergamootaa 1:8). Durasanii

### **Yesus araarsuuf bakka bu'ee du'uun isaa maaliidha?**

Bakka bu'anii aaraarsuudhaaf ajjeefamuun Yesusiin ilaallata cubbamootaaf bakka bu'ee du'uusaatiin. Namni hundinuu cubbamoota akka ta'an caaffanni qulqulaa'oon nutti himu (Roomaa 3:9-18, 23). Cubbuu keenyaaf adabbiin du'adha. Roomaa 6:23 akkasitti dubbifama, "Beenyaan nama cubbuu hoijetu du'a; kennaan Waaqayyoo inni Kiristoos Yesuus gooftaa keenyaa wajjin tola kennamu garuu jirenya bara baraati."

Waraabbiin sun waantota heedduu nu barsiisa. Kiristoosiin malee, du'uudhaa fi akka gatii cubbuu keenyaatti si'ool keessatti bara baraan dabarsuudhaaf jirra. Caaffata qulqulaa'oo keessatti duuni "gargar ba'uu" agarciisa. Namni kam iyuu ni du'a garuu muraasatu Waaqayyoo wajjin bara baraan waaqa irra jiraata, kaan immoo si'ool keessa baraa hanga bara baraatti jiraatu. Haa ta'u malee, waraabbiin kun kan nu barsiisu inni lammafaan jjirenyi bara baraa karaa kiristos argamuu isaati. Inni kun aarsaa ta'uudhaaf bakka bu'anii du'uudha.

Yesus Kiristos fannoo irratti yeroo fannifame bakka keenya du'e. du'uudhaaf fannoo irra godhamuun nuuf kan ta'u ture sababnni isaa nuyi nama jirenya cubbuudhaan guutame kan jiraannedha.

beekamuu, filatamuu, dursanii murtaa'uu akka ga'ee Waaqayyotti dhiifnee salphaadhumatti wangeela labsuudhaaf haa abboomamnu.

Garuu Kiristos bakka keenya adabbicha ofii isaa fudhate. Inni bakka keenya bu'uudhaan sirriitti kan nuuf ta'a ture ofii isaatiif fudhate "Isa cubbuu tokko illee hin qabne nuyi karaa isaa qajeolina Waaqayyoo akka arganutti nuuf jedhee cubbamaa isa godheera" (2 Qorontoos 5:21).

"Nuyi cubbuu jalaa duunee qajeelinaaf akka jiraannuuf, inni ofii isaatii cubbuu keenya dhagna isaatiin cubbuu keenya dhagna isaatiin baatee fannootti ol ba'e, madaa'uu isaatiin isin fayyifamatan" (1 Pheexroos 2:24). Asittis daballee gatii isaa nuuf kaffaluudhaaf Kiristos cubbuu nuyi raawwanne akka ofii isaatti fudhate ilaalla. "Kiristoos immoo gara Waaqayyootti isin fiduudhaaf jedhee, yeroo hundumaaf akka ta'utti al tokkicha cubbuu namoota baay'etiiif dhiphateera; inni qajeelaan foon uffatee, qooda warra jal'ootaa ajjeefamee, hafuuraan jiraachifameera (1 Pheexroos 3:18). Waraabbiilee kunniin Kiristos bakka keenya buufamuu isaa duwwaa miti kan nu barsiisan, garuu jarris darbanii inni furee akka ture nu barsiisu, jechuunis Inni gatii nama cubbamaa irra jiru kaffaluu quubsaatti raawwateera.

Keeyyatin hafe tokko kan waa'ee Yesus bakka keenya buufamee du'uu isaa dubbatu

Isaayaas 53:5. Waraabbiin kun waa'ee Kiristos bakka keenya fannoo irratti du'uuf dhufee turuu isaa dubbata. Raajichi baay'ee gad fageenya qaba, ajjeefamuun isaas akkuma dursamee dubbatamee ture ni raawwatame. “Inni garuu balleessaa keenyaaf ni waraaname sababbii yakka keenyaafis reebame ni caccabsame; nuyi nagaa akka argannuuf inni ni adabame madaa'uu isaatiinis fayyinni nuuf argame.” Bakka buufamuu yaadadhu. Asitti ammas Kiristos gatii keenya akka kaffale ilaalla.

Si'ool keessatti adabamuudhaa fi bara baraan achi ta'uu duwwaadhaan gatii cubbuu ofii keenyaan kaffaluu dandeenya.

### **Waabdiin bara baraa Macaafa Qulqulluu irraatti?**

Namoonni Kiristoosiin akka fayyisa isaaniitti gara beekuutti yeroo dhufan waabdii isaanii isa bara baraa kan jaraa dhugoomsu gara walitti dhufeenyaa Waaqayyoo wajjin qabaachuutti dhufan. Yihudaan 24 akkas jechuun labsa, “Isin akka hin gufannetti Waaqayyo isin eeguu, mudaa malee gammachuudhaan ulfina isaa dura isin dhaabachiisuuf ni danda'a.” humni Waaqayyoo amantoota kufaatii irraa eeguu danda'a. ulfina isaa dura nudhaabuun ga'ee isaa malee ga'ee keenya miti. Waabdiin keenya inni bara baraa bu'aa inni nu eeguu isaa malee nuyi fayyina keenya eeggachuu keenya miti.

Gooftaan Yesus Kiristoos, “Ani jirenyaa bara baraa isaaniif nan kenna, isaan bara baraan hin badan, namni tokko illee harka koo keessaa isaan hin butatu. Abbaan koo inni anatti isaan kenne hundumaa irra guddaadha” jechuun labse (Yohaannis

Garuu ilmi Waaqayyoo Yesus Kirstos gatii cubbuu keenya kaffaluudhaaf gara biyya lafaa kanaa dhufeera. Sababin isaa inni isa kana nuuf raawwate, amma carraa cubbuun keenya nuuf dhiifamuu duwwaa hin qabnu bara baraanis isaa wajjin jirraachuu argachudhas malee. Isa kana raawwachuudhaaf Kiristos fannoo irratti kan raawwate irra amananna keenya taasifachuu qabna. Ofii keenya fayyisuu hin dandeenyu; bakka keenya fudhachuudhaaf kan bakka keenya bu'u barbaadna. Duuni Yesus Kirstos bakka keenya buufamee ajjeefamuu isaati.

10:28-29b). Abbaanis Yesusis lamaan isaanii harka isaanii keessatti cimsanii nu qabaniiru. Harka Abbaa fi harka Ilma isaa keessaa kan nu butachuu danda'u eenyuu?

Efesoon 4:30 amantoonni, “guyyaa fayyinaatiif ittiin akka mallatteeffaman” nutti hima. Amantoon jirenyaa bara baraa hin qabaatan utuu ta'e dhugaan isaa ittiin mallatteefamun kun guyyaa fayyinaatiif hin ta'u ture garuu guyyaa cubbuu hojjetan, ganan, yookiin amanuu dhiisan duwwaadhaaf ta'a ture. Kiristoositti kan amanu namni kam iyyuu “jirenyaa bara baraa” akka qabaatu Yohaannis 3:15-16 nutti hima. Namni dhuunfaa tokko abdiin jirenyaa bara baraa isaaf kan ta'u taanaan garuu lammee yoo duraa fudhatame inni gonkumaa jalqabuudhumaaf duwwaa “bara baraa” ta'uu hin danda'u ture. yoo waabdiin bara baraa dhugaa ta'uu dhabaate, abdiin bara baraa Macaafa Qulqulluu keessa jiran dogoggora ta'u.

Jirenya bara baraatiif waliin morkiin inni guddaa cimaan Roomaa 8:38-39 dha. “Duuni jirenyi, ergamoonni Waaqa irraa warrii bantii waaqaa keessatti aboo qabu jedhamanii sodaataman, waanti amma jiru , waanti dhufuuq jirus hundinuu, waanti humna agarsiisuu danda’us, waanti ol ka’ee jirus, waanti gadi fagaatee jirus, uumama

keessaa waanti biraas, jaalala Waaqayyoo isa karaa gooftaa keenyaa Kiristoos Yesus nuuf dhufetti danda’ee gargar nu hin baasu.” Waabdiin keenya bara baraa kan inni bu’uura godhate warra isaan fayyiseef jaalala isaa irratti. Waabdiin keenya bara baraa Kiristoosiin bitame. Abbaan abdiin galamee Hafuura Qulqulluudhaan mallattoon itti godhame.

### Fayyina kootiif akkamiinan waabdiil qabaachuu danda’aa?

Ati akka fayyiteetta ta’e akkamiin sirriitti beekuu dandeessa? 1 Yohannis 5:11-13: ilaali, “Waaqayyo jirenya bara baraa nuuf kenne; egaa dhugaan isaa isa kana; jirenyi bara baraa kunis ilma isaa keessatti argama. Namni ilma Waaqayyoo qabaatu jirenyicha qaba; namni ilma Waaqayyo hin qabne, jirenyicha hin qabaatu.” Inni ilimicha qabu eenyuudha? Inni jarreen isatti amananiif isa simataniidha (Yohannis 1:12). Ati Yesusiin qabaannaan, ati jirenya qabda, jjirenya yeroodhaafii miti garuu jirenya bara baraati.

Waaqayyo fayyina keenyaaf akka mamii hin qabaanne barbaada. Jirenya kiristaanummaa keenyatti dhugaatti fayyuu keenya fi fayyuu dhiisuu keenya mamaa fi yaaddaa jiraachuu hin dandeenyu. Inni kanaaf Macaafni qulqulluun karoora fayyinaa baay’ee ifaa taasisuuf. Yesus Kirstositti amani atis ni fayyitaa (Yohannis 3:16; Hojji Ergamootaa 16:31). Yesus fayyisaa akka ta’e ni amantaa, Inni gatii cubbuu keetii kaffaluudhaaf akka du’e (Roomaa 5:8; 2 Qorontoos 5:21)? Fayyinaaf isa qofaa amanachaa jirtaa? Deebiin kee eeyyeen, yoo ta’e ati fayyiteetta! Waabdii jechuun, “shakkii gararraa ta’uudha.”

Sagalee Waaqayyoo gara keessa keetti fudhachuudhaan, ati “shakkii hundumaadhaan gararraa ta’uu dandeessa dhugaa fi dhugoomuu fayyina kee bara baraa.”

Yesus mataan isaa warra isatti amanan ilaachisee isa kana mirkaneesseera: “Ani jirenya bara baraa isiniif nan kenna, isaan bara baraan hin badan, namni tokko illee harka koo keessaa isaan hin butatu. Abbaan koo inni anatti isaan kenne hundumaa irra guddadha; humtinuus harka abbaa koo keessaa isaan butachuu hin danda’u” (Yohannis 10:28-29). Jirenyi bara barakan bara baraati. Umtinuu, ati illee mataan kee, kennaa fayyina Waaqayyoo- kenne Kirstosiinsirraa fudhachuu kan danda’u hin jiru.

Sagalee Waaqayyoo garaa keenya keessa dhokfanna isa irrattis cubbuu hin hojjennu (Faarsaa 119:11), inni kun cubbuu shakkii illee dabalata. Sagaleen Waaqayyo kan siin jechaa jirutti gammadi, shakkuu manna boqqoonnee jiraachuu dandeeny! Fayyinni keenya gaaffii keessa akka hin galletti sagalee Kirstos mataa isaa irraa waabdii qabaachuu dandeeny. Waabdiin keenya kan

inni irratti hundaa'e jaalala Waaqayyoo karaaa Yesus Kirstos nuuf qabu irratti.

### **Jarreen takkaa waa'ee Yesus hindhageenye irra maaltu ga'a? Waaqayyo nama takkaa waa'ee Isaa hin dhageenyeetti hin faradaa?**

Namoonni hundinuu waa'ee Waaqayyoo itti gaafatamummaa qabu "waa'ee Isaa dhaga'anis" yoo dhaga'uu dhabaatanis. Waaqayyo karaa uumamaa (Roomaa 1:20) fi garaa namaa keessatti (Macaafa Lallabaa 3:11) ofii Isaa akka mul'ise Macaafni Qulqulluun nutti hima. Rakkoon jiru sanyiin dhala namaa cubbamaadha; hundumti keenya beekumsa Waaqayyoo kana gannee isa irratti fincila kaafnera (Roomaa 1:21-23). Inni ayyana Waaqayyootiin utuu hin taane ta'ee, fedhii hawwii cubbuu garaa keenyaaf caalaatti kennamnee turre, Isattii gargar baanaan jireenyi akkam gatii kan hin baafne fi jeeqamaa ta'ee akka arganu nu taasisuudhaan. Inni jarreen guutummaa guutuutti isa ganuu keessa jiraatan kana raawwata (Roomaa 1:24-32).

Qabatamaadhumatti, inni namoonni tokkoo tokko waa'ee Waaqayyoo dhaga'uu dhabuu isaanii miti, rakkoon jarri waan dhaga'anii turan fi kan uumamaan ifatti mul'atu fudhachuu diduu isaaniiti. Seerri Keessa Deebii 4:29, "Isin garaa keessan guutuudhaan yaada keessan guutuudhaanis yoo isa barbaaddattan isa ni argattu" jechuun dubbata.

Waraabbiin kun qajeelfama barbaachisaa barsiisa-namni kami iyyuu dhugaadhaan kan Waaqayyoon barbaadu Isa ni argata. Yoo namni tokko dhugumaan Isa beekuu barbaade Waaqayyo ofii Isaa isatti mul'isa.

Rakkoon jiru, "namni tokko iyyuu hin hubatu namni tokko illees Waaqayyoon hin barbaadu" (Roomaa 3:11). Namoonni beekumsa Waaqayyoo isa uumamaan mul'atuu fi garaa isaanii keessa jiru fudhachuu didan bakka isaa waaqolii tolfaamuu kan ofii tolftan waaqessuu murteessan. Waaqayyo nama carra wangeela Kirstos dhaga'uu utuu hin argatin hafe tokko gara si'olitti erguun isaa sirriidhaa jedhanii falmuun gowwuummaadha. Namoonni kan Waaqayyo dursee jaratti mul'iseef itti gaafatamummaa qabu. Macaafni Qulqulluun namoonni beekumsa kana fudhachuu didan jedha, egaa kanaaf Waaqayyo jara si'ool keessatti adabuun isaa haqa.

Waa'ee galma namoota wangeela hin dhaga'ini bakka waliin falmuu, nuyi, akka kiristaanootaatti, akka jarri dhaga'an gargaaruudhaaf amma dandeenye yaalii taasisuu qabna.

Namoota hundumaaf akka wangeela raabsinu waamamneerra (Maatewoos 28:19-20; Hojii Ergamootaa 1:8). Beekumsa Waaqayyo karaa uumamaa mul'ate namoonni akka ganan ni beekna, inni ergaa gaarii fayyina isa karaa Kirstoos ta'e kana akka labsinuudhaaf nu kakkaasuu qaba. Namoonni ayyana Waaqayyoo fudhachuu qofaan cubbuu isaanii irraa fayyuu akkasuma bara baraan Waaqayyootti adda baafamuu irraa ooluu danda'u.

Namoonni takka wangeela hin dhageenye Waaqayyoon biraa akka araara argatan yoo yaadne, nuyi gara rakkina rifachiisaatti galla. Namoonni takkaa wangeela hin

dhaga'in yoo fayyau ta'an, inni namoonni heedduun akka wangeela illee hin dhageenye mirkaneeffachuu sirriidhuma ta'a. Waantii gadheen kan nuyi raawwannu wangeela namatti himuudhaan inni yookiin isheen isa fudhachuu diduu isee ta'a. inni ni ta'a utuu ture, inni yookiin isheetti ni faradama. Namoonni wangeela hin dhageenye jaratti faradamuu qaba, yookiin wangeela tamasaasuuf kan nama dadamaqsu hin jiraatu. Namoonni dursanii utuu wangeela hin dhaga'iniin dura fayyaniru taanaan maaliif namoonni wangeela dhaga'uu diduun isaanii ofii isaanii iraatti faraduu ta'aa ree?

### **Waabdiin bara baraa cubbuudhaaf hojjechuuf ni hayyamaa?**

Barumsa waabdii bara baraa ilaachisee moromiin baay'een irraa deddeebei'amu namoonni akka barbaadanitti jiraatanis amma iyyu ni fayyu kan jedhu yaadamuu isaatiin. Inni kun tarii gaafa ilaalamu dhugaadha, inni dhugumaan sirrii miti. Namni Yesus Kiristositti amanuudhaan dhugumaan fayyina argate jirenya cubbuu itti fufiinsaan hojjetamu, fedhii cubbuu keessa hin jiraatu. Kiristaanni akkamiin akka jiraachuu qabuu fi fayyina argachuudhaaf namni tokko maal akka raawwachuu qabu gidduutti garaa garummaa kaa'uu qabna.

Fayyinni ayyanaan duwwaa akka ta'e Macaafni Qulqulluun ifa taasisa, Kiristos Yesusiin qofa (Yohaannis 3:16; Efeson 2:8-9; Yohaannis 14:6). Batala namni Yesus Kiristositti amanetti, inni yookiin isheen fayyiteetti fayyina ishee yookiin isaatti waabdii qaba. Fayyinni amantiittiidhaan hin argamu, garuu hojiidhaan agarsiisama.

Ergamaan Phaawloos dhimma kana Galaatiyaa 3:3 keessatti kaasa yeroo inni gaafaatu akkas jedhee, "Attam akkas wallaalota taatuu? Hafuura qulqulluudhaan jalqabdani amma immoo yaada fooniitiin raawwachuu barbaadduuree?" Amantiidhaan fayyine taanaan fayyinni keenya amantiidhaan eegamaadha kunuunfamaadhas. Fayyina mataa keenya argachuu hin dandeenyu. Sababa kanaatiif, kunuunsa fayyina keenyaas argachuu hin dandeenyu. Fayyina keenya kan eegu inni Waaqayyoodha (Yihudaa 24). Jabeessee cimsee kan nu qabee jiru harka Waaqayyooti (Yohaannis 10:28-29). Eenu illee isa irraa adda nubaasuu kan hin dandeenyе jaalala Waaqayooti (Roomaa 8:38-39).

Waabdii bara baraa kan ganu waanti kam iyyuu, uumama isaatiin, amantii nuyi hojii keenya isa gaarii fi tattaaffii keenyaan fayyina mataa keenya eeggachuu qabna kan jedhudha. Inni kun fayyinni ayyanaan

kan jedhuu wajjin guutummaatti faallaadha. Badhasaa akkasumaa isa kan Kiristosootiin fayyine isa kan keenyaatiin miti (Roomaa 4:3-8). Fayyina keenya argachuudhaaf sagalee waaqayyootiif guutummaatti ajajamuu qabna yookiin jirenya quqlqula'aa jiraachuu qabna jechuun, duuni Yesus gatii cubbuu keenyaa kaffaluudhaaf ga'aa hin turre jedhanii amanuudha. Gatii cubbuu keenyaa isa darbee, isa ammaa fi isa fuulduraa keenyaa, fayyina duraa fi fayyina boodaa, kaffaluudhaaf du'uun Yesus guutummaatti ga'aa ture (Roomaa 5:8; 1 Qorontoos 15:3; 2 Qorontoos 5:21).

Inni kun Kiristaanni akka barabaadetti jiraachuu danda'a ta'us amma iyyuu kan fayyedha jechuudhaa? Inni kun bu'urumatti gaaffii sammuutti yaadamuudha, sababni isaa Macaafni Qulqulluun kiristaanni inni dhugaan karaa "akka ofii isaa barbaadetti" akka hin jiraanne ifa taasiisa. Kiristaanoni uumama haaraadha (2 Qorontoos 5:17). Kiristaanoni ija hafuuraa agarsiisu (Galaatiya 5:22-23), hojii foonii miti (Galaatiya 5: 19-21). 1 Yohaannis 3:6-9 kiristaanni inni dhugaan cubbuutti qabamee akka hin jiraanne ifa godhee kaa'a. Deebii falmii isa ayyaanni cubbuu jajjabeessa jedhuuf, ergamaan

Phaawloos akkas jechuun dubbata "Egaa ayyaanni Waaqayyoo akka baay'atuuf cubbuutti jiraachuu itti fufnaaree? Kun matumaa hin ta'u! Nuyi warri cubbuu jalaa duune, si'achi attamitti cubbuu jala jiraannaree?" (Romans 6:1-2).

Waabdiin bara baraa cubbuudhaaf hin hayyamu. Bakk isaa jarreen Kiristoositti amananiif jaalalli Waaqayyoo akka waabdii akka qabu beekuudha. Kennaa Waaqayyoo isa dinqisiisa beekuu fi hubachuun faallaa isa cubbuufi hayyama laachuu raawwata. Akkamiin namni tokko, gataii Yesus Kiristos nuuf kaffale beekaa, jirenya cubbuu jiraachuu itti fufaa (Roomaa 6:15-23)? Jaalala Waaqayyo warra isa amananiif kan haal-duree tokko male ta'ee fi waabdii qabeessa ta'uu isaa beekaa namni tokko akkamiittiin jaalala sana fuudhee fuula Waaqayyoo irratti deebissee darabataa? Namni akkasii waabdiin bara baraa akka cubbuu raawwatuuf hayyama akka isaa hin kennine agarsiisaa hin jiru, garuu irra caalaatti inni yookiin isheen fayyina karaa Yesus Kiristos sirriitti hin shaakalle. "Egaa namni isatti qabamee jiraatu hundinuu cubbuu hin hojjetu; namni cubbee hojjetu hundinuu garuu isa hin argine, isa hin beeknes" (1 Yohaannis 3:6).

### **Yesus araarsuuf bakka bu'ee du'uun isaa maaliidha?**

Bakka bu'anii aaraarsuudhaaf ajjeefamuun Yesusiin ilaallata cubbamootaaf bakka bu'ee du'uusaatiin. Namni hundinuu cubbamoota akka ta'an caaffanni qulqulaa'oon nutti himu (Roomaa 3:9-18, 23). Cubbuu keenyaaf adabbiin du'adha. Roomaa 6:23 akkasitti dubbifama, "Beenyaan nama cubbuu hojjetu du'a; kennaan Waaqayyoo

inni Kiristoos Yesuus gooftaa keenyaa wajjin tola kennamu garuu jirenya bara baraati."

Waraabbiin sun waantota heedduu nu barsiisa. Kiristoosiin malee, du'uudhaa fi akka gatii cubbuu keenyaatti si'ool keessatti bara baraan dabarsuudhaaf jirra. Caaffata qulqulaa'oo keessatti duuni "gargar ba'uu"

agarsiisa. Namni kam iyyuu ni du'a garuu muraasatu Waaqayyoo wajjin bara baraan waqa irra jiraata, kaan immoo si'ool keessa baraa hanga bara baraatti jiraatu. Haa ta'u malee, waraabbiin kun kan nu barsiisu inni lammaffaan jjireenyi bara baraa karaa kiristos argamuu isaati. Inni kun aarsaa ta'uudhaaf bakka bu'anii du'uudha.

Yesus Kiristos fannoo irratti yeroo fannifame bakka keenya du'e. du'uudhaaf fannoo irra godhamuun nuuf kan ta'u ture sababnni isaa nuyi nama jirenya cubbuudhaan guutame kan jiraannedha. Garuu Kiristos bakka keenya adabbicha ofii isaa fudhate. Inni bakka keenya bu'uudhaan sirriitti kan nuuf ta'a ture ofii isaatiif fudhate "Isa cubbuu tokko illee hin qabne nuyi karaa isaa qajeolina Waaqayyoo akka arganutti nuuf jedhee cubbamaa isa godheera" (2 Qorontoos 5:21).

"Nuyi cubbuu jalaa duunee qajeelinaaf akka jiraannuuf, inni ofii isaatii cubbuu keenya dhagna isaatiin cubbuu keenya dhagna isaatiin baatee fannootti ol ba'e, madaa'uu isaatiin isin fayyifamatan" (1 Pheexroos 2:24). Asittis daballee gatii isaa nuuf kaffaluudhaaf Kiristos cubbuu nuyi raawwanne akka ofii isaatti fudhate ilaalla. "Kiristoos immoo gara Waaqayyootti isin fiduudhaaf jedhee, yeroo hundumaaf akka ta'utti al tokkicha cubbuu namoota baay'etiiif dhiphateera; inni qajeelaan foon uffatee, qooda warra jal'oottaa ajjeefamee, hafuuraan jiraachifameera (1 Pheexroos 3:18). Waraabbiilee kanniin Kiristos bakka keenya buufamuu isaa duwwaa miti kan nu barsiisan, garuu jarris darbanii inni furee akka ture nu barsiisu, jechuunis Inni gatii nama cubbamaa irra jiru kaffaluu quubsaatti

raawwateera.

Keeyyatin hafe tokko kan waa'ee Yesus bakka keenya buufamee du'uu isaa dubbatu Isaayaas 53:5. Waraabbiin kun waa'ee Kiristos bakka keenya fannoo irratti du'uuf dhufee turuu isaa dubbata. Raajichi baay'ee gad fageenya qaba, ajjeefamuun isaas akkuma dursamee dubbatamee ture ni raawwatame. "Inni garuu balleessaa keenyaaf ni waraaname sababbi yakka keenyaafis reebame ni caccabsame; nuyi nagaa akka argannuuf inni ni adabame madaa'uu isaatiinis fayyinni nuuf argame." Bakka buufamuu yaadadhu. Asitti ammas Kiristos gatii keenya akka kaffale ilaalla.

Si'ool keessatti adabamuudhaa fi bara baraan achi ta'uu duwwaadhaan gatii cubbuu ofii keenyaan kaffaluu dandeenya. Garuu ilmi Waaqayyoo Yesus Kirstos gatii cubbuu keenya kaffaluudhaaf gara biyya lafaa kanaa dhufeera. Sababin isaa inni isa kana nuuf raawwate, amma carraa cubbuun keenya nuuf dhiifamuu duwwaa hin qabnu bara baraanis isaa wajjin jirraachuu argachudhas malee. Isa kana raawwachuudhaaf Kiristos fannoo irratti kan raawwate irra amananna keenya taasifachuu qabna. Ofii keenya fayyisuu hin dandeenyu; bakka keenya fudhachuudhaaf kan bakka keenya bu'u barbaadna. Duuni Yesus Kiristos bakka keenya buufamee ajjeefamuu isaati.

### Hiiki jirenyaa maalii?

Hiiki jirenyaa maalii? Jirenya koo keessatti kaayyoonaan, boqonnaan, milkaa'u ummaan akkamiin argamuu danda'aa? Hijii itti fufeinya qabu rawwachuudhaaf dandeettii nan argadha laataa? Namoonni heedduun waa'ee dhimma kanaa gaaffii kaasuun jaraa hin oolu. Jirenya isaanii keessatti rawwachuuuf kan yaadan yoo raawwatanis waggoottan booda irraa deebi'anii walitti dhufeenyi jarri namootaa wajjin qaban akkamiin akka bade akkasumas duwwummaan maaliif akka jaratti dhaga'amu utuu jara hin dinqin hin oolu. Atileetiin tokko beekumtummaa guddaa erga argatee booda tapha yeroo jalqabu namoonni maal jedhaanii yoo itti dubbatan ni barbaada yoo ta'ee yeroo isa gaafatan "bakka guddaa erga ga'amee booda umtuu akka hin jirree utuu natty himanii nan fiadhan turee" jechuun gaabbiin dubbateera.

Milkaa'uun heedduun duwwaa ta'uun isaanii kan mirkanoefffammu isaan raawwachuudhaaf waggooni heedduun erga darbanii booda. Akkataa adaa namummaa keenyaatiin namoonni hiika akka argatan yaadu. Namoonni heedduun kaayyoo heedduu gaggeessu kaayyoo jirenyaa kana keessa daldalaan milkaa'u, qabeenya, waltti dhufeenyi gaarii, walqunnamtii saalaa, bashannanaa fi namoota hedduudhaaf waan gaarii hojjechuun haammata.

Namoonni yeroo dhugaa ba'an akka hubatametti qabeenya horachuun walitti dhufeenyi gaarii hundeessuudhaaf gammachuun argachuun kaayyoo isaaniin milkaawanis namni kami iyyuu guutuun kan hindandeeny bakki duwwaan akka isaanitti dhaga'amu dubbataniiru.

Barreessaan macaafa Lallabaa yaada kana ibisuudhaaf "waanti hundinuu kan waa'ee hin baafneedha waa'ee hin baasu dhugumaan waa'ee hin baasu jedha!"(Lallaba 1:2) barreessaan macaafa Lallabaa kan ta'e Solomoon qabeenya heedduu bara isaa fi bara keenya kan ture namakamiinuu kan caalu ogummaa dhibbeentaa heedduun kan lakka'aman dubartoota heeddu, mana mootummaa mootummoonni itti hinaafan fi bakka ashaakiltii, nyaata ba'eessa ta'e daadhii wayinii fi bakka bashananna fi bakka gammachuun qaba ture. Inni yeroo tokko ala dubbatu inni waan barbaade hundumaa akka duukaa bu'aa ture dubbata. waanta garaan isaa barbaade ni hordofa ture. ija isaatiin kan ilaalu kan itti gammadaa tures "aduu gad jellaatti waanti kam iyyuu waa'ee hin baasu" jechuun tuffataa ture. duwwaa ta'uun kun maaliif mudatee? Sababni isaas Waaqayyo

kan nu uume kan isa kanaa fi ammaa kan shaakalluun garaarraa kan jiruudhaaf.

Soloomoon waa'ee Waaqayyoo yeroo dubbatu, "hawwii waanta yeroo dheeraa waanta bara dheeraa ta'u beekuus yaada ilmaan namootaa keessa kaa'eera" (Lallaba 3:11) hundumti keenya garaa keenyatti akkuma beeknu waanti jiru "asii fi amma" waan jiru duwwaa akka hin taane ni hubanna.

Seera Uumamaa Macaafa Qulqulluu keessaa macaafa jalqabaa keessatti Waaqayyo nama akka bifa fi fakkeenyisaatiitti akka uume ni dubbifanna (Seera Uumamaa 1:26). Nuyi uumama keenyaan (uumama kan biraa) irraa karaa adda ta'een Waaqayyoon fakkannee uumamne. Kanatti dabalatee kan argannu ilmi nmaa cubbuutti kufee abarsi cubbuu biyya lafaa irratti dhufuu isaan dura waantonni kanatti aananii jiran dhugaadha. 1) Waaqayya nama uumama hawaasa godhee uume (Seera Uumamaa 2:18-25); 2) Waaqayyo ilma namaatiif hojii kenneef, (Seera Uumamaa 2:15); 3) Waaqayyo nmaa wajjin tokkummaa qaba ture (Seera Uumamaa 3:8); fi 4) namni lafa akka bitu aboo kenneef (Seera Uumamaa 1:26) waa'ee barbaachisummaa waantota kanaa maalii? Kunneen hundinuu jirenya keenyaaf boqonnaa akka argamsiisaniidhaaf Waaqayyo karoorsee kan ture, garuu kunneen hundinuu keessumattu (tokkummaan namni Waaqayyoo wajjin qabu geeddarameera) sababni isaas ilmi nmaa cubbuutti erga kufee booda abarsi biyya lafaa irratti hojii irra ooluu isaa irraan kan ka'eedha (Seera Uumamaa 3).

Macaafa xumura Macaafa Qulqulluu kan tae mullata Yohaannis irratti Waaqayyo waan tokko kaa'eera. Amma kan jiran laftii fi samii dabarsee waaqa haaraa fi lafa haaraa uuma. Yeroo sana nama fayyee wajjin walitti dhufeenyguutuu taasisa. Kan hin fayyine irratti ni farada. Kan waa'ee hin baafne taasisee gara ibidda bara baraatti darbata (Mullata Yohaannis 20:11-15). Abarsi cubbuu ni barbadaa'a. sanaan booda cubbuuna, gaddi, dhukkubni, duutii fi rakkinni lammee hin jiraatu (Mullata Yohaannis 21:4). Waaqayyo jaraa wajjin jiraata, jarris ijoollee isaa ta'u (Mullata Yohaannis 21:7).

Amma naannofnee itti dhufne. Waaqayyo isaa wajjin tokkumaa akka taasifnu nu uume. Dhalli nmaa cubbuu hojjechuu isaa irraa kan ka'e walitti dhufeenyi isaa akka addaan citu taasiise. Waaqayyo kan filatee wajjin walitti dhufeenyi isaa haressuun mana isa waaqa irraa keessa isaa wajjin akka jirraatan taasisa. Jirenya ofii keessatt waantota heedduun milkaa'anii jirenya ofii bara baraan waqayyotti addaan ba'uun kufaatii hundumaa irraa kan hammaatedha. Garuu Waaqayyo gammachuun bara baraa dhugaa waaqa irratti qofaa hin taasifne (Luuqaas 23:43), garuu jirenyi lafa irraa kan nama gammachiisu akka ta'u haala mijeesseera. Gammachuun lafa irraa "Jannati lafa irratti" akkamiin argamaa?

## **Hiikni jireenyaa karaa Kiristoos deebi'ee haaromfame.**

Amma biyya lafaa irrattii fi jirenyaa isa itti aanuuf hiikni kan argamu walitti dhufeenyi Waaqayyoo wajjin qabnu deenbi'ee yeroo haaromfamuudha. Walitti dhufeenyi Addaamii fi Hewaan Waaqayyoo wajjin kufaatii irraa kan ka'e addaan citee ture. har'a garuu walitti dhufeenyi kun haaromfameera (Hojii Ergamootaa 4:12; Yohaannis 1:12; 14:6). Jirenyaa bara baraa kan argamu nuyi cubbuu keenyetti gaabbinee yeroo deebinuu (hojii cubbuutti itti fufuu dhiisuufi kiristoos geeddaree nama haaraa akka nuu taasisu yeroo barbaadnuudha) kanaaf Yesus Kiristoosiin akka fayyisaa keenyaatti fudhannee yeroo isa irratti hirkannuudha.

Jirenyaa hiiki dhugaan kan argamu Yesusiin akka fayyisaa dhuunfaatti fudhachuu duwwaan kan argamu miti (kun mataan isaa dinqii ta'us) keessattuu hiiki jirenyaa innni dhugaan kan argamu namni tokko akka duuka buutuutti yeroo isa hordofuu fi isa irraa barachuun sagalee isaa kan ta'e Macaafa Qulquluu wajjin yeroo ala dabarsuu fi dabalataan kadhannaan tokkummaa yeroo qabaatuu fi abboommii isaa ulfeessuun adeemsa isaa isaa wajjin yeroo taasisuudha. Tarii ati kan hin amannee yoo taate (Yookiin tarri amanataa haaraa yoo taate) "baay'ee kan nama dharraasisu yookiin waantichi anaaf quufsaa miti" jechuu dandeessa.

Garuu maaloo dubbisa kee yeroo gabaabaadhaaf itti fufi. Yesus yaada kanatti aananii jiran kaaseera "Yesus itti fufe isin warri itti dhaaatanii dadhabdan ba'aanis kan isinitti uulfaatu hundinuu gara koo kottaa ani boqonnaa isiniifan kennaa. Waanjoon koo fuudhaatii baadhaa ana irraas bara anoo garramii dha kan gad ofdeebises boqonnaa lubbuu keessaniitiif ni argattu" (Matthew 11:28-30). "Ani jirenyaa haa qabaataniif irraa hafaas haa qabaataniif dhufeera" (Yohaannis 10:10b). "Ergasii Yesus bartoota isaatiin namnii tokko illee ana duukaa bu'u yoo barbaade waa'ee ofii isaa dhiisee fannoo isaa [isa anaaf jedhee baatu] of irra kaa'aatee ana duukaas haa bu'u. namni jirenyaa isa oolfachuuf yoo barbaade jirenyi isaa duraa ni fudhatama, namni anaaf jedhee jirenyaa isaa kennu immoo isa ni argata" (Maatewoos 16:24-25). "Waaqayyotti gammachuu qabaadhu inni immoo kadhata garaa kee siif ni kenna" (Faarsaa 37:4).

Waraabbiileen kun hunduu kan ibsan filannoonaan akka jiruudha. Jirenyaa mataa keenya geggeessuu dandeenya bu'aan isaa garuu jirenyaa waa'ee hin baasnedha. Yookiin garaa guutuudhaan Waaqayyoon duukaa bu'uudhaan jirenyaa keenyaaf karoora inni qabu barbaachuudhaaf boqonnaa fi milkaa'ina argachuudha.

Kunis kan t'au uumaan keenya waan nujaallatuu fi waanta gaarii hundumaa nuuf waan hawwuudhaaf (jirenya salphaa ta'uu dhiisuu danda'a garuu kan nama gammachiisuudha).

Jirenyi kiristaanummaa kan inni fakkeeffamu fakkeenyaaf tapha kuphaa isa beekamaa ilaaluudhaaf gara staadiyemii yoo deemte gatii xinnoo waan kaffalteedhaaf bakka fagoo teessa horii gaarii yoo kaffalte garuu akka "itti dhiyattee irra ta'uun" ilaaltuudhaaf taa'uumsa iddoa gaarii argatta. Jirenya kiristaanummaattis akkasuma.

### **Jirenya kootiif jaalala Waaqayyoo akkamiinan beekaa?" Waa'ee jaalala Waaqayyoo beekuu Macaafni Qulqulluun maal jedha?**

Haala kenname keessatti furtuu lamatu jiruu jaalala Waaqayyoo beekuudhaaf: 1) Maal gaafachaa akka jirtu mirkanoeffadhu yookiin waa hojjechuu yaaduun waanta Macaafni Qulqulluun dhowwu miti. 2) Waanta gaafachaa jirtu yookiin kan hojjechuu yaadde akka Waaqayyoon ulfeessuudhaaf jirenya haafuuraa keetti akka siguddisu mirkanoeffadhu. Yoo waantonni kunneen lachuu dhugaa ta'an waanta ati gaafattu Waaqayyo amma yowwanaa siif kennaa hin jiru taanaan, egaa inni siif waanta kadhatte sana akka argattuudhaaf jaalala Waaqayyo hin miti. Yookiin, tarii isa yeroo dheeraa eeguutu si barbaachisa. Jaalala Waaqayyoo beekuun alii alii cimaadha. Namoonni maal akka hojjetan, eessa akka hojjetan, eessa akka jiraatan, eenyuun akka fuudhan kkf Waaqayyo addatti akka isaanitti himu barbaadu. Waaqayyo dhugumatti odeeffannoo adda ta'ee fi kallattiin ta'e dhugumaan ni kenna.

Garuu kan nama gaddisiisu amoonni heedduun iddoa fagoo taa'uu filatu. Hojii Waaqayyoo isa jalqabaa kan ilaalaan duuka buutota isaa warra waan hundumaa dhiisanii karoora Waaqayyoo duukaa bu'aniidh. Gatii baasaniiru (Kiristoosii fi fedhii isaatiif mataa isaanii guutummaa guutuutti kennaniiru). Jirenya gaariitti minyeeffachuun garararraa gaabbii tokko malee uumaa isaanii duratti dhiyaachuu danda'u. ati mataan kee gatii sana kaffalteetta? Yoo kana ta'e atti hiikaa yookiin kaayyoo jirenyaatiif kanaan booda beeluu hin qabdu.

Waaqayyo waantota sana ilaachisee filannoo akka taasfnu nuu hayyama. Roomaa 12:2 akkas jechuun nuutti dubbata, "Fakkeenya jirenya bara isa darbu kana duukaa hin bu'innaa jaalalli Waaqayyo isa kam akka ta'e gargar baasuudhaaf yaada garaa keessanii hareffachuudhaan of diddiira. Jaalalli Waaqayyoo immoo waan gaarii ta'e, waan isa duratti fudhatamaa ta'e, waan akeeka isaa fiixaan baasu hubachuudha.". Waaqayyo kan nuu hin hayyamne inni tokkichi akka cubbuu hin hoijjennee fi fedhii isaa akka hin mormineedha. Waaqayyo fedhii isaa wajjin kan walii galu filannoowwan akka taasifnu barbaada. Kanaaf, jaalalli Waaqayyoo siif maal akka ta'e akkamiin beektaa? Yoo ati Gooftaa wajjin walitti dhiyeenyaan deddeebite jirrenya keetiif dhugaatti jaalala isaa yoo barbaadde, Waaqayyo fedhii isaa garaa kee keessa kaa'a. Furtuun isaa jaalala Waaqayyo barbaaduudha, kan kee miti. "Waaqayyotti gammachuu qabaadhu, inni



immoo kadhata garaa kee siif ni kenna”(Psalm 37:4). Yoo Macaafni Qulqulluun isa mormuudhaaf hin dubbanne ta’e inni hafuuratti siif kan bu’aa qabuudha, egaa Macaafni Qulqulluun akka murteessituu fi akka garaa kee akka hordoftu “hayyama” siif kenna.

### Jirenya koo keessatti cubbuu akkamiinan moo’uu danda’a?

Macaafni Qulqulluu cubbuu irratti moo’icha argachuudhaaf yaalii taasfnu irratti nu gargaaruudhaaf maddaalee adda addaa gara garaa dhiyeessa. Jirenya kana keessatti, guutummaatti cubbuu keenya guutummaan moo’icha argachuu hin dandeenyu, (1 Yohaannis 1:8), garuu inni galma keenya ta’uu danda’u. Gargaarsa Waaqayyootii fi qajeelfama sagalee isaa hordofuudhaan, yeroo yeroodhaan garuu cubbuu irratti moo’umsa argachuudhaan caalaa Kiristoosiin fakkaachuu dandeenyे.

Kan Macaafni Qulqulluun caqasu cubbuu moo’uudhaaf tattaafii taasfnu irratti kan deeggarsa nuuf kennu inni jalqabaa Hafuura Qulqulluudha. Waaqayyo Hafuura Qulqulluu nuuf kenneera kanaaf jirenya kiristaanummmaatti nuyi moo’icha argachuu dandeeny. Waaqayyo Galaatiyaa 5:16-25 irratti hojii foonii firii hafuuraa wajjin waliin madaala. Keeyyata sana keessatti nuyi hafuuraan akka deddeebinu waamamneerra. Amantoonni hundinuu Hafuura Qulqulluu qabu, keeyyatni kun garu nuyi geeggesa isa fudhachuudhaan Hafaara Qualuudhaan deddeebi’uun akk nubarbaachisu nutti hima. Kana jechuun jirenya keenyaan foon hordofuu manna yeroo hundumaa kakkaafamuu Hafuura Qulqulluu foo’achuudha.

Yoo ati dhugumaan jaalala Waaqayyoo hafuura cabaadhaa fi gad of deebiseen akkasuma sammuu banamaadhaan barbaadde, innni jaalala isaa siif ni ibsa.

Hafuurri Qulqulluun garaa garummaan inni hojjechuu danda’u jirenya Pheexroos keessatti mula’ateera, kan utuu Hafuura Qulqulluudhaan utuu hin guutamin dura si’ a sadii Yesusiin ganee kan ture-kan amma du’utti illee Kiristoosiin akka hin ganne dubbatee kan ture. Hafuura Qulqulluun erga guutamee booddee garuu, gaafa guyyaa ayyana shantamaffaa Yihuda tudaratti jabinaaf ija jabummaadhaan dubbate.

Akkauma kakaa’uumsa Hafuura Qulqulluu ukkamsuun akka nurra hin jirre yaallu hafuuraan deddeebi’utu nurra nurra jira (akkuma 1 Tasaloonqee 5:19 irratti dubbatu) akkasuma bakka sanaa Hafuura Qulqulluudhaan guutamuutu nurra jira (Efesoon 5:18-21). Namni tokko akkamiin Hafuura Qulqulluudhaan guutamaa? Hunduma dura, inni filannoo Waaqayyootii akkuma Kakuu Moofaatti illee akka ture. Hojii isaa akka fiixaan baafamu barbaadeef namoota dhuunfaatti filatee Hafuura Qulqulluun jara guuta (Seera Uumamaa 41:38; Seera Ba’uu 31:3; Seera Lakkofsaa 24:2; 1 Saamuu’el 10:10). Efesoon 5:18-21 fi Qolaasaayiis 3:16 keessatti ragaan jira Waaqayyo warreen sagalee isaatiin of guutan akka Hafuura isaatiin guutu. inni kun gara isa nugargaaru isa lammataatti nu geessa.

Sagalee Waaqayyoo, Macaafni Qulqulluun, Waaqayyo hojii gaarii hundumaaf akka nu qopheessuudhaaf sagalee isaa akka nuuf kenne dubbata (2 Ximooteewoos 3:16-17). Maal amanuun akka nurra jiruudhaa fiakkamiin akka jiraachuun nurra jiru nu barsiisa, yeroo nuyi karaa dogoggoraa filannu nutti muli'sa.

Ibrootini 4:12 sagaleen Waaqayyoo jabaadhaa fi jiraataa akka ta'e, keessa keenya lixee lafee fi ribuu addaan baasee hanga waraanutti jabaa akka ta'ee cubbuu keessa lubbuu keenyaa fi amala hundeedhaa akka buqqisu nutti hima. Faarfatichi waa'ee isaa - Faarsaa 119 keessatti humna jijiiruu danda'u gad fageenya dubbata. Diinota isaa moo'uu irratti furtoon gargaarsa isaa akka hin daganne garuu bakka sanaa halkanii fi guyyaatti afaan isaa keessaa akka hindhabamne akka isaafis abbumamu isatti himamee ture. kan inni rawwate, yeroo Waaqayyo isa abboomeme illee akka abboommii loltuutti isatti hin dhaga'amne, inni kun moo'ichaaf lola isaa isa biyya kakuuttiif furtoo ture.

Macaafni Qulqulluun nuyi mataan keenya illee yeroo heedduu akka salphaatti kan ilaallu kan nu gargaaru dha. Akka mallattootti baannee gara waldaa dhaquun yookiin guyyaatti yeroo kadhanna keenyaa irraa dubbisuun yookkiin guyyaattii boqonnaa tokko irraa dubbisna, garuu isa yaadatti qabachuu, afaaniin dubbachuu rakkina qabna yookiin jirenya keenyaa wajjin akka walfudhatu hin goonu; cubbuu inni nutti mul'isu himachuu yookiin kan inni nutti mul'iseef Waaqayyo galateeffachuu hin dandeenye. Yeroo inni gara Macaafa Qulqulluutti dhufu, yeroo heedduu akka

nama nyaata gar malee nyaachuun dhukkuba irra bu'ee taana. yookiin immoo hafuuratti akka jiraannu amma nu gargaaru irraa fudhanna sagalicha irraa nyaachuudhaan (garuu fayya qabeessa akka taanuudhaaf kiristaana gaariitti gudate ta'uudhaaf amma nuu ga'u irraa hin nyaannu), yookiin calluma jennee nyaanna garuu akk inni jirenyaa keenyaa wajjin walii galee nyaata hafuura irraa argannutti yeroo kennineefii sammuutti hin qabannu.

Guyyaa guyyaatti sagalee Waaqayyoo qo'achuu fi sammuutti qabachuu hin amaleeffanne taanaan isa sana hojjechuudhaaf jalqabuun barbaachisaadha. Amma waanta isa irraa argatte barreessitutti sagalicha dhiisuu dhiisuu amala taasifadhu. kaan kadhataawan gara Waaqayyootti taasfamee galmeessu, haala naannaa isaanitti dubbate irraattii geeddarumsaaf akka jara gargaaru gaafachuun. Macaafni Qulqulluun jirenya keenya keessatti meeshaa hafurri itti gargaaramuudha (Efesoon 6:17), kutaa mi'a waraanaa Waaqayyoo akka diinota keenya ittiin morminuudhaaf nuuf kenne keessaa isa barbaachisaa fi murteessaadha (Efesoon 6: 12-18).

Loliisa keenya isa cubbuu irrattiitif kan gargaaru inni sadaffaan inni barbaachisaan kadhata. Dabalataanis, inni kiristaannonni yeroo baay'ee kan jarri afaanumaan ittiin oftuulan kan baay'ee immoo itti hin gargaaramne garuu waanta gargaaru dha. Yeroo walga'aii qabna, yeroo kadhataaf wal geenyus qabna kanaaf kana kan fakkaatan. garuu kadhata akkaataa waldaan isheen ganamaa itti fayyadamtetti itti hin gargaaramnu (Hojii Ergamootaa 3:1; 4:31; 6:4; 13:1-3).

Phawoloos irra deddeebi'uudhaan wara jara tajaajilaa tureef akka kadhataa ture caqaseera. Kadhata ilaachisee Waaqayyoo abdii dinqisiisaa nuuf kenneera (Matewoos 7:7-11; Luuqaas 18:1-8; Yohaannis 6:23-27; 1 Yohaannis 5:14-15), Phaawlosis qophii lola hafuuraa keessatti barbaachisummaa kadhannaan dabaleera (Efesoon 6:18).

Jirenya keenya keessatti cubbuu moo'uudhaaf kadhannaan akkam barbaachisaadha? bakka dhaabaa Geetesemaanee keessatti Pheexroosiif jecha Yesus qabna, ganuu Pheexroos dura, Yesus yeroo kadhatu Pheexroos rafaa ture. Yesus isa damaqse, “Qoramatti akka hin galleedhaaf dammaqaa, kadhadhaa! Hafuurri illee dhimmaadhaa foon garuu dadhabaadha” (Matewoos 26:41). Nuyi akkuma Pheexroos, waanta gaarii ta'e hojjechuu barbadna garuu ciminni maal akka ta'e beekuu hin barbaadnu. Waaqayyoo barbaachuu itti fufuuf, balbala rukutuu, isa gaafachuu itti fufuuf, akeekkachiisa isa hordofuutu nu barbaachisa innis cimina nu barbaadnu nuuf kenna, (Matewoos 7:7). kadhannaan akka hojii tolchaa miti.

Kadhannaan salphaadhumatti nuyi kan daangaffamnee ta'uu keenyaa fi Waaqayyo immo humni isaa daanga maleessa ta'uu isaa beekuudhaan cimina sanaaf gara isaatti deebi'uudhaan kan ofii keenyaa hojjechuu barbaadnu hojjechuu utuu hin taane akka nu hojjennu kan inni barbaaduu hojjechudhaa (1 Yohaannnis 5:14-15).

Waldaa keessatti akka cubbuu moonuudhaaf kan nu gargaaru keessaa inni afuraffaan walitti dhufeenyaa amantootaaati. Yesus

yeroo bartoota isaa erge, lama lama taasisee isaan erge (Maatewoos 10:1). Mishineroonni Hojii Ergamootaa keessaa ala tokko kophaa ta'anii deemanii hin beekan, garuu gurmudhaan lama yookiin isaa ol ta'uudhaan deemu. Yesus walitti qabama obbolootaa akka hin dhiifne garuu yericha jaalalaa fi hojii gaariidhaaf akka wal jajjabeessuudhaa n akka itti gargaaramnu nu abbooma Ibroota 10:24). cubbuu keenya akka walii keenyatti himnu nutti hima (Yaaqoob 5:16). barreefamoota Ogummaa kan jedhamanu kan Kakuu Moofaa keessatti, sibiilli akkuma sibiila qaru namnis nama biraatti akka qaramu nutti himameera (Fakkeenya 27:17). lakkofsa keessattis ciminatu jira (Lallaba 4:11-12).

Kiristaanonni heedduun cubbuu nama hin gadhiisne moo'uudhaaf michuu itti gaafatamummaan isatti dhaga'amu qabaachuun bu'aa guddaa akka qabu baraniiru. Nama siwajjin haasa'u kan biraa, kan sii wajjin kadhatu, si jajjabeessu, kan si ifatu illee qabaachuun bu'aa guddaa qaba. Hunduma keenyaaf qoramuun beekamaadha (1 Qorontoos 10:13). Michuu itti gaafatamummaan isatti dhaga'amu qabaachuun yookiin gareen itti gaafatamummaa fudhachuu danda'an cubbuu jabaa illee moo'achuudhaaf jajjeebessa baay'ee cimaa lakkofsa gararraa fi kaka'umsa nu barbaachisu nuuf kennuu danda'a.

Alii alii moo'umsi cubbbuu irratti dafee dhufa. yeroo kan biraa, moo'ichi baay'ee suuta jechuudhaan dhufa. Waaqayyo akkuma nuyi waantota nu gargaaran itti fayadamne jirenyi keenya yeroo yerootti jijiirama akka fidu waadaa nuuf galeera.

Cubbuu irratti moo'umsa argachuudhaaf hojii keenya itti fufuu qabna sababni isaas inni abdii isaatiif amanamaa akka ta'e beekna.

### **Maalifan of ajjeesuu hin dandeenye?**

Garaan keenya jarreen karaa ofii isaanii ajjeesuutiin jirenya isaanii akka raawwatan baratanii deemeera. Inni suni yeroo kanatti yoo si ta'e, inni tarii waa'ee miirawan heedduu dubbata, fakkeenyaa af abdii kutachuun namatti dhaga'amuu. ati tarii boolla gadii fagoo keessa akka waan jirtuutti sitti dhaga'amuu danda'a, tarii waanti foyya'aa deemu akka hin jirretti sitti dhaga'amuu danda'a. namni kami illee eessaa akka ati dhfte kan hubatu yookiin kan yaadu kan jiru sitti hin fakkaatu. jirenyis kan gatii qabu miti....yookiin mitii?

Yoo amma yeroo xinnioo ishee yoo fudhate mijantees ilaaltee Waaqayyo jirenya kee irraatti akka dhugumaan Waaqayyoon ta'u yoo hayyamteef, inni amma akka guddaa akka ta'e siifmirkaneessa, "Waaqayyoodhaaf waanti dadhabame hin jiru" (Luuqaas 1:37). Tarii godaannisni miidhaama darbee namoota kan biraatiin gatamuu yookiin dhiifamuu guddaa akka sitti dhaga'amu si taasiseera. Inni tarii gara gaddaa, aarii, hammenyaan guutamuu, yaada gadoo fiduu, yookiin sodaa gaarummaa hin qabaanne tti si geggeeseera ta'a walitti dhufeinya kee isa baay'ee barbaachisaa irratti rakkina auumeera ta'a.

Maaliifi of ajjeesun kan sirra hin jirreef? Michuu koo, jirenya kee keessa kan jiran waantota hamoodhaaf rakkinni hin jiru, Waaqayyo jaalala jira akka inni

sigaggeessuudhaaf akka isaaf hayyantu kan si eegaatti jiru abdii kutanna kee keessa gara ifa isaa isa dinqisiisaatti akka si fiduushaaf .Inni abdii isa dhugaadha. Maqaan isaa Yesusii dha.

Yesus kun, mucaan Waaqayyo inni cubbu maleeyyi ta'e, yeroo gad deebifamuu keetiittii fi gatamuu keetiitti jirenyi isaa kee wajjin wal fakkaata. Raajichi Isaayaas waa'ee isaa Isaayaas 53:2-6 keessatti barreesseera, akka nama namootni hundinuu, "tuffatanii isa irraa goran" akka ta'etti isa agarsiisa. Jirenyi isaa gaddaa fi dhiphinaan kan kan guutame ture. garuu gaddii inni baate garuu kan isaa miti; jarri kan keenya turan, inni ni waraaname, ni madaa'e, ni rukutames, hundinuu sababa cubbuu keenyaatiif. Sababa rakkina isaa, jirenyi keenya fayyina argate fayyaas ta'e.

Michuu, Yesus kiristoos akka ati dhiifama cubbuu aragattuudhaaf kana hundumaa baateera. Cubbuu ammam hulfaatu uiyyuu baadhu, akka fayyisaa keetiitti yoo isa fudhatte akka inni siif dhiisu beeki. "Guyyaa rakkinaatti na waammadhu ani isa keessa butee sin baasaa..." (Faarsaa 50:15). Hamaan kan ati kanaan dura hojjette waanti Yesus siif hin dhiifne hin jiru. garbootin isaa kan isaan filataman tokko tokko cubbuu hamaa hojjetaniiru fakkeenyaa af ajjeechaa (Mosee), ejja fi ajjeechaa (Mooticha Daawiit), miiraanis qaamanis nama miidhuu (Phaawuloos.) Ta'us illee dhiifamaa fi

jirenya irraa hafaa ta'e haaraa Gooftaa biraa ta'e argatan. "Kanaafis namni kan Kiristoos yoo ta'e uumama haaraadha; inni moofaan darbe kunoo inni moofaan darbeera!"

Maalif ofii kee hin ajjeestuu? Michuu, Waaqayyo waanta "cabe" deebisee ijaaruudhaaf dhaabbatee jira fakkeenyaaaf, jirenya ati amma qabdu, jirenya ati of ajjeesuudhaan raawwachuu barbaaddu. Isaayaas 61:1-3, keessatti raajichi akkas jechuun barreesseera, "Hafuurri Waaqayyo gooftaa ana irra jira, sagalee misiraachoo warra gadadamootti akkan himuuf, Waaqayyo na dibeera; warra garaan isaanii cabe akkan fayyisuuf, warra booji'amanitti gad dhiifamuu warra hidhamanittis hiikamuu akka labsuuf inni na ergeera. Waggaa Waaqayyo biratti jaallatamee fudhatame... warra gaddan hundumaas akkan jajjabeessuudhaaf na ergeera warra gadduu irra jiran qooda daaraa mataatti firfirfatan huffata miidhaginaa mataa irra akka buufatan qooda gaddan dibatanii akka gammadan qooda hafuura gaddaas gammachuudhaan akka faarfatan."

Gara Yesus kottu, inni mee gammachuu keetiif barbaachisummaa kee siif haa deebisuu jirrencia kee keessatti jirenya haaraa akka jalqabuudhaaf yeroo isatti amanattu. Gammachuu ati dhabde sana akka siif haarellu fi akka ati jiraattuufis hafuura haaraa akka siif kenu waadaa siif galeera. Garaan kee inni cabaa isa duratti gatii guddaa qaba "Hafuurri yaada cabaa aarsaa Waaqayyo biratti fudhatamuudha yaa Waaqayyo ati garaa cabaadhaa fi bula'aa hin tuffattu" (Faarsaa 51:12, 15-17).

Ysusiin akka tiksee keetiittii fi akka Gooftaa fi fayyisaa keetiitti ni simattaa? Yaada keetii fi addeemsa kee si geggeessaa- yerootti guyyaa tokko, karaa sagalee isaa, Macaafa Qulqulluu. "Waan gochuun siif ta'u sin hubachiisa karaa irra adeemuun siif ta'u sittan agarsiisa" (Faarsaa 32:8). "Waaqayyo bara keetti gabii fayyina guutuu ogummaa fi beekumsa siif ni ta'a isa sodaachuunis badhaadhummaa guddaa kana ni argachiisa" (Isaayaas 33:6). Kiristoosii wajjin, amma illee walaansoo qabaa jirta, garuu amma abdii qabda. Inni "fira obboleessa caalaa namatti dhiyaatu dha" (Faarsaa 18:24). Yeroo murtoo itti taasiftutti ayyaanni Gooftaa Yesus Kirstoos sii wajjin haa ta'u.

Akka fayyisaa dhuunfaa keetti Yesus Kiristoositti amanuu yoo barbaadde, jechoota kana garaa keessatti Waaqayyoottti dubbadhu: "Waaqayyo, jirenya koo keessatti sin barbaada. Waantan hojjedhe hundumaa naaf dhiisi. Amantii koo isa irratti godhadheen Yesus Kiristos fayyisaa koo akka ta'e nan amana, maaloo na qulquelleessi, na fayyisi, gammachuu koos jirenyatti naaf haaromsi. Jaalala anaaf qabduu fi Yesus bakka koo du'uu isaatiif sin galateeffadha."

## Kiristaanummaan maal

### **kiristaanonni maalitti amanu?**

Ijoon amantii kiristaanaa 1 Qorontoos 15:1-4 irratti argama, Yesus cubbuu keenyaaf du'eera, awwaalameera, du'aas kaafameera, kanaaf namoota isatti amanan hundumaa jirenya akka argatan isaan taasisiera. Amantaa kanneen biro keessa kiristaanummaa adda kan isa taasisu kan inni irratti xiyyeefatu walitti dhufeenya irratti ta'uu isaati. Kan godhi is asana hin godhin kan jedhu qajeelfamoota tarreessuu irraa galmi kiristaanummaan walitti dhufeenya Waaqayyoo wajjin qabnu akka jabeessinu nu jajjabeessa. Walitti dhufeenyi sun sirrii ta'uu kan danda'u hojii Yesus Kiristoosii fi Hafuurri Qulqulluun jirenya amanataa tokkoo keessatti qabuu irraa kan ka'eedha.

Amantii kana irraa gararraas waantonni heedduun gara biraas ni jiru, yoo xiqaate kiristaanummaan maal akka ta'e kan agarsiisan tokko waan kiristaanonni amananiidha. Kiristaanoni Macaafni Qulqulluun sagalee Waaqayyoo hafuura Waaqayyootiin akka barreefame ni amanu, "Waaqayyo akka hafura itti baafate" (2 Ximootwoos 3:16; 2 Pheexroos 1:20-21). Kiristaanoni Waaqa tokkicha bifaa sadiin argamutti amanu. Innis Abbaa Ilmaa fi Hafuura Qulqulluu.

Ilmi namaa kan uumame keessumattuu Waaqayyoo wajjiniin walitti dhufeenya akka qabaatuudhaaf akka ta'e amantoonni ni

amanu. Garuu cubbuun namoota hundumaa Waaaqayyoo irraa adda adda baaseera(Roomaa 3:23; 5:12). Yesus Kiristoos biyya lafaa kana irra yeroo deddeebi'u nama guutuu fi Waaqayyo guutuu ta'ee akka deddeebi'e amantiin kiristaanaa ni barsiisa (Filiphisiyoos 2:6-11), akkasuma fannoo irratti erga du'ee booda Kiristoos awwaalamee akka ka'ee akkasuma gara mirga abbaa isaa akka jiru amantootaafis baraa hanga bara baraa akka kadhatu kiristaanoni ni amanu (Ibroota 7:25) Yesus fannoo irratti du'uun cubbuu ilmaan namootaa baasuudhaaf hanqina akka hin qabnekiristaanummaan ni amana kunis walitti dufeenya namaa fi Waaqayyoo gidduudhaa dhabamee ture deebisee ijaara. (Ibroota 9:11-14; 10:10; Roomaa 5:8; 6:23).

Kirsitaanummaan kan barsiisu namni tokko fayyuudhaaf, du'a boodas gara mootummaa waaqaatti galuudhaaf, guutummaatti hojii Kiristoos isa fannoo irratti raawwatamee irratti amantii isaa godhachuu qaba. Kiristoos bakka keenya akka du'e gatii cubbuu keenyaas fannoo irratti guutummaatti akka baase , akka du'aas kaafame yoo amannne nuyi fayyineerra. Namni kami iyyuu fayyina argachuudhaaf umaa tokko iyyuu gochuu hin danda'u. eenyu iyyuu mataa isaatiin gaarii hojjechuudhaan Waaqayyoon gammachiisuu hin danda'u sababni isaa hundumti keenya cubbamoota waan taaneef, (Isaiah 53:6;

64:6-7). Kana booda hojiin hojjetamu kan hafe hin jiru Kiristoos hundumaa hojjeteera. Inni fannoo irratti akkas jedheera “Raawwatameera.” John 19:30) jechuunis hojiin fayyisuu xumurameera jechuudha.

Akkaataa kiristaanummaatti, fayyinni namummaa moofaattii bilisa ta’uudha, Waaqayyoo wajjinis walitti dhufeenyaa sirrii taasifachuudha. Akkuma kanaan dura cubbuudhaaf garba taanee turre amma immoo Kiristoosiif hojjenna(Roomaa 6:15-22). Amantoonni ammuma biyya lafaa kana irra dhagna amala cubbuutiin guutame kana keessa jiraatanitti cubbuu wajjin wallansoo qabu. Haa ta’u malee, kiristaannonni sagalee Waaqayyoo qo’achuudhaan jirenya ofii wajjinis waliin firoomsuudhaan akkasuma to’anna Hafuura Qulqulluu jala ta’uudhaan

jechuunis waantota hundumaanuu gaggeessaa hafuuraa jala ta’uudhaan cubbuu irratti moo’umsa ni argatu.

Kanaaf, seerii manneen amantaa heedduun waantota murtaa’an akka raawwatan yookiin akka hin raawwanne abboommii yeroo kennan, Kiristaanummaan garuu Kiristoos gatii cubbuu keenyaatiif fannoo irratti du’ee akka ka’e amanuu duwwaadha kan inni gaafatu. Gatiin cubbuu keetii kaffalameera. Kanaaf Waaqayyoo wajjin walitti dhufeenyaa taasisuu dandeessa. Waaqayyoodhaaf abboomamuuudhaan Waaqayyoo wajjin tokkommaadhaan adeemuudhaaf umama cabbamaa keenya irratti moo’umsa argachuu dandeenya. Amantiin kiristaanummaa inni kan Macaafa Qulqulluu inni dhugaan isa.

### **Waa’ee Macaafa Qulqulluu**

#### **Macaafni Qulqulluun Dhugumaan Sagalee Waaqayyootii?**

Gaaffii kanaaf deebiin keenya akkamiin akka ilaalluudhaaf jirenya keenyaaf bu’aan inni qabu kan murtaa’u duwwaa utuu hin taane dhuma irrattis narratti dhiibbaa bara baraa qabaata. Macaafni Qulqulluun sagalee Waaqayyoo taanaan kanaaf isa tuffachuu jechuun Waaqayyoon mataa isaa tuffaachuu jechaadha.

Dhugaan Waaqayyo Macaafa Qulqulluu nuuf kenneef sababni isaa karaa Waaqayyo jaalala nuuf qabu itti agarsiiseedha. “Mul’ata” jechi jedhu salphaatti yeroo hiikamu Waaqayyomaal akka fakkaatuu fi isaa wajjiin walitti dhufeenyaa sirrii akkamiin akka ijaarru karaa itti mul’iseedha. Karaa Macaafa Qulqulluu mul’ata

Waaqayyuummaa isaatiin utuu nu hin beeksifne ta’ee waantota kanabeekuu hin dandeenyu.

Ammam illee Waaqayyo waa’ee ofii isaa Macaafa Qulqulluu keessatti kan nu beeksise mul’anni suuta suutaan tilmaammiin gara waggoota 15oo kan fudhate ta’u illee ilmi namaa Waaqayyoo wajjin waa’ee walitti dhufeenyaa qabaachuu qabuu of keessatti guutummaan qabateera. Macaafa Qulqulluu dhugumaan sagalee Waaqayyoo yoo ta’e amantii, shaakala jirenyaatiif fi naamusa ilaallatee angoo isa ol-aanaa qaba jechuudha

Macaafin Qulqulluun sagalee Waaqayyoo malee macaafa kan biraa gaarii akka ta’e

akkamiin beekna jennee ofii keenya gaafachuutu nurra jira. Kanaan dura kan barreeffaman macaafota amantii hundumaa irra Macaafni Qulqulluun kan adda ta'e kan isa taasisu maalii? Macaafni Qulqulluun dhugumatti sagalee Waaqayyoo ta'uu isaatiif ragaa qabnaa? Macaafni Qulqulluun sagalee Waaqayyoofi burqaa Waaqayummaa kan qabu dhimmoota amantii fi dhimmoota shaakalluudhaaf deebii ga'aa kan kennuudha yoo jenne gaaffilee gara oliitti caqasamanii fi deebii ga'aa ta'e kennuun dirqama nutti ta'a. Macaafni Qulqulluun akka labsutti ofii isaa sagalee Waaqayyoo waa'ee ta'uu isaa dhugaan dhiyaate kan ganamu miti. Kun gorsa Phawuloos Ximootewoosii kenne irratti ifatti ni mul'ata "...mucummaa keetii jalqabdee caaffata qulqulla'aa isa kristos yesusitti amanuudhaanakka fayyitutti ogummaa siif kennuu danda'u akka barte in beekta. Caaffanni qulqullaa'aan hundinuu geggeessaa hfuura waaqayyootiin caafamebarsiisuuf balleessaa hubachiisuuf qajeelchuuf, qajeelummaattis leejjisuuudhaafdhimma in baasa. Namni waaqayyoo waa gochuuf kan danda'e hojii gaarii hundumaafis bkan qoAphaa'e akka ta'u in godha" (2 Timothy 3:15-17).

Macaafni Qulqulluun dhugumaan sagalee Waaqayyoo akka ta'e kan mirkaneessan ragaalee keessaa fi bakkee ni jiru. Ragaaleen keessaa kan Macaafa Qulqulluu keessatti argaman ta'anii waa'ee maddi isaa Waaqayummaa irraa akka ta'e kan mirkaneessaniidha. Macaafni Qulqulluun dhuguma sagalee Waaqayyoo akka ta'e kan mirkaneessan ragaaleen keessaa warri jalqabaa tokkummaa macaafichaatiin ilaalamu. Macaafni Qulqulluun kan

hundaa'ee macaafota adda addaa 66 irraa yoo ta'es amma ammaatti kan walfudhate jalqabaa hanga xumuraatti kan wal-hin faallessineedha. Macaafni Qulqulluun yeroo barreeffamu tilmaammiidhaan waggoottan 1500 kan fudhate yeroo ta'u aardii sadii keessa, afaanota adda addaa sadiin, shaakala jireenyaa adda addaa kan qaban namoota 40 ta'aniin barreeffame tokkummaan kun macaafota kan biraa irraa kan adda ta'e isa taasisa. Waaqayyo karaa dinqisiisaa ta'een namoota kakkaasee sagalee isaa akka galmeessan gochuun isaa Macaafni Qulqulluu maddi isaa Waaqayyoo biraa ta'uu isaatiif ragaadha.

Macaafni Qulqulluun dhuguma sagalee Waaqayyoo ta'uu isaatiif kan mirkaneessa ragaan inni keessaa sadaffaan keessa isaatti kan mul'atan raajiileedha. Macaafni Qulqulluun raajiilee dhibbaan lakkaa'aman keessatti barreefamee jiru. Waa'ee Israa'eeliin ilaalchiise waantota dhufan tokko tokkos keessa isaatti barreefamanii jiru. Waa'ee magaalota tokko tokkoo, waa'ee ilma nاما isa dhufuu, kan Israa'eelota furu duwwaa utuu hin taane kan amanan hundumaa isa furu waa'ee Masihiichaas ni dubbata. Kitaabolee amantii kanneen biro keessatti fi raajiilee kan namoota akka Nostiraadam faadhaan dhiyaatanii utuu hin taane raajileen Macaafa Qulqulluu balinaan kan dhiyaatanidha. Dursee kan raajiin dubbatame bakka kamiiniti akka dhalatu fi maatii kam keessaa akka argamu duwwaa utuu hin taane garuuakkamiin akka du'uu fi guyyaa sadaffaatti akka kaafamu isaaif dubbatameera.

Maddaa Waaqayyuummaa irraa kan dhufee yoo ta'ettii kan hafe raajiilee raawwataman salphaatti hubachiisuun hin danda'amu. Raajiilee dhufan ilaalchisee bal'inaanis ta'e tokko tokkoon akka Macaafa Qulqulluutti kan dhiyeesse macaafni amantii kan biraan hin jiru.

Macaafni Qulqulluun madda Waaqayyuummaa irraa akka argame kan ibsu inni sadaffaan inni keessaa immoo Macaafni Qulqulluun humna inni qabuun ilaalaama. Kun duraan kan dhiyaatan lamaanii wajjin yeroo ilaalamu miira irratti kan hundaa'ee yoo fakkaates waa'ee Macaafa Qulqulluun maddaa Waaqayyuummaa dhuga ba'insaa kennuun kana amansiisa qabu.

Macaafota barreeffaman irraa Macaafni Qulqulluun angoo adda ta'e qaba. Aboon kunii fi humni kun ifatti kan mul'atu sagalee Waaqayyoo isa humna qabeessa ta'een jireenyi heedduun ittiin geeddaramuu isaati. Araada adda addaan kan qabaman isaan geeddaramniiru, kan hojji warra Sodom raawwatan ittiin bilisa ba'aniiru, gowwoonnii fi kan tuffataman isaan geeddaramaniiru.

Yakkamtooni ittiin jijiiramaniiru, cubbamoonni ittiin ifatamaniiru, isa dubbisuudhaan jibbi gara jaalalaatti jijiirameera. Macaafni Ququlluun of keessatti humnaa fi aboo qaba. Kunis kan ta'eef sababa malee miti dhugumaan sagalee Waaqayyoo waan ta'eedhaaf malee.

Macaafni Qulqulluun dhugumaan sagalee Waaqayyo akka ta'e kan agarsiisaan ragaan alaan ta'anis jiru. Ragaalee kanneen keessaas inni tokko seenaa irratti kan hundaa'ee ta'uun isaati. Macaafni Qulqulluun dhimmoota seenaa waan gabaasuudhaaf sirrii ta'uun isaa akkuma macaafota seenaa kan biraatti madaalamuu danda'eera. Dhugaa Macaafa Qulqulluun kan mirkaneessan lafa keessa qotamanii kan argaman ragaaleen kanneen biroo fi barreeffamoonni kan biraan sirrii ta'uun isaa mirkaneessaniiru. Dhugaa Macaafa Qulqulluun kan mirkaneessan lafa soquudhaan kan argaman ragaaleenii fi barreeffamoonni gogaa irratti barreeffaman macaafota durii kaasanii jirani keessaa haalawwan seena kan galmeesse akka ta'e isa taasiseera. Macaafni Qulqulluun seenaadhaan mirkanaa'uu kan danda'u dhimmoota sirrii ta'an galmeesee qabaachuun isaa qajeelfama matadureewwan amantii ilaalchisee dhimmoonni inni galmeesse sirrii ta'uun isaanii agarsiisu isaan gararraa Waaqayyo mataa isaa irraa kan aargame ta'uun isaa mirkaneessuuf.

Macaafni Qulqulluun dhuguma Sagalee Waaqayyoo ta'uun isaatiif ragaan inni kan biraan inni alaanii amanamummaa warraa barreesseeti. Akkuma kanaan dura caqasame Waaqayyo namoota bakka addaa addaatii argamanitti gargaaramee sagalicha nuuf akka barreessan taasiseera. Jirenyi jarreen kanaa yeroo qo'annu kan dhugaa irraa ta'anii fi sirrii ta'uun isaaniitiin kan mormu umtuu hin argamne.

Jirenya isaanii yeroo sakattaanu fi waan itti amananiif yeroo hunduma du'a sukkanneessaa yeroo du'an ala arginu namoonni beekkamtummaa hin qabaanne garramoonni kun Waaqayyo akka isaanitti dubbate akka amanan ifa nuuf ta'a. Namoonni kakuu haaraa barreessan kanneen biraan namoonni dhibbaan lakkaa'aman amantoonni (1 Qorontoos 15:6) dhuga qabeessa ergaa isaanii beekaniiru.

Sababni isaa Yesus Kiristoos boolla keessaa erga ka'e booda arganiiru isaa wajjin turtii amma ta'es taasisaaniiru Yesuus inni du'aa ka'e arguun isaanii dhiibbaa guddaa jirenya isaanii irratti taasiseera. Leeyyoon qabamanii bakka dhokatanii ba'anii ergaa Waaqayyo jaratti mul'iseedhaaf du'uudhaaf fedhii godhataniiru jirenyi isaanii fi duutni isaanii Macaafni Qulqulluun sagalee Waaqayyo akka ta'e mirkaneesseera.

Macaafni Qulqulluun dhuguma Sagalee Waaqayyoo ta'uu isaatiif ragaan inni kan biraan inni xumuraa kan nuyi dhiyeessinu baroota keessatti utuu hin miidhamin hafuu isaati yookiin baduu hafuu isaati. Fayida qabeessummaa isaatiin Sagalee Waaqayyoo ta'uu isaa labsuun isaa Macaafni Qulqulluun macaafota seenaa keessatti mul'atani caalaa akka baduudhaaf yaaliin miidhaa taasisu heedduun irratti godhameera. Akka mootii warra Roomaa Dayikletiin kan fakkaatanii kaasee hanga bara kooministiitti fi akka warra bara keenya jiranii jiraachuu Waaqayyootti hin amannee sammuun namaan jiraachuu Waaqayyoo beekuu hin danda'u kan jidhanii kan tilmaaman namoota akkasii irraa dhiibbaa isa irra ga'u injifatee amma

biyya lafaa irratti kitaabota maxxanfaman hundumaa irraa sadarkaa jalqabaa qabatee jira.

Baroota keessatti warri gantoonni Macaafa Qulqulluu akka waan dhugaa irratti hin hundoofne godhanii ilaala turaniiru. Saayinsiin lafa soqu garuu seenaa qabeessa ta'uu isaa mirkaneesseeraaf. Diinonni isaa barsiisa isaa kan boodatti hafee fii yeroon kan itti darbe jechuun miidhaa turaniiru. Garuu ilaalchi seeraa isaa fi seerri naamusaa kan Macaafa Qulqulluu hawaasa guutummaa naannaa adunyaa irra jiran irratti dhiibbaa taasiseera. Amma taanaanis saayinsiin, siyaasaa fi xiinsammuun dhiibbaan isa irratti taasifamaa jira. Haa ta'u malee jalqaba yeroo barreffame akkumature ammas dhugaa fi barbaachisaadh. Waggoota darban 2000 keessatti macaafa adaa namoota heeddu kan baay'ee lakkaa'uudhaaf kan nama rakkisu jijjiireera. Diinonni isaa ammam isa miidhuudhaaf, balleessuudhaaf,, gatii dhabsiisuudhaaf, tattaafii taasisanus sirrummaa isaa akka eegeen itti fufa. Kunis ifatti kan agarsiisu Macaafni Qulqulluun sagalee Waaqayyoo ta'uu isaatiif fi humna waaqayyummaa isaatiin eegumsi kan godhamuuf ta'uu isaati. Waanti nu dinqisiisuun irra jiraatu tokko jira Macaafni Qulqulluun miidhaan ammang'a'isa irra ga'us utuu hin geeddaraminii fi dhiibichi umaa utuu isa hin godhin hafeera. Kun hunduu erga ta'ee booda Yesuus akkas jedheera, "waaqtii fi lafti darbuuf jiruu dubbiin koo garuu gonkumaa hin darbu" (Maarqoos 13:3).

Ragaalee irga ilaallee booddaa shakkii malee eeyyee Macaafni Qulqulluun sagalee

Waaqayyooti jechuu dandeenya.

### Macaafa Qulqulluu doggoroota, faallaawwan, yookaan garaagarummaa qabaa?

Macaafa qulqulluu califnee yoo dubbifne, dogogora barbaaduudhaaf dursee kan yaadamee ilaalcha dogogoraatiin osoo hin taanee, tokkummaa kan qabuu, jabaa, fi

kanuma cinaani macaafa hubachuu dandeenyuu dha. Beekamaa dha, keeyata rakkisaa ni qabaata. Beekamaa dhaa, wali wali isaa wal falleessuudhaan kan mul'atan lakkofsi ni qabaata. Dirqamatti yaadachuu wanti nuyii qabnu, macaafni qulqulluun kan barreefamee tilmaamaan namoota barreesitoota afurtama ta'aaniin, tilmaaman wagga 1500 keessatti. Tokkoon tokkoon barreessaat tooftaa mataa isaati adda ta'en kan barreesse, ilaalcha adda ta'en, dhageefatoota adda ta'en, kaayyoo adda ta'en. Garaagarummaa murtaa'ee akka qabaatuu ni eegna. Ta'us garagarummaan faallaa miti. Akka dogoggora godhamee kan fudhatamuu dha, ammam illee raawwate karaa ittiin yaadamu hin qabu, lakkofsoota yookaan dubbifamni dhugaa ba'uu kan danda'an. Ammam illee deebiin amma yoo hin argamne kana jechuun deebii hin qabaatu jechuu miti. Baay'een dogoggora qabaachuu kan danda'uu macaafa qulqulluu keessaa argataniiru seenaadhaa fi teessuma lafaa wajjiin kan wal qabatee, macaafni qulqulluun sirii dha dabalaataan raga haftee durii tokko yoo agame jechuudhaaf.

Nuyii yeroo hundummaa gaaffiwwaan ni fudhana, sarara hundumaa irratti "lakk. Kun akkamitti akka waliin morman ibsi" yookaan "ilaalii, asitti macaafa qulqulluu

keessatti dogogori jira," kan jedhan. Akka dhugaa isaa yoo ta'ee, namoonni kan isaan fidan wantootni tokkoo tokkoo deebisuudhaaf rakkisaa dha, ta'us, inni falmi keenya, kan dheebuu baasuu fi beekumsaan deebii amansiisaa ta'e tokkoon tokkoon isaati fi kan yaadame wal faalleessuu macaafa qulqulluu fi dogogoroota qabaata. Macaafotaa fi toorri interneetii ni argamu, "dogoggorrooni kan macaafa qulqulluu hundumtu" tarreefama jedhuu kan qabatan. Namoonni baay'een salphaatti kan ittiin lolan raga kan argatan bakka kana irraati. Dogogora mataa isaanii hin barbaadan. Akkasumas immoo macaafaa fi toorri interneetii ni argama, isaan dogoggor yaadaman kanaan kan wal falman. Wanti gaddisisaan, baay'een macaafa qulqulluu namoonni dhiibin, deebii isaati fi laphee isaanii irraa fedha kan hin qabne ta'uu isaaniti. Baay'een "macaafa qulqulluu kan dhiibaan" deebii kana ni beekuu, haa ta'uu malee wal fakkaataa kan ta'an kan yeroon itti darbee dhiphummaa dhiibbaa isaanii deebi'ani deddeebi'ani itti fufu.

❖ Kanaafis, namni tokko kan nama shakkisiisu dogoggora kan macaafa qulqulluu yeroo nuuf dhi'eesuu maal gochuutu nura jiraata?

1) Qulqulluu sagalee isaa kadhataan dubbisuu fi furmaatni salphaan akka jiru ilaalu.

2) Ibsituu macaafa qulqulluu fayyadamuun, fi qorannoo macaafa qulqulluu toora

interneetii tokko tokko taasisuun akkasuma Macaafa Qulqulluuf kan deeggarsa godha macaafa tokko tokkotti gargaaramuu qayyabannaad giddu galleessa adeemsiisu.

3) Paasteroota/geggeesitoota waldaa gaafachuu, waan ittiin hiika argatan akkasumatti ilaaluudhaaf.

### **Macaafni qulqulluun yeroo ammaa faayidaa qabaa?**

Ibiroota 4:12 akkana jedha, "Sagaleen Waaqayyoo jiraataadhaa fi kan hojjeetuudha waan ta'ef. Billaa qara lama qabuu caalaa qara qabeessa, lubbuu fi afuura, ribuu fi kallee hanga adda baasuutti waraana, miira yaada laphee ni qora." Maacafni qulqulluun kan inni xumuramee tilmaamaan waggaa 1900 dura, sirrimatti faayidaan isaa osoo hin jijiramiin hanga guyyaa haraatti hafeera. Macaafni qulqulluun burqaa waan qabatamaa guddaati, Waaqayyo mul'ata inni nuu kennee hundumaa, waa'ee mataa isaas ta'ee karoora inni namaaf qabuufis.

Macaafni qulqulluun waa'ee uumamuu biyya lafaa ragaa heedduu qabateera, innis argisiisu saayinsiitii fi sakata'iinsaan kan mirkanefame. Warri tokkoo tokkoo keewatni kun kan inni of keessatti qabatuu Leewota 17:11, Lallaba 1:6-7, Iyoob 36:27-29, Faarf. 102:25-27, fi Qolaa 1:16-17. Kan akka seenaa macaafa qulqulluun Waaqayyo ijoollee namaatiif karoori fayyisuu akka hin deebine, amala adda addaa heedduu gaarii ta'ee ibsameera. Ibsa kanaan macaafni qulqulluun ragaa hedduu kenna. Waa'ee amala namaatiif fi gartokkootti jechuu nama. Kan mataa keenyaa shaakalli guyyaa guyyaa kan inni nu argisiisu ragaan kun baay'ee sirriidhaa fi haala namaa kan ibsu

4) Kan sadarkaa 1, 2 fi 3 booda irra ifa kan ta'ee deebiin yoo hin argamne, Waaqayyotti in amannaa, sagalichi dhugaa ta'uus isaa, akkasumas furmaata in qabaata, amma salphaatti hubachuu kan hin dandeenye (2 Xiimo 15, 3:16-17).

akka ta'ee dha. Macaafa Xiinsammuu kami iyuu. Macaafa qulqulluun keessatti kan galmaa'aan dhugaan seena qabeessi heedduun cina isaattis burqaan macaafa qulqulluun mirkanaa'eera. Qayyabannaan seenaa yeroo hundumaa akka inni argisiisutti wali galtee heedduu qabiyee macaafa qulqulluun fi kana cinatti

macaafoota qulqulluun gidduu wali galteen jiraachuu isaati, dhugaa wal fakkaatuu irratti.

Ta'us, macaafni qulqulluun macaafa seena miti, macaafa xiinsammuu yookaan saayinsii barruullee miti. Macaafni qulqulluun Waaqayyo ibsa nuuf kennee dha, inni eenyuu akka ta'e, fi fedha isaatiif kaayyoo isaa, ijoollee namaatiif kan inni qabu. Mul'atni kanaa qaamni inni baay'ee guddaan sababa cubbuuti fi seenaa Waaqayyotti adda baanee dha, akkasumas Waaqayyoo tokkumaa isaa deebisuudhaaf mucaa isaa Yesuus Kristoosiin fannoo irratti aarsaa ta'ee kan nuuf kennee dha. Fayyuudhaaf hawwii nuyii qabnuun hin jijiramne. Waaqayyoo isaa wajjiniin nu araarsuudhaaf hawwii inni qabu akkasuma.

Macaafni qulqulluun baay'ee sirii kan ta'ee fi ragaa faayida qabeessa of keessatti qabateera. Ragaan faayida qabeessa macaafa qulqulluu inni guddaan \_fayyisuu \_ Addunyaa guutuu fi osoo gargar hin citiin ijoollee namaa irratti hojii irra kan oolaa jiruu dha. Sagaleen Waaqayyoo raawwatee hin duloomu, hin jijjiramuu yookaan fooya'aa hin adeemu. Aadaan ni jijjiramuu, seeronnii in geedarama, dhalooni ni dhufa

ni deema, haa ta'uu malee sagaleen Waaqayyoo har'as faayida qabeessa, akkuma yeroo jalqaba barreefamee tureetti.sagaleen isaa hundumtuu adda ba'ee har'a narratti raawwachuu in danda'a, haa ta'uu malee sagaleen isaa dhugaa inni qabatee har'a jirenya keenya irrtti raawwachuu ni dandeenya, nuuf ta'as.

### **Kan Macaafa Qulqulluu barreefamooni qulqulla'a'on akkamitti yoom iddo tokkootti godhama?**

"Barreefamni qulla'a'on" jechii jedhuu fayyadama irra kan inni oole liqimfama Waaqayyummaatiin kan ta'an macaafoota ibsuudhaaf yeroo ta'uu fi kanaafis macaafa qulqulluu irratti. Kan macaafa qulqulluu barreefamni qulqulla'a'an murteesuudhaaf rakkoon jiruu kan ta'uu macaafni qulqulluun macaafa qulqulluu keessatti kan dabalamu tarreefamni macaafaa waan nuuf hin laatamneef. Caafatni qulqulla'a'an adeemsa hojii murteessuu yeroo ta'uu duraan dursee kan raawwatamee barsisoota Yihudoottaa fi beektootaan ture, turees kristaanoota duriitiin. Baay'ee kan fooya'ee macaafoota isa kami barreessuudhaan macaafa qulqulluu qulqulloota akka dabalamuu kan murteesse Waaqayyoon ture. Kan qulqulluu sagalee isaa macaafa qulqulluutti kan dabalamu Waaqayyoo barreefamicha liqimfamuudhaan erga godhee libsuu ijaatti ol fuudhee ture. Inni hojii amansiisuu Waaqayyotti, duuka buutuu namootaa, isa kamtuu barreefama macaafa qulqulluu akka itti dabalamu.

Kakuu haaraa wajjin yeroo wal bira qabamu, jeequmsa muraasatu turee,

macaafa qulqulluu kakuu moofaa kan ilaalate. Amantootni Ibirootaa ergamoota Waaqayyoo beekamtii qabu turan, akkasumas barreefamni isaani liqimfamuu Waaqayyottiin akka ta'ee fudhatani turan. Kan banamuun hin danda'amnee wal falmii muraasi barreefama kakuu moofaa kan ilaalatee akka turee ni beekama, waggaaraaraa 250 irra caalaanwali galtee addunyalessaa qaba ture, macaafa qulqulluu Ibirootaa kan ilaalate. Dhimmi hafee inni guddaan amanti cinaan jiran barreefamni tureera, hanga yeroo ammaatti darbee falmiidhaafi mariidhaan,. Baay'ee kan ta'an beektootni Ibirootaa barreefama amanti cinaan jiran kan isaan ilaalan akka seenaa gaarii fi galmee amantaatti, haa ta'uu malee akka barreefama maaafa qulqulluu Ibirootaatti sadarkaa wal fakkaataan hin laatamneef. Waa'e kakuu haaraa, beekamtii laachuufi fi adeemsi walitti qabuu kan jalqabe waldaa kiristanaa kiristaanoota jaaraa tokkooffaa tti. Baay'ee dursee, macaafni kakuu haaraa tokko tokkoo beekamti argate ture. Phaawuloos barrefama Luqaas akkuma kakuu moofaa kan taayitaa qaban akka turan beekamtii laateera (1 Ximoo 5:18, Keessa debii 25:4 ilaali,

akkasumas Luqaas 10:7). Pheexiros barreefamoota Phaawulos akka sagallee qulqulluu isaatti beekamtii laateeraaf (2 Pheexi 3:15-16). Macaafni kakuu haara tokko tokkoo waldoota kiristaanaa gidduu ni naanna'uu turan (Isaa. 4:16, 1 Tesso 5:27). Killimentiin Roomee yoo xinnaate macaafa kakuu haaraa sadeet heerera (bara haraara 95). Kan warra Aantiyoo Iginaatees yeroo torba macaafichaaf beekamtii kenneera (bara haraaraa 115). Poolikarb, duuka buutuun ergamaan Yohannis, macaafa kudha shaniif beekamtii laateera (bara haraara 108). Booda Heereniyoos macaafa 21 heereera (bara haraara 185).

Hipoolites macaafa 22f beekamtii laateera (bara haraara 170-235). Baay'ee jequmsa kan uuman macaafni kakuu haaraa Ibiroota, Yaaqob, 2 Pheexiros, 2 Yohannis, fi 3 Yohannis. Inni jalqabaa "macaafni qulqulluun) macaafa qulqulluu Muraatoriyaal ture, innis bara haraaraa 170 kan inni qindeefame. Macaafni qulqulluun Muraatoriya macaafa kakuu haaraa hundumaa kan of keessatti qabate ture Ibiroota irraa, Yaaqobob irraa fi 3 Yohannis irra kan hafe. Bara haraara 365 walga'iin Lodooqiyaa kakuu moofaa qofti (macaafaisa cina jiran dabalate) akkasumas kakuu haaraa macaafni 27 waldoota kiristaanaatiin akka dubbifaman murteefame. Walga'iin Hiiphoo (bara haraara 393) fi walga'iin Kaarjeeji (bara haraara 397) akkasumas macaafa 27 kan ta'an taayiitaa kan qabu akka ta'ee murteessan.

Walga'ichi wanta wal fakkaataa ta'ee kana

hordofeera, qajeelfamni itti fufuu, macaafni kakuu haaraa dhugumatti geggeefamuu Hafuura Qulqulluttiin akka ta'e: 1)Barreessichi ergamaa turee moo yookiis ergamaa dhaa wajjin walitti dhufeenya dhi'oo qaba turee? 2)Macaafichi qaama Kristoosiif guutumaatti fudhatama argateeraa? 3)Macaafichi amanti inni dhaabe (Dooktirini fi barumsa kalattii sirri ta'ee cimse qabeeraa? 4)Macaafichi safuu guddadhaa fi wantoota afuuraa of keessatti qabachuu isatii fi raga qabaa?, kunnis hojii afuura qulqulluu ta'uu isaa kan callaqisisuu dhaa? Ammas, waldaan kiristaanaa macaafa qulqulluu ishee murteessuu dhiisuu ishee yaadachuun wanta guddaa dha. Walga'iin waldaan kiristaana isheen durii kam iyyuu caafata qulqulluu isaani irratti hin murteesine. Waaqayyoon ture, Waaqayyoo qofa, macaafota isa kam macaafa qulqulluu keessa akka galu kan murteese. Waaqayyoo duraan dursee kan inni murteesse duuka buutuu isatii dhimma dabarsuutu ture kan raawwatame. Macaafni qulqulluun macaafoota walitti qabuun adeemsi hojii namaan raawwate mudaan kan hin qabne yoo ta'uu baate iyyuu, Waaqayyoo garuu hundumaa oli ta'uu isatiin, wallaalammaa keenyaa fi diduu keenyaa deebisuudhaan, waldaan kiristaanaa isheen durii inni kan afuuraan liqimfamee kan gootee macaafoota beekamti akka isheen laatu godhe.

## **Macaafa qulqulluu qayyabachuudhaaf karaa sirriin isa kamii dhaa?**

Hiika qulqulluu sagalee isaa murteesuudhaaf amantootni jirenya kanatti kan jiraatanii fi gocha guddaa faayida qabeessa gidduudhaaf isa tokkooffaa dha. Waaqayyo macaafa qulqulluu dirqamatti akka nuyi dubbifnuuf nutti hin himu. Nuyii dirqamatti qayyabachuuf akka ta'uutti qabuutu nurra jira (2ffaa Ximoo 2:15). Macaafa qulqulluu qayyabchuun hojii ulfaataa dha. Qulqulluu sagee isaa qeenxeedhaan yookaan kutaa

muraasa ilaaluun al tokko tokkoo murtoo dogogora guddaa namtti fida. Kanaaf qulqulluu sagalee isaa hiika sirri murteesuudhaaf qajeelfama hedduu hubachuun murteessa dha.

Tokkooffaa, barataan macaafa qulqulluu dirqamatti kadhachuudhaaf fi afuura qulqulluu gaafachuutu irra jra, hubannaakka isaa kennuuf, kun gochaa isaa isa tokkooffaa waan ta'eef. "Garuu afuurri inni dhugaan yeroo dhufutti gara dhugaa hundumaatti isin geggeesa, kan dhaga'ee hundumaa ni dubbata malee mataa isaa irraa hin dubbatu wanta dhufus isinitti hima"(Yoha 16:13). Afurri qulqullun ergamoonni kakuu haaraa yeroo barreessan akka inni isaan geggeesse hundumaatti qulqulluu sagalee isaa akka hubanuuf nu geggeessa. Yaadadhaa macaafni qulqullun macaafa Waaqayyooti, akkasumas maal akka ta'ee gaaffachudhaaf nu barbaachiisa, kristaana yoo taataan qulqulluu sagalee isaa barreessaa\_ afuura qulqulluu \_keessa keessan bula, kanaafis inni kan inni barreessee akka isin isaf hubatan barbaada.

Lamaffaa lakkooftsi qulqulluu sagalee isaa kan itti maraman keessaa luqisnee baasuu fi hiika lakkooftschaa qabiyyee barreefamichaati ala murteessuudhaaf yaaluun nuuf hin ta'u. Lakkoofsoota naannoo isaa jirani fi boqonnaa sana yeroo hundumaa dubbisuutu nura jira qabiyyee barreefamichaa hubachuudhaaf. Hundumtuu qulqulluun sagalichi Waaqayyo biraayeroo dhufu (2ffaa Ximoo 3:16. 2ffaa Pheexi 1:21).Waaqayyo namootatti fayyadameera isaa akka barreesaniif. Namootni kun sammuu isaani keessatti wanti qabatamaan jira. Barreesifis kaayyoo qabu, akkasumas dhimoota murta'aan kan isaan dabarsan, seenaa macaafa qulqulluu isaa qayyabanu sanaa dubbisutu nurra jira, eenyu akka barreesse maalif akka barreefamee, yoom akka barreefamee fi maaliif akka barreefame hubachuu. Akkasumas barreefamichi mataa isaatiif akka dubbatu iyyamuudhaan of eegannoogochuun nurra jiraata, altokko tokkoo namoonni mataa isaanitiin hiika sagalichaa wajjin walqabsiisuu, ofii isaanitti hiika barbaadan argachuudhaaf.

Inni sadaffaan, nuyii walummaa gala bilisa ta'uudhaaf yaaluun nurra hin jiraatu, nu keessaa qayyabanna macaafa qulqulluu irratti. Kan biroon qulqulluun sagalee isaa yeroo dheeraadhaaf karaa namoota qayyabatani hubannoo argachuudhaaf hin dandeenyu jedhamee yaadamun of tuullummaa dha. Namoonni tokko tokkoo dogogoraan macaafa qulqulluutti kan dhi'aatan afuura qulqulluu irratti qofa kan itti dhi'aanu yaada jedhuun hundumaa dhoksani dhugaa qulqulluu sagalee isaa bira

kan ga'an itti fakkaata. Kristoos afuura qulqulluu kennuudhaan namootaaf kennaan afuura qulqulluu laata qaama Kristoosiif. Isaan kana keessaa kennaan afuuraa inni tokkooffaan barsiisuu dha (Efe 4:11-22, 1ffaa Qoro 12:28) barsiisotni kun kan kennaman gooftaadhaan, qulqulluu sagalee isaa siritti akka hubannuuf akka aboomamnuu akka nu gargaaruuf. Yeroo hundumaa amantoota kan biro wajjin macaafa qulqulluu qayyabachuun dha, sagalee Waaqayyoo dhugaa isaa hubachuuf hojii irra oolchuu wali walii isaa wal deggeruudhaan.

Kanaafis, walitti qabaatti macaafa qulqulluu qayyabachuuf karaan sirrii ta'ee maalii

### **Macaafin Qulqulluun karaa hafuura Waaqayyoo barreeffame jechuun maal jechuu dhaa?**

Namoonnii wa'ee Macaafin Qulqulluun hafuuraa Waaqayyootiin barreeffamuu isaa yeroo dubbatan dhugaan isaan caqasan, Waaqayyo waaqayyummaa isaatiin namummaa namoota qulqulluu sagallee isaa barreessan kakaase, karaa kanaatiin isaan kan barressan kan Waaqayyoo jecha mataa isaati. Qulqulluun sagalee isaa qabiyyee barreefama “Hafuuraa Waaqayyootiin barreeffamuu” jechi jedhuu hiiki isaa salphaati “Waaqayyoo kan itti afuura baafatee dha” geeggeessaa Hafuura Qulqulluutin caafamuu jechuun, macaafni qulqulluun siritti sagalee Waaqayyooti, akkasumas macaafota biraa hundumaa irraa adda isa godha.

dhaa? Inni tokkooffaan kadhataa fi gadi of qabuudhaan afuura qulqulluu irratti amanachuun nurra jira, hubannaa akka nuuf kennuuf. Inni lamaffaan yeroo qulqulluu sagalee isaa qayyabachuun kan nurra jiruu akkaata barreefama qabiyyee isaatiin, macaafni qulqullun mataan isaa akka ibsuutti hubachuudhaan. Inni sadaffaan yaalii kiristaanoota kan biro kabajuun nurra jiraata, kan darbanis ta'ee kan ammaa isaanis macaafa qulqulluudhaa fi sirri kan ta'ani akkaata tooftaa qayyabannaan nutti mul'isan. Yaadadhaa, Waaqayyoo barreessaa macaafa qulqulluuti, akkasumas inni akka nuyii hubannu barbaada.

Macaafni qulqulluun hanga sadarkaa kamiitti geeggeessaa Hafuura Qulqulluutii kan caafame akka ta'e ilaalchi adda addaa yoo jiraatees, macaafni qulqulluu mataan isaa akka cimsa laatutti tokkoon tokkoon sagaleen isaa kutaa macaafa qulqulluu isakami iyyuu Waaqayyo biraa akka dhufee shakkii tokkoo illee qabaachuu hin danda'u (1ffaa Qoro 2:12-13, 2ffaa Xiimo 3:16-17). Ilaalchi macaafota qulqulluu kanaa yeroo hundumaa kan inni heeruu akka “jecha walii galaa” afuuraan fudhatamuu dha kana jechuun afuuran fudhatamuun akka sadarkaa jechaatti kan babalatu ta'uu isaati (jecha) \_yaad-rimeen isaa yookaan yaada isaa osoo hin taanee\_akkasumas geeggeessaa Hafuura Qulqulluutii caafamuun hanga kutaa qulqulluu sagalee isaa hundumaati babal'ata,

akkasumas gara qulqulluu sagalee isaa hundumaati dhimma mata duree (waligala).

Namootni tokko tokkoo kan isaan amanan kutaa macaafa qulqulluu murtaa'e qofa geeggeessaa Hafuura Qulqullutiin kan caafame ta'uu isaa, yookaan yaada adda addaa fi yaad-rimee qofa isaanis amantaa dhaa wajjin kan wal qabatan geeggeessaa Hafuura Qulqullutii kan caafame akka ta'eetti, haa ta'uu malee ilaalchi geeggeessaa Hafuura Qulqullutiin caafamuu isaa akka kana gabaabaatti kufaa ta'a, macaafni qulqullun waa'ee mataa isaa haala inni cimsuun. Guutummaan jecha wali gala geeggeessaa Hafuura Qulqullutii caafamuu sagalee Waaqayyootiif amala baay'ee barbaachiisaa dha.

Daangaan geeggeessaa Hafuura Qulqullutiin caafamuu 2ffaa Ximoo 3:16 irratti ifatti mul'ata "Caaffanni quqllaa'aan hundinuu geggeessaa hafuura Waaqayyotiin caafame; bariisuuf, balleessaa hubachisuuf, qajeelummaattis leejjisuuudhaaf djimma ni baasa. namni Waaqayyoo waa gochuuf kan danda'e hojii gaarii hundumaafis kan qophaa'e akka ta'u ni godha." Lakkoofsi kun kan nutti himuu Waaqayyo qulqulluu sagalee isaa hundumaa geeggeessaa Hafuura Qulqullutiin kan caafaman akka godhee fi faayidaa keenyaafis akka ta'uu dha. Macaafa qulqulluu kutaa murtaa'e qofa miti, faayidaa doktrinii amantaa irra kan oolan, kan geeggeessaa Hafuura Qulqullutiin caafaman, garuu tokkoon tokkoon isaa seera uumamaa hanga mul'ataatti jecha jiru hundumaati male. Waaqayyoodhaan afuuraan kan geeggeessaa Hafuura Qulqullutiin caafame waan ta'eef qulqullun sagalee isaa aboo kan qabuu dha. Barnoota hundeessuuudhaaf faayidaa irra yeroo ooluu akkasumas nama barsiisuudhaaf

ga'aa dha, Waaqayyoodhaa wajjin akkamitti walitti dhufeenya sirrii ta'e akka qabaatu. Macaafni qulqullun cimsa kan inni laatu geeggeessaa Hafuura Qulqullutiin kan caafame ta'uu isaa qofa miti, haa ta'uu malee nu jijjiiruudhaaf "mudaa malee" gochuu kan danda'uud dandeetti uumamaa oli immoo qaba. Kana alaa maal nu barbaachiisa ree?

Kan biraan immoo qulqullun sagalee isaatti geeggeessaa Hafuura Qulqullutiin caafamuu wajjin kan wal qabatuu 2ffaa Phexi 1:21 dha. Lakkoofsi kun akka hubannuuf kan inni nu gargaaruu ammam illee Waaqayyo namsaa eenyummaa isaaniitii fi akkaataa tooftaa barreefama isaanitti yoo fayyadamee illee, Waaqayyoo waaqummaa isaatiin tokkoon tokkoon jecha barreefamichaa afuuraan kan liqimfame godheera. Yesuus mataan isaa qulqulluu jecha isaa jecha ifaa afuuraan liqimfameeakkana jedhee mirkaneessera, "ani seeraa fi raajoota diguudhaaf kan dhufee isiniti hin fakkaatiin, raawwachuuudhaaf malee diiguuf hin dhufne. Dhuguman isiinin jedha Waaqaa fi lafti hanga darbuutti seera keessaa tokkoo illee akka hin buunee yookaan akka hin darbine" (Maati 5:17-18).

Lakkoofsoota kanaan, Yesuus qulqulluu sagalee sirrummaa isaa jabeessa, hanga ishee tarreefama xiqqootii fi hanga tuqaalleetti gadi bu'ee sababa sagallee Waaqayyoo ta'uu isaatiif.

Macaafni qulqulluun geeggeessaa Hafuura Qulqullutiin kan caafame sababa ta'uu isaatiif isaan immoo mudaa kan hin qabnee fi aboo kan qabanii dha jennee murteessuu ni dandeenya. Ilaalchi fedha Waaqayyoo inni sirriin sagalicha siritti gara ilaaluutti nu geggeesa. Waaqayyoo mudaa kan hin qabne\_ humnaan raawwatee beekaa, raawwatee mudaa kan hin qabne waan ta'eef sagaleen isaas mataa isaatiin bifa addaa amala wal fakkaataa qaba. Qulqulluun sagaleen geeggeessaa Hafuura Qulqullutiin kan caafame ta'uu isaa kan cimsan isaan lakkofsi wal fakkaataan sun, mudaa kan hin qabne ta'uu isaatii fi aboo isaa ni cimsu. Shakkii malee, macaafni qulqulluun akka cimsa laatuutti\_kan hin ganamnee, kan aboo, sagalee Waaqayyoo namaaf.

### **Macaafa qulqulluu maaliif dubbifna/maaliifis qayyabanna?**

Macaafa qulqulluu dubbisuun nurra jiraata:- Sababii isaa sagalleen Waaqayyoo nuuf waan ta'eef. Macaafni qulqulluun akkuma jiruutti “Waaqayyo kan itti afuura baafatee dha” (2ffaa Ximoo 3:16). Karaa biraatiin immoo sagalleen Waaqayyoo nuuf isa guddaa dha. Gaaffii heedduu qaba falaasamootni kan isaan kaasaan: Waaqayyo karaa sagallee isaa nuuf deebise kaayyoon jirenyaa isaan maalii dha? Eessaan dhufa? Du'a booda jireenyi in jiraataa? Gara mootummaa Waaqayyootti akkamittiinaan galuu danda'aa? Biyyii lafaa maaliif isa hamaadhaan guutamtee? Isaa gaarii gochuudhaaf maaliifaan wall'aansoo ittiin qabaa?

Isaan kana keessaa “guddaa” dabalataan gaaffiin:-Macaafni qulqulluun gorsa hojii irra oolu heedduu laata:- Naannoo warra akkanaa cinatti maal kan inni barbaadu gaa'ellii milkaa'aan akkamitti jiraachuu danda'aa? Akkamittaan hiriyyaa gaarii ta'uu danda'aa? Akkamittaan maatii gaarii ta'uu danda'aa? Milkaa'ummaan maalii dha akkamittaan isa argachuu danda'aa? Akkamittaan jijjiramuu danda'aa? Wantii guddaan jirenyaa isa kamii dha? Gaabbiin osoon duuba hin ilaalin akkamittaan jiraachuu danda'aa? Jirenyaa irratti kan akka tasaa ga'aan ta'ii waan dhugaa irraa fagaatee akkamittaan mo'ichaan darbaa?

Macaafa qulqulluu dubbisuudhaaf qayyabachuun nurra jiraata sababni isaa innii walummaa galattii waan mirkaa'aadhaa fi dogogora malee wanta ta'eef. Macaafni qulqulluun adda kan ta'ee dha "Qulqulluu" jedhamanii kan waamaman macafoota

keessaa akkasumas innii barnoota safuu kan kennuu dha "anatti amanaa kan jedhu miti". Caalaadhumatti isa akka qoruuf dandeetti qabna. Inni kan inni sodaachisuu dhibbatti kan lakkaa'aman tarreefama raajii qoruudhaan:- haala seenaa inni galmeessee sakkata'uudhaan akkasumas inni kan inni ittiin wal bira qabee dhugaa saayinsaawwaa sakkata'uudhaan. Macaafni qulqulluun dogogora qaba kan jedhan gurii isaanii dhugaa akka hin dhageenyef waan cufameef. Yesuus al tokkoo gaaffatee ture:- isa kamtuu salphata: "cubbuun kee siif dhiifameera" yookaan "ka'ii siree kee fudhadhuutti deemi". Kana irraas cubbuuf araara gochuu akka danda'uu mirkaneessa (wantii nuttii ija keenyaan arguu hin dandeenye tokkoo) naaficha fayyisuudhaan (naannoo isaa kan jran ija isaaniitiin mirkanessuu kan dandanda'an). kanumaan kan wal fakkaatu nuuf wabiin kennameera, kunnis sagalee Waaqayyoo dhugaa ta'uu isaa, naannoonaan kan hafuuraa yeroo hubachiisuu, qaama miiraa keenyaan hubachuu kan dandeenyuu, mataa isaa dhugaan teesisuudhaan bakkawan sanatti hubachuu dandeenya, fakkeenyaaf dhugummaa seenaa, dhugummaa saayinsii fi dhugummaa raajii.

Macaafa qulqulluu dubbisuuf qayyabachuun nurra jiraata, sababni isaa Waaqayyo waan hin jijjiramneef akkasumas uumamni ilma namaa waan hin geddaramneef, inni nuuf bu'a qabeessa, akkuma yeroo barrefame sanaa. Qaroominni yeroo jijjiramuu, uumamni namaatii fi fedhi isaa ni geggedarama.

Seenaa macaafa qulqulluu ni argana, fulicha dubbisuuf yeroo jalqabnu, innis walitti dhufeeyaa tokko tokkoonis ta'ee hawaasicha yeroo hasoofsiifnu, "aduu gaditti wanti haaraan hin jiru" Macaafa lalabaa 1:9). Ilmi namaa walummaa galatti jaalalaa fi boqonnaa iddoogoraa hundumaa barbaachuu isaa itti fufeera, Waaqayyoo gaariidhaa fi uumaa keenya simboo qabuu dha- gammachuu isa dhumaan akka nuu fiduu nutti hima. Sagalee isaa mul'atee, macaafa qulqulluu, baay'ee bu'a qabeessa, kanas Yesuus waa'ee isaa yeroo dubbatuu, "namni nyaata qofaan hin jiraatu, dubbii afaan Waaqayyoo keessaa ba'un malee" (Maati 4:4). Jecha biraatiin immoo, jirenya guutummaatti jiraachuu kan barbaannuu yoo taane akka Waaqayyoo hiyyameetti, kan Waaqayyoo sagalee barrefamee dhaga'uudhaaf xiyyafannoo itti kennutu irra jiraata.

Macaafa qulqullu dubbiisuu fi qayyabachuun nurra jiraata sababi isaa baay'een barumsi sobaa jiraachuu isatiin macaafni qulqulluun ulee safartuu nuu laata, dhugaa dogogoratti adda baasu akka dandeenyu. Innis Waaqayyoo maal akka fakkaatu nutti hima. Waa'ee Waaqayyoo fakkii dogogoraa yoo qabaanee inni waaqa tolfamaa yookaan waaqefanna waaqayyoollisobaa. Inni wanta hin taane tokkoo waaqessuu dha. Maacafni qulqulluun sirriidhummatti akkamitti mootummaa Waaqayyootti akka galuu nutti hima, innis gaarii ta'uudhaan yookaan cuubbamuudhaan yookaan karaa biraan waan goonuun miti (Yoha. 14:6, Efe 2:1-10, Isaa 53:6,

Roome 3:10-18, 5:8, 6:23, 10:9-13). Sarara kana irratti sagaleen Waaqayyoo kan inni nutti argisiisuu Waaqayyoo hammam akka nu jaallatu dha (Room 5:6-8, Yoha 3:16). Kanaafis kana barachuudhaan deebiin isaa isa kan jaallataniif kan laanu (1ffaa Yoha 4:19).

Macaafni qulqulluun Waaqayyoon akka tajaajiluu gahaa nu godha (2ffaa Xiimo 3:17, Efe 6:17, Ibi 4:12). Cubbuu keenya irraaakkamitti akka fayyinu akka beeknuuf nu gargaara, ajaja isaa isa dhumaas (2ffaa Ximii 3:15). Sagalee Waaqayyoo irratti xiyyaafachuu fi barnoota isaas kabajuun fiixaan ba'umsa jirenyaa fida (Iyyas. 1:8, Yaq 1:25). Sagaleen Waaqayyoo jirenya keenya keessatti cubbuu akka ilaaluu nu gargaaraa, isas akka of keessaa baasuu dandeenyu (Faar 119:9-11). Innis jirenya keenyaaf geggeefama nuuf laata, barsisoota keenya caalaa ogeeyyoollu akka taanuu (Faar 32:8, 119:99, Fakk 1:6). Macaafni qulqulluun waggoota jirenya keenya wantoota biratti akka nuyii in balleesine nu gargaara, innis dhumma hin qabuu (Maati 7:24-27).

Macaafa qulqulluu dubbisuudhaa fi qayyabachuun kan nama harkisuu fi "kiyyoo" waan darbee akka ilaaluuf nu gargaara, gara miidhaa "qabduu" qormaata cubbcuutiin, kanaafis dogogora kan biro irraa barachuu ni dandeenya, ofii keenya akkana of gochuu irra kan caalu. Shaakala barsiisaa guddaa dha, haa ta'uu malee cubbuu irraa gara barachuutti yeroo dhufuu, innii barsiisaa hamaa fi sodaachisaa dha. Dogogora biro irraa barachuuf baay'isee in caala. Kan nuyii irraa barannuu amallii macaafa qulqulluu hedduun jiru, tokko tokkoo kara sirrii ta'ee fi alta'aa ta'een argisiisuudhaan tajaajilu, jirenya isaani keessatti yeroo heedduu, fakkeenyaaaf Daawiti , Gooliyaadiin yeroo mo'atee kan inni nu barsiisuu Waaqayyo wanta kamiin caalaa akka caaluu dha, kan nuyii ittiin wal'aansoo qabuun nu gaaffatu (1ffaa Saamu 17), yeroo Bersabee wajjin sagaagila raawwachuudhaa fi qormaatatti yeroo kenname kan inni argisiisuu cubbuu keessaa kan argamuu gammachuu yeroo kan yeroo dheeraa rakkoo sodaachisaa akka qabuu dha (2ffaa Saamu. 11).

Macaafni qulqulluun isa dubbisu qofaaf kan ta'u macaafa miti. Inni macaafa qayyabannaadhaaf ta'uu dha, hojii irra akka ooluuf. Kana yoo ta'uu dhaa baatee innii akka midhaan osoo in halanfatiin liqimfameeti, fi isa boodas akka tufuu- nyaata kamiin iyyuu faayidaan osoo irraa hin argamin. Macaafni qulqulluun sagalee Waaqayyooti. Innis akkuma seera uumamaa kan hidhuu (kan dirqisiisu) dha. Barbaaduu dhiisuu dandeenya, haa ta'uu malee sana kan goonu murtoo mataa keenyaatiin, akkuma seera harkisa lafaa yoo hin barbaanes akkuma kana. Innis baay'ee baayisee guddifamee ilaalamuu hin danda'uu, macaafni.

## **Waa'ee gaa'ela sanyii gara garaa gidduu Macaafni Qulqulluun maal jedha?**

Seerri Kakuu Moofaa gaa'ela sanyii gara garaa gidduutti akka hin taasifamne ni abbooma Seera Keessa Deebii 7:3-4). Haa ta'u malee, isa kanaaf sababa kan ture jalqaba sanyii hin turre. Inni kan amantaa ture. sababn Waaqayyo gaa'ela sanyii gara garaa gidduutti taasifamu dhowweef namoonni sun jarreen qomoo adda biraa ta'an kan waaqolii tolfamoo sobaa kan waqaressan waan ta'aniidhaaf. Israa'eelonni yoo jara warra waaqalii tolfamoo waqaressan ormoota kanaa wajjiin gaa'eelaan walitti hidhaman Waaqayyoon isaanii irraa gara galuu danda'u. qajeelfamni wal fakkaatus kakuu haaraa keessatti kaa'ameera, garuu sadarkaa adda addaa qaba. "Warra hin amannee wajjin walitti hin hidhatinaa! Qajeelinnii fi jal'innni maal walittii qabaa? Ifnii fi dukkanni tokkummaa maalii qabu ree?" (2 Qorontoos 6:14). Akkuma Israa'eelonni (Waaqayyo dhugaa tokkichatti amanaan) akka warra hin amanne akka hin fuune abboomaman. Gaaffii kana addaatti deebisuudhaaf, lakkii, Macaafni Qulqulluun gaa'elli sanyii gara garaa gidduutti taasifamu dogoggora hin jedhu.

Akka mootichi Maartiin Luuter kaa'etti, namni tokko akka amala isaa yookiinis akka amala isheetti itti faradama, halluu gogaa isaatiin miti. Jirenya kiristaanotaa keessatti qomoo yookiin sanyii irratti hundaa'uudhaan caalaatti jaallachuun iddo hin qabu (Yaaqoob 2:1-10). Michuu barbaaduu irratti, kiristaanni yeroo hundumaa kan dursee barbaaduu kan kaadhimachuu yaade yookiin yaadde Yesuus Kiristoositti amanuudhaan kan lammee

dhalatte yookiin lammee dhalate ta'uu barbaaduu qaba yookiin qabd (Yohaanis 3:3-5). Halluu gogaa utuu hin taane, amantiin Kiristoos irratti ta'e, sadarkaa kaadhima barbaaduu isa kan Macaafa Qulqulluti. Gaa'illi sanyii gara garaa gidduutti taasifamu, waa'ee inni sirii fi sirii ta'uu dhiisuu isaa miti dhimmi barbaachisaan, garuu kan oogummaati, adda baafachuu fi kadhannaa.

Sababni inni tokkichi namoota sanyii adda addaa irraa gaa'eelaan walitti hidhaman kan irratti yaaduu qaban rakkinni namoota sanyi adda addaa irraa gaa'eelaan walitti hidhaman keessa kan darban sabababni namoonni kan bira jara fudhachuun ulfaataa isaanitti ta'uu isaati. Kan sanyii adda addaa irraa gaa'eelaan walitti qabaman adda baafamu fi ga'isamuun adda adda jara irra ga'uu danda'a. Namoonni sanyii adda addaa irraa gaa'eelaan walitti hidhaman rakkina adda addaa dabarsu yeroo ijoolleen isaanii gogaan isaanii maatii isaanii yookiin obboleewwan isaanii irraa halluu adda addaa qabaatan. Namoonni sanyii adda addaa irraa gaa'eelaan walitti hidhaman waa'ee dhimmoota kana yaada keessa galfachuun waa'ee kanaa qophii taasisuu qabu, utuu wal fuuchuudhaaf hin murteessin dura. Ammas egaa daangaan kirstaanni eenyuun qofa fuuchuu akka qabu kaa'ame inni kan fuudhu nama miseensa dhagana Kiristoos kan ta'e dha.

